INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

KAFFALTII ABBAA SEERUMMAA;SEERAA FI QABATAMA AKKA NAANNOO OROMIYAATTI.

Qopheessaan; Alamaayyoo Dhaabaa(L.LB)

IlQSO.Adaamaa

Eebla.2003 ALI

Gabaajee

KAS: Kaffiltii abbaa seerummaa

SDFS: Seera deemsa falmii siivlii

FKN: Fakkeenya (fakkeenyaaf)

Kwt.: Keewwata

Baafata

Kaffaltii abbaa Seerummaa; Seeraa fi Qabatama Akka Naannoo Oromiyaatti

Mata Duree **Fuula**

Boqonnaa I

1. Gumee Qorannoo 1

1.1. Seensa Qorannichaa 1

1.2. Hima Rakkoo Qorannichaa 2

1.3. Gaaffiiwwan Qorannichi Deebisu 4

1.4. Kaayyoo Qorannichaa 5

1.5. Mala Qorannichaa 6

1.6. Daangaa (Scope) Qorannoo 8

1.7. Hanqinaalee Qorannichaa.....9

1.8. Faayidaa Qorannoo 9

Boqonnaa II

2. Kaffaltii Abbaa Seerummaa (KAS): Ilaalcha Duraa, Muuxannoo Biyyoota Ambaa fi Seera Biyya Keenyaa

2.1. Maalummaa KAS 11

2.2. Seenaa Gabaabaa KAS.....13

2.3. Kaayyoowwan KAS itti Kaffalamu.....16

2.4. KAS fi Mirga Haqa Argachuu.....19

2.4.1. KAS kaffalchiisuu Dhiisuu fi Galmeelee Bilisaan Banaman.....25

2.5. Dambii KAS Biyya Hindii fi Muuxannoo Gaarii jiru.....29

2.6. Dambii KAS Biyya Ingilizzii fi Muuxannoo Gaarii Jiru.....33

2.7. Dambii KAS Naannoo Oromiyaa.....34

2.7.1. Dambii KAS Lakk. 177/45.....34

1. Himatni Haaraan yoo Banamu KAS kaffalamu.....35

2. Galmeen Banamee Dhaddachaaf Erga Dhiyaatee Booda KAS Kaffalamu.....38

3. KAS Ol'iyyannoorratti Kaffalamu.....41

4. Dhimmoota Biroo.....41

Boqonnaa III

3. KAS: XIINXALA SEERAA FI QABATAMA AKKA NAANNOO OROMIYAATTI

3.1. Dambii KAS fi SDFS Waliin Wal-qabatee Rakkoowwan Mul'atan....43

3.1.1. Dhimmoota Qarshiin Shallagamanii fi Qarshiin Hin Shallagamne.....43

3.1.2. KAS Himata Irra Deebiin Baname (review), Murtii Mormuu fi Himata Fooyya'e.....52

3.1.3. KAS Ol'iyyannoorrattii fi Mana Murtii Waliigalaatti Kaffalamu.....55

3.1.4. KAS Himata Dhiifamee fi Ijoo Dubbii Waan Hin Qabneef Galmee Didame (Rejection).....61

3.1.5. Hiyyummaa fi KAS Irraa Bilisa Ta'uu.....65

3.1.5.1. Dambii Hiyyummaa.....65

3.1.5.2. KAS Irraa Bilisa ta'uu.....73

3.1.6. Hanga Taarifa KAS Dambii Lakk.177/45tiin Kaffalamuu……77

3.1.6.1. Jijjiirama Dandeettii Bittaa Maallaqaa fi Guddina Dinagdee Keenyaa……77

3.1.6.2. Tajaajillii fi Gatiin Tajaajila KAS Wal-gituu……82

3.1.6.3. Xiinxala Yaada Maamiltoota KAS Kaffalanii fi Ogeeyyii……85

3.2. **Aangoo Seera KAS Baasuu……94**

Boqonnaa IV

Yaadota guduunnfaa fi furmaata qorannichaa……95

Wabiiwwan ……108

Maxxantuuwwan ……111

Magalata Oromiyaa :Wixnee seera kaffaltii abbaa seerumma……118

Gabatee A ……134

KAFFALTII ABBAA SEERUMMAA (KAS); SEERAA FI QABATAMA

Boqonnaa-I Gumee Qorannoo

1.1. Seensa

Biyyi keenyi Itiyoophiyaan seerotaa fi dambiilee kaffaltiin tajaajila waajjiraaleen mootummaa hawaasaaf addatti barbaachisoo ta'an kennaniif itti funaanamu kan qabduu yoo ta'u seerotaa fi dambiilee kunneen keessaa kaffaltii tajaajila mana yaalaa ,poostaa ,mana murtii fi tajaajila biroos yeroo adda addaatti foyyaa'aa fi jijjiiramaa haala dinagdee ammaa waliin deemuun ittiin hojjetaa jirti.Kaffaltiin abbaa seerummaas kaffaltiiwwan tajaajilaaf kaffalaman keessaa tokko yoo ta'u kaffaltii tajaajilaa manni murtii kennuuf maamilli mana murtii kan kaffalu dha.

Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa biyya keenyaa lakk.177/45 erga bahee hojiirra oolee bara 1945 irraa eegalee walakkaa jaarraa tokkoo oliif kan hojjechaa jiru dha.Seerichi kan bahe sirna mootummaa giddu galeessa yerosii,Hayilasillaaseetti dha. Bara sirna Dargiis haaluma wal fakkaatuun itti hojjetamaa tureera.Yeroo ammaa kanas sirna Federaalawaa biyyattii hordofee manneen murtii Federaalaas ta'e Naannootti itti hojjetamaa jira.Naannoo Oromiyaattis kaffaltiin abbaa seerummaa dambiima kanaan kaffalchiifamaa jira.Dambii kana foyyeessuuf yaaliin hanga yoonaatti taasifamee milkaa'e kan hin jirre yoo ta'u dambicha foyyeessuuf ykn jijjiiruuf aangoon kan enyuu akka ta'e qorannoo kana keessatti ni ilaalama.

Dambiin kuni dhimmoota hariiroo hawaasaa ta'aniif himannoon yoo dhiyaatu hanga baay'ina maallaqa seerummaan itti gaafatame irratti hundaa'ee kaffaltii xiqqaa irraa eegalee hangi seerummaa gaafatamee akkuma guddachaa ol deemuun kaffaltiin kaffalamus haala guddatuun tumameera.

Haa ta'u malee dambiin kun hojiirra oolmaa isaarratti maal akka fakkaaturratti bal'inaan kan hin barreeffamne fi hubannoo gahaan kan hin jirre dha.Dambichi dhimmoota dhihaatan hunda irrattis hangi kaffaltii abbaa seerummaa kaffalamu hangam akka ta'e kaa'uu irratti hanqina waan qabuuf hojii irratti akka isaan rakkise manneen murtii leenjii fi seminaara adda addaa irratti kaasaa turaniiru. Fakkeenyaaf,kaffaltiin kun manneen murtii waliigalaa fi dhaddacha ijibbaataatti hangam akka ta'e hin keenye jedhu.Haala kaffaltiin abbaa seerummaa itti kaaffalamu ilaalchisees dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne adda baasuun hojjechuu,iyyannoowwan ajaja ykn murtii haqsiisuuf dhiyaatanii maal irraa akka shallagamanii hubannoon jiru manneen murtii jidduutti adda addummaan kan jiru ta'uun raawwii isaanii irraa ni hubatama. Hanqinni seerichaas kan mul'atu dha. Fkn, himannoo abba qabiyyummaa, himannoo waliigalteen naaf haa diigamuu kan qarshiin shallagamu moo miti kan jedhu irratti waldhabbii bal'aan waan jiruuf ilaaluu barbaachisa.

Hangi maallaqa kaffaltii abbaa seerummaa dambichi kaa'us ogeessota seeraa biratti akka xiqqatetti yaadama.Sababuma kanaanis dambichi kaayyoo tumameef bahaa hin jiru jedhama.Karaa birootiinis kaffaltiin abbaa seerummaa xiqqachuun isaa mirga haqa argachuu waan bal'isuuf sirrii dha kan jedhani ni jiru.Kanneen illee qo'annoo kana keessatti kan ilaallu ta'a.Kanatti aanee himni rakkoo qo'annichi hiikuu barbaade akka armaan gadiitti taa'eera.

1.2 .Hima Rakkoo Qorannichaa

- Qorannoowwan hanga yoonaatti ta'an rakkoowwan hedduu kaffaltii abbaa seerummaa kaffalchiisuu waliin wal qabatu kana hiikuuf carraaqqiin taasisan waan hin jirreef qorannoo kana gaggeessuun barbaachisaa ta'eera.
- Hanga har'aatti mana murtii waliigalaatti hangi kaffaltii abbaa seerummaaf kaffalamu bu'uura seeraa kamiin akka ta'e hin beekamu

ture . Rakkoon kunis maaliin akka wal qabatu ilaaluun furmaata akeekuu barbaachisa.

- Dambichi SDFS bara 1958 bahe dursee kan bahe yoo ta'u seera kana waliinis rakkoowwan wal unachuu kan qabuu fi ifa ta'ee kan hin barreeffamne,dhimmoota adda addaas yaada keessa osoo hin galchiin waan baheef rakkoo hiikamuu qabu dha.
- Hanga kaffaltii abbaa seerummaa himannoowwan kan akka iyyannoo murtii mormuu,himannoo abbaa qabiyyummaa,waliigalteen naaf haa diigamuu fi k.k.f. ilaalchisee dambichi ifaan tumuu dhiisuun isaa rakkoo hiikkoo adda addaaf kan saaxile dha.Qorannoo kanaanis yaadni rakkoo kanaaf furmaatni ni kaa'ama.
- Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa dhimmoota hunda irratti hanga KAS kaffalamuu kaa'uu dhabuu isaa irraa kan ka'es dhimmoota tokko tkko irratti kaffaltiin abbaa seerummaa akka kaffalamu malee hangamtu akka kaffalamu beekuun rakkisaa ta'eera.Kunis dhimma yaada furmaataa barbaadu ta'eera.
- Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa lakk.177/45 yeroo bayetti fi dandeettiin bituu maallaqa biyya keenyaa ammaa (bara 2003 A.L.I.) qaala'insa jireenyaa mul'achaa jira jedhamu waliin ilaalamee taarifa KAS keenya irratti dhiibbaan inni qabu qorannoon hiikuu barbaachisa.
- Rakkoowwan dambii kaffaltii abbaa seerummaa hojiirra oolchuurratti mul'achaa turan hiikuuf dambicha foyyeessuuf ykn haaraa baasuuf aangoon kan mootummaa Federaalaa moo kan Naannooti kan jedhus dhimma falmisiisaa waan ta'eef rakkoowwan ka'anitti dabalamee kan qoratamu ta'a.
- Waajjiraaleen mootummaa hedduun kan akka waajjira faayinaansii,bulchiinsa magaalaa k.k.f. KAS akka hin kaffalle xalayoonni ajajan kan jiran yoo ta'u waldhabbiin xalayoonni kun rakkoo SDFS KAS yoo kaffalame malee banamuu dhorgu waliin hojjechuurratti qabu jedhu irratti yaadni furmaataa ni kaa'ama.Kutaan SDFS kun seera hojjetaa fi

hojjechiisaa irratti hojjettootn himata hojjechiisaa isaaniirratti qabaniif kaffaltii abbaa seerummaa hin kaffalan jedhu waliin wal-diddaa jiru irrattis yaadni fumaataa ni kaa'ama.

- Hiikkoon dhimmoota qarshiin shallagamuu danda'anii fi qarshiin shallagamuu hin dandeenyee adda baafachuu irrattii fi hanga KAS dhimmoota qarshiin hin shallagamne irratti kaffalamuu qabuu irratti hanqinni seerichi qabu furmaata ni barbaada.
- Namni kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluu hin dandeenye nama qabeenya hangam hin qabne akka ta'e seerichi ifaan waan hin keenyeef yaadni furmaataa ni qoratama. Adeemsa KAS kaffaluu danda'uu fi dhiisuun itti qulqullaa'u hoogganuu irratti qaawwi seeraa fi raawwii jiru guutamuu barbaachisa.
- Aangoon kaffaltii abbaa seerummaa baasuu kan eenyuu akka ta'e s rakkoo qorannoon kun hiikuuf barbaade keessaa isa birooti. Rakkoowwan armaan olitti ka'an muraasa qofa osoo hin taa ne rakkoowwan biroo kanneenitti hirkatanis kaasuuf ni yaalama.Kanatti aansuun gaaffiiwwan gurguddoo qorannichi hiikuu barbaadu akka armaan gadiitti ilaalameera.

1.3. Gaaffiiwwan Qorannoo Deebisu

Qorannoon kun gaaffiiwwan armaan gadii kan deebisu ta'a.

- Kaffaltiin abbaa seerummaa dhimmoota mana murtiitti dhiyaatan hunda irratti (coverage of its provisions) haala kaayyoo kaffaltichi itti raawwatamu galmaan gahuu danda'uun kaffalamaa jiraa?
- Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa fi SDFS kaffaltii mana murtii waliigalaa dhaddacha idilee fi ijibbaataatti kaffalamu hammateeraa?
- Dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne irratti kaffaltii abbaa seerummaa kaffalchiisuu irratti rakkoon mul'atu maaliif uumame?Akkamittis hiikama?

- Naannoon keenyi seera kaffaltii abbaa seerummaa mataa ishee,kan akka biyyaatti hojjechaa jiruun alatti qabdii? Hin qabdu yoo ta'e maaliif? Gara fuula duraatti hoo maal ta'uu qaba.
- Hangi kaffaltii abbaa seerummaa dambichi kaa'u kaayyoo dambichaa waliin yoo madaalamu gahaa dha ni jedhamaa? Ykn ni xiqqaata moo ni guddata?
- Waldhabbiin dambii kaffaltii abbaa seerummaa lakk. 177/45 fi SDFS bara 1958 bahe waliin jiru maali?Akkamittis hiikama? Fakkeenyaaf, SDFS kwt 232(1),(b) jalatti manni murtii bu'uura SDFS kwt. 231tiin yoo cufame bu'uura dambichaan kaffaltiin abbaa seerummaa erga irraa muramee booda kan hafe akka deebi'uuf dubbata .Garuu dambichi galmee bu'uura kanaan cufame kaffaltiin abbaa seerummaa hangamtu akka irraa muramu hin keenye.
- Muuxannoon KAS kaffalchiisuu biyyoota ambaa maal fakkaata? Biyya keenyaaf muuxannoon gaariin irraa fudhachuu mallu kami?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo guddaan qorannichaa rakkoolee qabatamaa raawwii fi uwwisa seeraa kaffaltii abbaa seerummaa waliin walqabatanii mul'atan adda baasuu fi yaada furmaataa kaa'uu dha.

Kaayyoowwan xixiqqaa armaan gadii tarreeffamanis dabalataan ni qabaata.

- Hanqinni dambii kaffaltii abbaa seerummaa hojii (tajaajila) mana murtii irratti dhiibbaa inni qabu adda baasuu.
- Galiin mana murtii irraa karaa kaffaltii abbaa seerummaa argamu haala barbaadamuun baasii mana murtii bakka buusuuf gumaacha gaarii qabaachuu danda'uu fi dhiisuu adda baasuu.
- Dhimmootni hedduminaan mana murtiitti dhiyaatan kan akka falmii jeequmsi haa dhaabbatuu kaffaltiin abbaa seerummaa seerri barbaadu

osoo itti hin kaffalamiin kan ture ta'uu mul'isuun kallattii fuulduraa akeekuu.

- Kaffaltiin tajaajila mana murtiif maamiltoota irraa funaanamu tajaajila kennamee waliin akkamitti akka madaalamu irratti kallattii agarsiisuu.
- Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa SDFS waliin haala itti wal-simuun akka tumamu kallattii agarsiisuu.
- Dambichi yoo itti hojjetamu SDFS wajjin hangam akka wal diddaa malee hojiirra oolu madaaluun rakkoowwanii fi hanqinootni jiran adda bahanii akka taa'an furmaatni fuulduraas maal ta'uu akka qabu akeekuu.

1.5. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala qulqullinaa irratti hundaa'a.Bakka muraasatti qofa malli safaramaa qorannicha deeggaruuf galeera.Sababni malli qulqullinaa itti filatames qorannichi yaadotaa fi ilaalchota akkasumas sababoota dhimmamtoonnii fi namootni KAS kaffalan,ogeessotni dhimma kanarratti beekan kennan irratti caalmaan waan hirkatuufi dha.Kuni haa ta'u malee bareefamootni adda addaa qorannoo kana keessatti itti fayyadameera.

Haaluma kanaanis mariin garee abbootii seeraa ,ofiseroota seeraa fi pirezidaantota manneen murtii waliin taasifameen,ilaalchi yaadni sababaan deeggaramee fi muuxannoon qabxiiwwan bifa gaaffannoon ka'anii fi kan biroo irratti isaan qaban ilaalameera.Karaa kanaatiinis rakkoowwan kaffaltii abbaa seerummaa raawwachiisuu keessatti gama seeraan , hojimaataa fi raawwiiin isaan mudate akkasumas taarifa KAS irratti guddachuu fi xiqqaachuu isaa ilaachisee ilaachi ofii isaanii qaban ittiin ilaalameera.Dambii KAS fi SDFS hojiirra oolchuu irrattis rakkoowwan isaan quunname akka ibsan taasifameera.

Bar-gaaffiin qabxiilee mirga haqa argachuu waliin wal-qabatanii fi hanga taarifa dambii KAS irratti himattoota himata jalqabaa fi

ol'iyyataa,abukaattota, bakka bu'oota,kan ofiin falman guuchifamee yaadni isaan qaban qorannoo kana keessa galfameera.Kunis mirga gareewwan kanaa irratti dhiibbaa waan qabuuf yaadni isaanii xiyyeeffannoo keessa galfamee furmaatni barbachisaa ta'e akka kennamuuf yaadameeti.

Kan biraa immoo odeeffannoowwan Istaastistiksii baajeta(baasii) fi hanga galii manneen murtii oromiyaa madaaluun hanga taarifaa KAS irratti ejjeenno qabachuuf fudhatameera.Af-gaaffiinis itti gaafatamtoota(Ogeessota) biiroo MMD fi Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa waliin taasifamee daataawwanii fi yaadni ogeessaa fudhatameera.Manneen murtii qorannoon kun irratti adeemsifame kan filataman saampill xiqqaa9simple random) fi dhiyaatinsa irratti hundaa'ameeti.

Kanneen armaan olii irratti dabalataanis gatii gabaa (pricing) fi guddina dinagdee biyya keenyaa yeroo ammaa fi yeroo dambiin KAS bahee,bara 1945,(bakka daataan bara 1945 akka biyyaatti galmaahee hin jirretti immoo kan bara 1960 fi isa duraa akka bakka bu'utti fudhachuun) Ajensii Istastistiksii Giddu Galeessaa Itiyoophiyaa irraa fudhatameera. Yaadni ogeessaa fi kitaaboleen Ajensii kana keessatti kuufamanis ilalameera.

Qorannoo kana gabbisuu keessatti muuxannoon biyyoota ambaa keessumaa immoo kan biyya Hindii fi Ingilizzii ilaalameera.Muuxannoon biyyota kanaas kan filatame sababa biyyootni kun KAS irratti poolisii adda addaa jiru jedhaman qabataniif muuxannoo isaanii qofa ilaaluun kan biyyoota biroo illee bakka bu'uu waan danda'uufi. Malli inni biraa immoo barreeffamoota dhimma kanaan walqabatan (ogbarruu) kan biyya keessaa fi biyya alaa fi weebsaayitoonnis ilaalamaniiru.

Haaluma kanaanis hangi af-gaaffii, marii garee fi bar-gaaffilee guutamanii gabatee armaan gadii keessatti ibsameera.

Lakk	Bakka deemamu	Baay'ina			Ibsa
		Bar-gaaffii guutamu	af-gaaffii	Marii garee	
1	Galiiwwan Oromiyaa		1		
2	Biiroo MMD Oromiyaa		1		
2	Go/A/N/Finfinnee fi Aanaa Sulultaa	7	2	1	
3	Go/A/Adaamaa fi Aanaa Adaamaa	7	2	1	
4	Finfinnee (MMWO),Dhaddacha Ijibbaataa.	7	2	1	

Hub. Bar-gaaffiin Kaffaltoota himata jalqabaa fi ol'iyyataa qaban; abukaatota, bakka bu'oota, fi kan ofiin falmaniin kan guuchiifame dha.Mariin garee immoo abbootii seeraa,ofiseroota seeraa fi pirezidaantonni mana murtii walitti bakka jiranitti Manneen murtii Sadarkaa hundatti taasifame.Af-gaaffiin immoo itti gaafatamtoota (fi ykn ogeessota) Biiroo MMD Oromiyaa fi Biiroo Galiiwwan Oromiyaa waliin ta'eera.

1.6. Daangaa (limitation) Qorannoo

Qo'annoon kun manneen murtii naannoo oromiyaa keessa jiran mana murtii Aanaa, Ol'aanaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa,fi Dhaddacha ijibbaataa Oromiyaa irratti kan daangeeffame dha. Mana murtii hawaasummaa gandaa hin dabalatu.

1.7.Hanqinaalee Qorannichaa

- Hanqinni maallaqaa waan mudateef daataa bal'aan godinaalee hedduu irraa akka hin funaanamne taasiseera. Ta'us hir'inoonni daataa kanaa maloota qulqullinaan daataa bilchaataa ajensii Istaatiksii Itiyoophiyaa irraa fudhachuun bakka buufamee guutameera.
- Lammaffaa, abbootiin seeraa bakka hundattuu hojiin waan itti baay'atee fi gariin immoo sababa wal-gahiitiin waan hin argamneef mariin garee akka lafarra harkisamu ta'eera.
- Sadaffaa, bar-gaaffiin warri kennameef keessaa tokko tokko guutanii deebisuu dhabuu,bar-gaaffii fudhachuu diduu. Dhumarrattis, qoratichi hojii idilee isaa birootiin baay'inaan qabamuun isaa yeroo itti hanqiseera .

1.8. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun gaggeeffamuun faayidaa armaan gadii ni qabaata.

- Galiin kaffaltii abbaa seerummaa irraa argamu qixa sirrii ta'een funaanamuu isaa ni xiinxala. Mootummaan gama kanaan galii argachuu malu akka hin dhabne ni gargaara.
- Walsimuu dhabuu SDFS fi dambichaaf furmaata hiiku ni kaa'a.
- Rakkoowwan qabatamaan dambiin kaffaltii abbaa seerummaa fi SDFS qabu adda baasuun seera baaftuuf qaawwa guutamuu qabu ni agarsiisa.
- Hiyyeessi KAS kaffalachuu hin dandeenye karaa saffisaa,baasii xiqqaa fi iftooma qabuun sirni itti adda baafamu diriirsuutiin KAS osoo hin kaffaliin akka falmatuuf karaa mijeessa.
- Dambiin KAS ifaa,hunda kan hammate,qaama hundaa yaada keessa kan galchee fi walqixxummaa fi haqummaa qabu akka ta'uuf gumaacha ni qabaata.

- Kaffaltiin abbaa seerummaa sirna salphaa fi hubatamuu danda'uun bu'uura seeraan qofa seerummaa gaafatameef akka kaffalamu gumaacha ni qabaata.
- Dambichi kan tumame dinagdee,siyaasaa fi hawaasummaa biyya keenyaa kan jaarraa walakkaan duraa waan ta'eef qorannoon kun haala dinagdee,siyaasaa fi hawaasummaa biyyattii si'anaa waliin kan walsimu akka ta'u karaa agarsiisuun uummataafis ta'e mootummaaf gumaacha gaarii ni taasisa.

BOQONNAA II

KAFFALTII ABBAA SEERUMMAA (KAS) ;ILAALCHA DURAA , MUUXANNOO BIYYOOTA AMBAA FI SEERA BIYYA KEENYAA

1.1. Maalumaa KAS

Kaffaltiin abbaa seerummaa hiikkoon afaan ingiliffaa isaa “Court fee” jedhama. “Court fee” kan jedhu ilaaluun dura immoo jechi ‘fee’ jedhu hiikuun gara ijoo dubbichaatti galma nuuf ta’a.

Akka “concise law dictionary” irratti hiikni itti kennametti yoo ilaallu;

A ‘fee’ is generally defined to be a charge for special service rendered to individuals by some government agency. The amount of fee levied is supposed to be based on the expenses incurred by the govermnent in rendering the service though in many cases the Costs are arbitrarily assessed.

A levy by a public authority in return for certain functions performed by it; professional or other remuneration. Dubbiiwwan hiikkoo kana irraa akka ijootti qabannus;

1. Kaffaltii tajaajila addaa mootummaan kenneef namootni dhuunfaa kaffalan,
2. Hangi kaffaltichaa baasii tajajilicha kennuuf mootummaan baase irratti,
3. Garuu bakka hedduutti immoo sababa malee (arbitrarily) kan shallagamu ta’uu.

4. Gatii ogummaa ta’uu danda’a ykn immoo miindaas ni ta’a.

Akka hiikkaa dikshinarii kanaatti “court fee” jechuun;

court fee is a fee received under a court fees Act (7of 1870) on plaints, petitions etc. Jedha. Hiikkoon kun immoo wantoota haaraa armaan gadii dabaleera ;

1. KAS kaffaltii seeraa KAS irratti hunda'amee kaffalamu,

2. KAS himannoowwan, iyyannoowwanii fi kkf irratti hundaa'uun akka kaffalamu ibseera.

3. Hiikkoo- Cost law encyclopedia irraa fudhatame yoo ilaallu immoo "court fee" is fees and charges required by law to be paid to courts or their officers, the amount of which is specified by court rule or statutes jechuun kaa'a.

   Hiikkoo kana irraas dhimmicha irra caalaatti ifa kan baasan;

4. KAS mana murtii ykn ofiseera mana murtiitti kaffalama.

5. Hangi isaa dambii mana murtii ykn seera paarlaamaan baasuun ibsama kan jedhu dabalameera.

   Hiikkaan Black's law immoo 'Docket fee' jechuun ibsa. Hiikkaan isaas hiikkaa "concise law"tiin kenname keessaa yaada bahe hin qabu.

- Walumaagalattis akka hiikkaawwan oliitti KAS kaffaltii tajaajila mana murtiif kaffalamu ta'uu fi kanneen biro olitti ibsaman ni hubachiisu. Kaffaltiin abbaa seerummaa (KAS) kaffaltii himataan/iyyataan tajaajila abbaa seerummaa mana murtii irraa argachuuf bu'uura seeraatiin kaffalu dha

Dambii kaffaltii abbaa seerummaa lakk.177/45 kwt.2 irraa yoo ilaallu immoo himatni dhiyaatee galmeetti yoo galu kaffaltiin abbaa seerummaa kaffalamu jechuun ibsa. SDFS kwt.215 immoo *'no statement of claim shall be admitted under art.230 except after payment of prescribed court fee'* jechuun ibsa. Akka keewwattoota armaan olii irraa hubatamuttis dambiin kaffaltii abbaa seerummaa seera KAS tumu yoo ta'u SDFS keenyis himatni kamuu bu'uura seeraatiin KAS osoo itti hin kaffalamiin banamuu hin qabu kan jedhe dambii KAS irratti hundaa'amee kaffalchiifamu akka qabu agarsiisuu isaati.

Taarifni kaffaltii abbaa seerummaa hanga qarshii ykn tilmaama qabeenyaa himatni irratti dhiyaate irratti hundaa'uun akka kaffalamu dambiin lakk. 177/45 kwt.2 kaa'a. SDFS kwt.226 fi itti aanus himatni tokko qabeenya ykn qarshii himatni itti dhiyaatu qabaachuu akka qabu waan kaa'eef taarifa KAS shallaguuf kan haala mijeessu dha. Qabxiileen seeraa kun garuu shallaggiin taarifa KAS himata qofarratti kan shallagamee kaffalchiifamu qofa akka ta'e agarsiisu jechuu miti. Himatni erga galmeetti galee fi iyyannoowwanii fi ol'iyyannoowwan adda addaa irrattillee KAS ni kaffalama. KAS himatni ittiin baname irratti dabalamuun kan kaffalaman kanneeni dambiin lakk. 177/45 kaa'u keessaas:

- ♣ Ajaja waamichaa baasuuf,
- ♣ Galagalcha sirrii beeksisa murtii mallattoo qabu fudhachuuf,
- ♣ Himata irratti deebiin akka hin kennamne ykn ol'iyyatni akka hin fudhatamne waraqaa mirkaneessaa mana murtii irraa fudhachuuf,
- ♣ Galagalcha murtii fudhachuuf,
- ♣ Gaaffii raawwii qabeenya hin sochoone irratti dhiyaatuuf,
- ♣ Namni ajjeese araaraan dubbii fixate galmeerra akka galuuf (qarshii 20)
- ♣ Dhimma jaarsummaan dhume galmee keessatti yoo galmaahu. (mata mataatti qarshii 2)
- ♣ Hiikkaan dhirsaa fi niitii galmeetti yoo galmaahu (qarshii 10 mata mataatti),
- ♣ Ajaja ragaa dhiyyeessuuf (saantima 50)
- ♣ Dhaalli ykn kennaan galmeetti yoo galmaahu (qarshii 10)
- ♣ Ajaja biraa manni murtii barreeffamaan ykn afaaniin kennuuf (saantima 0.25)
- ♣ Shallaggiin himata keessaa jijjiiramee kan guddate yoo ta'e hanga dabaleef kan dabalamu,
- ♣ himata himatamummaaf,
- ♣ murtiin dura ajaja argachuuf, ol'iyyannoorrattifaallee KAS kaffalmu ni jira.[3]

Biyyoota biroottis hiikkoon kenname kaffaltiin abbaa seerummaa maal akka ta'e caalaatti kan nuuf ibsu dha. Sirna amma qabdu keessatti muuxannoo biyya Ingilizzii yoo ilaallu immoo dhimma maatii fi siivilii irratti namootni himata dhiyyeeffatan (banatan) hundi KAS dhaabbataa kaffalu. Kaffaltiin kunis gosa dhimmaa isaanii irratti hundaa'ee garaagara ta'uu danda'a. Kaffaltiin dhaabbataan biroos erga himatni banamee gulantaa falmii adda addaarratti kaffalamu ni jira. Fakkeenyaaf, galagalcha dabalataa fudhachuuf, murtii raawwachiifachuuf ta'uu danda'a.Dhimmoota tokko tokkorratti immoo maamiltoonni KAS jalqaba kaffalan qofa kaffaluun yeroo biroo immoo dhimmoota tokko tokkorratti kaffaltiin dabalataa hojii bulchiinsaaf mana murtiin yeroo barbaadametti kaffalmu ni jira[4]. Kanaafuu, KAS irra jireessi isaa himata waliin jalqaba irratti kan kaffalamu yoo ta'u KAS walumaagalatti kaffalmu ibsuuf garuu kanneen duubarra kaffalman ifa akka hin taane taasisu.[5]

Kaffaltiin abbaa seerummaa hiika ibsa armaan olitti kennameef kana kan qabu yoo ta'u osoo sadarkaa amma irra jiru kana irra hin gahiin dura yommuu jalqabamu seenaa maal akka qabuu fi baroota keessatti guddina keessa darbe ilaaluunis yaadrimee kana irra caalaatti hubachuuf gaarii ta'a. Kanatti aansinees seenaa gabaabaa KAS kan ilaallu ta'a.

[3] Kan olii lakk. 1, kwt.2
[4] What is cost go to do with it? The impact of changing court fees ;www.justice.
Gov.UK/publication/docs/changing-court –fees. Pdf. Fuula 1
[5] Kanuma,

1.2. Seenaa Gabaabaa KAS

Kaffaltiin abbaa seerummaa amma tajaajila mana murtiif jedhamee kaffalamu kaayyoo amma itti kaffalamu ilaaluun dura jalqabbii isaarraa seenaa isaa ilaaluu barbaachisaa. Biyya keenyatti kaffaltiin abbaa seerummaa kaffalamu yeroo dhiyyoo ta'uu isaa dambiin KAS lakk. 2/1934 KAS irratti yaada isa jalqabaa kaa'uu isaarraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, muuxannoo biyyoota KAS dursanii jalqabanii ilaaluu barbaachisa.

Akka seenaan ibsutti kaffaltiin abbaa seerumma bara biyyoonni kolonii jala turanitti koloneeffattoonni biyya koloneeffatan irraa mala gibira ittin funaanan ture.[6] Seenaan KAS biyya Hindii akka ibsutti tajaajilli mana murtii isaanii bittaa Ingilizziin duratti bilisa (KAS malee) ture. [7] Indiyaatti KAS kaffalchiisuun osoo bittaa Ingilizzii jalaa hin bayin dura bara 1797 irraa jalqabee yaada ture dha. Bara kolonii Ingilizzii turtettis bulchiiinsi bittaa sun KAS akka gibira funnaanuuf itti fayyadmaa ture beekama. [8] Bara kanaa booda naannooleen bittaa jala galan mata mataatti dambii KAS baafachuu jalqaban. Isaan keessaayis dambii KAS naannoo Madras III bara 1982, dambii Beengaal XXXVIII bara 1795, dambii KAS Bombay 8 bara 1802 fa'a. Isaa booda dambiileen sadarkaa naannootti bahan walitti makuun damabiin waliigalaa tokko, dambii 36 bara 1960 ,baheera. Isaa boodas dambiin kun fooyya'ee dambiin KAS, 1870 hojiirra ooleera.[9]

Dambiin KAS, 1870 kunis yerootii gara yerootti fooyyaa'aa kan dhufe yoo ta'u bara 1920tti dambiin Biriitish Indiyaa maraaf hojjetaa ture kun "Devolution Act 1920" jedhamuun naannoleen akka aangoo foyyeessuu argatan murtaa'e. Yeroo booda devolution act 1920n illee dambii 1, 1938tiin haqameera.[10]

Heerri mootummaa indiyaas dhumarratti KAS dhimma naannoolee akka ta'u taasiseera. KAS dhimma naannolee waan taasifameefis naannoleen Indiyaa hedduun naannolee waliin bulfaman (yuuniyeenotaan) alatti seera (dambii) KAS 1870 akka biyyoolessaatti hojiirra oolaa ture kana gar tokko foyyeessuun gar tokko immoo haquun seera KAS haaraa ofii baafataniiru.[11]

Seenaan KAS biyya Hindi bulchiinsa bittaa Ingilizziitiin kan jalqbde akkk ta'e kan olitti eerre irraa ni hubatama. Kanarraa akka hubatamuttis Ingilizzi kan Indiyaa ni dursiti. Akka seenaan ibsuttis KAS biyya Ingilizzii fi Weelsi jaarraa 13ffaa irraa jalqaba. KAS kunis maamiltoota mana murtiitiin kaffalmaa ture. Yeroo duraa sanatti KAS kallattiin harka

[6] Court fees and revenue stamps of the princely states of India;www.all bookstores.com/court-fee-revenue-stamps.../9780961377304, fuula hin qabu
[7] Law commission of India 189th report on revision of court fees structure, February ,2004,fuula 40
[8] Kan olii lakk. 7 fuula hin qabu.
[9] Kanuma.
[10] Kan olii lakk. 8, fuula 41
[11] Kanuma, fuula 42

abbootii seeraatti kan kaffalamuu fi abbootiin seeraa tajaajila kennaniif kan dhuunfaatti qabatan ture. Booda bara 1846tti caaseffamni mana murtii si'anaa (modern) yeroo itti jalqabe yoo ta'u yeroo jalqabaaf waa'een miindeeffamuu abbootii seeraa jalqabame. Itti aansuun bara 1856tti miindaan abbootii seeraa, baasiin ijaarsa mana murtii fi baasiiwwan biroo kanaan wal-qabatan gibira mootummaatiin malee galii mana murtiitiin ta'uu hin qabu jedhame.[12]

Waraana addunyaa I[ffaa] booda immoo bara 1922tti yaadni ture gar tokkoon fooyyaa'ee qajeeltoon bitu (binding) tokko miindaa fi sooromni fi wantootni biroo kaffaltii abbaa seerummaatiin akka haguugamu baheera. Bara 1923tti immoo baasiin abbootii seeraa fi baasiin ijaarsaa mootummaatiin haguugamuu qaba jedhamee jijjiiramuun itti fufe.[13] Bara 1982tti immoo baasiin tajaajila dhaddacha siivilii hundi baasii abbootii seeraatiin alatti KAStiin haguugamuu akka qabu tumame.

Bara 1992tti immoo poolisiin ture jijjiiramee baasiin mana murtii hundi baasii abbootii seeraa dabalatee KAStiin akka haguugamu murtaa'e. Waggoottan yartuu darbaniifis poolisiin mootummaa Ingilizzii baasiin mana murtii KAS tiin akka haguugamu gochuu fi karaa biraan immoo mirgi haqa argachuu warra hiyyeessotaaf karaa KAS irraa hambisuu ykn bilisa taasisuutiin akka mirkanaa'u kaa'a. [14]

Seenaa KAS biyya keenyaa yoo ilaallu ammoo yeroo jalqabaaf bara 1934tti labsiin lakk. 2/1934 "**ስለ ዳኝነት ሥራ ስካሄድ የጠላ ስዋጅ**" jedhu dambiin KAS akka tumamu heeyyameera. Labsiin kun kwt. 20 (b) isaarratti pirezidaantiin mana murtii ol'aanaa deemsa hojii mannen murtii labsii kanaan dhaabataniif akka tolutti dambii kaffaltii abbaa seerummaa qopheessuun heeyyama ministeera murtiitiin akka baasu aangessa. Bu'uruma kanaanis bara 1945 ALItti pirezidaantii mana murtii ol'aanaa yerosii kan turan namni Henirii Istiid Roobertis jedhamu beeksisa keessaa seeraa lakk. 177/1945 akka bahu taasisuudhaan "**ስለ ፍርድ ቤቶች የዳኝነት ገንዘብ ስከፋፈል የወጣ የ 1945 ዓ.ም ደንብ** "jedhamee kan waamamu akka hojiirra oolu taasiseera. Dambiin amma hojiirra jirus dambiima bara 1945 bahe kana. [15]

Seenaan kaffaltii abbaa seerummaa biyya keenyaa kun biyya eessaa irraa akka fudhatame seenaa nuuf ibsu yoo qabaachuu baanne illee namni wixinee isaa qopheesse lammii biyya Ingilizzii akka ture afaaniin ni himama. Ta'us biyya Ingilizzii irraa fudhatame jechuufis ragaa gahaan hin jiru. Kanaafuu, KAS biyya keenyaa kan sirna seeraa kam wajjin akka wal-fakkatu kaayyoo itti kaffalamu waliin ilaaluun nu fayyaduu danda'a.

[12] Court fee/ why we charge court fees mht. www.hm courts-service.gov.uk/.../fees/whywecharge.htm-Last updated 18 may 2010 web team.
[13] Kanuma, fuula hin qabu.
[14] Kan olii lakk. 13, court fee, fuula hin qabu
[15] Ethiopian legal directory, first annual edition, 2003/4, fuula 51;www.ethiopianlegaldirectory.com

1.3. Kaayyoowwan KAS Itti Kaffalamu

1. Galii argamsiisuun baasii tajaajilaaf mootummaan baase bakka buusuu.
2. Dhimmoota sobaan dhiyaatanii fi dhimmoota hin milkoofne/ gatii hin qabne daangessuu.

- ❖ Himataan himachuu isaan duratti baasii isa gaafatuu fi dhugummaa fi barbaachisummaa himachuu isaa akka irra deebiin yaadu gochuu.

Kaayyoon kaffaltiin abbaa seerummaa inni jalqabaa fi guddichi galiif akka ta'e seenaa KAS biyya Ingilizzii fi Hindii armaan olitti ilaalle irraa ni hubatama. Kan biyya keenyaa yoo fudhanne immoo dambiin lakk. 177/45 kaayyoo itti bahe kaa'uu yoo baate illee maallaqni KAS irraa sassaabamu galii biyyaa kan uumu waan ta'eef galii biyyaa uumuun kaayyoo isa tokko jechuu ni dandeenya.[16]

Galii argamsiisuuf KAS maamiltootaan akka kaffalamu ta'uun isaa dhugaa hin mamsiifne dha. Kaayyoon galii argamsiisuu kun garuu hanga galii KAS irraa barbaadamuu, gudddaa ykn xiqqaa ta'uu isaa irrattii fi kaffaltiin kun tajaajila maaliif akka oolu irratti hundaa'amee kaayyoowwan dabalataa KAS galii argamsiisuun alatti galmaan gahu ni jira. Kaayyoowwan xixiqqaan kunis himata sobaa fi himata gatii hin baasneef himatamu (frivolous and vexatious litigation) hambisuuf ykn daangessuuf illee akka kaffalamu drabee darbee ni ibsama. Kaayyoowwan kun garuu hanga galii KAS irraa argamuu barbaadamu irratti hundaa'uu danda'a. Biyyoota KAS baasii mana murtii guutummaan haguuguu (full cost recovery) akka poolisiitti hordofanitti KAS maamilli kaffalu guddaa ta'uu qaba.[17] Galiin barbaadame baasii mana murtii haguuguu barbaadameeti waan ta'eef immoo namootni himata sobaa ykn himata gatii hin qabne himatan gatii tajaajila mana murtii irraa argatanii guddaa ta'e kana kaffaluun himata akkasii mana murtiitti akka hin dhiyeessine ni daangeessa jedhu. Kanaafuu, KAS himata akkasii kaayyoo daangeessuu qabaachuutti ni amanu. Biyyootni KAS baasii tajaajila mana murtii haguuguu hin danda'u jedhan immoo hojiin/tajaajilli abbaa seerummaa galii mootummaatiin haguugamuu qaba kan jedhutti amanu. Kanneen kun immoo poolisii baasii mana murtii hunda haguuguu (full cost recovery) jedhutti hin amanan. Kanaafuu, himata sobaa ykn himata gatii hin qabne daangessuuf jecha KAS guddachuu akka hin qabnetti amanu. Kaayyoon KAS itti kaffalamu keessaa himata sobaa ykn himata gatii hin qabne daangessuu hin fudhatan. Kanarraa kaanee muxannoo biyyootaa yoo ilaallu poolisiin KAS hordofan gargar yommuu ta'utti kaayyoon KAS itti kaffalchiisanii fi hangi isaas adda adda. Kan armaan olitti kaasne kanas muuxannoo biyyootaa kanatti aansuun kaasnu keessatti tokko tokkoon kan ilaallu ta'a.

[16] Kan olii lakk.17,Af-gaaffii Obb. Lammeessaa Likkii(I/A/I/G Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa waliin gaafa 18/05/2003tti taasifame.
[17] Kan olii lakk.5,what is cost go to do with it? Fuula hin qabu.

Muuxannoon biyya Hindii fi Ingilizziis jalqaba seera KAS kan walirraa fudhatan ta'ullee kaayyoo fi poolisiin KAS itti kaffalchiisan isaanii ammaa gargar ta'ee argama. Kaayyoowwan KAS biyyoota kana lamaan keessatti itti kaffalamu ilaaluun kan biyya keenyaa tilmaamuuf akka kanatti aanutti tokko tokkoon ilaalla.

Biyya Ingilizzitti KAS qajeeltoowwan seeraa fi poolisii bahuun walsimuu kan qabu yoo ta'u kaayyoon isaas baasii hojii adeemsa mana murtii haguuguufi dha (kanaa ol ta'uunis hin eegamu). Sababni gahaan poolisii irratti hundaa'e yoo jiraate istaandardii kanaa gadiis kaa'uun ni danda'ama jedhama. Poolisiin waliigalaa KAS baasii mana murtii haguuguu (policy of full cost recovery) jedhu kun hanga danda'ametti maamiltoonni gatii tajaajila irraa argatan kaffaluu qabu yaada jedhu mirkaneessa.[18]

Poolisiin waliigalaa kun sirna walirraa osoo hin citiin dhalootaaf darbuu qabu yoo ta'u qabxii bu'uuraa KAStiin baasii mana murtii guutummaan haguugsisuu (meeting full cost recovery") qabna jedhu dha. Kana jechuunis namootni dhaddacha siivilii fi maatiitti tajaajilaman warra baasii isaa kaffalani dha. [19]Galiin maamiltoota irraa argamus tajaajiloota armaan gadii faayinaansii gochuuf akka oolu taasifama.[20]

- ♣ Ijaarsa mana murtii fi meeshaa keessaaf,
- ♣ Tajaajila ijaarsa manni murtii barbaaduuf,
- ♣ Miindaa fi baasii abbootii seeraa fi hojjettoota deeggarsaa mana murtiif,
- ♣ Tekinoolojii odeeffannoo fi telefoonaaf ,
- ♣ Suphaa haaraa fi moofaaf ,
- ♣ Isteeshinerii fi meeshaalee fi qabeenya biroof,
- ♣ Baasii ministeera haqaa irraa qooddachuuf fkn human namaaf, leenjii adda addaaf k.k.f.

Kaffaltiin abbaa seerummaa kunis yoo kaffalachiifamu haala hunda namaaf haqa qabeessa ta'een kan hojjetame ta'ee kaayyoon tarsiimoo kanaas:

- ♣ Baasii bakka buusuu,
- ♣ Hiyyeessotaaf mirga haqa argachuu eeguuf KAS irraa bilisa taassisuu/ KAS irraa hambisuu (fee remission and concession) mirkanneessuu,
- ♣ Galii fi baasii mana murtii hanga danda'ametti walitti dhiyeessuu dha. [21]

Walumaagalattis poolisiin KAS Ingilizzii galiin KAS irraa argamu baasii tajaajila mana murtii bakka buusuu qaba malee baajeta biraaf oluu hin qabu (policy of self financing) dha. [22]

[18] Kan olii lakk. 13, court fee/, fuula hin qabu.
[19] Kan olii lakk. 5, what is cost go to do with it?fuula hin qabu
[20] Kanuma
[21] kanuma

Poolisiin kun immoo tajaajilli mana murtii gibira uummata irraa sassaabameen osoo hin taane gatii tajaajila abbaa seerummaaf kennameetiin akka ta'e ibsa. Haaluma kanaan dhaddachi siivilii fi maatii biyya Ingilizzii galii KAS maamiltootaatiin baasii isaa of danda'a. Baasiin dhaddacha kana lamaanii waggaatti miiliyoona 600Z yoo ta'u kana keessaa 80% KAStiin kan haguugamu. Persantii 20% qofatu baajeta ministeera haqaa karaa gibiraa argameetiin haguugama.[23] Hireen gibira kaffaltuu waan lama irraa kan ka'e dha. [24] Isaanis:

- ♣ Galii KAS irraa sababa bilisaan ykn hiyyummaan KAS irraa hambisuutiin(fee remission and concession/hafe bakka buusuuf,
- ♣ Sababa KAS gatii tajaajila kennamee gadi kaffalchiifamu jiruufi.

Muuxannoo biyya Hindii yoo ilaallu immoo kaayyoon kaffaltiin abbaa seerummaa itti kaffalmu galii tajaajila mana murtii irraa argamsiisuu ni ta'a. Hangi galii KAS irraa argamuu garuu baasii mana murtii guutummaan akka haguuguuf miti. Biyya hinditti poolisiin baasii mana murtii guutuu KAStiin haguuguu (policy of full cost pricing) fudhatama hin qabu. Akka biyyaattis ta'e naannooleetti baasiin mana murtii irra jireessaan mootummaatiin haguugamuu qaba.[25] Galii uummata bal'aa irraa karaa gibiraa argameetiin tajaajilli mana murtii kennamuu qaba ejjennoo jedhuttis amanama. Kaffaltii abbaa seerummaa dabaluun baasii tajaajila mana murtii guddisuus hin kaayyeeffatu. Galiin KAS irraa barbaadamus baasii mana murtii haguuguuf ta'uu hin qabu waan jedhamuuf mirga haqa argachuu namootaa ni daangeessa hin jennu. Sababni isaas KAS akka ol guddatu waan hin taaneef namootni qabeenya gahaa hin qabne mana murtiitti dhimma isaanii falmachuu irraa hin daangeeffaman.[26]

Kanaafuu, kaayyoon kaffaltiin abbaa seerummaa itti kaffalamu himata sobaa fi himata gatii hin qabane mana murtii irraa daangeessuufis akka ta'u hin fudhatamu. Sababni isaas kaffaltiin abbaa seerummaa yoo guddate nama sobaan himatu ykn himata gatii hin qabane himatus ta'ee nama dhugaan himatu garuu qabeenya gahaa hin qabne waluma qixa kan daangeessu waan ta'eef sababa nama sobaan ykn himata gatii hin qabne himatuutti namni dhugaa qabu daangeeffamuu hin qabu jedhu. [27]

Muuxannoo biyya keenyaa yoo ilaallu ammo KAS funaanamu galii mootummaatti kallattiin kan makamuu fi baasiin mana murtiis kallattiin KAS irraa osoo hin ta'iin galii gibiraa fi galiiwwan biroo irraa kan haguugamu.[28] Kun ta'uun isaa immoo kan Hindii waliin wal isa fakkeessa.Himatni sobaa ykn gatii hin baasne akka hin himatamne seerri himattoota

---

[22] http://boards.straight dope.com/sdmb/showthread. Php?t:22412 fuula hin qabu.
[23] kanuma
[24] Kanuma.
[25] Kan olii lakk.8, law commission of India, fuula 3
[26] kanuma
[27] kanuma
[28] Kan olii lakk.17,af-gaafii obbo Lammeessaa Likkii Waliin taasifame.

akkasii adabu jiraachuu qaba malee kaffaltii abbaa seerummaa guddisuutiin himatni hundi walumatti akka daangeeffamu gochuun haala biyya keenyaa waliin yoo ilaallu kan jajjabeeffamu miti.Kanaafis SDFS keenyi kwt.465 himattoota akkasii beenyaa hanga doolaara 500tiin akka adabuun danda'amuu fi yakkaanis seera yakkaa kwt.452 jalatti itti gaafatamaa gochuun akka danda'amu kaa'uun isaa wabii ta'uu danda'a. [29]Biyya Hindi keessattis himata sobaa fi himata hin milkoofne dhiyyeessuun wal-falmitootaa rakkoo cimaa fidaa waan jiruuf manneen murtii tarkaanfii ittiin himannoowwan kana ittiin fageessan qabaachuu akka qaban ibsama.Akka gabaasa komishinii seeraa Indiyaa irraa hubatamuttis kuni karaa lamaan danda'ama;[30]1.Baasii cimaa kaffalchiisuu.Fkn,CPC Indiyaa kwt.35A fi labsiilee himata sobaa irratti tarkaanfii fudhatan baasuu.2.Seera addatti kanarratti tarkaanfii fudhatu baasuu.

Kanaafuu, Itiyoophiyaatti kaffaltiin abbaa seerummaa kaayyoo galii mootummaaf argamsiisuuf kan sassaabamu yoo ta'u deebi'ee KAS kun baasii tajaajila mana murtii uwwisuuf kan oolu miti.Uwwisuus hin danda'u ykn baajetni mana murtiif bahu galii KAStiin argamu waliin baay'ee kan waldarbuu fi hojiin mana murtii baajeta mootummaa irraa argamuun kan adeemsifamu dha[31]. KAS maamilli kafaluu fi tajaajilli inni argatus kan walirratti hirkate miti. Sabani kun itti jedhamu immoo daataa galii KAS irraa manneen murtii argatanii fi baasii mana murtii waggaa waggaanii ilaaluun gahaa dha. [32]

Walumaagalatti kaayyoon KAS itti kaffalchiifamu poolisii KAS biyyi tokko hordoftu irratti kan rarra'u dha. Poolisiiwwan biyyootni hordofan kun immoo fudhatamummaan isaa karaa adda addaa madaalamu ni danda'a. Karaawwan itti madaalaman keessaa immoo gatii tajaajilaa kaffalchiisuu, baasii mana murtii haguuguu fi mirga haqa mana murtii irraa argachuu fa'a ta'uu danda'a. Irra jireessaanis KAS guddachuu fi xiqqachuun mirga mana murtiitti haqa argachuu waliin waan walqabatuuf kanaafi qabxiilee kaan hafan waliin kanatti aansuun kan ilaallu ta'a.

1.4. KAS fi Mirga Haqa Argachuu

KAS maamiltoota mana murtii irraa barbaadamu dhimma mirga haqa argachuu waliin wal-qabatan keessaa tokko dha. Biyya Ingilizziitti mirgi haqa argachuu Maagina Kaartaa keessatti kan bu'uureffate ta'ee hanga ammaattis itti hojjetamaa jira. Innis: namni kamuu seera biyyattiin yoo ta'e malee hidhamuu, balleeffamuu, yakkamaa godhamuu hin qabu. Nama kamittuu mirga haqa argachuu hin gurgurru, nama kamuu haqa hin dhorgannu, jalaas lafarra hin harkisnu jedha.[33]

[29] SDFS kwt.465 dubbisuun kan ibsame ni hubachiisa.
[30] Kan olii lakk.8, law commission of India, Fuula 111
[31] Kan olii lakk.17,af-gaffii obbo Lammeessaa Likkii waliin taasifme.
[32] Gabatee lakk.19 fi 21 ilaaluun hubachuun ni danda'ama.
[33] Kan olii lakk. 8, law commission of India,, fuula 11 fi 12

Mirga haqa argachuu waliin walqabsiisee manni murtii ol'aanaa biyya Ingilizzii tokko seera hiyyeessota KAS irraa hambisu/bilisa taasisu tokko haqamuu isaa ilaalee yaada armaan gadii jedheera;

> *"Access to courts is a constitutional right; it can only be denied by the government if it persuades parliament to pass legislation which specifically in effect by express provision permits the executive to turn people away from the court door."*[34]

Yaada Maagina Kaartaa keessattii fi yaada mana murtii ol'aanaa kanaa yoo ilaallu mirgi haqa argachuu sababa kaffaltii abbaa seerummaa maamiltoonni kaffaluuf dirqamaniitiin cabuu hin qabu. Mirgi haqa argachuu kaffaltiitii gurguramuus hin qabu. Keessumaa yaada mana murtii kana irraa akka hubatamutti KAS kaffaluun maamiltootaa kan jiru yoo ta'ellee seerri warra KAS kaffalachuu hin dandeenye KAS irraa bilisa taasisu dhibuun isaa warra kaffalachuu hin dandeenyetti balbala mana murtii cufuu waan ta'uuf wanti akkasii immoo mirga heera mootummaan mirkanaa'e kana dhorgachuu ta'a yaada jedhu qaba.

Ingilizzitti akkuma armaan olitti ilaalle poolisiin KAS baasii tajaajila mana murtii haguuguu qaba (policy of full cost recovery) jedhamu kan hordoftu ta'uun ishee kan olitti ilaalle dha. Bu'uuruma poolisii kanaatiin yoo ilaallee immoo maamilli kamuu tajaajila mana murtii irraa argatuuf KAS kaffaluu qaba jechuu dha. Garuu, hiikni kun irra isaa keessa yoo ilaallu hiika argamu dha malee hiika qabatamaa isaa miti. Biyya Ingilizzitti maamiltootni KAS kaffalachuu hin dandeenye sirni KAS irra bilisa itti ta'an waan jiruuf poolisichi hiika "full cost pricing" jedhu qaba. Waraqaa qorannoo 'civil court fee 2008' jedhamu irrattis akka armaan gadiin taa'eera.

> *Although the term 'full-cost recovery is often used, our target is not literally' full cost recovery: the tax payer makes, and will continue to make, a significant contribution to the cost of running the civil and family courts. A better way of describing the policy is full cost pricing; in other words, fees should be set at levels calculated to cover the full cost of the system if paid in full in every case.*[35]

Sirni kaffaltii abbaa seerummaa irraa bilisa taasisuu fi KAS irraa hambisuu (fee remission and concession) KAS hambise galii libiraatiin bakka bu'a. Karaa biraatiin kun immoo maamiltoota KAS kaffaluuf qabeenya gahaa hin qabneef mirga haqa argachuu isaanii eeguu fi dha. [36]

[34] Kanuma, fuula 14
[35] Civil court fees 2008;www.justice.gov.UK, fuula 10.
[36] kanuma

Poolisiin Ingilizzi baasii tajaajila kennamee KAStiin haguuguuf xiyyeeffate kun KAS kaffalchiifamu baasii tajaajila kennamee kan ibsu ta'uu qaba jechuu dha.[37]kun ta'us garuu poolisiin kun biyyoota addunyaa hedduu birattis ta'e barreessitoota hedduu biratti kan fudhatamu miti.

Barreessitootni hedduunis 'policy of full cost recovery' kana mormaniiru. Hayyuun seeraa lord Woolf adoolessa bara 2002tti yaada mootummaa dhaddachi siivilii baajeta galii ofii isaa irraa argameen of haa bulchu jedhu yoo mormu akka jedhetti *"flawed thinking" the policy was "self-evidently non sense". No other country in the world had such a policy and the effects were "pernicious and dangerous"* jedheera.[38]

Dhaabbatni "civil justice council" jedhamus sadaasa, 2002tti poolisii "fullcost recovery" irratti gorsa armaan gadii Lord Chancellortiif (kan poolisicha baase) kenneera.

"the policy of full cost recovery is relatively recent in historial terms. It is not the approach followed in the major English-speaking law jurisdiction, nor is it the approach followed in most, if not all, other European jurisdictions." "In the view of the civil justice council the policy should be abandoned."[39]The council accepts the litigants should be charged fees, but they should not be disproportionate in relation to the amount claimed and proportionality should be the primary factor in determining the level of fees.[40]

Dabalataan dhaabbatni civil council kun polisiin "full cost recoverey"mirga haqa argachuu maamiltootaa illee ni daangessa jedheera. [41]

Biyya Awustiraaliyaatti bara 1999tti qorannoon Australian Law Reform commission (ALRC) jedhamuun ta'ee gabaasni mataa duree managing justice: A review of the federal civil justice system report No.89, boqonnaa 4 irraa baasii seeraa kan jedhu buufata 4.1 jalatti akka ibsetti '*full cost recovery is not pursued*' jedheera. Sababni baasii guutuu haguuguun hin hordofnu jedheef yoo ibsus mana murtii mootummaa sirna dimokiraatawaa hordofu keessatti gaheen inni taphatu waldhabbii namoota dhuunfaa qofa hiikuu osoo hin taane suuta suuta guddina seeraaf gumaachuu, qaama hojii raawwachiiftuu to'achuu, mirga dhala namaa kabajchiisuu fa'a dabalata jedheera. Kana waliin walqabsiisees kaffaltiin maamiltoota mana murtii irraa funaanamuu fi tajaajilli mana murtii waliin dorgomsiifamuu hin danda'u jedhee yaada kenneera. Sababa yoo kaa'u ammoo tajaajilamtootni mana murtii eenyufaadha kan jedhu ibsuuf ni rakkisa jedha. Tajaajilamtootni mana murtii deebii kennitoota moo iyyattoota moo, isaan keessaa nama irraa fayyadamaa bu'aa isa ta'e? Manni murtii hojii gaarii hojjeteen hawaasni fayyadamaa dha. Akkasumas dhimma

[37] kanuma
[38] Kan olii lakk.8,Law commission India, fuula 96
[39] Kanuma
[40] Kanuma fuula 95
[41] Kanuma,

namoota dhuunfaarratti murtii kenname irraa hawaasni ni fayyadama. Kaffaltii abbaa seerummaa baasii qabatamaa mul'isu baasuuf immoo rakkisaa dha. Tajaajilli kennamee fi baasiin dhimma adda addaaf bahe adda baasuunis ni rakkisa. Bu'aama kanarraa ka'uunis "ALRC"n 'full cost recovery' hin deeggarre.[42]

Biyya USAttis poolisii "full cost recovery" tiin baasii bulchiinsa haqaa haguuguun hin deeggaramu. Baasiin kun karaa mootummaatiin akka haguugamu ciminaan gorsamas. Kana waliin walqabsiisuun JCUS (Judicial conference of the United states) yaada dhiyeesseen kan armaan gadii jedheera.

"Federal courts are an indispensable forum for the protection of individual constitutional rights;their costs are properly borne by all citizens. Unlike other governmental operations such as national parks, for which substantial funding through user fees may be appropriate, the mission of federal courts could not be performed if users were denied access because of an ibbility to pay reasobable user fees.""At least three reasons support continued reliance on general appropriations instead of user fees, first, given that the frequency of federal court filings can vary substantially from year to year, economic uncertainty about the amount of revenue that can be raised annually through user fees makes user fees an unreliable and, therefore, undesirable source of funding. Second, with that uncertainity, constant fee adjustments might be necessary in order to sustain on going judicial programmes. Finally, and most importantly; litigants should not be burdened with fees as to effectively eliminate the access of some low and moderate income users to our federal forum."

Ejjennoon biyyoota Awuroppaa keessa jiruus akkuma 'civil justice council' armaan olitti jedhe full cost recovery' hin deeggaran. Fakkeenyaaf biyya Ispeenittii bara 1984 booda dhimmoota siivilii irratti KAS kaffalamee hin beeku. Xaaliyaanitti immoo iyyannoowwan gatii xixiqqaaf KAS hin kaffalamu. Akkasumas dhimmoota maatii, dhimmoota hojii fi wabii hawaasummaaf KAS hin kaffalamu.[43]

Biyya Hindiittis KAS maamiltoota irraa funaanamu mirga haqa argachuu waliin walqabachuun isaa ni amanama. Haaluma kanaan yeroo tokko koomishiniin seeraa Indiyaa yaadni himattoota himata gatii hin qabne /sobaa dhiyeessan daangessuuf ol guddachuu qaba jedhu yaada dogoggoraa akka ta'e beeksisuu isaa kan armaan olitti ilaalle dha.[44]

[42] Managing justice, a review of federal civil justice system report No. 89; http//www.austlii.edu.au/au/other/alrc/publications/reports.89/,fuula hin qabu
[43] Kan olii lakk.8, Law commission India, page 100
[44] Kanuma, fuula 35

Oggeessi seeraa Venkatachalhahi J. jedhamus KAS mirga haqa argachuu kan daangeessu yoo ta'e nageenya hawaasaa booressa, haqnis lammilee sadarkaa kamittuu jiran hundaaf, hiyyeessas ta'e duressaaf wal-qixa kan argamu ta'uu dhorga jedha. [45]

Kanneen irraa hubachuun akka danda'amuttis KAS yoo ol guddate mana himata gatii hin qabne himata sobaa himatu qofa osoo hin taane nama dhugaa osoo qabuu KAS kaffaluuf hin qabne biroo illee wal-qixuma kan daangeessu ta'uu isaati. Sababa nama himata sobaa/himata gatii hin qabne himatutti immoo akkuma olitti kaafne mirgi nama dhugaa qabuu sarbamuu/dhorgamuu hin qabu. Akka yaada ogeessa kana irraa hubatamuttis KASmirga haqa argachuu maamiltootaa cufe/dhorge taanaan hawaasni tasgabbii dhaba. Sababa KAS kaffalchuun ulfaatuuf mana murtiitti mirga ofii falmachuu dhabuun immoo mirga tokko qofa osoo hin taane mirga dhala namaa dabalatee mirga kamuu waan tuquuf bakka of eeggannoo guddaa barbaadu dha.

Indiyaatti poolisiin "full cost recovery" hin hordofamu. Komishiniin seeraa Indiyaa gabaasa isaa lakk. 189 mata duree xiqqaa 'can court fee Be inhanced to recover cost of administration of justice? jedhu irratti yaadota manneen murtii waliin qindeessee yaadota kana cimsu baaseera. Yaadni mana murtii waliigala Indiyaa akka gabaasa kana keessatti eeramettis [46]akkuma nageenyaa fi tasgabbii uummataa eegsisuuf mootummaan poolisiif baasii baasu, kanumaafis akkuma maamilli gibira ykn kaffaltii addaa itti hin kaffalle dirqamni mootummaan haqa bulchuuf qabus kanarraa adda miti jedheera.[47]

Dhimma 'central coal fields Ltd. Vs Jaiswal coal co. ALR 1985 Sc 2125 irrattis akka ibsetti "mirga haqa argachu milkaa'aan wantoota sirni tokko barbaadu keessaa isa bu'uuraati. KAS guddaa kaffalchiisuun immoo hanga haqa gurguruutti fudhatama jedheera.[48]

Yaadota manni murtii kaase kana yoo ilaallu biyya Indiyaatti baasii mana murtii motummaan bakka buusuu akka qabu agarra. Mootummaan haqa bulchuu keessatti keessumaa baasiin mana murtii dirqama mootummaan kan haguugamu taanaan immoo "policy of full cost recovery" hin hordofu akka ta'e mul'isa. Kun immoo warra yaada poolisii "full cost recovery" hin hordofneef milkaa'ina. Sababni isaas akka poolisii kanaa mootummaa baasii mana murtii haguuguuf KAS maamiltoota irratti guddisuuf hin xiyyeeffatne.

Akkuma olitti ilaalle biyya Indiyaatti KAS galiif kan kaffalchiifamaa jiru ta'uun isaa beekamaa dha. Hangi KAS kaffalamaa turee kunis barreessitoota tokko tokko biratti maamilatti baasii guddaa akka ta'ee jiru qeeqama. Kanarraa ka'uunis mirgi haqa argachuu maamiltootaa rakkoo keessa akka jiru ibsu. Dabalataanis KAS guddachuun hanga haqa

[45] Kanuma
[46] Kanuma ,fuula 63
[47] Kanuma ,fuula 65
[48] Kanuma ,fuula 63

gurguruu ta'eera jechuun qeequu irra darbuunis kanneen KAS ffalchiisuun sirrii miti jedhanii mormanis ni jiru.

Haaluma kanaanis adeemsi mana murtii ripaabilika Indiyaa KAS bu'aaf ooluu akka danda'uutti baasii falmii siiviliif bahu osoo hin madaaliin kan bahe ta'uun isaa gulantaa haqni biyyattii irra gahuu qabu harkiseera jedhameera. Biyya wal-qixxummaan seera duratti heera mootummaan mirkanaa'e keessatti mirgi haqa argachuu KAS kaffalchiisuun dhiibamuu hin qabu.[49]Heerri mootummaa Indiyaa fooyyeeffama 42ffaa bara 1976 illee akka armaan gadiitti ibseera.

"The state shall secure that the operation of the legal system promotes justice, on the basis of equal opportunity, and shall, in particular, provide free legal aid, by suitable or schemes or in any other way, to ensure that opportunities for securing justice are not denied to any citizen by reason of economic or other disabilities."[50]

Komishiniin seeraa Indiyaa gabaasa 14ffaa isaa "reform of judicial administration (1958) akka yaada dhiyeessetti keewwata 42 boqonnaa 22 irratti kan armaan gadii jedheera.

"It is one of the primary duties of the state to provide the machinery for the administration of justice and on principle it is not proper for the state to charge fees from suitors in courts." [51]

Komishinichi kwt. 8 boqonnaa 22 irratti dabalee akka ibsetti:

"A modern welfare state cannot with any justification sell the dispensation of justice at a price. Court fee is also a limitation and detterent to access to justice"[52]jedheera.

Mirgi haqa argachuu wal-qixxummaa irratti kan xiyyeeffate ta'uun isaa heera mootummaa keessatti taa'eera. Mirgi walqixxummaa seera durattii immoo yaadrimee namootni mana murtiitti falmii qaban hundi mirga haqa argachuu irratti carraa wal-qixa dhimma isaanii dhiyeefachuu qabu jedhu ibsa. Garuu, mirgi haqa argachuu KAS irratti akka hirkatu seeraan waan taa'eef hanga mirgi kun dirqama KAS kaffaluutiin daangeeffametti ammoo haqni wal-qixa hundaaf hin dhaabatu. Seeronni mirga namootaa tuman hundi ammo sababa mirgi haqa argachuu sarbamutti hiika dhabu.[53]

Biyya keenya Itiyoophiyaattis mirgi haqa argachuu heera mootummaatiin kan eegame dha. Heerri mootummaa FDRE kwt.37 fi HMNO(heera mootummaa naannoo Oromiyaa) kwt.37 namni kamiyyuu dhimma mana murtiin ilaalamuu danda'u dhiyeeffachuun mana murtiitti

[49] Olii lakk.8, law commission India, fuula 63
[50] Heera Mootummaa Indiyaa,fooyyeeffama 42ffaa ,boqonnaa 22,kwt.42.
[51] Kan olii lakk. 8 ,law commission India, fuula 68.
[52] Kanuma
[53] Kanuma

ykn qaama murtii kennuuf aangeeffame irraa mirga murtii ykn ajaja argachuu qaba.[54] Mirgi haqa argachuu heeraan eegame kunis heerri daangaa tokko malee waan kaa'eef gochi ykn seerri mirga kana daangeessu fudhatama dhaba.

Akkuma muuxannoo biyyootaa waliin qabsiisuun armaan olitti ilaalle KAS kaffalamu malee himatni kan hin keessummeeffamne yoo ta'e namoota kaffaltii kana kaffalachuu hin dandeenyetti danqaa ta'uu hin oolu. Keessumattuu KAS biyya keenyatti kaffalchiifamu kan ol guddate kan jedhamu yoo ta'e rakkoo guddaa ta'uu hin oolu. Rakkoon kaffaltiin abbaa seerummaa maamiltootatti guddachuu jiraachuu fi dhiisuu isaa boqonnaa itti aanu keesatti kan ilaallu waan ta'uuf ammaaf bira tarra. Garuu, SDFS keenya kwt. 215 irratti namni himata dhiyeeffatu kamuu dursa KAS kaffaluu akka qabu hubatama. [55] Seerumti kun namoota KAS kaffalachuu hin dandeenye irraa dirqama KAS dursa kaffaluun himata banachuu irra kaaseera. Haaluma kanaanis namootni KAS kaffalachuu hin dandeenye sirna himata isaanii bilisaan banachuu itti danda'an mirga jalaa hir'ate kabajchiifachuuf ykn eegsifachuuf mirga haqa argachuu akka qaban kaa'a. Mirga heeraan argate kana hojiirra oolchuuf ammoo sooressa ta'uun akka dirqamaatti irraa eegamuu hin qabu. Hiyyeessa waanuma ta'eef mirgisaa dhiibamaa jiraachuu, warri sooressa ta'anis qabeenya hiyyeessaarratti waan barbaadan taphachaa akka jiraatan sirna mootummaa kam keessattuu kan balaaleffatamu waan ta'eef seerrii namoota akkasiif haguuggii kennu dhibuu hin qabu.

Hiyyeessi himata isaa bilisaan banachuu seerri gahumsaan dandeessisu yoo jiraate namni KAS kaffalachuu danda'u ammo kaffaltii ulfaataa hin taane kaffaluun kan himachuu danda'u yoo ta'e mirga haqa argachuu lammilee irratti gumaacha gaarii ni qabaata. Seerri biyya keenyaas kanuma dhugoomsuuf karaa gaarii kan qabate dha.Sirni KAS kaffalchiisuu dhiisuu/hambisuu fi galmee bilisaan banuu maali kan jedhus akka armaan gadiitti ilaalla.

1.4.1. KAS Kaffalchiisuu Dhiisuu Fi Galmeelee Bilisaan Banaman

Maamiltoonni tajaajila mana murtii irraa argataniif KAS kaffaluu qabu. Kana yoo jennu garuu namootni/maamilli qabeenya gahaa KAS kaffalachuuf hin qabne illee KAS kana yoo kaffale malee dhimma kee hin dhiyyeeffattu kan jedhamu taanaan dhimma isaa mana murtiitti dhiyyeeffatee mirga isaa kabajchiifachuu hin danda'u. Haalli kun immoo mirga haqa argachuu warra KAS kaffalachuu hin dandeenyee kan daangeessu ta'a. Mirgi haqa argachuu maamiltootaa immoo heera mootummaa biyyoota hedduu keessatti kan kabajame waan ta'eef kan daangeffamuu hin qabne ta'uu qaba. Mirga kana dhugomsuuf immoo biyyoota hedduu keessatti namootni/maamiiltoonni bifa adda addaatiin kaffaltii abbaa seerummaa kaffalchiisuu dhiisuu fi galmeelee adda baafamanii seeraan taa'an bilisaan akka banaman taasisuun

[54] The Constitution of Federal Democratic Republic of Ethiopia,1st year No.1 Addis Ababa 21st august,1995, kwt.37
[55] SDFS kwt. 215

hojimaata itti hojjetamu dha. Kanaafuu, maamila hundatu KAS kaffala kan jedhu yeroo hunda hin hojjetu.

Biyya Ingilizzitti namootni faayidaawwan mootummaa irraa argataniin jiraatan KAS irraa kallattiin bilisa.[56]

Isaan kunis:

i. Gargaarsi galii dhuunfaa kan kaffalamuuf ykn
ii. Gargaarsa durgoo galii dhuunfaa isaaf nama hojii barbaaddachaa jiruuf kan kaffalamuuf yoo ta'e ykn
iii. Sooramaan warra jiraatan (state pension guarantee credit ykn
iv. Nama galii waliigalaa waggaa isaa 15,460 ykn isaa gadi ta'ee gibira kaffalu. Garuu, mootummaarraa argataa kanneen armaan gadii ta'e ; [57]

a. Gargaarsa daa'imaaf kan argatu.
b. Hir'inni qaamaa ykn hir'inni qaamaa cimaan (ykn lamaanuu tiif) gargaarsa kan argatu.

Haala armaan olitiin namni KAS irraa carraa bilisa ta'uu hin arganne kamuu garuu KAS yoo kaffale jireenyi isaa kan rakkoorra jalaa bu'u KAS kaffaluun akka dhiifamuuf iyyannoo dhiyyeeffachuu danda'a. Haala kanaatiin KAS irraa bilisa gochuuf galii fi baasii iyyataatu ilaalama. [58]

Manni murtiis dirqamootaa fi itti gaafatamummaa iyyataan qabu guutummaan kan itti xiinxalee murteessu dha mlee hangam akka qabu ykn hangam akka argatu qofa ilaala miti. Haala kanaan erga xiinxalee booda manni murtii iyyataan KAS hin kaffalu; kaffaltii xiqqoo haa kaffalu, ykn kaffaltii guutuu haa kaffalu jedhee aangoo murteessuu qaba.[59]

Biyya Ingilizziitti sirni haaraan namoota kaffalachuu hin dandeenye kaffaltii abbaa seerummaa irraa bilisa taasisuu fi KAS irraa hambisuu bara 2007 bahe kaayyoon isaa mirga haqa argachuuf haala mijeessuufi jedhameera.[60] Sirni hiyyeessota hiyyeessota kaffalachuu hin dandeenye ittiin adda baasan garuu hojjettoota kana hojjetan akka isaan rakkise qorannoon mul'iseera.[61]

[56] Kan olii lakk. 5 ,what is cost go to do with it?, Fuula 1
[57] Kanuma
[58] Kanuma
[59] Kanuma
[60] 2007—court fee remission system pdf. Point of contact research@justice .gsi.gov.uk.fuula v
[61] kanuma

Malli iyyannoo hiyyummaa itti qulqulleessanis haala wal-fakkaatuun manneen murtii keessatti hojjettootni mana murtii akka taasisuu danda'anis taasifameera. Maloonni itti gargaaramanis:[62]

1. Gorsaa fi leenjii (shaakallii) hojjettootni iyyannoo kana murteessuu keessatti hirmaataniif kennuu
2. Haal dureewwan KAS irraa bilisa gochuuf barbaachisan salphaa taasisuu. Keessumattuu baay'ina ragaa barreeffamaa barbaachisu salphaa taasisuu.

    Warri KAS irra hambifamuu ykn bilisa ta'uu barbaadan immoo gochootni armaan gadii akka fudhatamuuf barbaadu:[63]

    1. Odeeffannoo bal'aa fi kallattii agarsiisan adda addaa jiraachuu.
    2. Karaa baratamaa fi salphaa diriirsuu. Fkn, iyyannoon sarara interneetiin ('online'tiin) akka dhiyaachuun danda'amu taasifamuu, karaa ittii hojjettoota mana murtii argatanii iyyannoo isaanii itti dhiyyeeffatan mijeessuu. Gorsa KAS irraa akkamitti bilisa akka ta'an hubachiisu kennuu.

Kanneen armaan olitti ka'an kana irraa akka hubatamuttis mirgi haqa argachuu lammiilee dirqama KAS kaffalchiisuutiin akka hin daangeeffamne seera warra kaffalachuu hin dandeenye KAS irraa hambisu ykn bilisa taasisu baasuun furmaata tokko yoo ta'u kun jiraachuun qofti garuu gahaa akka hin taane nu hubachiisa. Sirni iyyannoowwan KAS irraa hambisuu fi bilisa taasisuu kana hojiirra oolchuu keessatti hubannoo gahaa fi haalli mijaa'aan direeree jiraachuu qaba. Hubannoo gahaan hojjettoota iyyannoo kana keessummeessan bira jiruu fi adeemsi salphaan itti keessummeessan dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu fi galma gahinsa sirnichaaf isa barbaachisaa ta'uu isaati.

Biyya keenya Itiyoophiyaattis SDFS kwt. 215 KAS yoo kaffalame malee himatni hin keesummeeffamu yoo jedhu dhimma hiyyeessota KAS kaffalachuu hin dandeenyee garuu haala addaan akka SDFS kwt. 467-479 jalatti ilaalamuu qabu osoo hin kaasiin bira hin dabarre.[64] Kunis akkuma armaan olitti kaafame mirga haqa argachuu hiyyeessota KAS kaffalachuu hin dandeenyee kan mirkaneessu ta'a.

Haa ta'u malee SDFS keenyis ta'e Dambiin KAS keenyi sirna maamiltootni KAS irraa bilisa ta'an kan kaa'e miti. Kun ta'us seerrii fi gochootni qaama mootummaa maamiltootni KAS irraa bilisa akka ta'an dubbatan hin jiran jechuu miti. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa bara 2003 bahe lakk. 377/2003 kwt. 161/2) irratti hojjettootni himata mana murtiitti dhiyyeeffataniif KAS irraa bilisa akka ta'an tuma. [65] Xalayaan Lakk. Co1/111/U_1-1 Biiroo

[62] Kanuma
[63] Kan olii lakk. 61,court fee remission system, fuula v.
[64] Dhimmi SDFS kwt . 467-479 haala addaan malee akka kwt. 215tti hin keessummeeffamu
[65] Seera hojjetaa fi hojjechiisaa labsii lakk.377/2003 kwt. 161 (2).

Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa barreeffames waajjiraaleen mootummaa xalayichaan tarreeffaman KAS irraa bilisa akka ta'an ibseera.[66] Seerota kanas SDFS keenya kwt. 215 waliin kan walitti bu'an ta'uu isaanii argina. Walitti bu'insi seera deemsa falmii fi kanneen ibsaman kanaa immoo haala kamiin furamuu akka qabuu fi kallattiin fuulduraa maal akka ta'u boqonnaa itti aanu keessatti kan ilaallu ta'a.

Rakkoon guddaan biraa biyyi keenyi sirna hiyyeessota KAS irraa hambisu qabaachuu fi dhiisuu ishee qofa osoo hin taane gahumsaa fi milkaa'ina sirnichi mirga haqa argachuu maamiltootaa mirkaneessuu keessatti qabu diriirsuu dha. Kanaan kan wal-qabatu immoo rakkoo seerichaa hiyyeessi eenyu akka ta'e ifaan kaa'uu fi sirna itti ragaan hiyyummaa itti qulqulla'u salphaa fi gabaabaa akkasumas kaayyoo isaa waliin milkaa'aa ta'e kaa'uun isa hangafaa ta'a. Kan biraa immoo, hubannoo hojjettoota ragaa hiyyummaa kana qulqulleessuu cimsuu fi sirna maamiltootni hojjettoota kanatti salphaatti iyyannoo isaanii dhiyyeeffatanii fi odeeffannoo gahaa sirna kanatti akka fayyadaman isaan taasisu diriirsuun rakkoowwan xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu qabu jedhamee yaadama. Rakkoowwan ka'uu danda'an kunis qabatamaan biyya keenyatti maal akka fakkaatuu fi kallattiin gara fuula duraa maal ta'uu akka qabu boqonnaa itti aanu keessatti kan ilaallu ta'a.San dura muuxannoo biyyoota ambaa KAS kaffalchiisuun wal qabatan qo'annoo kana keessatti nu fayyadan ilaallee isaa booda kan itti deebinu ta'a.

2. KAS: Muuxannoo Biyyoota Ambaa

2.1. Dambii KAS Biyya Hindii fi Muxannoo Gaarii Jiru.

Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa biyya Hindiitti bara dheeraaf hojjechaa kan turee fi ammallee naannoolee tokko tokko keessatti (naannolee tokko tokko keessatti immoo dambii ykn seera biraatiin kan bakka buufamee fi fooyyeeffameen alatti) kan itti hojjetamaa jiru dambii bara 1870 (1870 court fee Act) jedhamuun beekamu dha.[67] Dambiin kunis hanga kaffaltii abbaa seerummaa maamilli mana murtii kaffalu gosa galmee dhiyaatee fi tilmaama qabeenyaa fi hanga maallaqaa irratti hundaa'uun akkasumas sadarkaa mana murtii dhimmichi itti dhiyaate irratti hundaa'uun kaa'eera.Kanneenis qabxii qabxiin akka kanaa gadiitti dubbifama.

Hanga KAS kaffalamuu ykn immoo barbaachisummaa isaarratti himataa/ykn kaffalaa fi hojjetaa mana murtii kaffalchiisu jidduutti yoo waliigalamuu baate qaamni waldhaabbii kana hiiku ofisera gibiraa (tax-officer) jedhama. Manneen murtii gadi-aanan keessatti immoo 'tax clerk' jedhamu. Garuu, dhimmichi faayidaa waliigalaa kan qabu yoo ta'e

[66]Xalayaa lakk. Co1/111/V1-1gaafa 20/4/94 waajjira caffee oromiyaa irraa mana Murtii Waliigalaa oromiyaaf barreeffame. Fuula hin qabu.
[67] Kan olii lakk. 8, law commission India, fuula 53-56

dhimmisaa dursaa abbootii seeraatti, manneen murtii jalaatti immoo abbaa seeraa jalqabaatti dhiyaata.[68]

Dambii kana kwt. 6 irratti KAS gabatee 1ffaa fi 2ffaa jedhamuun dambii kana jalatti ibsameen walgitu yoo kaffalame malee galmeen kamuu mana murtiitti hin dhiyaatu jedha.[69] Haaluma kanaanis kaffaltiin abbaa seerummaa himannoowwan adda addaa bu'uureeffatu akkamitti akka shallagamu muuxannoof nu gargaaranis kan kanatti aansinee tokko tokkoon kaafnu fakkaata.

Himannoowwan maallaqaaf himataman kan akka alaabaa ykn beenyaa, idaa yeroo yerootti kaffalamuu fi kan biroo yeroo yerootti kaffalamu yoo ta'e KAS kaffalamu hanga maallaqa gaafatamee irratti hundaa'a. Kaffaltiiwwan yeroo yerootiin (periodically) kaffalaman hanga dhimmichi himatarra jiru baasuu; kun immoo 10 baayisuu hanga maallaqa waggaatti kaffalamuu ta'a.[70]

Qabeenya socho'aa gatii gabaa qabu hanga gatii qabeenyichaa gaafa himatni dhiyaatuu irratti hundaa'uun KAS kaffalama. Qabeenya socho'aa gatii gabaa hin qabne yoo ta'e garuu fakkeenyaaf, galmeelee abbummaa qabeenyaa ilaallatan kan akka mirga hiree (share) qabeenya waliinii, qabeenya waliinii maatii mirkaneessuuf, ajaja hin godhin ykn godhi jedhu argachuuf (for injunction), mirgi labsamee bu'aa isaa gaafachuu (to obtain declaratory decree and consequential relief), mirga karaa fi serviitudii (easement), mirga itti fayyadama yeroo gabaabaa qabeenya nama biraa ta'erratti gaafatamuu fi mirga galmee herregaa (right to temporary use of property owned by another) hundi isaayyuu hanga himata keessatti gaafatame irratti hundaa'a. Dhimmoota akkasii keessatti hanga seerummaa gaafatee (hangamiin akka tilmaamu) himataatu kaa'uu qaba.[71]

Abbaa qabiyyummaa lafaa fi oddoo (garden) ilaalchise himata dhiyaate irratti KAS kaffalamu hanga gatii qabeenyaa himataaf sababa ta'eerratti shallagama. Hangi qabeenya kanaa yoo shallagamu ammoo lafa yoo ta'e 10 baay'isuu galii lafa kanarraa mootummaaf waggaatti kaffalamuu ta'a. Yoo lafichi galii kana muraan kan kaffalu ta'e ykn lafichi gariin yoo kaffaltii galii irraa bilisa ta'e galii lafa kanarraa waggaa himatni itti dhiyaate dura jiru mootummaaf kaffalame baay'isuu 15 irraa herregama. Galiin tasuma lafichaarraa kaffalamee beeku hin jiru yoo ta'e galii lafa ollaasaa jiru galii kana kaffalu irraa argamu irratti hundaa'uun shallagama. Lafichi kan galii kaffalu keessatti kan ramadamu ta'ullee hireen himataa garuu kan hin beekamne (adda hin baane) yoo ta'e gatii gurgurtaa

[68] The court fees act, www.pap.gov.pk/uploads/acts/3.htm1.,kwt 10
[69] kanuma kwt 6.
[70] Kanuma kwt. 7(i)
[71] Kan olii lakk.69, kwt.7 (ii)

lafichaatu shallagama.[72] KAS himata manaa fi oddoo ilaalchisee gatii manaa fi oddootu shalagama.[73]

Kaffaltiin abbaa seerummaa himannoowwan mirga dura bitachuu argachuuf (right of pre-mption) kaffalamu hanga tilmaama bu'uura buufata armaan olitti aanu keessatti bu'uura tilmaama manaaf ykn oddoof taasifametti akka raawwatamu dambicha kwt. 7 (vi) jalatti ibsameera.[74]

Himannoowwan abbaan lafaa fi nama lafa isaarra jiraatuu jidduutti namni laficharra jiraatu gaaffiin isaa akka raawwatamuuf KAS kaffalamu fakkeenyaaf, beeksisa manaa akka bahu kireessaan irratti baase kufaa taasifachuuf, kireessaan lafa kireesse dabarsee akka kennuuf, lafa seeraan ala gadhiisiifame deebisee qabachuuf hanga kiraa lafichaa bara himatni itti dhiyaate tokkoon dursutti kaffalamu irratti hundaa'a.[75]

Akkuma olitti kaafne KAS hanga (tilmaama qabeenyaa) dhimmichaa irratti hundaa'uun akka shallagamu ilaalleerra. Tilmaamni immoo hanga faayidaa argamee ykn gatii gabaa wantichaa irratti kan hundaa'u ta'uu danda'a. Hangi faayidaa argamee ykn gatii gabaa himataan dhiyeessee immoo dogoggoraan yeroon kan tilmaamame ta'u jiraachuu ni danda'a. Aangoon faayidaa argame ykn gatii gabaa adda baasuu kan mana murtiiti. Manni murtii bu'aan waggaa akka seeraatti tilmaamame ykn gatiin gabaa dogoggoraan kan tilmaamame ta'uu yoo amane nama sirnaan tilmaamuu danda'a jedhu waamee akka gabaa qo'atee isaaf gabaasu taasisuu ni danda'a.[76] Qorannoon dhiyaateef bu'aan argame ykn gatiin gabaa dhiyaate dogoggoraan ta'uu kan mul'isu yoo ta'e KAS gara dogoggoraan dabaluun tilmaamamee aangoosaatiin irraa hir'isee deebisa. Sababa dogoggoraan tilmaamameef KAS gahaan kan hin kaffalamne yoo ta'e ammoo himataan hanga osoo tilmaamni sirriin dhiyaatee kaffaluu danda'u ture gahutti dabaluun kaffalchiisa. Yommuu akkas ta'uttis hanga KAS sirriin kaffalamutti himatichi ni tursifama. Yeroo manni murtii kennu keessatti KAS dabalamu kun yoo hin kaffalamnes himatichi ni haqama.[77]

KAS ol'iyyannoo ajaja beenyaa lafa faayidaa ummataaf jechuun gadhiisifamee garaagarummaa benyaa kaffalamee fi beenyaa dabalataan gaafatamuu irratti hundaa'uun shallagama. [78]

Waldhaabiin shallaggii KAS kaffalamuuf ta'u irratti ka'u mana murtii dhimmichi itti dhiyaatetti furmaata dhumaa argata. Wal-falmitoota jidduuttis murtii dhumaa ta'a. Garuu,

[72] kanuma kwt. 7 (V)
[73] kanuma kwt. 7 (v) (e)
[74] Kanuma, kwt 7 (vi)
[75] Kanuma ,kwt.(xi)(d-f)
[76] Kanuma, kwt 9
[77] Kan olii lakk.69,kwt.9
[78] Kanuma, kwt 8

himatni waldhabbii kanaa mana murtii ol'iyyataa, irra deebii ykn itti ergameetiin (court of reference or remand) wal-dhabbichi dogoggoraan kan murtaa'e ta'uu fi galiin sababa kanaan kan miidhame ta'uu yoo hubate KAS hanga osoo sirriin murtaa'ee kaffalamu gahutti akka dabalee kaffalu ajajuu danda'a. Murtiin kunis isa dhumaa ta'a. [79]

Ol'iyyataan ykn himatni mana murtii jalaatti bu'uura SDFS Indiyaatiin kufaa ta'e yoo manni murtii ol'iyyataa akka deebisee fudhatu ykn akka gadi deebi'u mana murtii jalaa ajaje manni murtii ol'iyyataa ragaa ol'iyyataan KAS duraan kaffalee ture nama kaffaltii sassaabu irraa guutummaan itti deebifachuu danda'u kennuufi qaba. Dhimmichi guutummaan osoo hin ta'iin gar-tokkoo isaatu gadi deebi'e yoo ta'e KAS deebi'us guutummaan osoo hin ta'iin hanguma KAS dhimma gadi deebi'eef kaffalamuuti.[80]

Dhimmi 'habeaus corpus' akka SDFS Indiyaa keessatti hiikni itti kennametti yoo dhiyaate iyyataan KAStiif ruuppii tokko kaffalee booda galmeen akka banamuuf ta'a.[81] Kan biraa akka muuxannoo gaaritti dambii KAS biyya Indiyaa irra arginu galmeelee KAS osoo itti hin kaffalamiin banaman seeraan tarreeffamanii kan jiran ta'uu isaatii, armaan gaditti ilaalla.

Galmeeleen KAS irraa seeraan bilisa ta'an keessaas kan armaan gadii ni argina:

1. Dhagahii jalqabaa erga ta'ee booda manni murtii himatni barreeffamaan akka dhiyaatu yoo ajaje,
2. Dhaala mirkaneessuu, xalayaalee bulchiinsaa mirkaneessuu, idaa fi wabii osoo hin dabalatiin ragaaleen kanarratti dhiyaatan kun ruuppii 1000 yoo hin caalle,
3. Iyyannoo jalqabaa (iyyannoo himata yakkaa odeeffannoo ragaan akka dhiyaatuuf kennuu, namni biraa dhiyaatee ragaa akka bahu, ragaa barreeffamaa akka kennu gaafatu.
4. Iyyannoo hidhamaa ykn nama dirqiin rakkoo jala galfamee ykn dhorka mana murtii jala jiruun ykn dhorka abbootii murtii jala jiruu,
5. Iyyannoowwan hojjetaa mootummaa (akka seera adaba yakkaa biyya Indiyaarratti hiikni itti kennametti) ,ofisera bulchiinsa magaalaa, hojjetaa ykn ofisera daandii baaburaa keessaa hojjetuu,
6. Iyyannoo kaffaltii mootummaan iyyataaf kaffaluu qabu kafalchiisuuf dhiyaatu,
7. Iyyannoowwan beenyaa bakka lafaa faayidaa uummataaf mootummaan jalaa fudhatee gaafatamu,
8. Iyyannoowwan gaa'ila kiristaana Indiyaa ilaallatan act. 1872, section 45 fi 48)

Walumaagalatti, biyya Indiyaatti KAS dambii bara 1870 jalatti gola sadi kan qabu (schedules I, schedule Ii fi schedule III) kan qabu yoo ta'u golli inni jalqabaa tilmaam

[79] Kanuma kwt. 12 (i) fi (ii)
[80] kanuma kwt. 13
[81] Kanuma,kwt 18

/hanga qabeenyaa irratti hundaa'uun akkuma hangi maallaqaa/ tilmaamni qabeenyaa ol dabalaa deemuun KAS kaffalamus akka dabalaa deemutti kan tolfame yoo ta'u golli inni lammaffaan immoo kanneen KAS dhaabbataan irratti kaffalamu kan tarreessu dha. Golli inni sadaffaan immoo foormiiwwan iyyannoon ykn himannoowwan itti dhiyaatan akka maxxantuutti kan qabate dha. Kanatti aansuun gabaabinaan muuxannoon biyya Ingilizzi kan ilaallu ta'a.

2.2. Dambii KAS Biyya Ingilizzii Fi Muxannoo Gaarii Jiru.

Dambii KAS biyya Ingilizzii yoo ilaallu dambichi kaffaltiiwwan abbaa seerummaa dhaabbataan kan itti kaffalamu kan hammatu dha. Dabalataanis dambichi kutaa guddaa waa'ee warra KAS irraa bilisa ta'anii fi KAS irraa hambifamuu bal'inaan qabateera.

KAS biyya Ingilizziitti akka Industrii galii baasii guddaa hin qabneetti waan itti hojjetamuuf adeemsa falmii jalqabaa hanga raawwiitti jiru kaffaltii abbaa seerummaa guddaa fi dhaabbataa kan gaafatu ta'uu isaatu hubatama. [82]Kanaafuu, muuxannoo kana bal'inaan keessa galuun kan fudhannu kanuma armaan olitti ilaalle dha.

Qorannoo kana keessattis muuxannoon biyya Ingilizzii dhimmootaKAS irraa hambisuu fi bilisa taasisuu akkasumas poolisiin hordofan maal akka ta'e armaan olitti ilaallee waan jirruuf irra deebiin kaasuun osoo hin barbaachisiin kanumaan goolabeera.

[82] Kan olii lakk.8,Law commission of India, Fuula 91

BOQONNAA III

3. Dambii KAS: Dambii KAS Naannoo Oromiyaa

Naannoon Oromiyaa dambii/seera KAS tumame kan mataa ishee hin qabdu. Dambiin KAS manneen murtii naannichaa itti hojjetaa jiranis dambii akka biyyaatti bara sirna bulchiinsa mootumma Hayilasilaasee bahe dambii KAS lakk. 177/45 dha. Kanaafuu, hanga dambiin akka naannootti caffee Oromiyaatiin bahe hin jirretti dambiima kana akka kan keenyaatti itti hojjechaa jirra waan ta'eef dambicha akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

3.1. Dambii KAS lakk. 177/45

Dambiin kun KAS kaffalamuu qabu bakka gurguddaa afur (4)tti qooduun kan ilaale ta'uu dambicha irra ni mul'ata. Isaanis;

1. Himata haaraan yoo banamu KAS kaffalamu,
2. Galmeen baname dhaddachaaf erga dhiyaatee booda KAS kaffalamu,
3. Kaffaltii abbaa seerummaa (KAS) ol'iyyannoorratti kaffalamu fi
4. Dhimmoota biroo hafan kan kaa'e dha.

3.1.1.Himatni Haaraan Yoo Banamu KAS Kaffalamu

Dambii kanarrattis himatni haaraan yoo banamu KAS kaffalamu tokko tokkoon kan armaan gaditti dubbifamu:

1. Himatni haaraan banamee KAS kaffalamu karaa ofisera seeraa(rejistiraara) himataatiin mana murtiif dhiyaata. Ofiserri seeraas bu'uura SDFS kwt. 222,223,229 fi 230 tiin foormiin himatni guutuu qabu guutuu isaa yoo mirkaneeffate kaffaltii abbaa seerummaa kaffalachisee galmee banuun dhaddachatti qajeelcha. Nagahee KAS kaffalchiisees abbaa dhimmaaf kenna.[83] Hangi KAS kaffalamuus akka kanaa gadiitti ilaalama;

1.1. Maallaqni himatni irratti dhiyaate ykn tilmaamni isaa zeeroo irraa hanga 100 yoo ta'e qarshii kudhan kudhan jiru ykn gar-tokkoo isaa irratti saantima 0.50tu kaffalama (kwt. 2 (a). [84] Kana jechuunis fakkeenyaaf, maallaqni himatni itti dhiyaate ykn tilmaamni isaa qarshii 16 yoo ta'e hanga qarshii 10tti kan jiruuf saantima 0.50tu kaffalama. Qarshii 6 dabalataan jiruufis saantima 0.50, walumaagalattis qarshii 10tu kaffalama. Haala kanaan hanga qarshii 100tti herregamee kaffalama.

1.2. Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii 100ti oli garuu 1,000 gadi yoo ta'e qarshii 100 olitti qarshii 50tti ykn gar-tokkoo isaatti qarshii lamaa fi

[83] Kan olii lakk.16 fuula53 akkasumas dambii lakk.177/45 kwt. 2 (a)
[84] Dambii lakk.177/45 kwt. 2 (a)

saantima 0.50tu kaffalama. Fakkeenyaaf, himatni kan dhiyaate qar.150.00 ykn tilmaama isaarratti yoo ta'e kan hanga qarshii 100tti bu'uura 1.1. jalatti shallagne akka ka'umsaatti fudhannee kan qarshii 100ti oli jiruu herregnaafi. Kanas gabatee armaan gadiitiin yoo ibsinu.

Maallaqa/tilmaama dhimmaa	KAS kaffalamu
Qar. 0.00-10.00	0.50
Qar.10.00-20.00	0.50+0.50= 1.00
Qar.20.00-30.00	1.00+0.50=1.50
Qar.30.00-40.00	1.50.0.50=2.00
Qar.40.00-50.00	2.00+0.50=2.50
Qar.50.00-60.00	2.50+0.50=3.00
Qar.60.00-70.00	3.00+0.50=3.50
Qar.70.00-80.00	3.50+0.50=4.00
Qar. 80.00-90.00	4.00+0.50=4.50
Qar. 90.00-100.00	4.50+0.50=5.00
Qar.100.00-150.00	5.00+2.50=7.50
Qar.150.00-200.00	7.50+2.50=10.00
Qar. 200.00-250.00	10+2.50=12.50
Qar. 250.00-300.00	12.50+2.50=15.00
Qar. 300.00-350.00	15.00+2.50=17.50
Qar. 350.00-400.00	17.50+2.50=20.00
Qar. 400.00-450.00	20.00+2.50=22.50
Qar. 450.00-500.00	22.50+2.50=25.00
Qar. 500.00-550.00	25.00+2.50=27.50
Qar. 550.00-600.00	27.50+2.50=30.00
Qar. 600.00-650.00	30.00+2.50=32.50
Qar. 650.00-700.00	32.50+2.50=35.00
Qar. 700.00-750.00	35.00+2.50=37.50
Qar. 750.00-800.00	37.50+2.50=40.00
Qar. 800.00-850.00	40.00+2.50=42.50
Qar. 850.00-900.00	42.50+2.50=45.00
Qar. 900.00-950.00	45.00+2.50=47.50
Qar. 950.00-1000.00	47.50+2.50=50.00

1.3. Hangi maallaqaa ykn shallaggii isaa himata irratti agarsiifame qarshii kuma tokkoo (1,000) oli garuu kuma kudhanii (10,000) gadi yoo ta'e kan qarshii kuma tokkoo oli jiruuf qarshii 100tti ykn gar-tokkoo isaa irratti qarshii afurtu herregamee kaffalama [kw2(a)].[85]

Akkuma qabxii 1.2 jalatti ilaalle hangi kaffaltii hanga qarshii 1,000tti jiru qarshii 50.00 ta'uu isaa hubanneerra. Kanaa booda qarshii 1000 irraa eegalee dabaltii qarshii 100tiin qarshiin afur herregamaa hanga 10,000 irra gahutti irratti ida'amee kaffalama. Fakkeenyaaf, himata qarshii 1100tiif hangi kaffalamu kuma tokko duraaf qarshii 50.00

[85] Kan olii lakk.84

dabala qarshii 100tiif qarshii 4 yoo irratti herregne ammoo walumatti qarshii 54.00 ta'a.

1.4. Hangi maallaqa himatarratti ibsamee 10,000 (kuma kudhan) oli garuu 50,000 (kuma shantamaa) gadi yoo ta'e dabaltii qarshii 250.00 ykn gar-tokkoo isarratti qarshiin 9 herregamee idaa'amuun kaffalama (kwt 2(a).[86] Fakkeenyaaf, hangi qarshii himata irratti dhiyaatee 10,500 yoo ta'e qarshii 10,000 (kuma kudhan) duraa jiruuf qabxii 1.3 jalatti akka ilaalletti shallagamee qarshii 410tu kaffalama. Itti aansuunis dabaltii qarshii 250 lammaffaafis qarshii 9; walumatti qarshii 18 ta'a. Walumaagalattis hangi KAS qarshii 10,500 tiif kaffalamu immoo 410.00+18.00=428.00 ta'a. Hanga himata qarshii 50,000tti kan jirus dabaltii qarshii 250 ykn gartokkee isaa irratti qarshii 9 (sagal) ida'auutiin irra gahuun ni danda'ama.

1.5. Hangi maallaqa himatni itti dhiyaatee qarshii kuma shantamaa oli garuu qarshii kuma dhibba tokkoo gadi yoo ta'e dabaltii qarshii 500 ykn gar-tokkoo isaatiif qarshii 15(kudha shan) ida'uutiin kaffalama (9kwt. 2 (a)).[87] Fakkeenyaaf , himatarratti hangi maallaqaa ibsame qarshii 51,000 yoo ta'e kuma shantama jalqaba jiruutiif bu'uura qabxii 1.4 tiin shallagamee qarshii 1,850 kan kafflamu yoo ta'u dabaltii 1,000 tiif immoo kuma tokko dhibba shaniif yoo hirre 2 ta'a. Kuma tokko keessa dhibba shan lamatu jira. Kanaafuu, dhibba shan jalqabaaf qarshii 15 kan lammataafis qarshii 15 ida'amni isaa qarshii 30tu KAS tiif gaafatama. Walumaagalatti hangi KAS himata qarshii 51,000 tiif kaffalamu qar.1,850+qar.30=qar.1,8809 ta'a.

1.6. Hangi maallaqa gaafatamee ykn tilmaamni isaa qarshii kuma dhibba tokkoo oli yoo ta'e qar. 100,000 jiruuf dursa bu'uura 1.5tiin erga herregamee booda qarshii 100,000 oli kan jiruuf dabaltii qarshii 100tiif qarshii 1.50tu kaffalama. Fakkeenyaaf, qarshiin 100, 100tiif KAS kaffalamu kan qarshii 100,000 jalqabaa qarshii 3,350tu kaffalama. Kan qarshii 100 dabalee immoo qarshii 1.50tu kaffalama. Ida'amaanis KAS kan qarshii 100,100 qarshii 3,351.50 tu kaffalama.

1.7. Hangi maallaqaa ykn tilmaamni isaa gaafatame qarshii 200,000tii oli yoo ta'e kan hanga 200,000 bu'uura qabxii 1.6tti erga shallagamee booda tokkoon tokkoo dabaltii qarshii 100 ykn gar-tokkoo isaatiif qarshiin tokko (1) dabalamee kaffalama [kwt 2(a)].[88]Fakkeenyaaf, KAS himata qarshii 250,000 tiif kaffalamu kan 200,000 dursa bu'uura qabxii 1.6tiin shallagamee qarshiin 4,850tu kaffalama. Dabaltiin qarshii 50,000 dhibba tokkoof yoo hirame =500 ta'a (dabaltii qarshii tokkoo dhibba shan ta'utu jira). 500x qarshii 1 qarshii=500.

[86] Kan olii lakk.84, kwt. 2(a)
[87] Kanuma
[88] Kanuma

Kanaafuu, KAS qarshii 250,000tiif kaffalamu 4,850+500=5,350 (kuma shanii fi dhibba sadii fi shantama) ta'a.

1.8. Himatni yommuu banamutti hangi isaa sirriin maallaqaan ibsamee ykn hangi isaa yoo beekamuu baate immoo wantichi tilmaamni isaa ibsamee dhiyaachuu qaba. Haa ta'u malee mirgootni bu'uuraa tokko tokko maallaqaan shallaguun ni rakkisa. Yommuu akkas ta'uttis hangi KAS kaffalamuu dambichaan taa'eera. Kanaafuu wanta tilmaamni isaa hin beekmne irratti himatni kan dhiyaate yoo ta'e hangi KAS kaffalmuu;[89]

a) Mana murtii ol'aanaatti qarshii 90.
b) Mana murtii xaqilaay Gizaat yoo ta'e qarshii 25.00.

2. Mana murtii Awuraajjaa fi isaa gaditti yoo ta'e qarshii 10 tu kaffalama[kwt 5]. Yeroo ammaa kanatti caaseeffamni manneen murtii keenyaa kan dambii kanaan taa'e wajjin kan wal hin simne ta'uu isaa heera mootummaa federaalawa itiyoophiyaa kwt.78(3) fi labsii aangoo manneen murtii mootummaa naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk.141 ,kwt.4 irraa ni hubatama.Bu'uura seera kanaatiini manneen murtii sadarkaa sadi,mana murtii Sadarkaa jalqabaa(mana murtii Aanaa), mana murtii Ol'aanaa fi Mana murtii Waliigalaa qofti akka hundeeffaman dubbatu. Yeroo si'anaa manni murtii Awuraajjaa fi manni murtii Xaqilaay gizaat kan jedhamu hin jiru. Haala kanaatiin ammo caaseeffama duriitiin hojjechuun rakkisaa ta'eera.Kan biraa immoo dhimmootni qarshiin hi shallagaman jedhamani daangaan hiika isaatii waan hin teenyeef dhiibbaa rakkoowwan kanaa fi hanga taarifaa fi fuurmaata ta'uu qabu gara duubaatti kan ilaallu ta'a.

3.1.2.**Galmeen Banamee Dhaddachaaf Erga Dhiyaatee Booda KAS Kaffalamu**.

Kanaa olitti kan ilaalle hanga KAS galmeen yeroo banamu kaffalamu yoo ta'u kana jalatti immoo erga galmeen banamee abbaa seeraa harka galee booda kaffaltiiwwan adda addaa kaffalaman kan ilallu ta'a.

2.1. Galmeen banamee abbaan seeraa dhaddacha iratti beellama qabee ragooleen himataa ykn himatamaa akka dhiyaatan ajaja yoo kennu ajaja ragaa dhiyessuuf bahii ta'uuf qarshii 0.50 akka kaffalu ta'a (kwt 2 (m) .[90]

2.2. Gaa'ila diiggaan dhirsaa fi niitii galmeetti dhiyaatee yoo galmaahu gareen lamaan qarshii kudhan kudhan kaffalu (kwt. 2 (f). [91]

2.3. Dhimmi jaarsummaatiin xumura argate galmeetti yommuu galmaahu gareen lameen qarshii lama lama kaffalu. [Kwt 2 (I)].[92]Galmeen gareelee keessaa

[89] Kan olii lakk. 79, fuula 53
[90] Kan olii lakk. 84, kwt. 2(M)
[91] Kanuma kwt 2(f)

himachuu isa tokkootiin baname isaa booda waliigaltee garee lamaaniitiin jaarsummaan dhumatee manni murtii kanuma akka isaaniif galmeessuuf mana murtii yommuu dhufanitti qarshii lama mata mataatti akka kaffalan dambichi tuma. Kan biraa gareen lama waliigaltee isaanii keessatti waldhabbii yoo uumame jaarsummaatiin xumuranna jedhanii waliigalanii boodas waldhabbii isaanii jaarsummaatiin fixatanii manni murtii bu'aa araara isaanii akka galmeessuuf yommuu gaafatanitti gareen lameenuu qarshii lama(2) kaffalu.

2.4. Dhimmi dhaalaa ykn kennaa galmee irratti yoo galmaahu qarshii 10 (kudhan)tu kaffalama [kwt. 2 (h)]. Kunis kan ta'u namni tokko dhaalaan ykn kennaatiin qabeenya yoo argate qabeenya dhaalaan ykn kennaadhaan argate kana galmeen banamee yoo galmaahuuf iyyataan kun qarshii 10 (kudhan) akka kaffalu taasifama jechuun tuma.

2.5. Namni lubbuu namaa ajjeese gumaadhaan gatii kaffalee warra namni jalaa du'e wajjiin yoo araarame araarri kun galmeerratti yommuu galmaahu qarshii 20 (digdam) kaffala (kwt 2 (g)).[93]

2.6. Galagalchi murtii ykn galagalchi sirriin kamuu yoo kennamu fuula guutuu ykn walakkaa yoo ta'ellee fuula tokkoo tokkoo isaatti lakkaa'amee qarshii 0.50 (saantima shantama) tu kaffalama (kwt. 2(d) .[94]

2.7. Himatamaan deebii akka hin dhiyeessine ykn injifatamaan ol'iyyannoo akka hin dhiyeeffanne adda baafachuuf gaafatamee mirkaneesi manni murtii waraqaa mallatta'e kennu dhimmichi kan qarshii 100 ykn isaa gadii yoo ta'e qarshii 1 (tokko) kaffala. Tilmaamni dhimmichaa qarshii 100 (dhibba tokkoo) oli yoo ta'e garuu qarshii sadii (3) tu kaffalama (kwt. 2 (c).[95] kaffaltiin kun kan kaffalamu odeeffannoo manni murtii gareelee biroof kennuufi dha. Sababani isaas manni murtii himatamaan deebii dhiyeessuu fi dhiisuu ykn injifatamaan ol'iyyannoo dhiyeessuu fi dhiisuu isaa mirkaneessee waraqaa irratti mallatteessee kennuun isaa tajaajila odeeffannoo kennuu isaa waan ta'eefi.

2.8. Galagalchi sirriin beeksisa murtii kan mallatteeffame yoo kennamu gareen lamaan dhiyaatanii kan murtaa'e yoo ta'e ykn garee lameen keessa tokko bakka hin jirretti kan keenname yoo ta'e tilmaamni dhimmichaa qarshii dhibba tokkoo fi isaa gadi yoo ta'e qarshii tokko, tilmaamni dhimmichaa qarshii dhibba tokkoo oli yoo ta'e immoo qarshii sadii (3) tu kaffalama [kwt. 2 (b)][96]

2.9. Murtiin tokko erga murtaa'een booda qabeenya socho'us ta'e hin sochoone irratti raawwiin dirqisiisaan akka irratti fudhatamuuf namni gaaffii dhiyeessu;[97]

---

[92] Kanuma kwt 2 (I)
[93] Kanuma kwt 2 (g)
[94] Kanuma kwt 2 (d)
[95] Kan olii lakk.84, kwt. 2 (c)
[96] Kanuma kwt. 2 (b)
[97] Kanuma kwt. 2 (b)

A. Dhimma tilmaamni isaa qarshii dhibbaa fi gadi ta'eef qarshii tokko (1);
B. Dhimma tilmaamni isaa qarshii dhibbaatii olii garuu dhibba shanii gadi ta'eef qarshii sadi (3);
C. Dhimma tilmaamni isaa qarshii dhibba shanii ol garuu kum tokkoo gadi ta'eef qarshii shan (5).
D. Dhimma tilmaamni isaa qarshii kuma tokkoo oli kuma kudhanii gadi ta'eef qarshii 10(kudhan).
E. Dhimma tilmaamni isaa qarshii kuma kudhanii ol ta'eef immoo qarshii digdamii shantu kaffalama (kwt. 2 (e).

2.10. Kanaa olitti akkuma ibsame murtii raawwachiisuuf ajajni dirqisiisaan erga kennamee booda maallaqni gahaan raawwiin irratti ta'u waan hin jirreef murtiin gutumaan osoo hin raawwatamiin kan hafe yoo ta'e kuni ta'uu isaatiin raawwiin kan hafe ta'uu waraqaan ragaa ibsu yoo kenname dhimma tilmaamni qarshii 100 gadi ta'eef qarshii tokko; hangi tilmaama dhimmichaa qarshii dhibba tokkoo ol yoo ta'e immoo qarshii saditu kaffalama (kwt. 2(f).[98]

Kunis qabxii 2.7 jalatti kan ibsame waliin kaayyoo walfakkaatu kan qabu dha. Fakkeenyaaf, murtiin abbaa idaa irraa kan barbaadamu qarshii 100,000 ta'ee galmeen raawwii banamee abbaan idaa qarshii 95,000 ofirraa kaffalee qarshiin 5,ooo yoo itti hafe kuni ta'uu isaa manni murtii abbaa mirgaaf waraqaan ragaa yoo kennu abbaan mirgaa qarshii sadii akka kaffalu taasifama.

2.11. Himatamaan himata himatamummaa himataa irratti kan dhiyeesse yoo ta'e hanga maallaqa gaafatu irratti hundaa'ee KAS kaffaluu qaba. Fakkeenyaaf, himataan himata liqii irratti hundaa'ee kuma kudhan yoo himatamaa gaafate, himatamaan immoo qarshii himataan isa gaafateen alatti qarshii kuma kudha shaniif himataa yoo himate qarshiin kuma kudha shan kanaaf KAS osoo hin kaffaliin manni murtii himata banee ilaaluufii hin qabu (SDFS kwt. 215). Haalli shallaggii isaas kan armaan olitti ilaalle ta'a. [99]

2.12. Murtiin kennamuun duratti gareelee falmii keessaa tokko wanti tokko akka ta'u ykn akka hin taane ajajni akka kennamuuf kan gaafate yoo ta'e ajaja kanaaf qarshii 10 (kudhan) kaffala (kwt. 6). Yeroo baay'ee dhimmi kana wajjiin wal-qabatu waa'ee dhorkaati. Himataan tokko himata banatee gaafa murtiin murtaa'e qabeenyi raawwii murtiif ta'u himatamaan gurguruu, jijjiiruu waan danda'uuf akka hin jijjiirre, hin gurgururree dhorkamee akka turu gaafatee manni murtiis ajaja dhorkaa murtiin dura yoo kenne ajaja kanaaf jecha abbaan

[98] Kanuma kwt. 2 (f)
[99] Kan olii lakk.84,kwt.4

dhimma qarshii 10 (kudhan) akka kaffalu taasifama. Bu'uura SDFS kwt. 154tiin ajajni kennamu kana jalatti ramadama.[100]

2.13. Namni bakka hin jirretti murtiin irratti kenname, murtii kenname mormuutiin keessa seenee akka falmatu iyyannoo kan dhiyyeeffate yoo ta'e KAS dhimma murtaa'e irratti kaffalamee ture kaffala. Kanarratti adabbii qarshii 10 (kudhan) dabalee kaffalachiifama (kwt. 7) .[101] Kan hin kaffalle yoo ta'e garuu manni murtii himaticha hin fudhatu. Kutaa kana keessatti kan ibsame kun bu'uura SDFS kwt. 358 fi 359tiin iyyannoon yommuu dhiyaatu KAS kaffalamu dha. [102]Adabbiin taa'e kun keessaa hafnaan illee himatichi hin ilaalamu.

3.1.3. KAS Ol'iyyannoorratti kaffalamu

Galmeen tokko mana murtii jalqabaatti dhiyaatee erga qoratamee booda murtiin itti kennama. Murtii kanarratti hundaa'uunis himataan ykn himatamaan ykn lamaan isaaniiyyuu mana murtii ol'aanutti irraa ol'iyyaachuu ni danda'u. Yeroo kanatti KAS barbaachisaa ta'e akka kaffalan ni taasiifamu.

2.14. Dhimma ol'iyyannoo irratti KAS kaffalamu kan mana murtii jalaatti kaffalame ilaalamee walakkaa isaatu kaffalama. (kwt. (8). [103] Fakkeenyaaf, himatni tilmaama qarshii 50,000 irratti yoo ta'e KAS kaffalamu qarshii 1,850 dha. Galmeen kun erga murtaa'ee booda ol'iyyannoon yoo irratti ta'u KAS walakkaa isaatu kaffalama jechuunis qarshii 925.00 ta'a jechuu dha. Haa ta'u malee dhimma kanarratti rakkoon haqummaa fi iftoomaa waan mul'atuuf gara duubaatti furmaata isaa waliin kan ilaallu ta'a.

2.15. Ol'iyyatichi kan dhiyaate murtii dhumaa ykn firii dubbii irraa osoo hin ta'iin ajaja irraa yoo ta'u garuu KAS kaffalamu;[104]

a. Mana murtii waliigala niguse Negestiitti qarshii 30,
b. Mana murtii ol'aanaatti qarshii 20,
c. Mana murtii xaqilaaygizaatiitti qarshii 15,
d. Mana murtii Awurajjaa ykn isaa gaditti yoo ta'e qarshii 10tu kaffalama. Ol'iyyannoo irraa ajaja fudhatamu ilaalchisees rakkoon caaseeffama mana murtii amma naannoo keenya keessa jiru waliin deemuu armaan olitti kaasne waan jiruuf kanuma duraa waliin gara duubaatti kan ilaallu ta'a.

[100] Kanuma kwt.6
[101] Kanuma kwt.7
[102] SDFS kwt.358 fi 359 waliin walitti yoo dubbifame hiika ifaa ta'e ni qabaata.
[103] Kan olii lakk. 84, kwt 8
[104] kanuma

3.1.4. Dhimmoota Biroo

Himatni yommuu banamu himataan ofiisaa KAS kaffala. Dhimmichi dhumee murtiin erga kennamee booda garuu injifatamaan KAS injifataan kaffale bakka buusuufi qaba. Haa ta'u malee himatamaan kan injifatame ta'ee kan irratti murtaa'e kaffaluuf kan dhabe yoo ta'e sababa himatichaatti KAS kaffalame himataan akka bakka buufamuuf gaafachuu hin danda'u. Kan biraa immoo himatni dhiyaatee osoo hin jalqabamiin himataan himata kiyyaa dhiiseera jechuun kan beeksise yoo ta'e kan KAS tiif kaffalame irraa maallaqni akka kisaaraatti mana murtiif galii ta'u akka armaan gadiitti irraa hir'ifama. [105]

a) Hangi maallaqa KAS tiif kaffalamee qarshii 30 gadi yoo ta'e (¼) isaatu hir'ifama,
b) Qarshii 30tii ol qarshii dhibbaa fi shantamaa gadi yoo ta'e (1/5) isaatu hir'ifama.
c) Qarshii 150tii oli dhibba jahaa gadi yoo ta'e (1/6) isaati hir'ifama.
d) Qarshii dhibba jahaa (600) oli yoo ta'e (1/10)n isaa hir'ifamee hafteen isaa deebi'aafi. Rejistiraarri (ofiserri seeraa ammaa) mana murtii hanga qarshii deebi'uu mallatteessee akkuma beeksisetti waajjirri galiiwwanii nama jalqaba himataa tureef akka kaffalamu taasisa. Haala nama ajaa'ibsiisuun dambiin lakk. 177/45 garuu kwt. 11 irratti himatamaaf kaffalama jechuun ibseera. Haa ta'u malee dogoggora dha. Sababni isaas qarshiin kan irraa hir'ifamu dhimmichi dhaddachaaf osoo hin dhiyaatiin dura. Kana dura immoo himatamaan waan hin jirreef kaffaltiin kan deebi'u himataafi dha.

Kaayyoon mana murtii KAS kana yommuu irraa hir'isee kaffalu baasii waraqaa, qalamaa fi wantoota biiroo baase bakka buusuufi.

- ♣ Dabalataanis manni murtii dambicha keessatti kan hin teenye tajaajila biroo kan kenne yoo ta'e tajaajila kenneef KAS kaffalamu pirezidaantiin mana murtii ol'aanaa ministera murtii eeyyamsiisee muruu ni danda'a jedha.[106] Yeroo ammaa garuu manni murtii ministeera murtii jalaa bahee kan of danda'e waan ta'eefi tarii kwt. 12tti hojjechuu danda'a jedhamee kan yaadamu mana murtii waliigalaa ta'a.

3.2. Dambii KAS fi SDFS Rakkoo Ittiin Hojjechuu

Dambii KAS fi SDFS keessatti tumaaleen seera KAS mana murtiitti kaffalamu ilaallatan rakkoon ittiin hojjechuu jiraachuu fi dhiisuu isaa ilaalchisee yaadota garaa garaa hojjettootni dhimma kanarratti hojjetan kan kaasani dha. Qorannoo kana keessattis rakkoolee kana addaan baasuun rakkoolee jiraniif furmaata kaa'uuf xiyyeeffannoon itti kennamee qabxii qabxiin haala armaan gadiitti ilaalameera . Dursas rakkoo dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne ilaalchisee jiru kan ilaallu ta'a.

[105] Kan olii lakk. 84, kwt. 11
[106] Kanuma. kwt. 12

3.2.1. Dhimmoota Qarshiin Shallagamanii fi Qarshiin Hin Shallagamne

Dhimmootni mana murtiitti yoo dhiyaatan tilmaamni isaanii maallaqaan ibsamee ta'uu qaba/SDFSkwt. 226-228). Dhimmichi gaaffii maallaqa deebifachuu yoo ta'e hangi maallaqichaa inni sirriin ibsamuu qaba (SDFS kwt. 226 (1). Yoo hangi maallaqichaa erga herregni himataa fi himatamaa jidduu jiru qulqullaahee booda kan beekamu ta'ee beekamuu isaa dura himatni kan dhiyaatu ta'e immoo aangoo mana murtii murteessuuf jedhamee tilmaamni isaa himata keessatti ibsama. Dhimmichi qabeenya adda bahee beekamu yoo ta'e gatii sirrii qabeenyichaatu himatarratti ibsamuu qaba. Dhimmichi qabeenya sanyiin isaa beekamu (generic thing) irratti kan dhiyaate yoo ta'e gatiin gabaa yeroo himatni dhiyaatuu himata keessatti ibsamuu qaba(SDFS kwt. 226 (2-3). Himannoon sun maallaqa yeroo yeroon kaffalamu irratti yoo ta'e kan yeroon itti kaffalamee dhumu beekamuu fi kan yeroon itti kaffalamee dhumu hin beekamne akkamitti akka shallagamee ibsamu SDFS kwt. 227 jalatti taa'eera. Dhumarrattis himannoon kan dhiyaate mirga qabaachuu mirkaneessuuf, mirga qabu kabajchiifachuuf, mirga jiru haqsiisuuf (kutuuf) kan dhiyaate yoo ta'e hanga gatii isaa isa sirrii akka kwt. 226-227 jiranitti kan ibsuu hin dandeenye yoo ta'e aangoo mana murtii itti dhiyaatu murteessuuf jecha tilmaamni faayidaa osoo isaaf murtaa'ee argatuu dhiyaachuu qaba jedha.(SDFS kwt. 228).

Hangi tilmaama qabeenyaa/ hangi qarshii bu'uura keewwattoota SDFS keenyaan armaan olitti dhiyaatan kun aangoo mana murtii dhimmichi itti dhiyaatuu murteessuuf (material jurisdiction) jedhameeti. Haa ta'u malee tilmaamni/hangi maallaqaa dhiyaate kun matumti isaa hanga KAS kaffalamuu qabu murteessuuf kan oolu dha. Dambiin KAS keenyi lakk. 177/45 kwt. 2… ክስ የቀረበበት ገንዘብ መጠኑም የነገረ ግምት… ilaalamee taarifni KAS kaffalamu hangam ta'uu akka qabu kaa'a kan jedhes kanaafi. Kanaafuu, qarshiin himatni itti dhiyaatu ykn tilmaamni isaa bu'uura SDFS 226-228 jiruun alatti waan hin tilmaamaneef/hin ibsamneef gaaffiin himatni tokko akkamitti shallagama jedhu kana keessaa bahuu hin qabu. Kana yoo jennu immoo hanga maallaqaa sirrii ykn tilmaama isaa yoo sirriin isaa hin beekamu ta'e; gatii qabeenyaa sirrii ykn gatii gabaa yeroo sanaa, dhimmichi maallaqa yeroo yerootti kaffalamu yoo ta'e immoo akka haala isaatti ilaalamee kan dhiyaate irratti KAS kaffalachiifama. Dabalataan dhimmichi mirga wajjin yommuu kan walqabatu ta'e immoo gatiin /faayidaan isaa inni sirriin kan beekamu yoo ta'e akkuma kanatti gatiin sirriin isaa ibsamee KAS isaas shallagama. Gatiin sirriin isaa kan hin beekamne yoo ta'e immoo tilmaama himataan osoo milkaa'ee argatu irratti herregamee KAS kaffalama.

Gaaffiin tilmaamamuu qabeenyaa waliin walqabatee ka'u egaa KAS kaffalamuu qabu irratti dhiibbaa kallattii ni qabaata. Tilmaamni qabeenya hundaas maallaqaan ni ibsama jechuun hin danda'amu. Kanumaafuu, SDFS keenyi kwt.18 dhimmootni qarshiin shallagamuu hin dandeenye hundi aangoo mana murtii kamii akka ta'u kaaheera. Dambiin lakk. 177/45 kwt.

5nis wanti tilmaamni isaa hin murtoofne kan dhiyaate yoo ta’e hangi KAS kaffalamu akka mana murtii itti dhiyaateetti qarshii dhaabbataan adda addaa akka kaffalamu tumeera. Kana yoo jennus dhimmootni qarshiitiin hin shallagamne illee ni jiru jechuu dha. Rakkoo guddaan jiru garuu dhimmootni qarshiitiin hin shallagamne isaan kam akka ta’an adda baafachuu irratti dha. Seerichis dhimmoota qarshiitiin hin shallagamne jechuun alatti dhimmootni kun isaan kam ta’uu akka danda’an hin hiiku. Kun ta’uun isaa immoo ogeeyyiin seeraa dhimmoota qarshiin hin shallagamne jechuun kan fudhatan garaagar ta’ee hojimaata wal-fakkaatu dhabamsiiseera.

Manneen murtii keenya sadarkaa sadan jiran keessatti dhimmootni qarshiin hin shallagaman jedhamanii dhiyaatan marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi pirezidaantota mana murtii waliin taasifame irraa gabatee armaan gadii (gabatee 1) kessatti kaa’ameera.

Gabatee 1

Marii garee abbootii seeraa, ofisera seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiranii.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname	Yaada mana murtii	Mana Murtii
H) KAS dhimmoota qarshiin hin shallagamne waliin walqabatu	Dhimmoota qarshiin hin shallagamne dambiichii fi SDFs keenyi daangaa isaa kaa'uu dhabuun isaa daangaa isa nu wallalchiseera. Nu biratti dhimmootni qarshiin hin shallagamne: ♣ Waliigalteen naaf haa diigamuu, ♣ Falmii dhirsaa fi niitii, ♣ Jijjiirraa maqaa, ♣ Guddifattummaa mirkaneeffachuu badinsa, ♣ Dhaaltummaa , ♣ Gaaffii qallabaa, ♣ Jeequmsi haa dhaabatuu… fa'a. dhimmootni qarshiin hin shallagamne ifaan hiikamee taa'uu qaba. ♣ Galiin mootummaa sababa muuxannoon dhimmoota qarshiin hin shallagamne baay'ateef xiiqaateera.	M/M/A/Adaamaa
	♣ KAS dhimmoota qarshiin hin shallagamne irratti kaffalamu baay'ee xiqqaa dha. ♣ Fkn kan qarshiin hin	MMO/Go/A/Adaamaa

	shallagamnee nu biratti falmii dhirsaa fi niitii, jeequmsi haa dhaabatuu, waliigalteen haa diigamuu, mucumma fa'a. Falmii dhirsaa fi niitii keessatti KAS waan xiqqaateef hiikkaa tajjabeessa. KAS humna daangeessuu dhabee qulqullina murtiif gufuu ta'eera. Maallaqni human bituu waan dhabeef KAS dabaluu qaba.	

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuurratti rakkoowwan jiran	Yaadota manneen murtii	Mana murtii
H i) KAS dhimmoota qarshiin hin shallagamne jechuun wal-qabatudha.	KAS waan xiqqaateef hojiin namootaa mana murtii ooluu ta'eera. Dambiin 'pauperism' (hiyyummaa) waan jiruuf mormiin 'access to justice' irratti ka'u fudhatama hin qabu. ♣ Jeequmsi kan ta'u qabeenyarratti waan ta'eef shallagamuu qaba jenna. Kanneen shallaguuf rakkisanis jiru (fkn. Dallaa akka hin ijaarranne na dhorke kan jedhu faa.	MMO Go/A/Adaamaa
	♣ Dhimmoota qarshiin hin shallagamne kan jennu, jeequmsi haa dhaabatuu, dhirsaa fi niitii, dhaala	MMA/Sulultaa

	mirkaneeffachuu, maqaa jijjiiruu, dhaaltummaa ilaalchisee yaada lamatu jira, kan kaffalchisnu jira, kan hin kaffalchiisnes jira.	
	♣ Dhimmoota qarshiin hin shallagamne kan jennu: dhirsaa fi niitii, jeequmsi haa dhaabatuu, waliigalteen naaf haa diigamuu, change of venue, abbummaa mirkaneessuu, jijjiirraa maqaa. ♣ Barmaatni dhimmoota qarshiin hin shallagamne manneen murtii jidduutti garaagari ♣ Kanneen tarreessine kana hunda seerri nu deeggara jennee hin yaadnu.	MMO/Go/A/N/Finfinnee
SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuurratti rakkoolee qunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
H,I, dhimmoota qarshiin hin shallagamnee jedhamuun wal-qabatee.	♣ Waligalteen naaf haa diigamuuf KAS tilmaamnee kaffalchifna. Namni kana gaafatu bakka duraatti deebi'uu (re-imbersement) gaafate jechuu dha. Waan daangeessuuf (deterrence) barbaachisaa dha. ♣ Kan qarshiin hin shallagaman jennee qarshii 25 dhaabataa kaffalchiifnu: dhimma jeequmsaa, beenyaa, kiraa lafaa, kiraa manaa fa'a. Alaabaa yoo abbaan shallagee dhiyeesse	MMWO fi Dh.Ij.

	bu'uuruma shallagameen kaffalchiifna. Irra jireessi falmii jeequmsaa falmii lafaa waan ta'eef akka hin shallagamnetti fudhatamuu isaa ni deeggarra, walfalmiitootni qotee bultoota waan ta'aniif qabeenya waan hin qabneef. ♣ SDFS kwt. 18 dhimmoota qarshiin hin shallagamne osoo hanga tokko tarreessee 'exhaustive' ta'uu baatu illee. Qabata kanaan namootni KAS baqachaa jiru. Tilmaamuun osoo danda'amuu osoo hin tilmamiin kan dhiyaatanitu jira. ♣ Maaltu shallagamuu akka qabu osoo daangaan seeraan taa'ee. ♣ Jeequmsa ilaalchisee osoo 'temprorary injunction' tilmaamuu baatee gaarii dha. Jeequmsa yeroo muraasaa waan ta'eef	

Gabatee1 kana irraa hubachuun akka danda'amutti dhimmootni hedduun kan qarshiin hin shallagamne jedhamanii KAS xiqqaan itti kaffalmaa akka jiruu fi sababa dhimmootni akkasii KAS xiqqaan dhiyaataniitti hojiin namootaa mana murtii ooluu ta'eera jedhu. Dhimmoota qarshiin hin shallagamne isaan kam akka ta'e SDFS fi dambiin KAS daangaa waan hin keenyeef itti hojjechuu akka isaan rakkise ibsu. KAS baqachuuf jecha hojimaatni kan qarshiin hin shallagamne jechuus ni jira jedhu. Akka fakkenyaatti dhimmoota qarshiin hin shallagamne jechuun kan itti hojjetamaa jirus mana murtii tokko irraa isa biraatti garaagarummaa kan qabu ta'uu dubbatu.Dhimmoota qarshiin hin shallagaman jedhamuun itti hojjetamaa jiran garee marii manneen murtii kanarraa guurame yoo ilaallu himannoowwan akka waliigalteen naaf haa diigamuu, jeequmsi narraa haa dhaabatuu, falmii dhirsaa fi niitii, guddifattummaa mirkaneeffachuu, badinsa, dhaaltummaa , gaaffii qallabaa, beenyaa, kiraa lafaa, kiraa manaa, mucummaa mirkaneessuu, jijjiirraa dhaddachaa (change of venue) ta'a. Dhimmoota kana hunda kan qarshiin hin shallagamne yoo jennu hunda irratti seerri nu deeggara jennee hin yaadnu kan jedhanis jiru. Fkn jeequmsi qabeenya irratti waan raawwatamuuf maallaqaan shallagamuu danda'a. Kanneen shallaguuf rakkisanis fkn himatni dallaa ijaarachuu na dhorge jedhuufaa jira jedhu.

Dhimmootni qarshiitiin hin shallagaman jedhaman baay'achuun dangaa dhabuu qofa osoo hin taane dhimmoota kanarratti KAS kaffalamu baay'ee xiqqaa waan ta'eef KAS dhimoota kanarratti dabaluu qaba. Fkn KAS falmii dhirsaa fi niitii irratti kaffalamu xiqqaa waan ta'eef diiggaa gaa'elaa jajjabeesseera jedhu. Dambiin hiyyummaa waan jiruuf immoo KAS dabaluun mirga haqa argachuu (access to justice) ni danqa jechuun hin danda'amu jedhu.

Karaa biraan immoo dhimmootni baay'een sababa bu'uura qarshiin hin shallagamu jedhamuun dhiyaatuuf galiin mootummaa KAStiin galuu malu hafeera jedhu. Haa ta'u malee, marii mana murtii waliigala Oromiyaatti ta'erratti himannoo waliigalteen naaf haa diigamuu jedhu irratti KAS akka kaffalamu, himata alaabaa irrattis KAS akka kaffalmu ibsu. Kanaaf sababa yoo kaa'anis warri waliigaltee diiggatu bakka waliigalteen osoo hin jiraatiin duraa isaaniitti waan deebi'uuf gaafachuu isaanii ta'eef faayidaa tilmaamamu dha jedhu. Alaabaanis hanga ni qaba jedhu. Haala kanaatiin shallagamee KAS itti kaffalamuun isaa dhimmoota nuu daangeessa jedhu. Galmeen bu'uura SDFS kwt. 18tiin kan hin shallagamne jedhamus osoo hanga tokko tarreeffamee gaarii ture jedhu. Haa ta'u malee himannoon jeequmsi narraa haa dhaabatuu irra jiressaan falmii lafaa waan ta'eef kana ammoo qotee bultoota hiyyeessa homaa hin qabnetu falma waan ta'eef akka dhimma hin tilmaamamneetti fudhatamuu isaa ni deeggarra jedhaniiru.

Gabatee kana keessatti akkuma ilaalletti yoo ta'e dhimmootni hedduun kan qarshiin hin shallagamne jedhamee KAS dambii keenya kwt. 5 jalatti kaffaltiin xiqqaan itti kaffalchifamaa jira. Dhimmootni kun gar-tokkoon isaanii gaaffii mirga kabajchiifachuu, mirga qabachuu mirkaneeffachuu ykn mirga kutuu fa'a kan ilaallatani dha. Fkn himannoon waliigalteen naaf haa diigamuu, jeequmsi narraa haa dhaabatu jedhaman faayidaa

himannoo kana yoo moo'e argatu himataan beekuu /tilmaamuu waan danda'uuf tilmaamni isaa bu'uura SDFS kwt.228tiin dhiyaatee KAS itti kaffalamuu qaba. Kanneen biroo immoo kaffaltii yeroo yeroon kaffalmu waan ta'aniif bu'uura SDFS kwt. 227tiin dhiyaachuu kan qabani dha. Fkn, dhimma kiraa lafaa, kiraa manaa faa ilaaluun ni danda'ama.

Jeequmsa lafarratti ta'u maallaqaan tilmaamuu ilaalchisee hubannoon jiru jeequmsi lafarratti yoo ta'e lafichatti gatii kennuuf gatii gabaa lafichaa beekuu barbaachisa. Lafti immoo biyya keenyatti kan uummataa waan ta'eef hin gurguramu gatii gabaas hin qabu ejjennoo jedhu irraa kan ka'e maallaqaan hin shallagamu jedhama fakkaata[107]. Garuu, lafti kan hin gurguramne ta'uu isaa seerrii keenyi kaa'uun isaa dhugaa ta'ullee himannoon jeequmsaa waa'ee mirga itti fayyadama lafichaa irraa abbaan qabiyyee sababa jeequmsaan dhabe gaafachuu dha malee waa'ee abbaa qabeenyummaa waan hin taaneef faayidaan kun gatii gabaa ni qabaata. Mirgi abbaa qabiyyummaa garuu mirga abbaa qabeenyummaatiin asitti kan jiru dha. Himataan mirga abbaa qabeenyummaa lafaa osoo qabaatee akka beekutti gurgurachuu danda'a ture. Garuu, kana waan hin qabneef gatiin gabaa gurgurtaa lafaa hin beekamu.

Mirgi abbaa qabiyyummaa gatii ykn faayidaa haa qabaatu malee faayidaan laficharraa argamu akkamitti akka shallagamu seerri keenyi hin kaa'u. Galii waggaatti laficharraa argamu irratti moo yoo galiin irraa argamee beeku hin jiru ta'ewoo? Galii waggaa tokkoo moo kan waggaa meeqaati? Ykn immoo faayidaan kun akkamitti ibsama kan jedhu irratti rakkoo seerichi hin hiikne dha. Muuxannoo biyya Hindii olitti akka ilaalletti gaaffileen mirgaa lafaa fi oddoo waliin wal-qabatan akkamitti akka tilmaamamu lafa kaa'eera. Rakkoo kana irraa kaanee yoo ilaallu egaa seerichi hanqina jeequmsi lafa irratti ka'u akkamitti tilmaamamuu akka qabu waan hin keenyeef, sirnni itti tilmaamamu osoo diriiree kan maallaqaan shallagamu ta'uun isaa salphaatti hubatama. Rakkoon kun jiraachuun garuu tilmaamanii(approximation) isaa kaa'uu nama hin dhorgu.

Dhimmoota qarshiitiin hin shallagamne jedhee tilmaama malee akka dhiyaatu SDFS kwt. 18 jalatti yoo kaa'u kan shallaguun nama rakkisu jechuu barbaadee akka hin taane seericharraa ifaan mul'ata. Dhimmootni gatii sirriin isaanii beekuuf rakkisu kan akka herrega hin qulqullofnee (kwt. 226(1) fi gaaffilee mirgaa (kwt. 228) gatii sirrii isaanii kaa'uun yoo dadhabame tilmaama isaatu taa'a. Kanaafuu, gatii sirrii isaa kaa'uun waan rakkiseef qofa kwt. 228titti osoo hin hojjetiin kwt. 18 jalatti qarshiin hin shallagamu jechuun sirrii hin ta'u. Mirgi hundi qarshiin ni shallagama jechuu osoo hin taane mirga waan ta'eef qofa qarshiin hin shallagamu jechuun manneen murtii keenyaa dogoggora dha. Kanaafuu, dhimmi tokko akka kwt. 18 tiitti qarshiin hin shallagamu jenne tilmaama qabeenyaa isaa osoo hin kaa'iin, KAS isaas osoo kanumarraa hin shallagiin darbuuf dursa dhimmichi bu'uura kwt. 226-228tiin gatiin sirriin ykn tilmaamni isaa tasumaa kaa'uun kan hin danda'amne ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba. Kana mirkaneeffachuu dhabuun immoo

[107] Kan olii lakk.55- Kwt.40(3)

rakkoon hubannoo manneen murtii keenya keessa jiru ta'uu isaati agarsiisa. Rakkoon hubannoo kun immoo barmaata ta'uun dhimmootni hedduun kan qarshiin hin shallagamne jedhamuun KAS baqachuuf jecha osoo hin tilmaamamiin akka dhiyaatan ta'uun isaa kaayyoo KAS itti kaffalamu kan kuffisu ta'aa dhufeera. Kanaafuu,hubannoof akka toluufis dhimmootni qarshiin hin shallagamne jedhamuun dhiyaatan kun akkamitti akka shallagaman seerri kallattii agarsiisu ni barbaachisa.

Galmeeleen dhimmootni qarshiin shallaguun hin danda'amu jedhamee banamanis gaafa tilmaamni/gatii sirriin isaanii beekame kamittuu manni murtii KAS taarifa xiqqaa kaffalchisee irratti dabaluun kaffalchiisuu ni danda'a "(Dambii keenya lakk. 177/45 kwt 5). Itti aansuun rakkoolee seeraa fi hubannoo dhimmoota irra deebiin banamanii,murtii mormuu fi tilmaama jijjiiramee dhiyaatee kan ilaallu ta'a.

3.2.2. KAS Himata Irra Deebiin Baname, Murtii Mormuu fi Himata Fooyya'e.

Murtiin irra deebi'ee kan kennamu manuma murtii murtii kennetti iyyannoon irra deebiin bu'uura SDFS kwt. 6tiin yoo dhiyaatu. Iyyannoon kun immoo KAS seeraan taa'e erga kaffalamee booda kan banamu akka ta'e keewwatichi ibsa. Hangi KAS himata irra deebiin banamuu hangam isa jedhu kana yoo ilaallu immoo barmaata garaagaraatu argama.

Namni murtii kenname tokko bu'uura SDFS kwt 358 fi 359 tiin mormu immoo nama falmii keessa galuu danda'u ykn qabu ta'ee dhimma dantaa koo tuqu osoo ani keessa galee hin falmatiin murtiin dantaa koo tuqe waan kennameef jedheeti. Mormiin kunis murtiin kennamee ture osoo hin raawwatiin ta'uu qaba. Mormii kana yoo dhiyeessu immoo bifa himannootiin ta'ee KAS seeraan murtaa'e itti kaffalamuu qaba (SDFS kwt. 359 (1). Kana keessattis hangi KAS kun akkamitti shallagama isa jedhu irrattis barmaata garaagaraatu jira.

Gabatee armaan gadii irraa barmaatni garaagaraa kun maal akka fakkaatu marii garee sadarkaa manneen murtii sadanitti ta'e irraa ni hubatama.

Gabatee 2

Marii garee abbootii seeraa, ofisera seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiranitti.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname.	Yaada mana murtii	Mana murtii
e. KAS Galmee irra deebiin baname irratti SDFS kwt. 6 fi 358 fi 359	SdFS kwt. 358 hanga dura kaffale kaffalchifna. SDFS kwt.6 Kan dura kaffaleen itti fufa. Yoo kan duraa irrati dabalee gaafate garaagarumma isaarratti kaffalchiifna.	MMA/Adaamaa
	Kwt. 358 tiif bu'uura itti murtaa'een tilmaamsifnee kaffalchiifna. Kwt. 6 nu biratti dhiyaatee hin beeku.	MMOG/A/adaamaa
	Galmee irra deebiin banaman kanuma dura kaffalme irra deebiin kaffalchiifna.	MMA/Sulultaa
	Kwt. 358 kan dura himatni itti dhiyaate kaffalchiifna. Kwt 6tiin banamee hin argine	MMWO fi Dh.IJ.

Gabatee kanarraa akkuma hubatamu manneen murtii keenyi SDFS kwt. 358 fi 359 yoo hojiirra oolchan KAS isaan kafflchiisan garaagara ta'uu isaati. Mannen murtii irra jireessi isaanii kan maamilli himate dura kaffale irra deebiin kaffalchiifna yoo jedhan manni murtii godina A/Adaamaa garuu KAS bu'uura SDFS kwt. 6tii kaffalchiisuuu ilaalchisee manneen murtii kana keessatti gariin galmeen bu'uura kanaan isaan biratti akka banamee hin beekne ibsu. Kan bu'uura kwt. 6tiin biratti banamee beeku immoo kan duraa irratti yoo tilmaamni dabale garaagarummaa isaarratti qofa kaffalchiifna kan jedhuu fi irra deebiin kaffalchiifna yaada xiqqaa jedhutu jira.

Barmaatni jiru kana haa fakkaatuyyuu malee dambiin lakk. 177/45 kwt. 7 hangi KAS namni murtii mormuun dhiyeeffatu kaffalu KAS murtii kennamerratti dura kaffalamee kaffalchiifna jedhan illee hojimaata adabbii waliin kaffalchisuu kan dagatan ta'uu ni hubatama. [108] Seerri ifaan akkasitti yoo kaa'e illee maddi barmaata dogoggoraa kun hubannoo seeraa qofa irra kan madde osoo hin taane namni bu'uura kwt 358 fi359tiin murtii kenname irratti mormii dhiyeessu kaffaltii walfalmitootni yeroo duraa murtiin kennamu kaffalan kaffali yoo jedhame haqummaa kan hin qabnee fi SDFS kwt. 215 waliin walitti bu'a jedhamee waan yaadaniifi kanas sababni itti jedhani namni murtii mormuun

[108] kan olii lakk.1, kwt. 7

iyyannoosaa dhiyyeeffatu murticha guutummaan kan hin morminee fi gar-tokkoo isaa qofa jijjiirsisuu barbaadeeti ta'uu waan danda'uuf gar-tokkoo seerummaa itti gaafate kana qofa irratti KAS kaffaluu osoo qabuu yoo kaffaltii gareen biraa duraan kaffale guutuu isaa kaffalee seerummaa hin gaafanneef kaffalchiisuudha waan jedhaniifi. Kun immoo haqa miti jedhu.

Karaa biraa immoo KAS kan kaffalamu tilmaama qabeenyaa ykn qarshii himannoon irratti dhiyaate irratti hundaa'eeti (SDFS kwt. 215 fi dambii keenya kwt 2). Hanga seerumaa hin gaafatamne irratti KAS shallaguun immoo dambichaa fi SDFS waliin walitti bu'a jedhu.[109]

Mormiin haqummaa fi hafuura seeraan walitti bu'uun walqabatee ka'u yaada amansiisaa ta'uu ni danda'a. Haa ta'u malee hanga seerichi furmaata gahaa biroo argatutti garuu dambicha lakk. 177/45. Kwt 7 hojiirra oolchuun fala ta'a.

Himata irra deebiin bu'uura SDFS kwt. 6tiin dhiyaate ilaalchisees hangi taarifa kaffalamuu kan dura ittiin himatni baname moo hanga irra deebi'amee akka jijjiiramu seerummaa gaafate irratti kan jedhu mormii olitti ka'een wal-fakkaatu kan kaasisu dha. Asirratti wanti hubatamuu qabu SDFS kwt 6 KAS seeraan taa'e kaffalee iyyannoo irra deebiin akka ilaalamuuf gaafata jedha malee akka kwt. 358 fi 359 olitti ilaallee keewwatni kallattiin hanga KAS dhimma kwt 6 jalatti dhiyaatee kaa'uu dambicharra hin jiru kuni ta'uun isaa immoo gaaffii haqummaa fi seeraa olitti ka'e deeggaruuf bilisummaa kan nuuf kennu ta'a.

Kanaafuu, kwt.6 jalatti KAS seeraan taa'e kaffala kan jedhu kun seera dambii hanga seerummaa gaafateen KAS dhimma irra deebiin dhiyaatee kaffalamu taasisuun osoo haguugamee rakkoo kana hiikuu ni danda'a.

Himata fooyya'erratti KAS kaffalamu tilmaamni/hangi qarshii himannaaf sababa ta'ee kan hin jijjiiramne yoo ta'e kanuma dura kaffalameen itti fufa. Namni himata akka foyyeeffatu heeyyamameefi garuu yeroo himata fooyya'e dhiyeessu hangi qarshiin seerummaan itti gaafatamee kan duraarra guddifamee (dabalee) ta'uu ni danda'a. Manneen murtii himatni foyyaa'e dhiyaachuu fi gama biraas akka gahu taasisuun alatti himata foyyaa'erratti hangi qarshii haa dabalamuu yoo kan hin ilaalle ta'e seera kana hojiirra oolchuuf dagachuu danda'u. Haa ta'u malee hojjeechuu kan qaban kessaa tokko hangi qarshii dabaluu fi dhiisuu addaan baafachuudhaan hangi qarshichaa dabaleera yoo ta'e garaagarummaa jiru irratti kaffaltii abbaa seerummaa raawwachiisuu qabu ture dambii lakk. 177/45 kwt. 3)[110] Rkkoon biraa dambichi osoo hin hiikiin darba jijjiiramni tilmaama dhimmichaa dabaluuni yoo ta'e hanga jijjiiramerratti KAS kaffalchiifamuu akka qabu malee tilmaamichi kan hir'achuun jijjiirama agarsiise yoo ta'e KAS hanga hir'ateef deebi'uu akka qabu hin kaa'u.Ija haqummaatiin yoo ilaalle garuu namni hanguma seerummaa gaafate irratti hundaa'ee KAS

[109] TSegaye Workineh ፡Ye Dagninet Kifiya afestastemina ye wechina kisara wusane kan hin maxxanfamne፣ fuula15

[110] Kan olii lakk.1, kwt. 3

kaffaluu waan qabuuf tilmaama seerummaa gaafatee namni hir'isuun fooyyeessee dhiyyeessu sababni hanga hir'ateef kaffaltiin abbaa seerummaa hin hir'ifamneef (kan duraan kaffale keessaa hin deebineef) hin jiru.Kanaafuu, seerichi bifa kanaan osoo fooyya'ee gaarii ta'ee.

3.2.3. KAS Ol'iyyannoorrattii fi MMWaligalaatti Kaffalaman

Hanga KAS ol'iyyannoorratti kaffalamu ilaalchisee SDFS keenyi wanta dubbatu hin qabu. Garuu, dambiin KAS keenyi lakk. 177/45 kwt. 8 irratti hangi KAS dhimma ol'iyyannoon dhiyaatee walakkaa KAS mana murtii jalqaba ilaaletti kaffalametu kaffalama jedha. Ol'iyyatichi kan dhiyaate ajaja kenname irraa yoo ta'e garuu hangi KAS sadarkaa mana murtichaa irratti hundaa'uun kaffaltii dhaabbataa adda addaatu kafflama.[111] Dambii kana yoo ilaallu immoo hangi KAS kaffalamu hanga maallaqa ykn tilmaama qabeenyaa ol'iyyataan seerummaa itti gaafatee irratti osoo hin taane kaffaltii abbaa seerummaa mana murtii jalaatti kaffalame irratti akka ta'e kaa'a. Kun ta'uun isaa immoo rakkoowwan barmaata adda addaa mana murtii keenya keessatti mul'ataniif sababa ta'eera.

Barmaatileen adda addaa KAS ol'iyyannoorratti kaffalchiisuu waliin wal-qabatanis manneen murtii sadarkaa sadanitti marii garee taasifame irratti bu'aan armaan gadii (gabatee 3) argameera.

[111] Kan olii lakk.1, kwt.8

Gabatee 3

Marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadanii;

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname.	Yaada mana murtii	Mana murtii
c. KAS galmee oliyyannoorratti kaffalamu	Galmee ol'iyyannoo hin qabnu	M/M/A/Adaamaa
	• Walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalamee kaffalchiifna. • Jalatti hojjetaan himatee kan ol'iyyatemmooo hojechiisaa yoo ta'e KAS guutuu kaffalchiifna. • Mana murtii jalaatti yoo hin kaffalle ta'e mana murtii ol'aanaatti ni kaffalchifna.	MMOG/A/Adaamaa
	• Walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalamee kaffalchiifna.	
	Kan itti murtaa'etu ol'iyyate yoo ta'e walakkaa kaffalchiisuun sirrii miti. sababni isaa kan himate ol kaasee himate ta'uu danda'a. • Osoo hanga jalatti murtaa'e irratti KAS shallagamee walakkaa isaa kaffalchiifnee wayya. Garuu walakkaama kaffalchiisaa jirra. Kwt. 8 dambii KAS 177/45 jijjiramuu qaba.	MMWOfi Dh. Ij.
	Walakkaa KAS jalaa	MMO/GoA/N/Finfinnee

	kaffalchiifna.	

Hanga KAS ol'iyyannoorratti kaffalamuu ilaalchisee muuxannoon manneen murtii keenyaa kan mul'isu walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalchiifame kaffalchiisuu dha. Hanga xiqqoo muuxannoon kanarraa bifa addaa of keessaa qabu kan mana murtii waliigala Oromiyaati. Mana murtii kanatti KAS ol'iyyannoorratti kaffalchiisan yoo nama mana murtii jalaatti itti murtaa'etu ol'iyyate ta'e. Himata duraa mana murtii jalaatti isatu dhiyeesse miti yoo ta'e walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalame kaffalchiisuun isa miidhuu ni danda'a jedheera. Sababni isaas kan himate ol kaasee himate ta'uu danda'a jedheera. Kwt. 8 dambii lakk. 177/45 jijjiiramuu qabas jechuun yaada kenneera.

- Dabalataan manni murtii ol'aanaa Godina A/Adaamaa mana murtii jalatti kan himate hojjetaa ta'ee kan ol'iyyate immoo hojjechiisaa yoo ta'e mana murtii jalaatti akka seera hojjetaa fi hojjechiisaatti hojjetaan bilisaan waan banateef hojjechiisaan ol'iyyannoosaarratti KAS guutuu kaffala jedheera. [112]

Yaadotni garaagaraa manneen murtii Keenya keessatti ka'an kun immoo lafumaa ka'amee akka hin taane hubachuu barbaachisa. Akkuman olitti kaase dambichi kwt. 8 irratti hangi KAS seerummaa gaafatame irratti osoo hin taane hanga KAS mana murtii jalqaba dhimmicha ilaalee irratti ta'uu isaa irraa kan ka'e dha. Kun immoo dambicha kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 waliin kan hin deemne dha. Keewwattootni seeraa kun hangi KAS maamilli kaffalu hanga seerummaa gaafate irratti hundaa'aa akka qabu kaa'a.

Kana irra darbuun dambichi kwt.8 hanga KAS mana murtii jalqaba ilaalee irratti hundaa'uun ol'iyyannoo haa kaffalamu jechuun isaa hafuura seerichaa keessa baheera. Karaa biraatiin immoo kaffaltiin abbaa seerummaa kaffaltii tajaajilaati (service fee). 'fee' kan jedhamu kun immoo hangi isaa tajaajila kenname waliin wal-madaaluu qaba ykn walmadaala jedhamee yaadama (assumption). Waan kana ta'eef kaffaltiin ol'iyannoorratti gaafatamu hanga wanta baaf haa kabajamu jedhamee waliin wal-giguu qaba. Kana jechuun immoo kaffaltiin abbaa seerummaa ol'iyyannoo gaaffii oliyyanoorratti dhiyaate irratti hundaa'uu qaba malee himata jalqabaa irratti ta'uu hin qabu. [113]

Hiikkoon kennamufii qabu akka armaan olitti tilmaama qabeenya/gatii ol'iyyannoorratti yoo ta'uu baate garuu qajeeltoowwan kaffaltii tajaajilaa wajjin kan wal-hin simne ta'uu qofa osoo hin taane haqa ni jallisa. Namni himate yoo hanga himate keessaa waan xiqqoo irratti injifate namni injifatamee ol'iyyate akka fakkeenyaatti yoo ilaalle kan himate mirgi inni qabu xiqqaa ta'ee osoo jiruu ol kaasee waan himateef KAS guddaa kaffaleera haa jennu.

[112] Marii garee gabatee 3 irraa yaada cuunfame.
[113] Alamaayyoo Dhaabaa, KAS fi Murteessa baasii fi Kisaaraa, fuula 29

Namni injifatamee ol'iyyatu kun walakkaa KAS guddaa waan mana murtii jalaatti ol kaafamee himatameef kaffaluun ol'iyyannoo isaa dhiyyeeffachuuf kan dirqamu yoo ta'e mirga isaa dhiibuu ta'a. Sababni isaa kan inni ol'iyyataan seerummaa gaafate qabeenya xiqqaa itti murtaa'e sana diigsisuuf jedheeti waan ta'eef KAS seerummaa hin gaafanne irratti dabalee kaffaluun isaa haqa miti.

Waan kana ta'eefis rakkoo seerichi qabu kana yoo akka sirraa'u ta'e malee hiikkoon ifaan dambii kwt. 8 irra jiru kun yoo kan fudhatamu ta'e rakkoowwan hiika adda addaaf banu olitti ilaalle ittuu cimsaa deemuu danda'a. Kanaafuu, seerri KAS ol'iyyannoo irratti kaffalamu walakkaa KAS seerummaan gaafatame kaffalchiisuu akka ta'uun sirraa'u odoo ta'ee gaarii ta'an jedha. Rakkoleen olitti kafne hundis haala qajeeltoo kaffaltiin tajaajilaa itti kaffalamu waliin kan deemanii fi hiika sirrii kan argatan haala kanaan osoo seerichi foyyeeffameeti.

Hanga KAS mana murtii waliigalaatti kaffalmau ilaalchisee dambichi KAS sadarkaa mana murtii ol'aanaa fi manneen murtii aangoo isaa gadi jiraniif kan hojjetu dha jedhee waan kaa'eef waa'ee KAS mana murtii waliigalaa waan dubbatu hin fakkaatu. Kwt. 1 akka armaan gadiitti taa'eera;

ይህ ደንብ ስለ ፍርድ ቤቶች የዳኝነት ገንዘብ አከፋፈል የወታ የ 1945 ዓ.ም ደንብ ተብሎ ሲጠከሰ ይችላል፡፡ የሚሠራበትም በከፍተኛው ፈ/ቤትና የማዕረግ ደረጃቸው ከርሱ በታች በሆኑት ፍ/ቤቶች ሁሉ ነው፡፡

Seerichi/dambichi haala kanaatiin mana murtii ol'anaa fi aangoo isaa gadii qabaniif qofa jedhee kaa'ee waan jiruuf KAS mana murtii waligalaattii fi dhaddacha Ijibbaataatti kaffalamu bu'uura maalii qaba yaada jedhu kaasisuun isaa hin oolu. Haaluma kanaan qabatamaan haallii itti hojjetamaa jiru marii garee abbootii seeraa fi Ofiseroota seeraa mana murtii waliigalaa wajjiin taasifame akka gabatee armaan gadiitti ilaalla.

Marii garee abbootii seeraa, ofiseeroota seeraa fi pirezidaantota (b/bu'aa isaanii/hoggantoota) waliin mana murtii waliigalaa fi dhaddacha Ijibbaataa Oromiyaatti ta'e.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
K.k. KAS MMWO fi dhaddacha Ijibbaataatti kaffalamu ilaalchisee	• KAS mana murtii waliigalaa dhimmi nu biratti dhiyaatu ol'iyyannoo waan ta'eef bu'uura dambiitiin walakkaa isa mana murtii jalaatti kaffalamee kaffalchiifna. • KAS dhaddacha ijibbaataa ilaalchisee kan dhiyaatu iyyannoo dha. Kun immoo himannoo waan hintaaneef akka qarshiin hintilmaamamnetti fudhannee qarshii 25 kaffalchiifne (SDFS kwt. 18 jalatti kuffisana).	MMWO fi Dh. IJb.

Gabateen kun marii garee mana murtii waliigala Oromiyaa fi Dhaddacha ijibbaataatti KAS kaffalamu maal akka fakkaatu irratti ta'e dha. Mana murtii waliigalaatti dhimmootni dhiyaatan ol'iyyannootiin waan ta'eef walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalame akka kaffalchiisan ibsa.

KAS dhaddacha ijibbaataa ilaalchisee garuu kan dhiyaatu himannoo osoo hin taane iyyannoo waan ta'eef iyyannoon kan qarshiitiin shallagamu miti jennee qarshii dhaabbataa kaffalchiisna jedhu.

Hojimaatni mana murtii keenya keessa jiru kana kan fakkaatu ta'us rakkoo kana hiikuuf dambii keenya yoo sakattaanu kwt. 8 irratti KAS ol'iyyannoorratti kaffalamu yoo tumu ol'iyyannoon kan deemu mana murtii jalqabaa irraa mana murtii ol'aanaatti qofa osoo hin taane hanga mana murtii waliigalaatti kan deemu ta'uu isaa yaada keessa galcheera. Kanas kan hubannu 1ffaa oliyyannoo duuchumaan jechuun alatti ol'iyyannoo sadarkaa kamitti akka ta'e hin keenye. 2ffaa immoo ol'iyyannoo ajaja irraa fudhatamu yoo ta'e mana murtii waliigalaa Nigusa Naggastitti qarshiin 30tu kaffalama jedhee kan kaa'es wabii biraa KAS

manneen murtii waliigalaatti kaffalamu kaa'uu isaa ibsu ta'a.Kanarraa akka hubtamutti dhimmi mana murtii waliigalaatti dhiyaatu bifa himata jalqabaan osoo hin taane bifa ol'iyyannootiin akka ta'e qofatti kan fudhate ta'uu isaa hubanna.

As keessatti rakkoon caaseeffama mana murtii yeroo dambichi bahe kan caaseeffama mana murtii ammaa wajjin wal-fakkii dhabuun kan yeroo dheeraa booda jijjiirama caasaa aangoo mana murtii irraa kan ka'e ta'uun isaa beekamaa dha. Kana waan ta'eef kun illee gara fuula duraatti haala caaseeffama mana murtii amma jiru waliin wal simuun kan sirreeffama barbaadu.[114]

Haa ta'u malee himatni sadarkaa jalqabaan mana murtii waliigalaatti dhiyaachuu qabu ilaalchisee KAS kaffalamu bifa kamiin inni jedhu ammallee dambichaan kan deebii qabu hin fakkaatu. Tarii gaafa dambiichi bahu manni murtii sadarkaa waliigalaa himata sadarkaa jalqabaa hin keesumessan jedhamee yaadameeti ta'uu danda'a. Qabatama jiruutiin aangoo bakka bu'ummaan kan mana mutii ol'anaa Federaalaa[115] ilaaluun alatti manni murtii waliigala Oromiyaa ammallee aangoo himata jalqabaa keessummeessuu hin qabu[116].Haa ta'u malee hanga aangoon dhimma mana murtii ol'aanaa federaalaa aangoo jalqabaan ilaaluun kun mana murtii Waliigala Oromiyaatiif kennameefitti sirni dhimma kanaaf kaffaltiin abbaa seerummaa itti kaffalamus jirachuu qaba. Himatni sadarkaa duraa manneen murtii waliigalaatti gara fuulduraatti illee yoo dhiyaate KAS maal ta'uu qaba kan jedhamu itti yaadamuun garuu barbaachisaa akka ta'e hubatama. Biyya Hinditti dambiin KAS mana murtii waliigalaatti kaaffalamu tumu kan jiru yoo ta'u aangoon dambicha tumuu kan mootummaa naannolee osoo hin taane kan mootummaa giddugaleessaati. Naannoleen KAS mana murtii Ol'aanaa fi aangoo isaa gadii qabaniif qofa tumuu danda'u[117].

Manni murtii waliigalaa keenyi bara dambichi bahe jiraachuun isaa dambicha irra ni hubatama. [118] Garuu, caaseeffamni dhaddacha ijibbaataa jiraachuu isaa dambicha keessaa wanti nuuf ibsu hin jiru. Kanaafis jecha taarifni KAS dhaddacha ijibbaataatti kaffalamuu qabu hin teenye. Akkuma beekamu dhaddachii ijibbaataas qaama mana murtii tajaajila abbaa seerummaa kennu waan ta'eef tajaajila kanaaf KAS barbaachisaan kaffalamuu akka qabu nama hin mamsiisuu. Rakkoon jiru garuu dhimmi dhaddacha ijibbaatatti dhiyaate jechuun dhimmicha qaama mana murtii waliigalaatti kan dhiyaate ta'uun isaa kan beekamu ta'ullee dhimmichi ol'iyyannoo miti. Dhimmi dhaddacha ijibbaataatti dhiyaatu ol'iyyannoo waan hin taaneef immoo bu'uura dambicha kwt. 8tiin keessummeeffama jechuun rakkisaa dha.

[114] Kan olii lakk.1, kwt. 8
[115] Kan olii lakk. 55,The constitution of Federal Demoratic Republic Of Ethiopia,Kwt.80(2).
[116] Labsii manneen murtii Oromiyaa Irra deebi'uun hundeessuuf bahe labsii lakk.141/2000,magalata oromiyaa waggaa 16[ffaa] lakk.10/2000.kwt.26(1)(b) ilaaluun ni hubatama.
[117] Kan olii lakk.8,Law commission of India,Fuula 122
[118] Kan olii lakk,1,kwt. 8

Ejjennoon mana murtii waliigala oromiyaan fudhate yoo ilaallu ammoo iyyannoon mana murtii waliigalaatti dhiyaatu himannoo miti jechuun isaanii nama hin falmisiisu. Iyyannoon kun qarshiin waan hin shallagamneef taarifni dhimmoota qarshiin hin shallagamneef kaffalamutu kaffalama yaadni jedhan garuu gaaffii kaasisuu danda'a. Yaada kana yoo madaallu iyyannoon dhaddacha ijibbaataatti dhiyaatu dogoggorri bu'uuraa seera irratti raawwatame akka sirraa'uuf waan ta'eef murtiin dhaddachi ijibaataa kennu iyyannicha cimsuu ykn kufaa taasisuun mana murtii jalaatti qajeelchuun alatti qabeenyi kun kan enyuuti jedhee murteessa miti. Kanumaafuu, himattootnis hanga qabeenya deebi'uufii qabuu hin gaafatan. Hanga qabeenya deebi'uufii qabuu yoo gaafachuu baatan illee iyyannoon isaanii yoo milkaa'eef faayidaan qabeenyaa argatan hin jiru jechuun sirrii hin fakkaatu. Faayidaan kun immoo qarshiin tilmaamamuu ni danda'a garuu kan inni sirriin tilmaamamuu danda'u erga dhimmichi dhaddacha ijibbaataa irraa gara mana murtii itti qajeelfameetti deebi'uun murtaa'eeti. Kun ta'uun isaamoo dhimmichi hanga dhaddacha ijibbaataa keessa jiruutti tilmaamuun qabatamaan rakkisuu ni danda'a. Tajaajilli kun garuu gatii barbaachisu akka hin arganne taasisuu hin qabu. Kanaafuu, seerri KAS dhaddacha ijibbaataatti kaffalamuu qabu tumu waan hin jirreef tumuu barbaachisa.

3.2.4. KAS Himata Dhiifamee fi Ijoo Dubbii Waan Hin Qabneef Galmeen Didame (Rejection)

Himatni dhiifame SDFS Itiyoophiyaa kwt. 278 fi 279 jalatti kan ibsame dha. Isaanis bifa lama kan qaban dha. Namni kwt. 278 jalatti himata isaa dhiisu mana murtii heeyyamsiisee yoo ta'u bu'uura kwt. 279 tiin kan dhiisu immoo heeyyama mana murtii malee yoo dhiise dha. Garaagarummaan isaanii inni guddaanis mirgi lammaffaa himachuu eegamuu fi dhiisuu irratti dha. Lamaanuu garuu himata dhiisuu irratti tokko ni ta'u. Namni bu'uura kwt. 278tiin himata isaa heeyyamaan dhiisu mirgi deebi'ee himata haaraa banachuu isaa ni eegamaafi. Namni bu'uura kwt. 279 tiin himata dhiisu immoo mirgi lammata himachuu hin eegamuufi garuu baasii irraa barbaadamu kaffalee himata isaa dhiisuu ni qaba.

Namni himata isaa heeyyama mana murtiitiin dhiisu yoo manni murtii sababani gahaan foormiin himatichaa hin guutamne jechisiisu ykn sababni gahaan himataan himata haaraa banachuu ni danda'a isa jechisiisu kamuu yommuu jiraatu dha. [119] Sababni heeyyama kana kennisiisu kun waan hin jirreef himataan heeyyama kan dhabe yoo ta'e ykn heeyyama osoo hin gaafatiin himata isaa kan dhiise yoo ta'e garuu heyyama malee jedhama.

Namni himata banate KAS kan kaffalu tajaajilli manni murtii adeemsa falmii jalqabaa hanga dhumaatti akka ta'u yaadameeti malee gamisa adeemsa falmiif akka hin taane ni hubatama[120]. Namni himata isaa dhiisuu immoo KAS adeemsa guutuuf ta'u kaffalee haa

[119] SDFS kwt 278 (2)

[120] Siisaay Alamaayyoo,Remand under Ethiopian civil procedure;The law and practice,Addis Ababa University,Law Faculty,fuula 72

jalqabuyyuu malee tajaajila guutuu yaadame mana murtii irraa hin arganne. Kanaafuu, KAS nama himata dhiisee (jidduutti kutee) akkam ta'uu qaba isa jedhu irratti muuxannoon manneen murtii keenya maal akka fakkaatu gabatee armaan gadii irraa ni ilaalama.

Gabatee 4

Marii garee abbootii seeraa, ofisera seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadanittii ta'e

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
d. Galmee himataan heeyyamaa mana murtiitiin dhiisee irratti SDFS kwt. 278	KAS hin deebisnu	MMA Adaamaa
	KAS hin deebsnuu	MMO G/A/Adaamaa
	KAS hin deebsnuu	MMO G/A/N/Finfinnee
	KAS hin deebsnuu	MMWO fi Dh.Ij.
	KAS hin deebsnuu	MM. A/Sulultaa

Gabatee4 kanarraa akkuma hubatamu himataan himata isaa heeyyama mana murtiitiin yoo dhiisee KAS akka deebisneeitti waan ibsaniif muuxannoo wal-fakkaatutu jira. [121]

Gabatee 5

Marii garee abbootii seeraa , Ofisera seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiranitti ta'e,

SDFS fi dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
e. Galmee himataan heeyyama mana murtii malee dhiiserratti SDFS kwt. 279	KAS hin deebi'u, namni gaafatee beekus hin jiru	MM A/Adaamaa
	Lammaffaa yeroo banamu irra deebiin kaffalchiifna.	MMOG/A/Adaamaa
	KAS hin deebi'u	MMA/Sulultaa
	KAS hin deebi'u	MMWO fi Dh. IJ
	KAS hin deebi'u	MMO G/A/N/ finfinnee

Gabatee5 kanarraa hubachuun akka danda'amutti himataan ol'iyyataan heeyyama mana murtii malee himata dhiiseerratti KAS hin deebi'uufi ejjennoo jedhurratti manneen murtii mariin keessatti ta'e waliigalu.[122]

[121] Yaada gabatee 4 irraa cuunfame.

Muuxannoon manneen murtii keenya keessa jiru kana haa fakkaatu malee dambiin KAS keenyi lakk. 177/45, kwt. 11 garuu himatni tokko erga dhiyaateen booda dhaddachi osoo hin jalqabiin himataan dhufee himata koo dhiiseera yoo jedhe KAS inni kaffale baasii manni murtii baaseef erga irraa muramee booda KAS kaffalee keessaa kan hafe immoo akka waajjirri galii mootummaa deebisuufi hoogganaan mana murtii hanga deebisuufi waliin ibsuun mallatteessee kennaafi jedha. Haaluma kanaan waajjirri galiis akka deebisuu fi ibsa. Hangi KAS baasii mana murtiif irraa muramuus dura kan kaffale qarshii 30 ol yoo ta'e ¼ isaa (kurmaana) isaatu irraa murama. KAS kan dura kaffale qarshii 30 oli qarshii 150 gadi yoo ta'e harki 1/5 isaa ni irraa murama. KAS dura kaffale qarshii 150 oli garuu 600 gadi yoo ta'e 1/6 isaatu irraa murama. KAS dura kaffale 600 oli yoo ta'e immoo 1/10 isaatu irraa murama. Kanaafuu, barmaatni manneen murtii keenyaa kun kan seericha faalleessu ta'ee waan jiruuf sirraa'uu qaba. [123]

Dhimmi kana waliin kaasnu biroo immoo KAS yommuu rejistraarri (ofiserrii seeraa ammaa) bu'uura SDFS 231tiin dhimmichi Ijoo dubbii hin qabu,aangoo hin qabu fi kanneen biroo jedhee himata deebisu KAS kaffalchiifamu ilaalchisee muuxannoon jiruu fi seerri keenyi maal akka fakkaatu ilaaluu barbaachisa. Akkuma beekamu dhimmi tokko ijoo dubbii hin qabu jedhamee himatni kan deebi'u yoo ta'e KAS tajaajila deemsa guutuuf jedhamee kaffalmee ture akkuma himata dhiifamee deebi'uu qaba jennee yaaduun keenyi hin oolu. Garuu KAS dhimma ijoo dubbii hin qabu jedhee ofiserri seeraa deebisee deebifamaa jiraachuu fi dhiisuu akkasumas hanga KAS kan deebisan yoo ta'e deebi'uu muuxannoon manneen murtii keenyaa maal akka fakkaatu gabatee (6) armaan gadii irraa kan ilaallu ta'a.

Gabatee 6

Marii garee abbootii seeraa, ,ofisera seeraa, fi pirezidaantoota manneen murtii sadarkaa sadan ta'e

SDFS fi DKAS waliin hojjechuun quunnamme	Yaada m/murtichaa	M/Murtii
a. Dhimma firii dubbii hin qabu jedhamee falmiin osoo hin jalqabin cufamee	Hanga isaa dambii KAS hin kaa'u	M/Murtii
	Hanga isaa faayinaansitu deebisa	M/M/A/Adaamaa
b.	Ni deebisiifna. Hanga isaa faayinaansiitu deebisa. Faayinaansiin yeroo ofumaayyu deebisee nu gaafatu jira. Dambicharraaa KAS nu rakkisa jedhu. Abbaa	MMO G/A/Adaamaa

[122] Yaada gabatee 5 irraa cuunfame.

[123]Kan olii lakk.1, kwt. 11

	dhimmaa waliin yeroo walitti bu'insi tu jira.	
	KAS hin deebisnu.	MMA/sulultaa
	Cite haa deebi'u jechuun ajajna. Persantii isaa abbaa seeraatu kaa'a.	MMWO fi Dh. Ij.
	¼ KAS kaffalamee deebisnee beekna. Hangasaa seerichi hin kaa'u	MMO/Go/A/N/Finfinnee

Gabatee6 kanarraa akka hubatamutti hojimaatni manneen murtii keenyaa SDFs kwt. 232 hojiirra oolchuu irratti hanga deebi'uu irratti hubannoon wal-fakkaatu hin jiru. Harki caalu hanga isaa hin beeknu waan jedhaniif akka citu qofa ajajuun waajjira faayinaansiitti akka ergan ibsu. Isaan biro immoo harki xiqqaan ¼ KAS kaffalamee akka deebi'u ajaju. Kanneen biroo harki xiqqaan hin deebisnu jedhanis ni jiru. [124]

Dhimma ijoo dubbii hin qabu jechuun ofiserri seeraa bu'uura SDFS kwt 231tiin deebisuu ilaalchisee muuxannoon manneen murtii keenyaa kana yoo ta'u seerichi hanga KAS deebi'uu qabuu kaa'eera isa jedhu dursa ilaaluu barbaachisa. Seera kana kwt. 232 irratti gartokkoo KAS yommuu himata banatu kaffalee akka seeraan taa'etti deebi'aafi (… refund the prescribed portion of the court fee paid on filling the statement of claim …) jedha. Kanarraa akkuma hubatamu KAS deebi'u jiraachuun isaa ifaa dha. [125]Haa ta'u malee gar-tokkoon KAS deebifamuufi seeraan taa'e jedhamu kun hangam akka ta'ee fi seerri kana kaa'e kam akka ta'e SDFS kun hin kaa'u. Kun ta'us hanga KAS kaffalamuu dambii KAS keenya lakk. 177/45tu murteessa waan ta'eef dambii kana keessa yoo ilaalles dambiin kun homaa hin keenye.

Dhimmootni bu'uura SDFS kwt. 231tiin deebi'an dhimma ijoo dubbii hin qabu jedhamee ofisera seeraan deebi'e qofa osoo hin taane dhimma aangoo mana murtii hin taane, dhimma bu'uura SDFS kwt. 1403tiin wabii akka kaffalamu gaafatame himataan osoo hin kaffaliin kan hafe yoo ta'e dabalata. [126] Kanaafuu, sababoota kanaatiin dhimmi kan deebifame yoo ta'e kaffaltiin abbaa seerummaa gar-tokko hin deebi'u jechuun dogoggora dha. Garuu hanga KAS deebi'u seerri kaa'e waan hin jirreef kun hanqina seerichaati. Hanqinni seerichaa kun immoo seerichi fooyyeeffamuun hanga taarifa muramuu akka dabalatu gochuu kan barbaadu dha. Haa ta'u malee hangasitti manni murtii akka itti fakkaatetti muree osoo deebisee gaarii dha.

[124] Yaada marii garee gabatee 6 irraa cuunfame.
[125] SDFS kwt. 232 (1), (b)
[126] SDFS kwt. 231 (1) fi (2)

3.2.5. Dambii Hiyyummaa fi KAS Irraa Bilisa Ta'uu

3.2.5.1. Dambii Hiyyummaa

Namni KAS kaffalee himata banachuu hin dandeenye sirni mirga isaa eegsisuuf kaffaltii abbaa seerummaa malee itti banatu SDFS keenya keessatti taa'eera. [127] Haala kanaatiinis namni ani hiyyeessa jedhee mana murtiitti iyyata dhiyyeeffatu akka gabatee 3ffaa SDFS keenyaatti KAS kaffaluu akka hin dandeenye kakuudhaan ibsuun iyyachuu qaba. Kana jechuunis hojiinsaa, galiin, qabeenya socho'u/qabeenya hin sochoone qabaachuu fi dhiisuu, kireeffatee kan jiraatu ta'uu fi dhiisuu kan fuudhe ta'uu fi dhiisuu ykn qabeenya biraa akka hin qabne ta'uu mirkaneessuun kakuun dhiyeessa jechuu dha. Kuni erga ta'ee manni murtii nama himatamaa ta'e osoo hin waamiin dura ofumasaa firii dubbii fi qabiyyee iyyatichaa ni qorata. Iyyataa ykn bakkee bu'aasaa qorachiisee akka qulqulleeffamus ni ajaja.[128]

Bu'aa qorateen iyyataan hiyyeessa ta'ee yoo hin argamne, dhimmichi kan hin himachiisne, himatni osoo hin dhiyaatiin dura ji'a lama gara duubaatti lakkaa'amu keessatti qabeenya isaa nama biraatti kan dabarse yoo ta'e, ykn gowwoomsuun qabeenya ofii yoo nama biraatti dabarsee jiraate, iyyatni isaa kufaa ta'ee kaffaltii abbaa seerummaa akka kaffalu taasifama.[129] Hanga kuni hundi ta'u himatamaan waamamuu dhiisuun isaa dhimma kana kan hordofu mana murtiiti malee himatamaa akka hin ta'iin mul'isa.

Himatamaan kan waamamu manni murtii adeemsa olitti ibsame keessa dabarsee iyyaticha sababa itti kufaa taasisu yoo dhabe dha. Yeroo kanatti illee waamicha himatamaaf godhamu waliin iyyataan ragaa qabu yoo jiraate akka dhiyeeffatuu fi namootni biraas keessa beekan yoo jiraatan dhiyaatanii akka ibsan ni ajaja.[130]

Yeroo dhumaa irratti sababni himatamaan waamamee yaada isaa akka ibsu godhamuuf kan manni murtii hin beekne ibsuun murtii sirrii irra akka ga'amuuf barbaadameeti. Kanaa booda ragaan dhiyaate madaalamee ilaalamuun iyyatichi kaffaltiin abbaa seerummaa kan itti kaffalamu qabu moo miti kan jedhu murtii argata (murtaa'a). Osoo hin kaffalamiin yaa banamu jedhamee yoo eeyyamame waraqaan ragaa ni kennamaafi.[131] Yoo hin eeyyamamneefi ta'es yeroo biraa iyyata wal-fakkaatu mirgi dhiyeessuu isaa waa'ee murtii kanaaf jedhee ni daangeeffama.

Kan eeyyamameefi yoo ta'e ragichi hanga dhimma heeyyamni ittiin kennameefi murtii dhumaa argatutti qofa tajaajila. Firiin dubbii dhimma dhiyyeeffatee yoo jalaa kufaa ta'e yeroo ol'iyyata gaafatetti illee heeyyama dura argatetti fayyadamuu hin danda'u. Kan

[127] SDFS kwt 467-479
[128] SDFS kwt. 468
[129] SDFS kwt. 470
[130] SDFS kwt. 472
[131] SDFS kwt. 473

ol'iyyate himatamaa yoo ta'e garuu ragichi isa tajaajila. Haa ta'u malee ol'iyyata dhiyyeeffate irratti illee akka hiyyummaatti kaffaltii malee dhimma isaa akka dhiyyeeffatu wanti gaafachuu isa dhorgu hin jiru. [132]

Osoo kaffaltii abbaa seerummaa hin kaffaliin himachuu jechuun kaffaltii abbaa seerummaa hundarraa bilisa ta'uu (exemption) jechuu miti. Himataan/qaamni eeyyamameefi falmicha injifachuun yoo xumure qabeenya murtiin argateerraa osoo raawwiin kamiyyuu irratti hin ta'in dura KAS irraa barbaadamuu fi baasii kamiyyuu qaamni murtii raawwachisu irraa muree dhirqama galii gochuu ni qaba.[133] Sababa injifatameef kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e garuu, yeroo eeyyamni kennameefi irraa kaasee waggaa 10 keessatti qabeenya yoo horate mana murtiitti kanuma beeksisee dirqamni kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluu irra jira. Kana gochuu dhiisuun immoo itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisa (seera yakkaa bara 1996, kwt. 656).[134]

Hojimaatni dambii hiyyummaatiin (yeroof KAS osoo hin kaffaliin) himata banatan kana yoo fakkaatu hojiirra oolmaa isaarratti garuu seerichi rakkoo kan qabuu fi hojjettoota dhimma kanarratti hojjetan kan rakkise ta'uu gabatee armaan gadii irraa ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 7

Marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi pirezidaantota manneen murtii Naannoo Oromiyaa sadarkaa sadan jiranitti ta'e.

SDFS fi dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo qunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
9. KAS hiyyummaa nama tokkoon wal qabatee kaffalamu.	• Mana murtiiti ofii qulqulleeffata • Hiyyeessi eenyu kan jedhuuf hiikkaan ifa ta'e yoo kenname malee rakkisaa ta'eera adda baafachuuf. • Nama hiyyummaan banatee moo'ate raawwii irratti kaffalchiisuun ni dagatama.	MMOG/A/N/Finfinnee
	• Hiyyeessa ragaa gandarraa fudhatee dhufe irraa hin fuunu. • Hiyyummaa namaa ofii qulqulleeffanna	MMA/Adaamaa

[132] SDFS kwt. 477
[133] SDFS kwt. 476
[134] SDFS kwt. 478

	• Nama mana qofa qabu kan biraa hin qabne hiyyeessa jenna.	
	1. Hiyyummaa A/seeraatu qulqulleeffata. • Nama mana qofa qabuu mana kee gurgurii KAS kaffali hin jennu. • Mindaa 1,000 waan qabaateef KAS 5,000kaffali hin jennu • Hiyyummaan 'subjective' ta'ee hafuu qaba malee sadarkaan bahufii hin qabu, • Hiyyummaa adda baafachuun nama yaaddessuu hin qabu, namichi dhumarratti yeroo raawwii kaffaluun isaa waan hin oolleef. 2. Galiin namichaa hangas yoo ta'e KAS kaffalamu hangas jedhamee bahuu qaba. • Galmeen bilisaan sababa hiyyummaan banamu himata sobaa jajjabeessa. • Dambiin hiyyummaa irratti xiyyeeffannoo kennee bahuu qaba.	MMO/Go/A/Adaamaa

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname.	Yaada mana murtii	Mana murtii
9. Hiyyummaa...	Hiyyeessa adda baasuuf safartuun waan ta'ee hin jirreef adda baasuuf nu rakkiseera. Safartuun taa'uu qaba. Hiyyummaa mana murtiitu qulqulleeffata. Foormii ittiin falmisiisnu qabna. Iyyannoo hiyyummaa mirkaneeffachuuf dhiyaatu ni kaffalchiifna. Namni kuntaala tokko qofa qabu	MMA/Sulultaa

	hiyyeessa miti.	
	• Hiyyummaa mirkaneessuuf warra fagoorraa dhufu falmisiisuun dhimma lafarra harkisa. • Soba babal'isa namuma dhiyyoo jiru soba akka raguufi bitatu. • Ragaa hiyyummaa manni murtii aanaa osoo kenne. • Nuti garuu ofii falmisiifnee hiyyummaa mirkaneeffanna. • KAS warra mana sirreessaa irraa dhufuuf osoo bilisa ta'ee	MMWO fi Dh. IJ.

Gabatee7 kana irraa hubachuun akka danda'amutti manneen murtii kun hunduu dambii hiyyummaatiin banachuuf iyyannoo dhiyaate ofumaa qulqulleessuun kan keessumsiisan ta'uu irratti muuxannoo walfakkaatu qabu. Ragaa hiyyummaas bakka biraa irraa kan fudhatan osoo hin taane ofumaa kan kennani dha. Hiyyummaa adda baafachuuf nama maal qabuu fi maal hin qabnetu hiyyeessa akka ta'e adda baasuu irratti irra jireessaan seerri deemsa falmichaa hanqina akka qabu ibsu. Nama qabeenya hangamii gadi qabutu hiyyeessa kan jedhu ifa ta'ee taa'uu qaba. Yoo akkas ta'uu baate immoo hojimaata irratti nu rakkisa jedhaniiru. Akka fakkeenyaattis qotee bulaan kuntaala tokko qofa qabu, hojjetaan miindaa 1,000 qofa qabu KAS kuma shan ta'u kaffaluu danda'aa kan jedhufaa irratti, nama mana qofa qabufaa mana kee gurgurii KAS kaffalii jennaa? Kan jedhu nama rakkisa jedhu. Kanaafis akka furmaataatti hiyyummaaf sadarkaan bahuu qaba jedhu. Furmaata biyyoota hedduu keessatti fudhatamu ta'uusaas akkuma olitti ilaalle.Biyyi keenyi illee hiyyummaaf osoo Sadarkaa baasuun hiika itti kennitee furmaata gaarii ni ta'an jedha.

Garee marii MMOGo/A/Adaamaa ta'erratti abbaan seeraa hiyyummaan 'subjective' ta'ee hafuu qaba jedhe illee ni jira. Kanaafis sababa yoo kaa'u namichi falmii dhumarratti KAS kaffaluun isaa waan hin oolleef waa'een hiyyummaa adda baafachuu nama yaaddessuu hin qabu. Kun garuu kaffaltii abbaa seerummaa osoo hin kaffaliin galmee banachuu fi dura kaffalanii banachuun garaagarummaa hin qabu yaada dogoggoraa jedhu irraa kan maddes fakkaata.Dirqamni dura kaffaluu garuu hiyyeessa qabeenya gahaa hin qabne mirga isaa jalaa kan danqu ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Karaa biraatiinis hiyyummaa nam-tokkoo wal-falmitoota fagoo irraa dhufan falmiisisuun manni murtii ofii qulqulleeffachuun rakkoo qaba kan jedhan jiru. Fagoo irraa deddeebi'anii ragaa akka dhiyyeeffatan taasisuun dhimma lafarra kan harkisuu fi namootni ragaa dhugaa dhiyeeffachuuf waan itti fagaatuuf ragaa sobaa bakka dhiyootii aakka bitatan kan taasisuu fi soba kan babal'isu jedhu. Kana hambisuuf immoo aangoon ragaa hiyyummaa

qulqulleessuu osoo mana murtii Aanaaf kenname gaarii dha jedhu. Kanarratti dabaluun ragaan takkaa kenname dhimmichi mana murtii dhiyaatetti hanga xumuramutti qofa kan tajaajilu ta'uun isaa immoo bakka hundatti hanga mana murtii waliigalaatti abbootiin dhimmaa fagoorraa dhufanillee ragaa hiyyummaa argachuuf akka baay'ee dhama'ani ittuu kan cimsu ta'a.Rakkoowwan gama kanaan mul'atus gama baasii,yeroo fi dhamaatii aby'ee bootii dhimmaatiin guddaa dha. Kunis kaayyoo seera deemsa falmii wajjin kan wal-faalleessu waan ta'eef kan furmaata barbaadu ta'uun isaa ifaa dha.

Nama mana sirreessaa irraa dhiyaatu ilaalchisees osoo qabeenya qabaate illee qabeenya isaatti fayyadamuuf illee haalli keessa jiru waan isaaf hin mijanneef osoo yeroo mara bilisaan banamee jedhu. Haalli kan hin mijanneef ta'uun isaa immoo hidhaa keessa jiraachuu isaa kan ka'e dha.Karaa biraatiin immoo qabeenya gahaa sababni itti hin qabaanne bal'aa waan ta'eef ragaa sobaa akka dhiyyeeffatan waan isaan taasisuuf yeroo mana murtii fi falmitoota qisaasuurra furmaatni eerame kun barbaachisaa ni ta'a.

Rakkoon biraa dambii hiyyummaa waliin wal-qabatee gareen marii kaase keessaa immoo galmeen dambii hiyyummaatiin banamee dhumarratti yoo himataan injifatame raawwiin KAS rakkoo ta'uu isaati. KAS dhimma kanaan walqabatu eenyu akka raawwachiisu seerri deemsa falmichaa haa kaa'u malee hojiirra oolchuun isaa hafeera. Kun immoo kan dhufe qaawwa seerichi qabu irraa kan ka'e dha. Seerichi haala KAS itti hordofamee kaffalchiifamu hin kaa'u jedhu.[135]

Yaadotni marii garee irraa ka'e kan armaan olii yoo ta'u qabxiilee kanas seera keenyaa fi muuxannoowwan biyyootaa ilaaluun furmaata barbaaduu barbaachisa. Dhimma ijoon dambii hiyyummaan KAS irra bilisaan galmee banuu qabxiilee ijoo inni qabu 1- hiyyeessi eenyu? 2.Adeemsi itti qulqulleffannuu fi ragaan barbaachisu maali? Isa jedhu yoo ta'u qabxiilee hafan murteessuun baay'ee rakkisaa miti.

Hiyyeessi KAS kaffaluu hin dandeenye eenyu isa jedhuuf seerri deemsa falmii siivilii keenyi waraabbiin amaariffa isaa yoo ilaallu jecha walitti qabaan kan taa'e dha (general). Innis …**ገንዘብ የሌለውና ለማግኘት የማይችል ማናቸውም ደሃ ሰው** jechuun kwt. 467 (1) jalatti ibseera. [136]

Handhuurri dubbichaa kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluu kan hin dandeenye ta'ee argamuu isaati. Hiikkaan (waraabbiin Ingliffaa isaammoo 'pauper'.[137]kan jedhuun yoo ta'u kwt xiqqaa 2 irratti whosoever is not possessed of sufficient mens to enable him to pay all or part of the prescribed court fee… jechuun kaa'a. [138]jechi 'pauper' jedhu jecha laatinii yoo ta'u hiikkaan isaa gargaarsa namaan ykn namatti hirkatee kan jiraatu (very poor, one who

[135]Yaada Marii garee gabatee 7 keessa cuunfame.
[136] SDFS kwt. 467 (1) waraabbii afaan Amaariffaa isaa
[137] SDFS kwt 467-mata duree isaa irraa kan fudhatame.
[138] SDFS kwt .467 (2)

expects charity or relief) kan jedhu dha.[139] Garuu, hiika kwt. 467 (2) jalatti waraabbiin Ingiliffaa ibsu yoo ilaallu nama qabeenya gahaa KAS seeraan akka kaffalu taa'e kaffalachuu hin dandeenye yoo jedhu nama homaa hin qabne ykn ofumaayyuu qaama biraatti hirkatee kan jiraatu jechuu hin fakkaatu. Namichi qabeenya qabaachuu akka danda'u garuu qabeenyichi KAS seeraan irraa barbaadamu kaffaluu kan hin dandeenye jechuutu sirritti isa ibsa.

Hiika kana qabachuun gara seera deemsa falmii siivilii keenyatti yoo deebinu gabatee maxxantuu 3ffaa irra tarreeffamoota jiran ilaaluun hiika hiyyeessa dambii kanatti gargaaramuu soquun barbaachisaa dha. Tarreeffamicharraa akka hubatamuttis (qabeenyicha akka waliigalaatti madaaluuf yoo ta'e malee) hiyyeessa kan jedhamu galii/qabeenya qabaachuu kan danda'u ta'uu yaada ibsu qaba malee akka waraabbii Ingiliffaa "pauper" inni jedhu yaada namatti hirkatee ykn gargaarsa namaan kan jiraatu jedhu ta'uusaa kan mul'isu miti. Kanaaf, waan guddaan seerummaa gaafatame kaffaluu danda'u fi dhiisuu isaati. Kun immoo haala qabeenya waliigalaa namichaa madaaluudhaan kan irra gahamu dha.

Kanarraan alatti garuu wantoota jiran keessaa tokko qofa baasanii fuudhuutiin fakkeenyaaf mana qabaachuun isaa waan beekameef qofa akka qabeenya kaffaltii abbaa seerummaa kaffale qabutti ilaaluun dogoggora ta'a. Miindaa 1,000 qaba, midhaan kuntaala tokko qaba, qubeelaa harkaa qaba kan jedhu qofti KAS kaffaluu danda'a nama jechisisuuf rakkisaa dha. Yoosoo nama hangamii gadi qabutu hiyyeessa? Waan qabeenya wayii qabaachuun isaa mirkanaa'eef qabeenya kana gurgurii KAS kaffali jechuun yeroo rakkisu hin jiruu? Gaaffilee jedhaniif seerri keenyi deebii dhaabbataa (objective) ta'e tokko nuuf hin kaa'u biyyoota biroo keessatti hiyyeessi eenyu isa jedhuuf deebii gahaan seera keenya caalu ni argama. Biyya Hinditti hiyyeessa jechuun nama qabeenya himannaaf sababa ta'ee fi qabeenya raawwiin irratti raawwatamuu hin dandeenye osoo hin dabalatiin qabeenya gahaa seeraan KAS himannaa dhiyeeffateef kaffalachuu hin dandeenye ykn kaffaltiin seeraan taa'e yoo hin jiraanne immoo qabeenya himannaaf sababa ta'ee fi qabeenya raawwii irratti hin taane osoo hin dabalatiin namichi qabeenya ruuppii kuma tokko baasu yoo hin qabaanne dha.[140]

R.1. Subject to the following provisions, any suit may be instituted by an (indigent persons) [explanation I-a person is an indigent person-

a) If he is not possessed of sufficient means (other than property exempt from attachement in execution of a decree and the subject matter of the suit) to enble him to pay the fee prescribed by law for the plaint in such suit, or

[139] A concise law dictionary , Justice YV CHANDRACHUD,3rd ,2006,WADHWA NAGPUR
[140] M p JAIN, THE CODE OF CIVIL PROCEDURE, 2007 edition,New Delhi,fuula 1015

b) Where no such fee is prescribed, if he is not entitled to property worth one thousand rupees other than the property exempt from attachment in execution of a decree, and the subject-matter of the suit.

Seerri kunis mana murtii ol'aanaatiin fooyya'eera.

Ajaja xxxxIII, rule1, ibsi rule1 olii akka armaan gadiitti bakka buufameera:[141]

Explanation 1- a person shall be deemed to be an indigent person if he is not possessed of means exceeding rupees one thousand in value or where he is possessed of means exceeding one thousand rupees in value, the same are not suuficient to enable him to pay fees prescribed by law for the plaint.

For the purpose of this explanation the means which a person is possessed of shall be deemed not to include property exempt from execution of a decree and the subjet matter of the suit. (1-1—1993).

Ibsa seera biyya Hindii kana irraa yoo ilaallu kan keenya irra caalaatti ulaagaan hiyyummaan nam-tokkoo ittiin madaalamu kan taa'e ta'uu hubatama. Kana keessatti akka ibsametti biyya Hindiitti namni qabeenya ruuppii 1000 baasu hin qabne hiyyeessa ta'uun isaa gaaffii hin ta'u. Biyya keenyatti garuu gaaffii dha. Sababni isaas biyya Hinditti qabeenya himannaaf sababa ta'ee fi qabeenya raawwiin irratti hin raawwanneen alatti namni ruuppii 1000hin qabne hiyyeessa jedhamee dambii hiyyummaatiin (KAS osoo hin kaffaliin) galmee banachuun seeraan heeyyamameeraafi. Kanuma wajjiin walqabatees qabeenyi raawwiif hin qabamne KAStiif akka hin qabamne seera biyya keenyaa keessa hin jiru. Garuu, kan Hindi keessa ni jira. Biyya keenyatti qabeenyoonni raawwiin hin qabamne kan SDFS kwt. 404 jalatti tarreeffamani dha. [142] Isaan immoo qabeenya jireenya namichaaf barbaachisoo ta'an kan akka sangaa fi midhaan ji'a sadiif maatii isaa gahu. Qotee bulaan kan ittiin jireenya isaa gaggeessu (lively hood), meeshaa mana keessaa nyaatni itti qophaa'u,meeshaa cisichaa, meeshaalee hojii ogummaasaa ittiin gaggeessu, qarshii ji'a sadii ittiin jiraatu fa'a dabalata. Kanaafuu, osoo kanneen kun seera keenyaan adda bahee kan taa'u ta'e rakkoowwan manneen murtii keenyi marii garee irratti kaasan hanga tokko kan furu ta'a. Rakkoon seeraa kun immoo seericha foyyeessuun ykn jijjiiruun ni sirrata.

Biyya Ingilizzittis Istaandaardii gahaan hiyyummaa nam-tokko ittiin safaran mata duree KAS irraa hambisuu (dhiisuu) fi KAS irraa bilisa taasisuu jedhu olitti ilaalle jalatti akka taa'e argineerra. Kanaafuu, muuxannoon biyyootaa kun rakkoo qabatamaa hiyyeessi eenyuu jedhu hiikuuf hanqina seerri keenyi qabu hiikuuf karaa kan nu qajeelchuu danda'nidhan jedha. [143] Akkuma boqonnaa II keessatti kaasne mirgi haqa argachuu namoota KAS

[141] kanuma
[142] SDFS kawt .404
[143] 2007-Court fee remission,fuula

kaffalachuu hin dandeenye kan itti eegamu keessaa dambii hiyyummaatiin sirna himata banachuu eeyyamu diriirsuutti biyyootni tokko tokko akka fayyadaman ilaallerra. [144] Mirgi kuni immoo eegameera kan jennu sirrichi diriiruu isaa qofa osoo hin taane salphaatti maamiltoonni karaa itti fayyadamuu danda'aniin kan qindaa'ee yoo ta'e akka ta'es ifa dha.

Haaluma kanaanis sirna ragaan hiyyummaa itti qulqulla'u ilaalchisee manneen murtii ragaa ofumaa kan qulqulleessan ta'uun isaa hubatameera. Mana murtii tokko tokko keessatti immoo foormiin qophaahee haala salphaa fi gabaabaa ta'een hojjetamuun isaa gabatee armaan olii keessatti bu'aa marii garee ta'erraa hubatama.[145] Kan ta'uun isaamoohojimaata duraan rakkisaa ture waa'ee ragaa mana murtii hawaasummaa (ragaa hiyyummaa gandatu kenna moo miti)jedhu hambiseera. Bu'uuruma seerichi barbaaduun abbaan seeraa ragaa hiyyummaa ilaalee murtii itti kennuun isaa fooyya'insa gaarii manneen murtii keenyi agarsiisanii dha.

Haa ta'u malee rakkoo ragaa osoo hin taane rakkoo adeemsaa wajjin walqabatee nam-tokko dambii hiyyummaatiin himata isaa erga banatee booda yoo moo'ate sirna KAS itti kaffalu irratti rakkoon akka mul'ate hubatameera. Kana qofa osoo hin taane himataan dambii hiyyummaatiin banatee booda yoo injifatame sirni yoo gara fuula duraatti qabeenya argate KAS itti kaffalu rakkoo raawwii akka qabu marii garee irratti ka'eera.

Rakkoon hima isa duraa ilaalchisee jiru, namni dambii hiyyummaatiin himachuun dhumarratti moo'ate, seerri deemsa falmii siivilii waraabbii Amaariffaa isaa fi kan Ingiliffaan kan walitti bu'u ta'u isaati (SDFS kwt. 476)kan Amaariffaa qabeenya himataan moo'ate irraa kaffalama yoo jedhu kan Ingiliffaa immoo Injifatamaan akka kaffalu taasifama jedha. [146] Rakkoo kana hiikuuf qajeeltoon hiikkaa jiru hiikkaan inni ammaariffaa akka fudhatamu nu agarsiisa. Haa ta'u malee kaayyoo seerichaa waliin hiika yoo itti kenninu KAS kan kaffalu himataa dha. Malee himatamaa miti. Himatamaan kan kaffalu yoo injifatame baasii himataan baasee dha. Baasiin kun immoo KAS himataan baasee akka bakka buusuuf dabalachuu danda'a. Akka qajeeltootti garuu KAS himataatu kaffala waan ta'eef hiikkaan waraabbii Ingiliffaa fudhatamuu qaba. Muuxannoo biyya Hindi yoo ilaallus ajaja xxxiii rule 10 jalatti KAS akkasii qabeenya injifataan moo'ate irraa kaffalama jedha.[147] Seerri kan keenyis kan Indiyaa irraa kan fudhatame waan ta'eef rakkoon hiikkoo kan uumame yommuu waraabbiin Ingiliffaa ta'utti dogoggora uumame irraa kan ka'e ta'a.

Dhimmii inni lammaffaan immoo himataan falmii isaa yoo injifatame kaffaltii abbaa seerummaa akkamitti kaffaluu danda'a kan jedhu dha.(SDFS kwt. 478). Akka tumaa kanaatti yeroof abbaa seerummaaf osoo hin kaffaliin namni falme mirga kanatti fayyadamaa ta'uu isaaf waraqaa ragaa guyyaa argatee kaasee waggaa 10 keessatti

[144] Biyya Ingilizzii, Hindi fi Itiophiyaa ni dabalata.
[145] Marii garee gabatee 7ffaa
[146] SDFSkwt. 476 waraabbii afaan Amaariffaa fi Ingilifaa.
[147] SDFS kwt. 477

qabeenya ykn maallaqa kan argate yoo ta'e kanuma mana murtii ragaa hiyyummaa irraa argatetti beeksisuutiin kaffaltii abbaa seerummaa kaffaaluu qabuu fi baasii kaffaluutu irraa eegama. Kana yoo hin goone itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu ta'uu ibsa. [148] Haa ta'u malee hojiirra oolmaa keewwata kanaa irraatti qaamni itti gaafatamummaan KAS kana kaffalchiisu haalli itti odeeffannoo argatu waan hin diriirreef rakkoo ta'uun isaa ibsameera. Akka yaada marii garee kana irraa hubatamutti namichi gaafa qabeenya argatu mana murtiitti beeksisee kaffaluu fi kaffaluu dhiisuu isaa akkamitti qaamni yakkaan itti gaafatamaa isa taasisuuf himatu odeeffannoo argata inni jedhu wanta seerichaan furmaata hin argamne ta'ee mul'ata. Biyya Indiyaatti muuxannoon jiru ajaja XXXIII,Rule 12 jalatti nama dambii hiyyummaatiin himata banatee dhumarratti injifatame mootummaan naannoo sanaa mirga yeroo fedhetti himatee KAS kaffalchiisuu qaba.[149]Himata kana dhiyeessuuf immoo dursa yaadachiisni kennamuu fii waan qabuuf manni murtii ol'aanaa madras keewwatichi bifa kanaan fooyya'uun dirqama yaadachiisuu akka qabaatu taasiiseera (Rule 12 sub 2).[150] Seerri biyya keenyaas rakkoo hojiirra oolmaa isaa maqsuuf dirqamni yaadannoo (odeeffannoo) qaama mootummaa KAS sana raawwachiisuuf himatuuf bifa kennuun tumuun osoo fooyyaa'ee gaarii ta'an jedha.

Rakkoon biraa maamiltoonni dambii hiyyummaatiin fayyadamuun mirgi haqa argachuu isaanii kan itti eegamu sirni kun jiraachuu isaa yoo beekani dha. Hubannoon kunis maamiltootni KAS yoo itti cime furmaata maal akka fudhatan gaafataman irraa gabatee (7) armaan gadii keessatti kaa'ameera. boqonnaaII jalatti akka ilaalletti biyya Ingilizzitti mirga KAS osoo hin kaffaliin himata banachuu warra qabeenya gahaa hin qabnee eeguuf manni murtii odeeffannoowwan adda addaa beeksisa maxxansuun, biroosherii garsiisan dhaabuun hojiin odeeffannoo dabarsuu akka hojjetamu ilaalameera. [151]

[148] SDFS Indiyaa order XXXIII,Rule 12
[149] SDFS Indiyaa order XXXIII, fooyyeeffama madras Rule 12 (2)
[150] SDFS Indiyaa rule 12 sub 2
[151] Kan olii lakk.61,fuula v

Gabatee 7

Namoota gaafannoo dhiyaateefii KAS yoo itti cime furmaata isaan fudhatan ibsu. Gaaffannoo maamiltoota manneen murtii shanii.

Yaadota dhiyaate	baayina	Abu/b/bu'a	Dhunfaa		
Dambii Hiyyummaatiinan banadha.	8/22	4/8	4/8	dhiraa	4/8
				Dhalaa	
Himata koo nan dhiisaa /tilmaama isaa nan hir'isa	4/22	3/4	1	dhiraa	1/5
				Dhalaa	0
Furmaata isaa ittin yaada/hinbeeku/cimus nan kaffalaa ture	10/22	7/10	3/10	dhiraa	2/3
				Dhalaa	1 (1/3)

Gabatee7 kana irraa akka hubatamutti maamiltoota dhaddacha siivilii fi maatii mannen murtii shanitti gaaffannoon dhiyaateefi 22 keessaa namni 8 persantiin 36.4% KAS yoo itti cime dambii hiyyummaatiin banachuu furmaata godhatu. Nam 22 keessaa 4 (persantiin 18%) immoo himata isaanii dhiisuu fi tilmaama qabeenya himataaf sababa ta'e hir'isuu akka furmaataatti kaa'u. Irra jirreessi isaanii nam 22 keessaa 10 (45.5%) immoo KAS yoo itti cime furmaata fudhatan hin beeknu fi fuulduratti itti yaadna kan jedhani dha. Maamiltoota dambii hiyyummaatiin banadha jedhan keessaa baay'inaan kan ofiin falmatu persantii 50% (nama 8 keessaa 4). Kan abukaatota /b/bu'a ta'anis persantii 50% (nam 8 keessaa nam 4) maamiltoonni furmaata fudhatan hin beekne.Itti yaadna fuulduratti kan jedhan keessaa immoo kan ofiin falmatu persantii 30% nam 10 keessaa 3) yoo ta'u persantiin 70% (nam 10 keessa 7) immoo abukaatota/bakka bu'oota).[152]

Irra jireessi namoota gaafatamanii 45.5% (nam-22 keessaa 10) KAS yoo itti cime furmaata fudhatan kan hin beekne ta'uun isaa hubannoon sirna dambii hiyyummaatti fayyadamuu maamiltootaa xiqqaa ta'uu isaa mul'isa. Isaan kana keessaa immoo baay'inni abukaatota/bakka bu'oota 70% (nam 10 kessaa 7) ta'uun isaa rakkoon hubannoo guddaan jiraachuu agarsiisa. Sababni isaas abukaatoon/bakka bu'aan namoota ofiin falmatan irra caalaa hubannoo seeraa qabu jedhamee waan yaadamuufi. Odeeffannoon kun immoo waa'ee himata banachuu haala ifaa fi salphaa ta'een uummata (maamiltoota) geessisuun barbaachisaa ta'uu isaa nu hubachiisa. Gama kanaatiinis hojiin guddaan mana murtiitiin hojjetamuu barbaachisa jechuu dha.

[152]Yaada gabatee 7 irraa cuunfame

3.2.5.2.KAS Irraa Bilisa Ta'uu

Akkuma ka'umsaattuu SDFS fi dambiin KAS keenyi waa'ee haala KAS itti kaffalamu yoo dubbatu kan maallaqni itti kaffalamuu fi kan dambii hiyyummaatiin dhiyaatu kaa'uutiin alatti haala galmeen bilisaan itti banamu hin kaa'u. SDFS keenyi waa'ee galmee dambii hiyyummaan banamuu yoo dubbatu jechi galmee bilisaan banamu jedhu irra deddeebi'amee argina. [153] Jechichi kana haa jedhuyyuu malee tokko tokkoon yeroo ilaalamutti booda kanuma kaffaltiin itti kaffalamu garuu yeroof akka hiyyummaatti galmee banamu ta'uu dubbata. [154] Kanaafuu, jechichi dogoggoraan kan ibsame ta'uu hubatama. Lammaffaarratti, bilisa jechuun kan KAS itti hin gaafatamne jechuu dha malee yeroon kaffaltii isaa kan dheerate (dambii hiyyummaatiin galmee dhiyaatu) akka hin taane dha.

Haa ta'umalee galmeeleen waajjira mootummaa tokko tokko KAS irraa bilisa akka ta'an xalayaan Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa maqaa Pirezidaantii yerosii kan turan Hasan Aliitiin bahan kan jiru ta'uun isaa beekamaadha. [155] Hojiirra oolmaan xalayaa kanaa ilaalchisee muuxannoon manneen murtii keenyaa fi yaadni jiru maala akka ta'e gabatee (8) armaan gadii keessatti taa'eera.

Waajjiraaleen mootummaa xalayaa kanaan ibsamanis qaamota mootummaa bu'aa argachuuf hin dhaabatin akka ta'e xalayichi kan ibsu.

Isaanis:

1. Biiroo Gargaarsaa fi Deebisee dhaabuu Oromiyaa
2. Biiroo Turizimii Oromiyaatiif
3. Biiroo Albuudaa fi Inerjii Oromiyaatiif
4. Biiroo dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaatiif
5. Biiroo Beeksisa Oromiyaatiif
6. Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaatiif
7. Biiroo Aadaa fi Ispoortii Oromiyaatiif
8. Biiroo Misooma Q.U. fi E.N. Oromiyaatiif
9. Biiroo Qonnaa Oromiyaatiif
10. Biiroo Hojii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif
11. Biiroo Industrii Oromiyaatiif
12. Biiroo Daldala Oromiyaatiif
13. Biiroo Investimentii Oromiyaatiif
14. Biiroo Karooraa fi misoomaa fi Dinagdee oromiyaatiif

[153] SDFs kwt, 467 fi 479 mata duree isaa ilaaluun hubachuun ni danda'ama.
[154] Fakkeenyaaf SDFS kwt. 476, 478 fi 479 yoo ilaallu namni bilisaan banate booda KAS kaffaluun isaa akka hin oolle agarsiisu.
[155] Kan olii lakk. 67, Xalayaa Biiroo caffee irraa barreeffame, fuula hin qabu.

15. Biiroo Barnoota Oromiyaatiif
16. Biiroo Misoosma Bunaa fi Shaayee Oromiyaatiif
17. Biiroo Bulchiinsa Hojjetaa Naannoo Oromiyaatiif
18. Biiroo Faayinaansii Oromiyaatiif
19. Biiroo Bulchiinsa Godinoota 12f

Biirooleen kun hunduu iyyata dhiyeeffachuu dhaaf, falmii adda addaa gochuudhaaf kaffaltii abbaa seerummaa fi kkf irraa bilisa akka ta'an beektanii ajaja barbaachisaa manneetii murtii naannoo Oromiyaa keessatti hundaayaaniif akka dabru jechuun ajaja mana murtii waliigala Oromiyaaf darbe dha. [156]

Gabatee 8

Marii garee abbootii seeraa, ofisera seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiraanii.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunname.	Yaada Mana murtii	Mana Murtii
f. KAS galmeelee waajjira mootummaa adda addaa	Xalyaan warrii akka hin kaffalamne jedhe hin kaffalchiifnu	MMO G/A/N/Finfinnee
	• Galmeelee waajjira mootummaa xalayaan KAS akka hin kaffalamne jedhu hin kaffalchiifnu. • Warren bu'aaf dhaabatan ni kaffalchiifna.	Mma/adaamaa
	• Waajjiraalee mootummaa galii qaban ni kaffalchiifna university adaamaa kaffalchiifneera wlqo hin kaffalchiifne. • Dambiin KASxalayoota caffee irraa kaffalchiisuu dhorgan ragaasu	MMOG/A/Adaamaa

[156] Kanuma.

	ykn kuffisu jiraachuu qaba. • KAS galii wajjin waan wal-qabatuuf waajirri kamiyyuu kaffaluu qaba jenna.	
	• Galmeelee waajjira mootummaa KAS hin kaffalchiifnu garuu kan xalayaan ibsu waajjira shan qofa.	M/M/A/Sulultaa
	• Xalayaan KAS akka hin kaffalamne ibnsu waajjiraalee bu'aaf dhaabatan illee dabalateera. • Xalayoonni kun osoo sassaabamanii dambii keessa galfamanii • Waajjiraalee xalayichi tarreesse KAS hin kaffalchiifnu (hanga yaadni waliigalaa hin jirretti) • Xalayoonni kun garuu dambii fi seera cabsuu hin qaban yaad jedhu qabana:	MMWOfi Dh. IJ.

Gabatee kana irraa hubachuun akka danda'amutti waajjiraaleen muutummaa xalayaa caffee irraa barreeffameetiin KAS osoo hin kaffalamin galmeen bilisaan akka banamu ajajame ilaalchisee KAS kaffalchiisuu irratti ejjennoon manneen murtii keenyaa irra jireessaan KAS osoo hin kaffalchiisiin galmee banuu dha. Dabalataan galmeelee waajira muutummaa xalayaan kun tarreessu keessaa waareen galii qaban ni kaffalchiifna kan jedhanis jiru. Fkn; M/M/O/F/A.Adaamaa ilaaluun ni danda'ama. Akka yaada mana murtii kanaatti KAS galii waajjin waan wal-qabatuuf waajjirri kamiyyu kaffaluu qaba ejjeennoon jedhuu waan qabaniif galmee universiitii Adaamaafaa irratti KAS kaffalchiisuu isaanii eeraniiru xalayoota caffee irraa KAS akka waajjiraaleen tokko tokko hin kaffalle jedhan dambiin heeyyamu ykn dhorgu bahuu qabas jedhu. Mana murtii waliigala Oromiyaatti

marii garee taasifameenis waajjiraalee xalayaan KAS akka hin kaffalle jedhaman KAS akka hin kaffalchiifne eeruun osoo xalayonni kun sassaabamanii dambii keessa galfamanii jedhameera. Ta'us hang yaadni waliigalaa manneen murtii jidduutti hin jirretti kan ittiin hojjennu malee xalayoonni kun dambii fi seera cabsuu hin qaban jechuun ibsameera. Manni murtii kun xalayoonni kun waajjiraalee galiif dhaabbatan illee hammachuu isaa ibseera. [157]

Xalayooni kun yaada haaraa SDFS keenya keessatti kan qabatanii dhufan yoo ta'u marii garee kana irraa akka hubatametti manneen murtii keenya fudhachuun kan itti hojjechaa jiran ta'uu isaati. Haa ta'us malee SDFS keenyi kwt. 215 himatni dambii hiyyummaatiin yoo ta'e malee KAS yoo itti kaffalame malee fudhatamuu akka hin qabne ibsa. Kun yoo akkas ta'e ammo yaadni xalayaa kanaa fi SDFS kun walitti bu'a jechuu dha. Akka hiikkoo seeraatti ammo yoo ilaallu SDFS keenyi bifa 'decree' tiin kan bahe waan ta'eef aangoon xalayaatii oli dha. [158] kanaafuu, xalayichi seericha foyyeessuu ykn haquu hin danda'u. manneen hojii mootummaa tajaajila bilisa akkasii akka argatan osoo barbaadameera ta'ee qaamni seera tumu waajjiraaleen kun KAS irraa bilisa (exemption) gochuun tuma ture.

Haa ta'u malee seera hojjetaa fi hojjechiisaa labsii lakk. 377/2003 kwt. 161 (1 ½) irrattis falmii hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti hojjetaan KAS kaffaluu irra bilisa jedha.[159] Kana yoo ilaallu immoo seera baastuun dhimmoota KAS osoo itti hin kaffalamiin akka himatni dhiyaatu barbaadu darbee darbee akka jiraatu barbaaduu isaa agarsiisuu danda'a. kanaaafuu, barbaachisummaan isaa yommuu argamutti seera aangoo SDFS foyyeessuu danda'uun seera baastuun seera akkasii baasuu ni danda'a.

Muuxannoo biyyoota yoo ilaallu akka boqonnaa 1ffaa jalatti ilaalletti biyya Hindiittis [160] ta'ee biyya Ingilizzitti [161] dhimmootni (galmeeleen) KAS irraa bilisaan akka banaman barbaadaman dambii KAS isaanii keessatti seeraan tarreeffamanii adda bahaniiru. Barbaachisummaan isaaniis itti amanamee itti hojjechaa jiru.

3.2.6.Hanga Taarifa KAS fi Rakkoo Shallaggii

3.2.6.1. Hanga Taarifa KAS

Dhimmi KAS waliin ka'uu inni biraa immoo hanga taarifa isaa fi sirna shallaggii isaati. Hanga taarifa KAS yoo jennu taarifni maamiltoota irraa kaffaltiin itti guuramu kan xiqqaatee moo kan guddate moo gahaa dha isa jedhu ilaallata. Kana immoo dhiibbaa inni kaffaltoota(warra KAS kaffalee) mana murtiitti falmatan irratti qorannaa gochuu barbaada.Hojjettootni KAS kaffalciisuu irratti hojjetan miira maamila isaanii KAS yoo kaffalu irratti arganii fi yaada hojjettootni kun ofii isaanii qaban akka waliigalaatti

[157] Marii garee gabatee 8 irraa kan cuunfame.
[158] SDFS, galma isaarra lakk. 1-this decree my be cited as the civil procedure code decree 1965 jechuun kaa'eera.
[159] Kan olii lakk.66,seera hojjetaa fi hojjechiisaa, kwt. 161 (1) (2)
[160] Kan olii lakk.5, What is cost go to do with it? ,fuula 1
[161] Kan olii lakk.69,Kwt.10

madaaluun hubachuun ni danda'ama. Sirna shallaggii taarifa KAS gara boodatti kan ilaallu ta'a.

Haaluma kanaanis mamiltootni mana murtii dhimma dhaddacha maatii fi siivilii irraa qaban mana murtiitti himachuuf , ol'iyyachuuf KAS isaan yaaddessu fi isaan yaaddessuu dhiisuu gaafatamanii yaada gabatee 8 armaan gadii keessatti argamu kennaniiru.

Gabatee 9

Bar-gaaffii maamiltoota mana murtii dhaddacha siivilii fi maatii ta'an irraa dhimma isaanii mana murtii fidachuuf kaffaltiin abbaa seerummaa akka isaan yaaddeesse ykn hin yaaddeessine gaafatamanii deebii kennan ilaallatu. Gaaffannoo falmii himata jalqabaa fi ol'iyyannoo maamiltoota qabaniif manneen murtii shan irratti taasifame.

<u>Na yaaddesseera.</u>

Himata jalqabaa himachuun na yaaddesseera	11/22	Abukaatoon b/bu'aan	7/11		
		Ofiin falmaa	4/11	dhiira	4/4
				Dhalaa	0/4
Ol'iyyannoon na yaaddesseera	6/20				

- Namootni KAS na yaaddesseera jedhan keessaa kan himata jalqabaa mana murtiitti qaban persantii 50% isaaniiti. Kan na hin yaaddeessine jedhanis persantii 50. Kan na yaaddesse jedhan keessaa kan abukaatoo/bakka bu'aa ta'ee falmu persantii 63.6% (nam-11 keessaa 7) .Kan ofumaa falmatu immoo persantii 36.4% (nam-11 keessaa nam-4). Kan ofiin falman na yaaddesse jedhan hundi dhiira.
- Kanneen KAS ol'iyyannoo dhiyeeffachuuf nu yaaddesse jedhan immoo persantii 30% (nam-20 keessaa 6) dha.

Na hin yaaddeessine

Himata jalqabaa na hin yaaddeesine	11/22	Abukaatoon b/bu'aan	6/11		
		Ofiin falma	5/11	Dhiiraa	4/5
				Dhalaa	1/5
Ol'iyyannoo na hin yaaddeessine	14/20				

Himata jalqabaa kan dhiyeeffatanii KAS na hin yaaddeesine jedhan persantii 50% keessaa kan ofiin falmatu persantii 45% (nam 11 keessaa 5) dha. Isaan kana keessaa immoo persantiin 80% (nam 5 keessa 4) dhiraa ; persantiin 20% (nam 5 keessaa 1) immoo dhalaa dha. Kanneen KAS ol'iyyannoo nu hin yaaddessine jedhan immoo persantii 70% (nam 20 keessaa 14)[162]

[162] Yaada gabatee 9 irraa kan cuunfame.

Gabatee 9ffaa kana irraa akka hubatamutti baay'inni namoota KAS himata jalqabaa banachuuf nu yaaddeesse jedhanii fi kan nu hin yaaddessine jedhanii walqixa. Garuu,

ol'iyyannoo irratti kanneen nu hin yaaddeessine jedhantu caala. Kanneen ofiin falmatu keessaa immoo irra caalaan isaanii himata jalqabaa banachuuf KAS kan nu hin yaaddessine jedhantu caala. Irra caalaan namoota KAS himataa jalqabaa nu yaaddeesse jedhanii abukaattota bakka bu'oota (nam 11 keessaa nam7). Kana yoo xiinxallu immoo abukaattotni sababa isaan kaa'an tokko tokko akka gaaffannoorratti yaada isaanii kennanitti osoo dhimmi hundi bilisaan banamee kan fedhan ta'uu waan yaadaniif ta'uun ni hubatama.Kanneen nu hin yaaddeessine jedhan keessaa harki caalu kan ofiin falmatan ta'uun isammoo kan abukaattoon falman caalaa miira falmitootaa waan ibsuuf KAS akka itti hin yaaddeessine caalaatti kan nama amansiiu dha. Ol'iyyannoo irratti garuu harki caalu (nam 20 keessaa 14) nu hin yaaddessine kan jedhan KAS walakkaa himata jalqabaatti kaffalan akka kaffalchiifaman waan beekameefi (kunis dambii KAS kwt. 8 waliin walqabata) kaffaltii xiqqaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, yaada xiqqaan akka isaan yaaddeessan waan ibsaniif KAS amma kaffalchiifamaa jiru kan maamiltoota badaa hin yaaddeessine ta'uu isaa nu hubachiisa. [163]

Karaa biraatiin immoo hangi taarifa KAS kaffalamuu erga kaffalanii himataa fi ol'iyyata isaanii dhiyyeeffatan booda miirri maamiltootaa maal akka fakkaatu maamiltoota guyyaa tokko gaafannoon godhameefi irraa odeeffannoon argame gabatee (10) armaan gadii keessatti argama.

Gabatee 10

Bar-gaaffii maamiltoota mana murtii dhaddacha siivilii fi maatii ta'an irraa dhimma isaanii mana murtii fidatanii kaffaltiin abbaa seerummaa isaanitti cimuu fi dhiisuu gaafataman. Gaafannoo maamiltoota falmii himata falmii hamata jalqabaa fi ol'iyyataa qabaniif mana murtii shananitti dhiyaatee fi

<u>Natti cimeera.</u>

<table>
<tr><td rowspan="3">KAS himata jalqabaa natti cimeera.</td><td rowspan="3">10/22 (45.5)</td><td>Abuk/b/bu'aa</td><td>Abuk/b/bu'aa</td><td>6/10</td><td colspan="2"></td></tr>
<tr><td rowspan="2">Ofiin falma</td><td rowspan="2">Ofiin falma</td><td rowspan="2">4/10</td><td>Dhiira</td><td>¾</td></tr>
<tr><td>Dhalaa</td><td>¼</td></tr>
<tr><td>KAS ol'iyyata natty cimeera.</td><td colspan="6">9/20 (45%)</td></tr>
</table>

[163] Kan olii lakk. 164

Gabatee kana irraa yoo ilaallu dhaddacha siivilii fi maatii irratti himata jalqabaa kan banatan keessaa nam 22 keessaa nam 10 (persantii 45.5%) kaffaltiin abbaa seerummaa akka itti cime yoo dubbatan kana keessaa immoo nam 10 keessaa6 (persantiin 60%) abukaattota b/bu'oota yoo ta'an persantiin 40% (nam 10 kessaa nama4) immoo kan ofiin falmatani. Kan ofiin falman keessaa persantiin 75% dhiira (nam 4 keessaa 3). Parsantiin 25 (nam 4 keessa 1) dhalaa dha. Namoota dhaddachuma kanneen irratti ol'iyyataan galmee banatan keessaa immoo kan KAS natti cimeera jedhe immoo persantii 45% (nam 20 keessa nam 9)[164]

Nati hin cimne

<table>
<tr><td rowspan="3">KAS himata jalqabaa natty hin cimne</td><td rowspan="3">12/22 54.5%)</td><td rowspan="3">Abuk/b/bu'aa
Ofiin falma</td><td>6/12</td><td colspan="2"></td></tr>
<tr><td rowspan="2">6/12</td><td>Dhiraa</td><td>5/6</td></tr>
<tr><td>Dhalaa</td><td>6/12</td></tr>
<tr><td>KAS ol'iyyataa natti hin cimne</td><td colspan="5">11/20 (55%)</td></tr>
</table>

Akka gabatee kana irraa hubatamutti dhaddacha siivilii fi maatiitti maamiltoota falmii himata jalqabaa qaban keessaa persantiin 54.5% (nam22 keessaa nam 12) KAS kan itti hin cimne ta'uu ibsu. Isaan kana keessaa persantiin 50% abukaatoo ykn b/bu'aa dha. Persantiin 50% (nam 12 keessaa 6) immoo kan ofumaa falmatani dha. Kan ofumaa falmatan keessaa immoo persantiin 83% (nam 6 keessaa 5) dhiira. Persantiin 17% Nam 6 keessaa 5) immoo dhalaa dha.

Kanneen galmee ol'iyyataa yommuu dhiyyeeffatan KAS akka itti hin cimne ibsan immoo persantii 55% (nam 20 keessaa 11).[165]

Walumaagalatti, himata jalqabaa maamiltoota banatan keessaa 45.5% KAS akka itti cime yoo dubbatan 54.5% immoo akka itti hin cimne waan insaniif KAS taarifa dambii lakk. 177/45 tiin himata jalqabaaf kaffalamaa jiru harki caalu akka hin cimne ibseera waan ta'eef hin cimu. Isaan nutti cima jedhan keessaa immoo 60% abukaattotaa fi bakka bu'oota ta'uun isaanii himatani waan cimeef qofa akkas jedhan jechuuf ni rakkisa. Sababni isaas yaada kennan keessatti dirqamani KAS kaffaluu jiraachuu isaallee kan morman waan tureefi. Himata jalqabaa irratti KAS natti hin cimne persantii jedhan keessaa warri ofiin falmatan 83% dhiira persantiin 17% dubara ta'uun isaa immoo tarii aadaan dubartootni hirkattummaa dinagdee jala jiran biyya keenya keessa waan jiruuf KAS kaffaluun kan itti

[164]Yaada gabatee 10 irraa cuunfame
[165]Kan olii lakk.165

cime ta'uu danda'a. kun ta'us garuu persantii caalmaa qabutu natti hin cimne jedhe waan ta'eef KAS saalaan dhalaa warra ta'an irrattillee hin cimne.

Hanga KAS oliyyannoorratti kaffalamu ilaalchisees 55% akka itti hin cimne yoo ibsan 45% immoo akka itti cime waan ibsaniif harki caalu akka itti hin cimin ibsaniiru. Kanaafuu, KAS ol'iyyannoorratti taarifa dambii KAS lakk. 177/45 irratti hundaa'uun kaffalchiifamu akka maamiltootatti hin cimne nu hubachiisa. Kanneen olitti kaafne kun KAS erga kafalanii yaada maamiltootni hanga taarifa KAS irratti qaban yoo ta'u itti aansuutiin immoo yaada ofiseero ta seeraa kan ilaallu ta'a.

Ofiserootni seeraa hojjettoota mana murtii kallattiin KAS kaffalchiisan waan ta'eef miira maamiltoota isaanii KAS akka itti guddateefii akka itti hin guddannee kan beekani dha. Kanaafuu yaada miira maamiltoota isaanii irraa argataniifi yaada mataa isaanii guddachuu fi xiqqaachuu taarifa KAS lakk. 177/45 irratti qaban gabatee (11) armaan gadii jalatti ilaalameera.

Gabatee 11

Bar-gaaffii ofiseroota seeraa sadarkaa manneen murtii sadanitti argamanii kan manneen murtii afurii, yaada maamiltootaa isaanii fi yaada ofii isaanii KAS irratti qaban itti ibsan

Yaada ofiseroota seeraa	Baay'ina
Maamiltootni kiyyaa KAS akka itti guddate ibsu	2/8
Maamiltootni kiyya KAS akka itti salphate ibsu	5/8
Homaa hin jedhan	1/8
Ani KAS ni xiqqaatan jedha.	7/8
Ani KAS ni guddatan jedha	0
Ani KAS gahaa Gi/galeessan jedha.	3/8
SDFS fi Dambiin KAS rakkoo waliin hojjechuu qaba	3/8
SDFS fi dambiin KAS rakkoo waliin hojjechuu hin qabu	5/8
Namni KAS natti cime jedhee dhiise na quunnamee beeka	0
Namni KAS natti cime jedhee dhiise na quunnamee hin beeku	8/8

Gabatee "11" kana irraa hubachuun kan danda'amu ofiserootni seeraa mamiltootni isaanii KAS akka itti guddate ibsaniif persantii 25% (nam8 keessaa2) yoo ta'u kan maamiltootni isaanii akka itti salphate ibsaniif immoo persantii 62.5% (nam8 keessaa 5)dha. Persantiin 12.5% (nam 8 keessaa1) immoo homaa akka hin jenne ibsu. Ofiseroota ni xiqqaata jedhan

immoo persantii 87.5% (nam 8 keessaa 7) yoo ta'an kanneen giddu galeessa jedhan immoo persantii 37.5% (nam 8 keessaa3); kanneen ni guddata jedhan garuu hin jiran (o%).

- Ofiseeroota seeraa kana keessaa kan maamilli KAS natti cime (natti guddate) jedhee dhima isaa dhiise na quunnamee beeka jedhe hin jiru (0%) . Hundi isaanii namni KAS natti cime jedhee dhiise na quunnamee hin beeku jedhu (100%).
- Dambii fi SDFS rakkoo waliin hojjechuu qabachuu ofiseroota gaafataman keessaa persantiin 37.5 rakkoo waliin hojjechuu akka qabu yoo ibsan persantiin 62.5 (nam 8 keessaa 5) immoo rakkoo waliin hojjechuu akka hin qabanetti ibsu. [166]

Walumaagalatti, maamiltoota jiran keessaa persantii guddaan (62.5) namni KAS akka itti salphate waan ibsaniif taarifni KAS dambicha jalatti kaffalamu kan xiqqaatu ta'uu isaa mirkaneessa. Ofiseroota seeraa hanga taarifa KAS irratti yaada kennan keessaa 87.5% (harki baay'ee caalaan) namni KAS natti cime jedhee dhiise na quunnamee hin beeku waan jedhaniif taarifni dambichaan kaffalchiifamaa jiru kan xiqqaatu ta'uu isaa mirkaneessa. Maamiltootni hundi (100%) namni KAS natti cime jedhee dhiise jiraachuu dhibuun isaa immoo yaada KAS salphaa ta'uu ibsu kan nuuf cimsu dha. Dhumarrattis hanga taarifa KAS keenya irratti marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiran keessaa mana murtii shan waliin taasifame akka gabatee (12) armaan gadiitti taa'eera.

[166] Yaada gabatee 11 irraa cuunfame

Gabatee 12

Marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadanii

SDFS fi dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunnaman	Yaada mana murtii	Mana murtii
J. Gaaffannoo kaffaltii abbaa seerummaa yeroo ammaa daambii lakk.177/45 jalatti kaffalchiifamu ni xiqqaata moo ni guddataa ilaalchisee.	• Kaffaltiin abbaa seerummaa ni xiqqaata hin jennu. Garuu, dogoggoraan dhimmootni qarshiin hin tilmaamamu jennee kaffaltii dhaabbataa waan kaffalchiisnuuf KAS ni xiqqaata. • Nama KAS kaffaluun natti cime jedhee dhimma isaa dhiisuus hin agarre.	MMA/Adaamaa
	• KAS dambiin lakk. 177/45 kaa'u ni xiqqaata. Dambii bara 1945 baheen KAS kaffalchiisuun galii mootummaaf kan yaadame hin jiru jechuudha. Dambiin lakk. 177/45 haala biyyattiin keessa jirtu waliin wal hin madaalu, ni xiqqaata. • Namni hanga shayiif kaaffeetti baasu ille KAS tiif kaffalaa hin jiru. • Hojiin A/Seeraa hojjetu guddaa dha. Garuu, gatiin tajaajila kanaaf kenname humnaa ol xiqqaa dha. Fkn. Dhorka(temporary injunction) bu'uura SDFS kwt. 154tiin waajjirri bulchiinsa magaalaa qar. 3000 kaffalchiisa. Nuti garuu qarshii xiqqaa kaffalchifna. • KAS yoo dabale galiin mootummaa ni guddata; manni murtiis ittiin babal'ataa, gahumsis dabalee mirga haqa argachuuf gumaacha ni qabaata.	MMO/G/A/Adaamaa

Marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa, fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadanii.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo quunnaman	Yaada manneen murtii	Mana murtii
J. kaffaltiin abbaa seerummaa yeroo ammaa kaffalchiifamu ni xiqqaata moo ni guddata gaaffii jedhu ilaalchisee	• KAS yeroo ammaa guddina si'anaa wajjin kan hin deemnee fi kan dabaluu qabuu jenna. Galii waggaarratti hundaa'ee sadarkaan namootaaf bahee osoo kaffalchiifamee. Hojiin mirga namaa kabachiisuu guddatee, gatiin isaaf kaffalamu garuu isuma bara 1945 yeroo dambiin baheeti. • Gatiin dadhabbii a/seeraa miindaan, mi'i biiroo 'infrustructure' dabaleera. Kanaafuu KAS illee dabaluu qaba. • Bakki(naannoon) KAS kaffalachuu hin dandeenye illee waan jiruuf osoo haalli kaffaltii isaa naannootiin garaagarummaan taasifamee. • Dinagdeen qabatamaan 11% dabale jedhamus uummatni qabatamaan hiyyeessa kan jedhus jira.	MMA/Sulultaa
	• KAS dambii lakk.177/45 irratti taa'e gahaa miti. Gahaa dha yoo jenne dinagdeen keenyi akka guddacchuu dhaabbatee (stagnant) ta'etti fudhachuu ibsa. Tajaajjila ammaa waliinis wal-hin gitu.	MMO/Go/A/N/Finfinnee

Marii garee abbootii seeraa, ofiseroota seeraa, fi pirezidaantota manneen murtii sadarkaa sadan jiranitti ta'e.

SDFS fi Dambii KAS waliin hojjechuu irratti rakkoo qunname	Yaada mana murtii	Mana murtii
K. kaffaltiin abbaa seerummaa yeroo ammaa kaffalchifamu ni xiqqaata moo ni guddata gaaffii jedhu ilaalchisee	• KAS gatiin bittaa maallaqaa keenyi jaarraa walakkaa darbeef waan gadi bu'eef dabaluu qaba. • Qarshiin 25 yeroo dambiin bara 1945 bahee amma garuu doolaara 25 ta'uu danda'a. • Tajaajila abbaa seerummaaf hanga hojjetuu gatiin hin kennamneef. • Aangoon (jurisdiction) manneen murtii illee hanga bituu maallaqaa ilaalameeti kan jijjiirame • Adabbiin yakkaas hanga bituu maallaqaa ilaalameeti foyyaa'e. • Karra biraa immoo yeroo ammaa qarshii argachuun rakkisaa ta'aa waan dhufeef osoo dabaluu baatees jechisiisa.	MMWO fi Dh. Ij.

Gabatee12 kana irraa hubachuun akka danda'amutti hangi taarifa kaffaltii abbaa seerummaa dambii keenya lakk. 177/45 keessatti taa'ee baay'ee xiqqa akka ta'e dha. Sababoonni taarifni kun xiqqaa dha itti jedhan immoo;

1-Taarifa dambii bara 1945 baheen KAS kaffalchiisuu jechuun biyyattiin homaa hin guddanne (stagnant) jechuu dha. Garuu biyyi keenyi ergasii baay'ee guddattee waan jirtuuf taarifichi guddina ammaa wajjin wal-hin gitu, ni xiqqaata.

2-Tajaajila abbaa seerummaaf hanga tajaajila isaa gatiin hin kennamneef. Tajaajilichii fi gatiin isaa wal-gituu qaba.

3- Dandeettiin bittaa maallaqaa keenyi jaarraa walakkaa ol ta'u darbeef waan gadi bu'eef KAS dabaluu qaba. Fkn qarshiin 25 yeroo dambichi bahe (1945)yerosii akka ammaatti doolaara 25 ta'uu danda'a jedhu.

4- KAS yoo dabale galiin mootummaa ni dabala. Manni murtiis ittiin babal'ata. Gahumsi mana murtiis dabalee mirga haqa argachuuf gumaacha ni qabaata. Qabatamaan aangoon (jurisdiction) mana murtiis adabbiin yakkaas dandeettii bituu maallaqa keenyaa gadi bu'uu isaa ilaaluun dabalameera waan ta'eef KAS irrattis dhiibbaa walfakkaatu sababa hin fidne hin jiru waan ta'eef dabaluu qaba jedhu.

Garee keessaa harki muraasni garuu KAS ni xiqqaata hin jennu garuu dogoggoraan dhimmootaa qarshiin hin shallagamu jennee kaffaltii dhaabbataa waan kaffalchiifnuuf KAS dhaabbataan kaffalamu ni xiqqaata jedhu. Dinagdeen keenya qabatamaan 11% dabalee haa jedhamu malee uummatni garuu qabatamaan hiyyeessa kan jedhanis jiru. [167]

Yaada marii garee gabatee 12 keessatti ka'e kanas akka waliigalaatti yoo ilaallu taarifni KAS keenya dabaluun kaayyoo seerichi barbaadu galmaan gahuu akka qabu mamii malee mirkaneesseera.

Walumaagalatti qorannoo kana keessatti hanga taarifaa ilaalchisee odeeffannoo gabatee 10ffaa fi 12ffaa irraa argame yoo walitti cuunfuun ilaallu maamiltootni KAS kaffalan, ofiserootni seeraa KAS kaffalchiisanii fi abbootiin seeraa seericha hiikan taarifni KAS biyya keenyaa kan xiqqaate ta'uu isaa nuuf mirkaneessaniiru. Walitti dhufeenya kallattiin KAS waliin qaban irraa kaanees yoo ilaallu odeeffannoo amantaan irratti gatamu ta'uun isaa amanamaa dha. Hanga taarifa dambii KAS keenya ilaalchisuun yaadni waajjira galiiwwan Oromiyaa irraa argamees taarifichi dinagdee biyya keenya ammaa waliin deemuu kan dadhabe dha jedhameera. Taarifni bara 1945 bahe hanga ammaa biyya kana keessa jiraachuun (itti hojjetamuun) isaa nama ajaa'ibsiisa jechuun osoo taarifni KAS dabalee kan

[167] Marii garee 12ffaa irraa odeeffannoo cuunfame.

deeggaran ta'uu ibsameera.[168] Kunis taarifni KAS dabaluu kan qabu ta'uu fi kan amma itti hojjetamaa jirus kan xiqqaate ta'uu agarsiisuuf wabii dabalataati.

3.2.6.2.Rakkoo shallaggii KAS

Shallaggiin KAS dhimmoota KAS waliin walqabatee xiyyeeffannoon ilaalamuu qabu keessaa tokko dha. KAS kambichaan taa'e herreega sirriin hin shallagamu yoo ta'e galii biyyaa ykn immoo mamila miidhuu ni danda'a. Kanaafuu, ofiseerootni seeraa shallaggii sirri taasisuun KAS kaffalchiisuuf hubannoo gahaa qabaachuu isaan barbaachisa.

Manneen murtii Oromiyaa keessatti afaan hojii afaan Oromoo waan ta'eef dambii KAS lakk. 177/45 afaan amaariffaa irraa hiikuun itti hojjechuun hojjettoota afaanicha sirnaan hin dandeenyetti cimuu isaa irraa kan ka'e shallaguu irratti rakkoo fiduu ni danda'a. Karaa biraa immoo hojiin shallaggii kun hojjettoota herregaatiin osoo hin taane ogeessota seeraa kan ta'an ofiseroota seeraan kan raawwatamu ta'uun isaa hanga tokko rakkoo hin uumu jechuun nama rakkisa.

Kana irratti dabalamee immoo dambichi taarifa muraasaaf qofa hanga KAS kaffalamuu tarreeffamaan kaa'ee gara guddaa ta'e immoo KAS raawwachiistonni akka herregaa deemaniif dhiisee bira darbuun isaa rakkoo shallaggii jiru kan cimse dha. Kana yoon jedhu dambichi taarifa muramuu qabu kan tilmaama qabeenya himannaaf ta'ee hanga 100,000 (kuma dhibba tokko) qofaatti tarreessee isaa ol kan jiru immoo akka herregaan irra gahamu gochuun isaa hojii shallaggii taarifaa kan[169] ulfeessu dha. Tarii yeroo taarifichi bahutti dinagdeen jiruu fi hangi dandeettii bittaa maallaqaa qarshiin 100,000 guddaa akka ta'etti fudhatameeti ta'uu danda'a, garuu, guddina wajjin qabeenyi qarshii hanga kanaa ol baasu yommuu mana murtiitti hedduminaan dhufutti hojiin yeroo maraa shallaggii (herrega) waliin yeroo qisaasuu ykn immoo shallaggiin dogoggoraa rakkoowwan armaan olitti kaasee irraa kan ka'e akka uumamu taasisuu waan danda'uuf tarreeffamichi osoo olguddatee hin badu nama jechisiisa.

Rakkoo shallaggii kana hiikuuf hojjettootni KAS raawwachiisan leenjisuun hubannoo gahaa akka argatan taasisuus barbaachisaa.Yoo kun ta'uu baate immoo raawwachiistotni KAS namoota ogummaa herregaa qaban osoo ta'ee gaarii ta'an jedha. Hubannoof akka toluuf jalqaba boqonnaa kanaa irratti sirni shallaggii KAS kaa'ameera waan ta'eef lammaffaa asitti kaasuu hin barbaachisu.

[168] Kan olii lakk.17,Af-gaaffii obbo. Lammeessaa Likkii waliin taasifame

[169] Gabatee tarreeffama KAS ibsu kan dambii lakk. 177/45 kutaa B irratti argamu ilaali.

3.2.6.2. Jijjiirama Dandeettii Bittaa Maallaqaa fi Guddina Dinagdee Keenyaa.

Jijjiiramni dandeettii bituu maallaqa biyya tokkoo taarifa jijjiiramaan dura tumame irratti hiika addaa fiduu ni danda'a. Kana yoo jennu immoo gatiin qarshiin tokko yeroo tokko qabu ture dabaluu ykn hir'isuun isaa hangi taarifa jijjiiramaan dura tumamee akka jijjiiramu taasisuu barbaachisa.Jijjiiramni taarifaa kan ta'u yoo ta'e immoo dandeettii bituu maallaqichaa qofa irratti kan xiyyeeffatu osoo hin taane sababoota biroo kan akka haala guddina biyyaa fi galii nam-tokko tokkoonii yaada keessa galchuun illee murteessaa ta'uu danda'a.

Dandeettiin bituu maallaqa tokkoo immoo dabaluun ykn hir'isuun jijjiiramuu danda'a. Dandeettiin bituu maallaqaa dabale jechuun qarshii xiqqaatiin meeshaa duraan hanga qarshichaatiin bitachuu hin dandeenye yoo amma bitachuun danda'ame. Dandeettiin bituu maallaqaa hir'ise jechuun immoo meeshaa kanaan dura qarshii xiqqaan bitannu qarshichumaan amma bituu dadhabuu jechuu akka ta'e ni hubatama. Haaluma kanaatiin sababa jijjirama dandeetti bituu maallaqaatiin taarifni kaffaltiin tokko itti kaffalamu jijjiiramu qaba. Yoo akkas ta'uu baatee taarifni duraan taa'e haala jireenya jijjiirama booda dhufe kan bakka hin buune(hin ibsine) ta'a.

Dandeettii bittaa maallaqaa keenya madaaluufis gatii qabeenyota tokko tokkoo kan bara 1960 duraa fi kan si'anaa akka armaan gadiitti wal-dogomsiifameera. Daataan bara 1945 taa'e waan hin jirreef kan bara 1960 dura jiru akka kan bara 1945 bakka bu'uutti fudhatamee gatiin midhaan nyaataa adda addaa gabatee 13 jalatti ilaalameera.

Gabatee 13(a)

Hangi bittaa maallaqaa itiyoophiyaa Baroota dheeraa darbanii (1957 ALI-1960 ALI)[170]

Gosa mi'aa kuntaalaan	Shaashamannee			Jimmaa			Naaziret		
Bara	1957/8	1958/9	1959/60	1957/8	1958/9	1959/60	1957/8	1958/9	1959/60
Garbuu	-	13.82	15.33	-	19.63	20.17	15.56	14.61	13.54
Xaafii Adii	-	38.91	33.42	-	41.38	35.75	-	34.27	28.92
Qamadii	-	28.50	-	26.08	24.92	21.90	28.00	28.75	-
Boqqolloo	-	-	11.63	19.23	17.27	15.46	15.25	19.08	13.04

[170] Ethiopian Statistical abstract year 1967 &1968,fuula 178 ;www.csa.gov.et

Gabatee kana irraa hubachuun akkuma danda'amu gatiin midhaan gabatee kana keessatti ilaalamee kan bakkeewwan (magaalota) oromiyaa adda addaa bara 1957/8-1959/60 jiru taa'eera. Akka fakkeenyaatti yoo ilaallu xaafii Adiin kuntaalli tokko qarshii 800-1000 tiin kan bitamu ta'uu isaati[171]. Kanarraa kaanee yoo dandeetti bituu maallaqa keenyaa kan bara 1960 duraa fi kan ammaa ilaallu bara 1960 dura qarshii xiqqaan waan amma qarshii guddaatiin bitnu waan bituuf (wanta dur qarshii xiqqaan bitnu amma bituu yoo barbaanne maallaqa guddaa waan gaafatuuf) dandeettiin bituu maallaqa Itiyoophiyaa baroota darban 40 oli keessatti hangam akka gadi bu'e mul'isa. Daataa kanarraa akka mul'atutti qarshiin tokko yerosii gara qarshii 25 ammaatiin kan jijjiiramuu danda'u ta'uu isaa nu hubachiisa.[172]

Walumaagalatti dambiin KAS lakk.177/45 bara 1945tti kan bahe jechuun bara 1960 kan bahe waan ta'eef taarifni dambii kanarra taa'e jijjiirama dandeettii bituu maallaqa keenyaa (qarshii) akka miidhe nutty agarsiisa.Kanaafuu dandeettiin bituu maallaqa keenyaa waan gadi bu'eef taarifni bara sanatti muramee ture ol-guddifamuu akka qabu mirkaneessa(dabalataan yaadni marii garee 12[ffaas] kana nuuf ibsa).

Jijjiiramni dinagdee biyyaas taarifa tajaajila tokkoof murteessuu keessatti gahee waan qabuuf jijjiiramni dinagdee kunis bara 1945 booda maal akka fakkaatu gabatee armaan gadii(gabatee 14,15,16 fi 17) keessatti kan ilaallu ta'a.

Gabatee 14

Ida'ama galii fi baasii biyyaa (Itiyoophiyaa)bara 1945-1960 miliyoonaan.[173]

Bara	Galii	Baasii
1945	108.3	85.4
1946	133.8	111.2
1947	120.2	122.7
1948	124.0	124.8
1949	145.2	145.0
1950	168.0	175.5
1951	197.8	212.9
1952	150.3	157.6
1953	209.0	212.1
1954	252.8	253.1
1955	283.5	299.5
1956	359.8	359.3
1957	396.4	400.8
1958	473.4	477.8
1959	489.3	503.0
1960	499.3	534.3

[171] Do'annaa gabaa Magaala Adaamaa gaafa 17/6/2003tti taasifame.Kan gabaa magaaala Shaashamanne fi jimmaas kana wajjin akka wal fakkaatu ta'uun isaa oduu oolmaa gabaa gaafa 12-15/08/2003Ali irraa mirkanaa'eera.

[171]Yaada gabatee 13(a fi b) irraa kan cuunfame, ,

[173] Kan olii lakk.171,Ethiopian stastistical abstract, gabatee J.1 fuula 136.

Gabatee 15

Hanga Oomisha waliigalaa Itiyoophiyaa gatii gabaa yeroosaatiin (USD) (GDP at current market price)(1998/99-2008/09)[174]

Bara	Hanga
1998/99	58,788,616
1999/00	66,648,332
2000/01	68,026,808
2001/02	66,566,647
2002/03	73,432,220
2007/08	245,584,754
2008/09	336,106,321

Gabatee armaan olii lamaan irraa hubachuun akkuma danda'amu galiin biyya keenya Itiyoophiyaa bara 1945tti qarshii itiyoophiyaatiin taa'e miiliyoonni 108.3 kan bara 2008/9 ALA miliyoona 336.1 irraa hangam gadi akka ta'e dha. Gabatee kana yoo ilaallu bara 1945 booda dinagdeen biyya keenyaa baay'ee kan guddatee fi kan ammmaa baay'ee akka caaluu dha.[175]

Gabatee 16

Oomisha kaappitaalaa biyya keessaa (Itiyoophiyaa) nam-tokko tokkootti (gross national product per capita at market prices Eth$ kan bara 1953/4-1959/60).[176]

Bara	Hanga qabeenya biyya
1953/54	114.2
1954/5	117.2
1955/6	120.2
1956/7	132.8
1957/8	149.2
1959/60	156.3

[174] Federal Democratic Republic of Ethiopian Central Stastistical Agency,Ethiopian Stastistical Agency 2009,Addis Ababa,February 2010,gabatee j.2

[175] Yaaa gabatee 14 fi 15 irraa cuunfame.

[176] Kan olii lakk. 171 ,Ethiopian statistical abstract,Gabtee I.1 fuula 125

Gabatee 17

Galii biyyaa nam-tokko tokkotti(Itiyoophiyaa) bara 1990-2001 ALI doolaara Amerikaatiin (per capita GDP in USD)[177]

Bara	Hanga (USD	
	Real	Nominal
1990	124	137
1991	127	129
1992	131	131
1993	138	127
1994	136	118
1995	129	126
1996	143	143
1997	155	171
1999	181	257
2000	196	340
2001	217	420

Gabatee kanneen lamaan olii irraa kan hubannu galiin biyya keenyaa bara 1960 duraa [178] fi bara 1990 boodaa[179] nam-tokkoo tokko yeroo galiin sun argameef yoo hirame hangam akka ta'e agarsiisa. Galiin bara 1960 duraa qarshii Itiyoophiyaatiin waan taa'eef gara doolaaraatti jijjiruun kan bara 1990 boodaa doolaaraan taa'e waliin dorgomsiifna. Fakkeenyaaf kan bara 1959/60 otoo kan bara 2001 waliin dorgomsiifnee bara 2001tti doolaarri Amerikaa naannoo qarshii 12tti tilmaamaan kan sharafamu yoo ta'e qarshiin 156.3 nam-tokko tokkotti kan gahu ture doolaara 13 qofa ta'a jechuu dha. Kana jechuun immoo doolaara 13 fi doolaara 214 waliin wal-dorgomsiisuu jechuu dha.Kun immoo galiin nama dhuunfaa bara 2001 kan bara 1960tiin harka 20 akka caalu agarsiisa.

Kanaafuu,galiin biyya keenya waggaa nam tokko tokkoof yoo hirame kan bara 19990 boodaa kan bara 1960bdura ture daran kan caalu ta'uu isaati hubachiisa.Haala kanaatiin guddinni dinagdee jiraachuun isaa immoo taarifni KAS bara 1945 turebara si'anaa 2003 irraatti yoo ol guddifame rakkoo fida jedhamee hin yaadamu.

Muuxannoon biyyoota tokko tokkoos gama taarifa KAS jijjiiruutiin yoo ilaalle qabxiiwwan isaan irratti xiyyeeffatan hubannoof nu gargaaru.Biyya Hinditti seerri KAS Hindi, act 1870n, mana murtii naannoleefis ta'e kan giddugaleessaaf kan hojjetaa ture dha. Hangi KAS seera kana keessatti taa'ees hanga bara 2004 osoo hin fooyya'iin kan ture dha. Garuu, dandeettiin bituu maallaqa isaanii ruuppii jedhamuu kan yeroo seerichi bahee irraa hanga bara 2004tti

[177] Kan olii lakk.175
[178] Yaada gabatee 16 irraa ilaali
[179] Yaada gabatee 17 irraa ilaali

baay'ee waan gadi bu'eef gadii bu'uu dandeetti bituu ruuppii irratti hundaa'uun komishiniin seeraa biyya Hindii seerichi akka foyyaa'u gabaasa dhiyeessaa tureera. Gabaasa isaa keessattis hangi KAS act 1870 keessatti tumamee ture sababa dandeettii bituu ruuppii kanaatti ol dabaluun seerichi akka foyya'uu qabu beeksiseera. [180]

Komishinichi hangi KAS ol dabaluun fooyyaa'uu qaba kan jedhes KAS taarifa dhaabbataatiin taa'an irratti (gabatee 2ffaa, act 1870). Garuu, KAS warra taarifa dhaabbataa hin taanee hanga himataa irratti hundaa'uun persantiin waan kaffalamaniif dandeettiin bittaa ruuppii waan hir'iseef dabaluu hin qabu jedheera. Kanaafis sababa yoo kaa'u hangi himata dhiyaatee maallaqaan yoo shallagamu hanga ruuppii himannaaf sababa ta'eemaan waan ta'uuf dandeettiin bituu ruuppii hir'isus KAS kaffalamu persantiin waluma gita jedheera. [181]

Haat'au malee KAS dhaabbataa (fixed court fee) ta'an irratti dabaltiin ta'ee taarifni jijjiiramuu qaba yoo jedhu komishinichi wantootni lama ofeeggannoon ilaalamuu qaba jedheera. [182]Isaanis:

1. Dabaltiin ta'u mirga haqa argachuu baay'ee kan miidhu ta'uu hin qabu.
2. Galiin KAStiin funaanamu baasii bulchiinsa haqa siivilii caaluu hin qabu. Qabxiilee lamaan kanarratti hundaa'uunis hanga dandeettiin bituu maallaqaa gadi bu'e (in proportion to the extent of devaluation of rupee) taarifni ol dabaluu qaba jedheera.

Muuxannoon biyya Ijibti yoo ilaallu ammo biyya Ijibtitti seerri KAS isaanii inni duraa irraa deebi'ee sirreeffamee yoo bahu kan duraa irratti 10% dabaleeti. Seera baye kanarratti gareen abukaattotaa mormii kaasaniin akka jedhanitti daballi KAS mirga haqa mana murtii irraa argachuu ni dhiiba. Uummatni Ijibti irra caalaan isaa qabeenya kaffaltii kana kaffaluun himata banachuu waan hin qabneef uummatni mirga isaaf mana murtii akka hin dhuufne taasisa.Dhimmichi nu abukaattotas ni miidha jedhanii ibsaniiru.

Abbootiin aangoo ministeera haqaa ijibti garuu seerichi duraa bifa kanaan jijjiiramuun isaa dirqama yeroon fide dha. Seerri duraa kan bara 1944 bahe waan ta'eef haaromuun dirqama. Manni murtii gahumsa ol'aanaan tajaajila akka kennuuf uummatni ni barbaada. Kuni immoo dirqama galii gibira irraa argameen qofa haguugamuun sirrii miti. Seera baastotnis yaada namootni dhimma isaanii irraa amantaa moo'achuu cimaa qaban qofti mana murtii dufuu qabu jedhaniiru.[183]

[180] Kan olii lakk.8,Law commission India, fuula 122
[181] Kan olii lakk.8, Law commission India, fuula 123
[182] kanuma
[183] http:www.egypttoday.com/articles, fuula hin qabu

3.2.6.4. Tajaajillii fi Gatiin Tajaajila KAS Wal-gituu.

Tajaajilaa fi gatiin tajaajila mana murtii walmadaala moo miti jedhanii adda baasuun kan ulfaatu ta'uun isaa beekamaa dha. Sababni isaas tajaajilli manni murtii maamila tokkoof kenne namicha qofaaf osoo hin taane uummataaf, nagenya uummataa fi tasgabbii uumuu keessatti illee faayidaa guddaa qaba. Faayidaa kanaaf gatii kennina yoo jenne immoo gatii maamilli tokko argate qofatti kan hirkatu waan hin taaneef gatii faayidaa uummata bal'aaf kennus waan dabalatuuf rakkisaa ni ta'a jechuu dha. [184] kun ta'us garuu, tajaajilli maamilli tokko argatu hangam gaha jennee tilmaamuun ni danda'ama.

Tajaajilli manni murtii haqa yakkaa irratti kennuuf kaffaltiin tokko illee osoo itti hin kaffalamiin baajeta mootummaatiin kan bulu ta'uun isaa muuxannoo biyyoota addunyaa hedduu fi kan keenyaa irraa ni hubatama. [185] Tajaajila dhimma maatii fi siiviliitiif garuu biyyoota hedduu keessatti kaffaltiin maamilli kaffalu ni jira. Hanga kaffaltii tajaajila kanaaf kaffalamu ilaalchisees biyyootni muuxannoo garaagaraa akka qaban boqonnaa lama keessatti ilaalleerra.

Biyya Ingilizzitti 'policy of full cost recovery' waan hordofaniif tajaajilli manni murtii dhaddacha siivilii fi maatii irratti kennu maamiltootaan haguuguu danda'utti ol kaafamee kan tumamu dha. Mirga haqa argachuu warra KAS kaffalachuu hin dandeenye eeguuf ammoo sirni KAS irraa hambisuu fi KAS irraa bilisaa (fee concession and remission) diriireera. [186]

Biyya Hinditti ammo 'policy of full cost recovery' jedhutti kan hin amanamne dha. Taarifni KAS biyya isaanii kaayyoo gatii tajaajila kenname haguuguu hin hin qabu. Taajaajilli mana murtiis galii mootummaan gibira irraa argamuun bula. Hojiin haqa bulchuu dirqama mootummaati waan jedhaniif baajeta mootummaatiin akka bulu taasifama. Kaffaltiin dhimma siivilii fi maatiif mana murtiitti kaffalamus galii waliigalaa biyyaa keessa galfama malee kan manni murtii ofiif deebi'ee itti fayyadamu miti (not self financing).[187] Kanaafuu, gatii tajaajilaa haguuguuf jedhamee KAS akka dabalu akka hin taasifamne boqonnaa II jalatti ilaallleerra.

Gara biyya keenyaatiin muuxannoo jiru yoo ilaallu ammo galiin tajaajila abbaa seerummaa irraa (KAS) argamu galii waliigalaa biyyaattii, akka naannootti ammo galii waliigalaa naannootti kan galu dha. Galiin tajaajila kanarraa argamu deebi'ee baajeta tajaajila mana murtiif akka ta'u muuxannoon amma har'aatti jiru hin mul'isu (not self financing) . Baajetni tajaajila kanaas kallattiin kan mootummaa irraa argamu dha.[188]kanaafuu, hanga kana

[184] Kan olii lakk.5,Why we charge court fees ,fuula hin qabu
[185] Kanuma.
[186] Law commission India, fuula 121
[187] Kan olii lakk. 181
[188] kanuma

ta'etti tajaajilli kenname fi gatiin isaa wal-gituu qaba yaada jedhu akka kaayyootti kan qabate hin fakkaatu.

Haa ta'u malee jijjiirama taarifaa ta'u kam keessattuu taarifni muramu gatii tajaajila kennamee caaluu hin qabu. Sababni isaas gochi akkasii yoo ta'e tajaajila hanga bu'aaf jecha gurgurachuutti waan lakkaa'amuufi. Tajaajila mana murtii gurguruun immoo manni murtii kan tajaajilaaf dhaabbate osoo hin taane kan bu'aaf dhaabbate ta'ee mirga himachuu namootaa danqa jechuu dha. Kun immoo mirga haqa argachuu lammiilee fi nama kamuu heera mootummaa keenya kwt. 37 irra taa'e cabsuu ta'a. Kanaafuu, hangi gatii tajaajilaaf seera duraan kennamaa turee fi sadarkaan baasiin mana murtii irra jiru madaaluun jijjiirama barbaachisu eeruun mala of-eegannoo taarifa irratti taasifamu ta'uu ni danda'a.

Haaluma kanaanis hanga galii tajaajila KAS irraa fi adabbii yakkaa irraa argamu baajeta wagga waggaa isaa waliin kan naannoo Oromiyaa fi akka biyyaatti jiru dorgomsiisuuf gabateen armaan gadii taa'eerra.

Gabatee 18

Galii adabbiiwwan mana murtii irraa bara1997-2002 argame kan Naannoo Oromiyaa[189]

Bara	Hanga(Mil.)
1997	11.451
1998	9.088
1999	7.802
2000	7.100
2001	12.341
2002	4.103

[189]Kan olii lakk.17,af-gaaffii obbo Lammeessaa Likkii Waliin taasifame.

Gabatee 19

Daataa galiiwwan KAS irraa bara 1997-2002 argame kan Naannoo Oromiyaa.[190]

Bara	Hanga(Mil.)
1997	6.869
1998	7.422
1999	7.961
2000	8.618
2001	12.518
2002	7.109

Gabatee 20

Galii KAS fi adabbii maallaqaa biyyaa (Itiyoophiyaa) irraa argamu kan bara 1954-1958 (miliyoonaan)[191]

Bara	Hanga (Mil.)
1954	2.2
1955	2.3
1956	2.7
1957	2.3
1958	2.7

Daataan galii KAS fi adbbiiwwan irraa bara 1997-2002tti Naannoon Oromiyaa argate kan bara 1954-1958 Itiyoophiyaatti argame waliin yoo wal-dorgomsiifnu kan bara 1997-2002 kan caalu ta'uun isaa ni hubatama. Haa ta'u malee jijjiiramni guddaachuunis ta'e hir'isuun

[190] Kanuma.
[191] Kan olii lakk.171,Ethiopian Statistical Abstract,fuula 142.

baraatii baratti agarsiisu xiqqaa kan ta'eefi hangas mara kan wal hin caalle dha. Fkn, kan bara 1945 fi 1955 yoo ilaallu 2.2 fi 2.3 dha. Kan bara 1998 fi 1999 tis yoo ilaallu 7.42 fi 7.96 dha. Kunis kan nutti agarsiisu baroota dheeraa jidduutti tajaajilli mana murtii waan guddateef hangi KAS akka guddate dha. Sababni isaas osoo hangi taarifa dambii irraa jiruu hin jijjiiramiin galiin KAS guddateera waan ta'eefi. Manni murtii dhimmoota kan durii irra caalaa heddumina qaban keessummeessaa jira jechuu dha.Itti aansuunis galiin tajaajila abbaa seerummaa irraa argamuu fi baasiin manni murtii hojii isaa gaggeessuuf baasu wal bira qabnee ilaaluun gumaacha galiin KAS irraa sassaabamu hojii mana murtiif qabaachuu danda'u kan ilaalluu ta'a.

Gabatee 21

Baajata manneen murtii Oromiyaa bara 2000-20003[192]

Bara	Hanga (mil.)
2000	79.54
2001	108.82
2002	156.17
2003	198.05

Galii KAS fi adabbii irraa waggaatti argamuu fi baajatni manneen murtii oromiyaa gabatee kana keessatti mul'atu yoo wal dorgomsiifnu baajatni akka daran caalu ni argama. Fakkeenyaaf bara 2002tti galiin adabbiiwwanii fi KAS irraa argame miiliyoona 11.2 yoo ta'u baajatni mana murtii baruma kanaa immoo miiliyoona 156.17 dha. Galii adabbiiwwanii fi KAS kana osoo baajata bara 2002tiif akka oolu taasifamee mil. 156.17 akka 100% yoo fudhanne gara persantii 7% isaa qofa ta'a. Kana irraa hubachuun akka danda'amuttis hojiin mana murtii ykn (tajaajilli abbaa seerummaa) naannoo keenyaa persantiin 93% ta'u galii KAS irraa adda ta'e barbaada jechuu dha. Kun osoo jennee waan kaaneefi malee galiin KAS fi adabbiiwwan irraa argamu deebi'ee hojii mana murtii fi oola jechuu koo miti. Garuu hangama akka waliif ta'u ilaaluuf qofa.[193]

Walumaagalatti odeeffannoo gabatee armaan olii irraa kaanee yoo ilaallu tajaajilli abbaa seerummaa ol guddatee baasii guddaa barbaadaa kan deeme yoo ta'u gatiin tajaajila kanaa karaa KAS fi adabbii irraa argamuu garuu baay'ee xiqqaa, keessumaa immoo jijjiiramni

[192] Af-gaaffii obbo tasfaayee Ilaalaa(Biiroo MMD Oromiyaati I/G Baajetaa fi Karooraa) waliin gaafa 18/05/2003ALItti taasifame.

[193]Yaada gabatee 20 fi 21 olii irraa cuunfame.

guddachuun agarsiise qabatamaan jira kan nama hin jechisiifne dha. Kun ta'uun isaa immoo gatiin tajaajila abbaa seerummaa irraa argamu galii biyyaarratti gumaacha gahaa akka godhee hin jirre nutti agarsiisa. Yaadni biiroo galiiwwanii irraa argames akka jedhutti taarifnii fi tajaajilichi akka wal-hin madaalle hanga tokko wal-madaaluu akka qabu dha.. Taarifichi yeroo tajaajilli xiqqaan kennamutti kan bahe ture amma garuu tajaajilli kennamu guddaa dha kan jedhu dha. Dabalataanis, tajaajilaa fi taarifni walmadaaluu jechuun maal akka tajaajiluu fi taarifa isaa murteessa jedheera. [194] Kanaafuu, taarifni KAS dabaluu qaba yaada jedhu yaadonni kunneen illee kan nuuf cimsani dha. Seerri kaffaltii abbbaa seerummaa jiru haa fooyyaa'u ykn haa sirraa'u osoo jedhamee aangoon kana gochuu akka mootummaa naannootti jiraa? Kanatti aansuun qabxii kana irratti kan ilaallu ta'a.

3.3 Aangoo Seera KAS Baasuu

Dambiin kaffaltiin abbaa seerummaa yeroo ammaa biyya keenya Itiyoophiyaatti hojii irra jiru dambii lakk. 177/45 ALI dha. Dambiin kun akkuma mata duree seenaa gabaabaa KAS jedhu jalatti armaan olitti ilaalle bara hooggansa mootummaa waaltawaa keessa waan baheef guutuu biyyoolessaa irratti kan ittiin hojjetamaa ture dha[195]. Kana yoon jedhu dambichi seera galiin tajaajila mana murtii irraa argamu waan ta'eef galii kana kan hoogganaa ture akkuma caaseffama aangoo yeros tureetti caasaa mootummaa waalta'aa (unitary) aangoo giddugaleessa irraa biyya guutuu kallattiin hoogganu dha. Erga sirni kun darbee caaseeffamni mootummaa federaalawaa ta'ee(heera mootummaa FDRI kwt.1 fi 50) immoo aangoon moootummaa federaalaa fi mootummaa naannolee jedhame bakka lamatti qoodameera. Bu'uuruma kanaanis mootummaan naannolees ta'e mootummaan federalaa aangoo mataa mataa isaanii inni tokko hiree aangoo isa biroo keessa jidduu hin lixne heera mootummaa FDRI kanaatiin mirkanaa'eera. Heera mootummaa kanarratti hundaa'uunis mootummoonni naannolee sagalii kan ijaaraman yoo ta'u mootummoonni naannolee kunis heera mata mataa isaanii ni qabu. Kana keessaa immoo heerri mootummaa naannoo Oromiyaa tokko dha.

Heerri mootummaa naannoo Oromiyaa fooyyaa'ee bahe labsii lakk46/1994kwt.49 caffeen naannoo Oromiyaa galii naannoo isaa irratti aangoo seera baasuu akka qabu ibsa(*Caffee shall have the legislative power in accordance with such constitution to enact laws on matters pertaining to the revenue of the region,...*).[196] Aangoo naannoleef heeraan kennameef keessaa galii naannoo tokko irratti naannichumti seera baasee akka hoogganuu nu hubachiisa. Kanaafuu, Oromiyaan galii naannoo isaa kan akka seera KAS baafatee akka hoogganuu danda'u taasisa. Seerri KAS immoo seera galii keessatti kan hammatamu

[194] Kan olii lakk.17,Af-gaaffii Obbo Lammeessa likki waliin taasifame.

[195] Tsegaye Regasa,State constitutions in Federal Ethiopia:A preliminary observation(a summary for the Belligio conference, march 22-27,2004),hin maxxanfamne,fuula 1.

[196] Heera fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994 fooyya'ee bahe Labsii lakk.46/1994 kwt.49(3)(j).

dha[197].KAS ilaalchisee garuu hanga yoonaatti akka naannoo Oromiyaatti seerri bahe hin jiru. Seerri KAS hoogganu naannoo kana keessatti waan hin baaneef

Haa ta'u malee dambiin kun hanqina adda addaa qorannoo kana keessatti hubataman waan qabuuf hanqinoota kana maqsuun barbaachisaa akka ta'e qorannoo kana keessatti agarsiifameera. Akkasumas seerri kun heera mootummaa federaalaas ta'e heera mootummaa naannoo Oromiyaa waliin walsimsiisuun akka itti hojjetamuuf bu'uuruma aangoo heeraan kennameefiin fooyya'uun irra deebiin labsii naannoo Oromiyaa taasifamu qaba. Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaas labsii KAS naannoo ofii baasuuf heerichi aangoo kenneeraafi. Kanaafuu,galiin KAS tajaajila manneen murtii Naannoo Oromiyaa irraa argamu galii naannichaa waan ta'eef Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa seera itti baasuun akka hoogganamu gochuuf bu'uura heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt.49 kwt.xiqqaa 3(j)tiin aangoo ni qaba.

[197] Kan olii lakk.17,Af-gaaffii obbo lammeessaa likkii waliin tasifame.

Boqonnaa IV

Yaadota Guduunfaa Fi Furmaataa Qorannichaa

1. Kaffaltiin Abbaa seerummaa kaffaltiiwwan tajaajilaaf kaffalaman keessaa kaffaltii tajaajila manii murtii kenneef kan kaffalamu dha. Manni murtii dhimmoota siivilii fi maatii bu'uura SDFS kwt. 230 tiin dhiyaatan irratti dhimmichi dambii hiyyummaan ykn seeraan bilisa ta'ee kan dhiyaate yoo ta'e malee duraan dursee KAS itti kaffalchiisa. Kaffaltiin kaffalamu kun immoo kaayyoo galii biyyaa argamsiisuu kan qabu dha. Yeroo KAS kaffalamu himata sobaa fi himata bu'aa/gatii hin qabne daangeessuun akka kaayyoo KAS itti kaffalamuutti fudhatamaa tures ni jira. Haata'u malee biyya Indiyaatti seerri kaayyoo kana qabatee KAS itti kaffalame haqameera. Isaa boodas kaayyoon kun mirga warra KAS kaffalchuu hin dandeenye garuu haqa qabaniis ta'e warra himata sobaa ykn himata gatii hin qabne himatan wal-qixa waan miidhuuf jedhamee balaaleffatameera. Haala kanaatiin KAS himata sobaa fi himata gatii hin qabnee daangeessuuf jedhamee kan kaffalchiifamu yoo ta'e mirga haqa argachuu irratti dhiibbaa akka qabu hubatama.Dambiin kaffaltii abbaa seerummaa keenyis kaayyoon kaffaltii abbaa seerummaa itti kaffalchiifnu maal akka ta'e waan hin keenyeef sababa garaagaraa kaahuutiin kaffaltiin kaayyoo fi bu'uura seeraa hin qabnefaa itti kaffalamaa tureera. Kanaafuu, naannoo keenyatti kaayyoon KAS kaffalchiisuu galii biyyaa argamsiisuuf malee himata sobaa ykn himata gatii hin qabne daangessuuf ta'uu hin qabu.Kaayyoon kunis seeraan haguuggii argachuu qaba.

2. Galii biyyaa argamsiisuuf jecha KAS kaffalchiifamus poolisii biyyootni hordofan irratti hundaa'ee biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qabu dha. Biyya Ingilizzitti poolisiin KAS isaanii baasii guutuu haguuguu (full cost recovery) kan jedhu yoo ta'u KAS baasii guutuu hin haguugne yaada amansiisaan yoo jiraate qofa kan fudhatamu dha. Haaluma kanaatiin KAS dhaddacha maatii fi siivilii baasii isaa KAStiin kan haguugu dha. KAS dhaddacha kanneen irraa funaanamus deebi'ee baasii isaaf oola (self-financing). Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii akkuma guddataa deemuun KAS kaffalamus baasii kana haguuguuf guddachuu qaba. Karaa biraatiin

immoo mirga haqa argachuu maamiltootaa eeguuf sirni KAS irraa hambisuu fi KAS irraa bilisa taasisuu (fee concession and remission schemes) diriireera. Karaa kanaatiinis mirgi haqa argachuu maamiltootaa akka eegamu amanamee itti hojjetama.

Biyya Hinditti ammoo seenaa isaa irraa akkuma hubatamu KAS bittaa Ingilizzii jala yommuu turtetti mala gibirri itti sassaaban ture. Kanumarraa akka hubatamus seenaa kaayyoo galii mootummaa kaffaltii tajaajila mana murtii irraa argamu funaanuu akka qabu hubatama. Hangi galii KAS irraa argamuu isaanii ammoo akka biyya Ingilizzii baasii guutuu haguuguuf waan hin taaneef baasii guutuu mana murtii haguuguun hin eegamu. Walumaagalatti baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (kan gibiraatiin) waan hoogganamuuf, kanattis waan amanamuuf manni murtii galii KAS irraa argatu deebisee baasii ofiif hin oolchu (not self financing). Haaluma kanaanis baasiin mana murtii waan guddateef jecha KAS hin dabalu. Karaa biraan yoo ibsamu baasiin mana murtii fi KAS walirratti hin hirkatu. Waan kana ta'eefis KAS guddaan baasii mana murtii haguuguuf hin muramu.

KAS biyya keenya Itiyoophiyaa yoo ilaallu ammoo hanga har'aatti kan naannolee hundi, Oromiyaa dabalatee, itti hojjetamaa jiru dambii bara 1945tti bahe yoo ta'u dambiin KAS lakk. 177/45 kaayyoo KAS keenyi itti kaffalamu maal akka ta'e hin kaa'u. Haata'u malee KAS kun funaanamee galii biyyaa waan ta'uuf kaayyoo **galiif jedhu qabaachuun isaa hin mamsiisu**. Kaayyoo galii argamsiisuu kana keessattis poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne poolisiin kanarratti bahe hin jirre ta'uu isaa fi uumama isaa irraa ilaaluun ni hubatama. Uumama isaa yoo ilaallu taarifa dambichi kaa'us baasii mana murtii waliin dorgomsiifnee yoo ilaallu durii kaasee hanga har'aatti baasiin daran kan caalu dha. Kuni ta'uun isaa fi baasiin mana murtii irraa KAStiin daran caalaa deemus garuu baasii kana haguuguuf ammoo fooyyeeffamni KAS kana ol dabalu hanga yoonaatti ta'uu dhabuun isaa poolisiin baasii haguuguu biyyi keenyi itti amantu akka hin taane kan nutti agarsiisu keessaa isa biraati. Galiin KAS kana irraa argamus galii biyyaa akka naannoo Oromiyaatti immoo galii naannoo Oromiyaa kan ta'u dha.Kun ta'uun isaa fi immoo manni murtii deebisee galii kana baasii ofii haguuguuf kan itti fayyadamu akka hin taane (not self financing) agarsiisa. Kanaafuu, baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (galii gibiraa fi

biroo) irraa kan haguugamu dha. Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii KAS irratti kan hirkate akka hin taane taasiseera. Baasiin mana murtii hangam guddachaa dhufus KAS kan hin daballeef tokko kanaaf ta'a. KAS baasii mana murtii haguuguuf kan ol hin guddifamne yoo ta'e immoo poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne mul'isa.

KAS baasii mana murtii akka haguuguuf KAS baasii ofii haguuguuf poolisii baafachuun baasiin mana murtii fi KAS akka walirratti hirkatu waan taasisuuf baasiin mana murtii akkuma dabaluun KAS jijjiiruu barbaachisa. KAS yerootiin yoo baasii waliin walsimsiisuuf hin jijjiiramu ta'e immoo hojiin guddaan haqa baasuu salphumatti kan gufatu ta'a. Karaa biraa immoo hojiin haqa bulchuu hojii guddaa baajata mootummaatiin buluu qabu ta'ee osoo jiruu kaffaltii maamilli kaffalu irratti taasisuun maamiltootatti kaffaltii kan dabalaa deemu waan ta'uuf mana murtii dhaquun falmachuuf gatii mi'aayaa (ulfaataa) itti taasisuu ni danda'a. Kun immoo mirga haqa argachuu kan miidhuu/daangessuu danda'u ta'a. Ni xiqqaata illee malee KAS kamuu mirga haqa argachuu ni dhiiba garuu dhiibbaan kun baay'ee guddaa ta'ee mirga kana haqa argachuu kan daangeessu ta'uu hin qabu. Kanaafuu, hojiin hojjetamu hojii mana murtii dabalatee baasii kan gaafatu ta'ullee, baasii kanaafis galii barbaachisu illee galiin KAS irraa barbaadamu hanga baasii haguuguutti kan deemu yoo ta'e miidhaas waan qabuuf KAS naannoo keenya galii baay'ee gadi bu'aa argamsiisaa jiru haala ol-dabaluun garuu ammoo haala mirga haqa argachuu namootaa hin sarbineen osoo bocamee gaarii ta'an jedha. Kana yoon jedhus mirgi haqa argachuu warra kaffalachuu hin dandeenyeef karaa dambii hiyyumman himachuu jiraachuun qoftis mirgi haqa argachuu akka hin daangeeffamneef wabii gahaa hin ta'u. Sababni isaas namni kaffalachuu danda'us waanuma kaffalchuu danda'uuf kaffaltii guddaa kan kaffalchiifamu yoo ta'e waan qabu mana murtiitti kaffaluun qofa miidhamuu waan hin qabneef mana murtiitti haqa barbaaddachuu irraa ni isa daangessa. Haqni immoo dirqama waan qaban itti fixachuun kan barbaadamu (ykn waa'ee qabeenyaan jiraachuu fi dhiisuu) ta'uu hin qabu. Haqni hanga kana mi'aayee kan argamu osoo hin taane nama hundaaf kan argamu ta'uu akka qabu heerri FDRI kwt. 37 ni kaa'a. Haqni gatiin kan gurguramu ta'uus hin qabu.Kanaafuu,kaffaltiin abbaa seerummaa kaayyoo itti kaffalamu galmaan kan gahuu fi madaalawaa ta'uu qaba.

3. Namni hundi KAS akka hin kaffalle muuxannoo biyyootaa irraa ni hubatama. Kunis kan ta'eef immoo namni hundi kan kaffalu qaba jechuun waan hin danda'amneef namootni KAS kaffalachuu hin dandeenye mirga jalaa dhiibame mana murtiitti himachuun kabajchiifachuu akka hin dhabneefi dha. Haaluma kanaan biyya Ingilizzitti sirni kun bal'inaan akka itti hojjetamu ilaalleerra. Ingilizzitti namootni kallattiin KAS irraa bilisa ta'anii fi namootni qabeenyi isaanii erga madaalamee kaffaluu irraa hambifaman ykn gartokko kaffalan jedhamanii kan keessummeeffamani dha. Kanaafuu,namootin hangi qabeenya isaanii osoo hin ilaalamiin kallattiin KAS irraa bilisa ta'an bilisaan banatan ni jiru. Biyya Hindittis gosa dhimmootaa irratti hundaa'ee kallattiin KAS irraa bilisa kan ta'anii fi hangi qabeenya namootaa ilaalamee sirni kaffaluu irraa hambifaman akka jiran ilaalleerra. Biyyoota kana lamaan keessatti Istaandardiin ka'umsa qabeenyaa nama tokko hiyyeessa jechisiisu baheera. Namni bu'uura Istaandardii taa'een hiyyeesa hin jedhamne immoo KAS irraa barbaadamuu fi wantoota biroo seerri kaa'e irratti hundaa'uun KAS kaffaluu hin danda'u itti jedhamus ni jira. Haala kanaatiin hiyyummaaf Istaandardii baasuun akkasumas namootaa ykn dhimmoota KAS irra bilisa ta'an adda baasuun hiyyummaa qulqulleeffachuun kan salphifame ta'uutu hubatamas. Namootni hiyyeessa ta'anis sirriitti adda bahanii fayyadamoo sirna kanaa akka ta'an kan taasisu dha. Mirga haqa argachuu sirna kanaan galmaan gahuu barbaadames dhugoomsuuf ni gargaara.

Biyya kenyattis sirni hiyyeessotni KAS osoo hin kaffaliin himata isaanii banachuu danda'an SDFS kwt. 467-479tti keessatti taa'eera. Sirna kana keessatti kan SDFS keenyi hin keenye namoota ykn dhimmoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'ani. Kanaafuu, namni kamiyyuu kallattiin bilisa kan itti ta'u waan hin jirreef qabeenyi isaa KAS seeraan taa'e kaffaluu danda'uu fi dhiisuun isaa madaalamee booda KAS osoo hin kaffaliin ykn gamisa kaffaluun akka himatu taasifama. SDFS keenyi kwt. 215 fi kwt. 467-479 dhimmoota ykn namoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'an kaa'uu haa baatuyyuu malee qabatamaan garuu manneen murtii Oromiyaatti xalayaalee mootummaa irraa mana murtiitti barreeffamaniin waajjiraaleen mootummaa galii ofii isaanii hin qabne jedhamanii tarreeffaman KAS osoo hin kaffaliin bilisaan himata banachaa turaniiru. Xalayoonni kunis aangoo seerummaa SDFS keenyaa

gadi waan qabaniif akkasumas qaamni xalayoota kana barreesse (Biiroon Caffee) aangoo SDFS foyyeessuu osoo hin qabaatiin kan barreesse waan ta'eef seeraan ala ykn (kufaa dha). Kuni ija hiikkaa seeraan ilaallee kan jennu yoo ta'u biyya keenya keessatti dhimmootni ykn namootni KAS irraa kallattiin bilisa ta'uun barbaachisaa ta'u hin jiran jechuuf miti. Kanuma wajjin wal-qabsiisnee yoo ilaallu SDFS keessa osoo hin taane seera biroo keessatti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu ni jira. Fkn. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti falmii hojii hojjetaa fi hojjechiisaa waliin qabuuf hojjetaan himata yoo dhiyeeffatu KAS irraa bilisa jedha. Seera kana kaayyoo isaa waliin yoo ilaallu seerichi hojjetaan qabeenya hojjechiisaa isaa gitu qaba jedhamee waan hin yaadamneef sababa rakkina isaatti hojjechiisaa humna isaatii ol ta'een mirgi isaa akka hin miidhamneef bilisa akka himatu kan taasise ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kun immoo akka hiikkoo seeraattis karaa haqummaas yoo ilaalamu kan nama amansiisu dha. Kanaafuu, bilisa yoo himatan malee wal-qixxummaan falmachuu (fair play) warri hin dandeenye yommuu jiraatanitti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu yoo jiraate gaarii ta'a.

4. Dhimma waajjiraalee mootummaa xalayaan tarreeffamanii KAS akka itti hin kaffalamne ilaalchisee waa'een seera qabeessummaa isaanii kan armaan olitti ilaalle yoo ta'u barbaachisumma isaanii ilaalchisee galii mataa isaanii waan hin qabneef kan jedhu taa'eera. Galii mataa isaanii yoo dhabanillee waajjiraaleen mootummaa kun baajeta ittiin hojii gaggeessan ni qabu. Hojii isaanii keessatti immoo jaalatanis jibbanis himachuu ykn waan miidhaa dhaqqabsaniif himatamuun isaanii dhufuu danda'a. Bajatni isaan qaban miindaa hojjettootaa fi hojii adeemsiftuu adda addaa waan ta'eef kun KAStiif hin kaffalamu jechuun karaa tokkoon himachuun isaanii hojii adeemsisan keessatti akka hin lakkaa'amnetti fudhachuu dha. Garuu, hojii dhaabbataa isaanii yoo ta'uu baate illee hojii tasa itti dhufu ta'uun isaa dagatamee baajeticharraa KAS hin kaffalamu jechuun osoo beekanii baqachuu dha. KAS kaffaluun isaanii mirga himatamaa eeguu akka ta'e dagatamuu hin qabu. waajjiraaleen kun kan isaan himatan hojjetaa isaanii ykn namoota dhuunfaa biroo ta'uu danda'a. Bilisaan himachuun isaaniif eegame jechuun immoo namoota carraa kanaan mirga namoota himatamanii himata sobaa ykn himata gatii hin qabne himachuun dararuun dhufuu danda'a. Galii mataa isaanii kan hin qabne ta'uun

waajjirralee haa ibsamu malee mirgi gama isa biraa (himatamaa) immoo dagatameera. Kanaafuu waajjiraaleen mootummaa xalayaatiin bilisaan akka himata banatan jedhaman KAS kaffaluun banachuu qabun jedha.

5. Akka rakkoo guddaatti dambii hiyyummaan wal-qabatee naannoo keenya keessatti kan ka'u hiikni nama dambii hiyyummaan himatuuf kanname ifa ta'uu dhabuu isaati. Kun immoo Istaandardiin nam-tokko hiyyeessa ykn miti itti jedhamu taa'uu dhabuu isaati. Istaandardiin ka'umsaa hangam akka ta'e seerri keenyi hin kaa'u. Garuu, safartuu dhaabbataa hin taane (subjective) ta'e qofa kan kaa'u dha. Hiyyummaan dhaabbataa (objective) ta'uu akka hin dandeenye beekamaa dha. Haa ta'au malee Istaandardii irraa ka'u kaahuun hojiirra oolmaa sirnichaa kan si'aawaa taasisuu fi namootni sirna kana irraa fayyadamuu qabanis osoo carraa kana hin argatiin akka hin darbine gochuu irratti gumaacha guddaa ni qabaata. Kanaafuu, SDFS keenya (kwt. 467) waa'ee hiyyummaa nam-tokkoo tumu fooyyaa'uun hiyyummaaf Istaandardiin bahuufii kan qabu dha.Dabalataanis hiyyummaan kan qulqullaa'u mana murtii dhimmichi itti dhiyaatutti akka ta'e seerichi waan kaa'uuf sadarkaan mana murtichaa dhimmichi itti dhiyaate akkuma dabalaa deemeen wal-famitoota irraa kan fagaatu ta'uu waan danda'uuf raga hiyyummaa mirkaneessuuf waammachuuf,beellama deddeebi'anii falmachuuf isaaniif hin mijaa'u.Gama baasiitiinis iyyeessa ani jedhanii osoo falmanii kanuma mirkaneeffachuuf immoo baasii guddaaf akka saaxilaman taasisa.Karaa biraatiin immoo bakkee fagoo irraa baasii raga itti fidatan waan hin qabneef raga sobaa akka barbaaddatan taasisa.Sababoota kana immoo yoo madaallu seerichi kaayyoo adeemsi falmii tokko galmaan gahuu barbaadu (haqummaa,si'oominaa fibaasii xiqqeessuu) kan faallessu dha. Kanaafuu,seerichi haala iyyattootni bakka isaanitti dhiyaatutti hiyyummaa isaanii qulqulleeffachuu dandeessisuun fooyyaa'uu qaba.

6. Dhimmi biraa qorannoon kun ilaale rakkoo bu'ura taarifaan dhiyyeessuun wal qabatee jiru dha. Dhimmootni qarshiin kan shallagamanii fi qarshiin kan hin shallagamne haalli taarifni itti kaffalamu adda adda yoo ta'u kan qarshiin shallagaman tilmaama qabeenya himannaaf sababa ta'e irratti hundaa'uudhaan kaffaltii ol ka'uus gadi bu'uus danda'u kan kaffalan yoo ta'u kanneen qarshiin hin

shallagamne ammoo taarifa dhaabataa xiqqaa ta'e kaffalu. Sababa dhimmootni qarshiin hin shallagamne taarifa xiqqaa kaffalaniif fi sababa biro iftooma seerichaa waliin walqabsiisuun namootni tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'uun taarifa guddaa kaffalauu qaban baqachuun dhimmi isaanii akka qarshiin hin shallagamnetti yeroo dhiyeeffatan/himatan hubatameera. Manneen murtiis dhimmootuma qarshiin shallagamuu danda'an akka qarshiin hin shallagamnetti fudhachuun taarifa dhaabataa xiqqaa kaffalachiisuun himata banaa kan jirani dha. Haala kanaan galmeen gosa adda addaa akka qarshiin hin shallagamnatti banamuun isaa immoo KAS baqachuuf akka ta'e mul'iseera. Ka'umsi rakkoo kanaa inni bu'uuraa immoo SDFS keenyis ta'e dambiin KAS keenyi hiikni dhimmoota qarshiin hin shallagamnee ykn tarreeffamni dhimmoota kana ibsuu danda'u waan hin keenyeefi dha. Dabalataan immoo dhimmootni qarshiin hin shallagamne fakkaatan garuu qarshiin shallagamuu danda'an sirni itti shallagaman seeraan taa'uu dhabuu isaati. Fkn, falmii jeequmsa lafarratti ta'e ilaalachisee faayidaa namni jeeqame jedhee himatu sababa kanaan dhabe irratti hundaa'uun shallaguu qaba yoo jenne sirni faayidaan kun ittiin shallagamu seeraan hin teenye. Fayidaa kana oomisha waggaa lafichaa irratti moo waan biraa irratti hundaa'uun tilmaamama? oomisha waggaa yoo ta'e immoo kan waggaa meeqaa? Kaneen kun hanga seeraan deebii hin argannetti dhimmoota akkasii irratti yaadni waalta'aan hin argamu. Kanaafuu, seerri dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne hiika ifa ta'e itti kennuu danda'u seerota jiran SDFS kwt. 18 fi dambii lakk. 177/45, kwt.5 foyyeessuun bahuu qaba.

7. Himata irra deebiin bu'uura SDFS kwt.6 tiin baname ilaalachisee tilmaama qabeenya KAS irraa kaffalamuu qabu ilaalchisee seerichi erga KAS seeraan taa'e kaffalamee booda jechuun alatti wanta seerri kaa'u hin jiru. Kanarra kan ka'e manneen murtii irra jireessaan KAS jalqaba himatni itti banamee ture irra deebiin kaffalchiisaa jiru. Haa ta'u malee himataan irra deebiin yoo himatu seerummaan inni barbaade kan dura itti himate irraa gadi ykn olis ta'uu ni danda'a. kanaafuu, KAS kan kaffalamu hanga seerummaa gaafatame irratti hundaa'uun ta'uu dambii KAS 177/45 kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 irraa waan dubbifamuuf kun akka qajeeltoottii fudhatamee hanga

seerummaa irra deebiin himataan gaafate irratti hundaa'amee KAS shallagamuu qaba. Barmaatni dogoggoraa jirus bifa kanaan sirraa'uu qaban jedha.

8. Himata foyyaa'ee ilaalchisee rakkoon jiru seericha yaada keessa gachuutiin hojjechuun alatti rakkoon hiikkoo seeraa bal'aan illee kan mul'atu miti. himata foyyaa'e irratti dambiin KAS lakk. 177/45, kwt.3 furmaata qaba. Himatni yoo foyyaa'e tilmaamni qabeenyaa himaticha keessatti dura ibsamee ture jijjiiramee guddachuu ykn xiqqaachuu danda'a. Guddina ykn hir'ina tilmaamichi agarsiise irratti hunda'uun KAS kaffalamuu osoo qabuu abbootiin seeraa daballi tilmaamaa jiraachuu fi dhiisuu osoo hin ilaaliin himatni itti fufee murtaa'aa ture. Kun immoo rakkoo adeemsaa SDFS kwt. 241 irraa jalqabee jiru dhagaha duraa ilaalachisee jiru irraa kan ka'e ta'uu hubatama. Rakkkoo adeemsaa himataa fi deebii gama lamaaniin dhiyaate maal akka gaafatame osoo hin qulqulleessiin falmii afaanii fi ragaa dhagahuutti darbuu ture yoo maqsine carraa himatni foyyaa'e tilmaama qabeenya foyyeessuu fi dhiisuu itti arginu bal'isuu danda'a. kanaafuu, jijjiirama tilmaamaa irratti hundaa'uun KAS shallagamuu akka qabu hubatama. Dambii keenya kwt. 3 irrattis yoo guddatu qofa jedhee kaa'uun isaa dogoggora. Yoo guddates yoo xiqqaates ta'uu waan qabuuf bifa kanaan osoo foyyaa'ee irra gaarii ta'a.

9. Himannoo murtii mormuun bu'uura SDFS kwt.358 fi 359 tiin rakkoon ture seerri taarifa dhimma kanaaf muree osoo jiruu kallattiin seericha hojiirra oolchuu dhiisuun mala biraa fayyadamuu dha. Dambiin lakk. 177/45. Kwt 7 kaffaltiin dhimma murtaa'etti kaffalamee ture akka kaffalamuu fi adabbiin dabalataan qarshii 10 akka kaffalamu ibsa. Haa ta'u malee keewwani dambichaa kana murtii "exparte" kenname waliin tokko akka ta'etti hiikamaa ture. Keewwatichi garuu waa'ee murtii mormuu akkuma SDFS kwt. 358 jalatti ibsamee dubbata malee waa'ee murtii bakka hin jirretti kenname kaasisuu (setting aside) dubbata miti. kanaafuu, dambichi kwt. 7 SDFS kwt. 358 hojiirra oolchuuf kan tajaajila ta'uu qaba. Haa ta'u malee namni himata mormuun iyyatu murticha guutummaan osoo hin taane gartokkoo isaarratti qofa ta'uu danda'a. Akkas yommuu ta'utti immoo iyyataan seerummaa hin gaafanneef seerichi akka inni kaffalu yommuu taasisu jira jechuu dha.Waan kana

ta'eef immoo seerichi bifa iyyataan seerummaa gaafateef qofa akka kaffalu taasisuun fooyyaa'uu qaba.

10. KAS himata dhiifame irratti kaffalamu ilaalchisee himatni heeyyama mana murtii fi heeyyama mana murtii malee bifa lamaan dhiifama. Eeyyama mana murtiin yoo dhiifamu himata haaraa banachuun akka danda'amu seerrii taasisuun alatti KAS kaffalamu irratti adda addummaa hin qaban. KAS kan kaffalamu tajaajila adeemsa falmii jalqabaa hanga dhumaatti manni murtii kennuuf jedhamee yaadama. Namni himata yaada kanaan banatee jidduutti dhiise immoo KAS kaffale kana tasa dhabuu isaa mul'isa. Kana furuuf immoo SDFS kwt. 278 fi 279 furmaata hin kaa'u. Dambiin KAS lakk. 177/45 kwt.11 garuu himata dhiifame hunda osoo hin taane himata dhiyaatee dhaddachi osoo hin jalqabiin dhiifame ilaalchisee KAS dura kaffalame irraa akka baasii manni murtii hanga dhiifametti baase irraa hir'ifamu ta'ee KAS duraan kaffalame waajjira galii irraa akka deebifamuuf ajajamuu akka qabu ibsa. Dambiin kun haala kanaan haa ibsu malee hojiimaatni mannen murtii keenya keessa jiru akka mul'isutti garuu KAS dhimataaf deebi'u akka hin jirre dha. Kanaafuu, hojimaatni dogoggoraan nama KAS kaffalee erga himatee dhaddachatti dhiyaachuun dura himata isaa dhiise KAS deebisuufii dhiisuun hafee bu'uura dambicha kwt.11tiin hangi baasii mana murtii erga irra muramee akka deebi'uuf taasisamuu qaba.

11. KAS dhimma ijoo dubbii hin qabu ykn manni murtii aangoo hin qabu ykn kan biroo jedhamee bu'uura SDFS kwt.232tiin galmee cufamee hangi taarifa muramuu qabuu seeraan kan taa'e miti. Haa ta'u malee gartokkoon kaffaltii abbaa seerummaa himatni itti dhiyaatee seeraan taa'e deebi'uufii qaba waan jedhuuf dambiin/seerri hanga KAS dhimma kanarratti kaffalamuu hammate bahuu qaba.

12. Dambiin KAS keenyi KAS mana murtii waliigalaatti kaffalamu akka hin ilaallanne kwt.1 dambichaa irraa hubachuun ni danda'ama. Dambichi kwt. 1 irratti KAS mana murtii ol'aanaa fi manneen murtii aangoo isaa gadii qabaniif akka bahe dubbata. Haa ta'u malee ol'iyyannoo ilaalchisee kwt. 8 irratti ol'iyyatichi ajaja irraa kan fudhatame yoo ta'e hanga taarifa KAS mana murtii waliigala Niguse Neggestitti kaffalamuu akka danda'u waan kaa'uuf dhimma ol'iyyannoon mana murtii waliigalaa gaherratti hangi KAS kaffalamuu qabuu seeraan taa'eera jechuun ni danda'ama. Manni murtii

waliigalaa garuu dhimmoota ol'iyyannoo qofa kan keessummeessu osoo hin taane dhimmoota himata jalqabaa bakka mana murtii Ol'aanaa Federaalaa bu'uun illee akka keessummeessuun ilaalus beekamaa dha. Dhimmoota kallattiin (bifa himata jalqabaan) mana murtii waliigalaatti (MMW Oromiyaa) dhiyaatan kana immoo dambichi hanga KAS kaffalamuu waan hin keenyeef bu'uura dambichaan kaffalchiisuun seeraan ala. Garuu, sadarkaa mana murtii yaada keessa osoo hin galchiin himannoo bu'uura SDFS kwt. 230tiin dhiyaatu kamuu KAS osoo itti hin kaffalamiin fudhatama hin qabu jedha. Kanaafuu, taarifni KAS mana murtii waliigalaatti fi dhaddacha ijibbaataa dabalatee kaffalamu seeraan haguugamuu qaban jedha.

13. Ol'iyyannoorratti KAS kaffalmu ilaalchisees seerichi bifa haqummaa eegeetiin kan taa'e miti. Sababni isaas namni ol'iyyatu hangi seerummaa gaafatee ilaalamee isarratti KAS kaffalchiifamuu osoo qabuu hanga inni itti ol hin iyyanne ta'uu kan danda'u walakkaa KAS mana murtii jalaatti kaffalee haa kaffalu jechuun tumamuun isaa kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 kan cabsu dha. Karaa biraan yoo ibsamu, qajeeltoo hanga seerummaa gaafatame irratti KAS shallagama jedhuun kan walitti bu'u dha. Kanaafuu, KAS ol'iyyannoo irratti kaffalamu walakkaa hanga seerummaa ol'iyyannoorratti gaafatameef kaffalamuu qabuu akka ta'utti dambiin lakk. 177/45, kwt. 8 foyyaa'uu qaban jedha.

14. Hangi taarifa KAS dambii lakk. 177/45 tiin kaffalchiifamu irrattis qorannoon kun gaafannoowwan adda addaa maamiiltoota, ofiseroota seeraa fi abbootii seeraa fi pirezidantii manneen murtii waliin taasiseen rakkoowwan jiranii fi furmaata isaa kaa'uu yaaleera. Maamiltootni irra caalaan gaafatamanis KAS himata jalqabaa irrattis ta'e ol'iyyannoorratti kaffalan kan itti hin cimne ta'uu akka waliigalaatti kan ibsan ta'ee argameera. Baasiin KAStis baay'ee akka isaan hin yaaddeessine warra nu yaaddeesse jedhan caalaa ida'ama himata jalqabaa fi ol'iyyataarratti yaadni kanname ni ibsa . Ofiserootni seeraas maamiltootni isaanii sababa KAS itti cimetti himata isaanii dhiisanii kan hin beekne ta'uu fi ofii isaaniis KAS bu'uura dambii jiruun maamiltootni kaffalan kan xiqqaa ta'e ta'uu caalamaan ibsaniiru. Mariin garee abbootii seeraa, pirezidaantotaa fi ofiseroota seeraa waliin taasifames KAS baay'ee

kan xiqqaatee fi namootni mana murtii ooluu hojii isaanii yeroo maraa akka godhatan kan taasise ta'uu ibsaniiru. Mariin garee kun irra caalaatti KAS taarifa dhaabbataan kaffalamu irratti akka xiqqaates eeraniiru. Walumaagalattis taarifni KAS dambii lakk. 177/45 jalatti tumamee itti hojjetamaa ture kan baay'ee xiqqaatu ta'uu caalmaatti ibsaniiru. Kanaafuu, taarifni KAS jiru (lakk. 177/45) dabaluun jijjiiramuu qaban jedha.

15. Dandeettiin bittaa maallaqa Keenya qarshii Itiyoophiyaas bara 1945 booda baay'ee gadi bu'aa akka dhufe gatii midhaan nyaataa bara 1960 dura ture akka kan bara 1945 bakka bu'uutti fudhachuun gatii midhaan amma (bara 2003) wajjin qorannoo kana keessatti dorgomsiifamee ilaalameera. Bu'uuruma kanaanis dandeettiin bituu maallaqa keenyaa qarshii (birrii) Itiyoophiyaa baay'ee kan gadi bu'e ta'uun isaa hubatameera.Madaalliin kunis kan fudhatame wantoota gatii gabaa irratti dhiibbaa gochuu danda'an biro akka dhaabbatetti(keeping other factors constant) fudhachuuni. Marii garee fi af-gaaffii Biiroo Galiiwwanii waliin taasifame irraa akka hubatamettis dandettiin bituu maallaqa Itiyoophiyaa kan bara 1945 irraa amma bara 2003tti baay'ee gadi bu'aa kan dhufe ta'uu hubatameera. Gatiin maallaqaa yeroo taarifni KAS dambii lakk. 177/45 bahee tures gatii maallaqa ammaa bakka bu'uu hin danda'u. Gatiin bituu maallaqaa amma gadi bu'uun isaammoo maallaqani yeroodambichi bahe xiqqoon ibsame kan ammaa maallaqa baay'ee ta'u bakka bu'uu kan danda'u ta'a. Kanaafuu, dandeettii bituu maallaqaa bara 1945 irraa jalqabee hanga har'aatti gadi bu'aa dhufe waliin akka deemutti (bakka bu'uu hanga danda'utti) taarifni KAS dambii lakk. 177/45 keessatti ibsamee ture bara 2003 irraa jalqabee olguddachuu qaban jedha. Keessumaa immoo KAS taarifa dhaabbataa qaban dabaluu qabu .Sababni isaammoo KAS taarifa dhaabbataa qaban kanneen taarifa tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an irraa kan adda isaan taasisu kanneen tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an yoo dandeettiin bituu gadi bu'u walumaan tilmaamni qabeenyichaas waluma qixa kan gadi bu'u waan ta'eef jijjiiramni dandeetti bituu baay'ee miidhaa kan irraan hin geenye yoo ta'u kan taarifa dhaabbataa immoo amala kana waan hin qabneef dandeettiin bituu yoo gadi bu'e kana sirreessuuf taarificha ol guddisuu barbaachisa. Dandeettiin bittaa maallaqaa

waan gadi bu'eef qofa taarifa KAS dabaluun dinagdeen biyyaa fi dinagdee namni dhuunfaa irra jiru illee kan heeyyamu ta'uu qaba. Kanumaafis dinagdeen biyya keenyaa akka biyyattis ta'e akka nama dhuunfaatti kan bara 1945 fi 1960 duraa caalaa baroota 1990 booda kan jiru dabalaa kan deeme waan ta'eef taarifa KAS dabaluuf kan heeyyamu ta'uun isaa irra gahameera.

16. Tajaajillii fi gatiin tajaajila kaffaltii Abbaa seerummaas wal-gituu irrattis qorannoon kun qabxiilee tokko tokko ilaaleera. Baajetni ka'umsaa hojii mana murtiif bahuu fi galiin KAS fi adabbii irraa manni murtii galchu kan bara 1960 duraa fi kan si'anaa akka biyyaattii fi akka naannoo Oromiyaatti dorgomsiifamee ilaalameera. Haaluma kanaanis biyya keenyatti durumaa kaasee illee baasiin mana murtii fi galiin inni karaa KAS fi adabbii argamsiisu walqixa akka ta'u waan hin gaggeeffamneef kan walcaalu ta'uun isaa hubatameera. Kuni ta'us garuu wal-caalmaan isaa yeroo ammaa yoo ilaalamu baasiin manni murtii tajaajila kennuuf baasu daran guddachaa kan dhufe yoo ta'u galiin karaa KAS fi adabbii galaa jiru garuu baroota dheeraa bara 1945 irraa kaasee hanga har'a 2003 tti jijjiirama xiqqaa (jijjiirama yaada keessa hin galfamne) kan agarsiise ta'uu hubatama. Jijjiiramni xiqqaa KAS agarsiise kunis taarifni KAS erga bara 1945 bahee jijjiiramee waan hin beekneef garuu sababa maamilli mana murtii dabaleef ta'uu danda'a. Kanaafuu, baasiin tajaajilli mana murtii fi galiin KAS irraa argamu wal haa qixxaatu jechuun gonkumaa kan hin taane ta'uu kan ilaalle yoo ta'u garuu gatiin tajaajila abbaa seerummaatiif kaffalamu daran kan gadi bu'e ta'uun waan qorannaa kanaan hubatameef KAS haala gatii tajaajila kana deeggaruu danda'uun osoo ol dabalee yaada jedhu akka kaasnu taasisuun isaa waan hin oolleef dabaluu qaban jedha.

Seerri KAS tumu Itiyoophiiyaa SDFS bara 1965 bahee fi taarifa KAS kan tumu dambii KAS lakk. 177/45 dha. Seerri adeemsaa sirna hojii fi aangoo manni murtii itti qajeelfamu dha. Itiyoophiyaa keessatti immoo heerrii mootummaa manneen murtii akka nannootti fi akka biyyaatti akka bahu kaa'eera. Kanumaafuu naannoon Oromiyaa mana murtii ofii isaa hundeeffatee itti hojjechaa jira. Heerri mootummaa Federaalaas naannoleen keenyi mana murtii hundeeffachuu waliin mirga aangoo manneen murtii isaa seeraan murteessuu fi sirna adeemsa isaas murteessu hin dhorgine. Kanaafuu, naannoon Oromiyaa aangoo seera

adeemsaa manneen murtii isheef baafachuu ni qabdi. Dambii KAS naannoo Oromiyaa ilaalchisee immoo dambiin ofii akka mootummaa naannootti hanga har'aatti baafannee qabnu waan hin jirreef dambii lakk. 177/45 bara mootummaa waalta'aa biyya guutuuf akka hojjetu bahetti fayyadamaa kan jirtu dha. Akkuma beekamu dambiin KAS itti kaffalamu seera galiin tajaajila mana murtii irraa argamu itti funaanamu ta'uu isaa hubanna. Galiin manneen murtii mootummaa naannoo Oromiyaa irraa funaanamu immoo galii naannoo Oromiyaati . Kunis wanta sirni Federaalizimii biyyi keenyi hordoftu fide keessaa tokko akka ta'e hubatama. Bu'uuruma kanaanis heerri mootumaa naannoo Oromiyaa kwt. 49(3)(j) Caffeen galii naannichaa irratti seera baasuu akka danda'u kaa'a. kanaafu, seerota kana heera mootummaa wajjin walsimsiisuuf, akkasumas caaseeffama mana murtii naannoo keenya ammaa wajjin wal-simsiisuuf rakkoowwan seerootni kun hojiirra oolmaa irratti qabanii fi rakkoo walitti hojjechuu qaban maqsuuf caffeen mootummaa naannoo Oromiyaa aangoo SDFS bara 1965 KAS ilaallatan fi dambii KAS lakk. 177/45 fooyyeessuu, jijjiiruu ni qaban jedha. Waanuma kana ta'eefis seerota kana keessatti rakkoolee hedduun waan mul'ateef jijjiiree kan biraa bakka buusuu qaban jedha.

Wabiiwwan

1. eKõ`Éu?„‹ ¾Ç˜'ƒ Ñ”²w ›ŸóðM ¾¨× ¾QÓ ¡õM Te ¨pÁ 'Ò]ƒ& Ò²?× ›Yˆ G<K}— ¯Sƒ IØ` 45/1945 IØ` 177/1945

2. Civil Procedure code of The Empire of Ethiopia of 1965,Negarit Gazeta- Extra Ordinary issue No. 3 of 1965, Addis Abeba, 1965 (SDFS)

3. Cost Law encyclopedia; http;llen.wikipedia. Org/wiki/ Las-costs-draftsman

4. What is cost go to do with it? The impact of changing court fees; www. Justice. Gov.Uk/Dubblication/docs/ changing-court-fees.pdf.

5. Court fees and revenue stamps of the princely states of India; www. Alla bookstores. Com/ court-fee-revenue-stamps…/9780961377304.

6. Law commission of India 189th report on revision of court fees structure, February, 2004; www. Scribd. Com/doc/…/189th-Report-on-Revision-of-court-fee-last update 16 apri/2011

7. Court fee/ way we charge court fees, mht.www.hm courts-service-gov.uk/…/fees/whay we charge.htm-last updated 18 may 2010 web team.

8. Ethiopian legal directory, first annual edition, 2003/4; www.ethiopian legal directory. Com.

9. http;//boards. Strait dope. Com/ sdmb/show thread.php?t:22412

10. civil court fees 2008;www.justice.gov.uk

11. Managing justice,a review of federal civil justice system report No. 89; http// www.austlii.edu.av/av/other/a/rc/publications/reports.89/.

12. Heera mootummaa Indiyaa, fooyyeeffama 42ffaa,

13. The constitution of Federal Democratic Republic of Ethiopia, 1st year No. 1 Addis Ababa 21st, 1995,

14. 2007-court fee remission system pdf. Point of contact research @justice.gsi.gov.uk.

15. Seera hojjetaa fi hojjechiisaa labsii Lakk. 377/2003

16. The court fees act; www. Pap.gov. pk/uploads/acts/3.htm/

17. Tsegaye Workineh ¾Ç˜'ƒ ¡õÁ“ ¾¨ß“ Ÿ=Xˆ ›¨dc” , hin maxxanfamne.

18. Alamaayyoo Dhaabaa, KAS fi Murteessa Baasii fi Kisaaraa,hin maxxanfamne.

19. Xalayaa Ajajaa Lakk. Co1/111/U1-1 gaafa 20/04/1994 Biiroo Caffee irraa barraahe.

20. Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'uun hundeessuuf bahe hin, Magalata Oromiyaa waggaa 16ffaa Lakk. 10/2000,Labsii Lakk. 141/2000,

21. Sisaay Alamaayyoo, Remand under Ethiopian civil procedure; The law and practice, Addis Abeba University, law Faculty.

22. A concise law dictionary,Justice Y V CHANDURACHUD, 3th ed.,2006,WADHWA NAGPUR.

23. MP,JAIN, The Code Of Civil Procedure-ed, 2007,New Delhi.

24. Ethiopian statistical Abstract year. 1967&1968 www. Csa. Gov.et.

25. Federal Democratic Republic of Ethiopia Central Stastistical Agency 2009, Addis Abeba, February 2010

26. http;www.egypt to day. Com/articles

27. Tsegaye Regasa, state constitutions in Federal Ethiopia; A preliminary observation (a summary for the belligio conference, march 22-27,2004)

28. Heera fooyya'aa mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994

Af-Gaaffii

1. Af-gaaffii Obbo Lammeessaa Likkii (I/A/I/G/Biiroo Galiiwwan Oromiyaa) waliin gaafa 18/05/2003 taasifame.

Af-gaaffii Obbo. Tasfaayee Abbaba (I/Aanaa Biiroo MMDO fi I/G/Baajetaa fi karoora) waliin gaafa 18/05/2003 taasifame.

Maxxantuuwwan

1.Bar-gaaffii

Himattoota fi Ol'iyyattoota(bakka bu'oota) dhimma siivilii fi maatiif

Gaaffileen armaan gadii fooyya'insa sirna haqaa keenyaaf waan ooluuf xiyyeeffannaan haa guutamu.

Hojii

Umurii

Saala

Dhimma: Oliyyannoo_____ himata jaqabaa_____

1. Himannoo kee yoo dhiyeeffattu baasiin kaffaltii a/seerummaaf kaffaltu si yaaddesseeraa?
   a. Eeyyee ☐ b.Miti ☐

2. Ol'iyyannoo kee kana akka ol hin iyyanne baasiin kaffaltii abbaa seerummaa si yaaddesseeraa?

   a.Eeyye ☐ b.Miti ☐

   3.Galmee kee yoo banattu kaffaltiin abbaa seerummaa kaffaltu sitti cimeeraa? A.Eeyyee b. Miti

   ☐

   3.Kaffaltiin Abbaa Seerummaa yoo sitti cime maal goota turte?

   _____

Af -gaafii A/Seeraa fi Pirezidaantotaaf

Gaaffileen armaan gadii fooyya'insa sirna haqaa keenyaaf waan ooluuf xiyyeeffannaan haa guutamu.

1. Bu'uura SDFS tiin KAS kaffalchiisuu irratti keewwattoonni/dhimmoonni sin rakkise maali?

a. Galmee firii dubbii hin qabu/ mormii sadarkaatiin kufaa jedhamerratti
b. Galmeelee himataan eeyyamaan dhiiserratti _____
c. Galmee heeyyama malee dhiifameen wal qabatee _____
d. Galmee ol'iyyannoorratti _____
e. Galmee irra deebiin banamerratti (kwt.6,kwt 358 fi 359)
f. Galmeelee waajjira mootummaa adda addaarratti _____
g. KAS hiyyummaan wal-qabatu irratti ----------
h. Galmee waliigalteen akka diigamu gaafatamu irratti .....
i. Galmee jeequmsi haa dhaabbatuu irratti.....
j. Kaffaltiin KAS yeroo ammaa kaffalchiifamu a. ni xiqqaataa moo?------ ni guddataa? ---------Yaada biraa _____
k. Kaffaltiiwwan mana murtii waliigalaa fi dhaddacha ijibbaataatti kaffalamu muxannoo qabdan irraa maal fakkaata?

1. Af-gaafii prezidaantoota Aanaa fi M/M/Ol'aanaaf.

1.Galiin M/Murtii kaffaltii A/Seerummaatiin galchuu fi baajatni mana murtii keessaniif ramadamu hangami ?Istaatiksii isaa yoo qabaattan nuuf mul'isaa.

2.Tajaajilli manni murtii kennuu fi galiin karaa mana murtii argamu walgitaa? /Wal-gituu qabas jettuu?

3. Taarifni Kaffaltii abbaa seerummaa fi dinagdeen biyya keenyaa sin biratti akkamitti ilaalama. Kan waliin deeme moo walbiraa hafa jettu?

Bar -gaaffii Ofiseroota Seeraa Sadarkaa Manneen Murtii Hundaaf

1. K/A seerummaa yoo kaffalchiistu yaadni (reaction) himattootaa fi ol'iyyattootaa maal fakkaata? A. akka itti ☐ ime ibsu b. salphaa akka ☐ ta'etti ibsu c.yaada biraa _____

2. K/A seerummaa kaffalchiisuu keessatti dhimmootni kaffalchiisuuf rakkisu dambii fi SDFS waliin deemuu irratti maal fakkaata? A.Rakkoon hin jiru ☐ b.rakkoon jira ☐ c.yoo jiraate rakkoo maaliiti? _____

3. Akka yaada keetti Kaffaltiin A/Seerummaa kaffalchiifamu

a. ni xiqqaata ☐ b.ni guddata ☐

c.kan biraa _____

5. Namni KAS kaffaluu hin danda'u jedhee himachuu dhiise si qunnameeraa? Nam meeqa?------

Af-gaaffii MMD Oromiyaa waliin taasifamu.

1. Kaffaltiin A/Seerummaa mana murtiitti kaffalamu fi baajetni waggaa mana murtii hangami?
2. Bajetni manni murtii argatu hangamtu galii gibiraa mootummaa Naannichaarraa dhufa?
3. Kaffaltiin A/Seerummaa osoo dabalee galii M/Murtii dabalee baasii M/Murtii uwwisuu danda'aa? Hangam?

Marii garee(A/Seeraa,Pirezidaantii fi Ofiseroota Seeraa)

- Dambii kaffaltii A/Seerummaa fi SDFS waliin deemsisuu irratti rakkoo maaltu sin quunname.
- Kaffaltiin A/Seerummaa dambii jiruun kaffalchiifamu gahaa dha jettu? Moo xiqqaa dha jettu? Maaliif?
- Akka dambii tokkootti dambiin 177/45 hir'inoota maal maal qaba?

Af-gaaffii I/G/ Biiroo Galiiwwanii Oromiyaatiif

1.Galiin M/Murtii kaffaltii A/Seerummaatiin galchuu fi baajatni mana murtii keessaniif ramadamu hangami ?Istaatiksii isaa yoo qabaattan nuuf mul'isaa.

2.Tajaajilli manni murtii kennuu fi galiin karaa mana murtii argamu walgitaa? /Wal-gituu qabas jettuu?

3. Taarifni Kaffaltii abbaa seerummaa fi dinagdeen biyya keenyaa sin biratti akkamitti ilaalama. Kan waliin deeme moo walbiraa hafa jettu?

4.Galiin manni murtii karaa KAS fi Adabbiitiin galchu eessatti gala? Kan

5.Naannoo ta'a moo kan Federaalaa? Manni murtii ofumaa deebisee itti fayyadamuu danda'aa? Baajatni manneen murtii Naannoo Oromiyaatiif bahii ta'u qaama kamirraatti?

Magalata Oromiyaa

Wixinee Seera Kaffaltii Abbaa Seerummaa Oromiyaa

Qabiyyee

Labsii lakk.---------

Labsii kaffaltii Abbaa Seerummaa Oromiyaa Hoogganuuf bahe.....fuula...

Labsii lakk.....

Labsiin Kaffaltii Abbaa Seerummaa Naannoo Oromiyaa

Kaffaltiin abbaa seerummaa manneen murtii naannoo keenyaa galii naannoo keenyaa waan ta'eef seerri kana akka noonnoo keenyaatti hoogganu waan barbaachiseef;

Rakkoowwan hojiirra oolmaa fi hanqinoota dambiin kaffaltii abbaa seerummaa lakk.177/45 qabu maqsuuf akkasumas heera mootummaa naannoo keenyaa fi heera mootummaa Federaalaa wajjin wal-simsiisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Haaluma kanaanis seerri kaffaltii abbaa seerummaa hoogganu kaayyoo galii naannoo keenyaa madaalawaa argamsiisuu fi dandeettii bituu qarshii biyya keenyaa,dinagdee,siyaasaa fi hawaasummaa si'anaa waliin deemuu danda'u akkasumas mirga haqa argachuu maamila mana murtii kan hin miinee fi deemsa saffisaa fi iftoomaa qabu akka mirkaneessu waan barbaadameef;

Kanumaafuu, labsiin kaffaltii abbaa seerummaa lakk.----------bu'uura heera fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994 fooyya'ee bahe labsii lakk.46/1994 kwt.49(3)(j)tiin akka armaan gadiitti labsameera.

1.Labsiin kun labsii kaffaltii abbaa seerummaa (KAS) Naannoo Oromiyaa lakk.....jedhamuun waamama.

2.Hiika

1,Manneen murtii; manneen murtii jechuun mana murtii Aanaa,mana murtii Ol'aanaa fi Mana murtii Waliigalaa Oromiyaa keessatti argaman jechuu dha.

2 .Seera deemsa falmii siivilii(SDFS);seera deemsa falmii siivilii jechuun kan biraa byoo bakka buufame malee seera deemsa falmii siivilii Itiyoophiyaa bara 1958 bahee hanga har'aa hojiirra oolaa jiru jechuu dha.

3. Daangaa Raawwatinsaa

1.Dambiin kun dhimmoota manneen murtii mootummaa Naannoo Oromiyaatti sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa, Mana Murtii Ol'aanaa fi Mana Murtii Aanaatti dhiyaatan irratti qofa kan hojjetu ta'a.

2.Kaffaltiin abbaa seerummaa kan kaffalamu mana murtiitti ykn hojjetaa mana murtii kana raawwachiisuuf karaa seera qabeessaan ramadametti qofa.

3.Akka keewwata 2 armaan oliitti namni kaffaltii abbaa seerummaa kaffalchiise kaffalaaf nagahee seera qabeessa hanga kaffalee fi sababa itti kaffale ibsu kennuu qaba.

4.Garaagarummaa hangaa fi barbaachisummaa KAS muruu irratti uumamu

1. Garagarummaan ofiserri KAS kaffalchiisuu fi himataa ykn bakka bu'aa himataa jidduutti hangaa fi barbaachisummaa KAS irratti gaaffii yoo kaase gaaffichi pirezidaantii ykn Abbaa seeraa dursaa mana murtichaaf dhiyaatee bu'uura SDFS kwr. 250 fi dambii kanaatiin furmaata argachuu qaba.

5.Sirna kaffaltiin himannoowwan tokko tokko itti shallagamu

Himannoowwan dambii kana jalatti dhiyaataniif KAS dhimmoota armaan gaditti ibsamanii akka armaan gadiitti shallagama.

1.Mallaqaaf; himannoowwan maallaqaaf (kanneen akka beenyaa ykn alaabaa, idaa yeroo yerootti kaffalamu ykn ida'ama biraa yeroo yerootti kaffalamu) KAS kan shallagamu hanga maallaqa gaafatame irraa ta'a.

2. Kaffaltii yeroo yerootti fi idaa yeroo yerootti kaffalamu ykn ida'amni biroo yeroo yerootti kaffalamuu hanga gatii dhimma himannaaf sababa ta'e irraa shallagama. Hangi kun immoo 10xhanga kaffaltii waggaatti kaffalamuu qabuu ta'a.

3.Qabeenya socho'u gatii gabaa qabu; himannoowwan qabeenya socho'anii maallaqa osoo hin dabalatiin, dhimmichi gatii gabaa kan qabu yoo ta'e, hanga gatii dhimmichaa gaafa himatni dhiyaateeirraa KAS shallagama.

4.Himannoowwan,

a) Qabeenya socho'u gatii gabaa hin qabnee ;qabeenyaa socho'u gatii gabaa hin qabne kan akka galmeelee abbaa qabeenyummaa waliin wal-qabatan

b) Mirga hiree qabeenya waliinii maatii keessaa qabu argachuuf; mirga hiree qabeenya kamiyyuu keessaa qabu sababa qabeenyichi maatiin walitti qabameef jechuun yoo dhiyyaate

c) Ajaja labsu fi bu'aan isaa yoo gaafatame /ajaja murtii fi bu'aan isaa (declaratory order or decree and consequential relief) yommuu gaafatamutti

d) Gochi akka dhaabatu ykn akka ta'u ajaja mana murtii irraa kennamu argachuuf(suit for injuction),

e) Dantaa lafa abbaa qabeenyummaan isaa kan nama biraa ta'e kan akka mirga itti fayyadamaa ykn to'annaa lafaa, ykn bakka qilleensarraa ykn lafaa gadii waan murtaa'aaf barbaadamu, kan akka keessa darbuun karaa uummataatti darbuufaa, (easement),

f) Galmee heerreegaaf kan –shallagaman bu'uura hanga seerummaa himannoo ykn ol'iyyannoo keessatti shallagamuun ibsameetini dha. Himannoowwan akkasii keessatti himataan/iyyataan/ol'iyyataan seerummaa gaafate hangamiin akka shallagu ibsuu qaba.

g) Abbaa qabiyyuummaa lafaa, manaa fi oddoo; himannoowwan abbaa qabiyyummaa lafaa, manaa fi oddoo gatii faayidaa dhimmicha seerummaan irratti gaafatamee irraa shallagama.

Gatiin kun immoo kan itti ibsamu, lafa yoo ta'e

1.Galii lafichi bara himannoon dhiyaate tokkoon dursu keessa waggaatti argamsiisuu ta'a.

2.Lafichi galii argamsiisee hin beeku yoo ta'e tilmaama manni murtii gatii lafa ollaasaarraa akka "a" jalatti ibsametti shallagu irraa herregama.

h.Mana ykn oddoof immoo akka armaan gadiitti shallagama. Dhimmichi seerummaan itti gaafatame abbaa qabeenyummaa mana ykn oddoo yoo ta'e gatii gabaa mana ykn oddoo sanarratti hundaa'a.

i) Mirga dursa bitachuu manaa fi oddoo kabajchiifachuuf; mirga dursa bitachuu lafaa fi oddoo kabajchiifachuuf hanga gatii (akka qabxii 'h' olii jalatti shallagametti) manichaa ykn oddoo seerummaan itti gaafatamee ta'a.

j) Himannoo raawwii waliigalteef kaffaltiin abbaa seerummaa kaffalamu kan shallagamu;

a) Kan waliigaltee gurgurtaa hanga gatii gurgurtaaf waliigalamee

b) Kan waliigatee liqii qabeenya hin sochoone qabsiisuun yoo ta'e hanga gatii qabeenyichi ittiin qabamee.

c) Kan waliigaltee liqii qabeenyi socho'u itti qabamee yoo ta'e hanga ida'ama adabbii (yoo jiraate) fi kiraa waggaa qabeenyichaa bara jalqabaa waliigaltichaan kaffaluuf waliigalamee,

d) Badhaasa; KAS waldhabbii badhaasaan walqabatu hanga gatii qabeenya dhimmichaaf sababa ta'ee.

6.**Murtii waldhabbii shallaggii irratti ta'u.**

1. Gaaffiin shallaggii KAS kafalamuuf jecha dambii kana jalatti himataan ykn ol'iyyataan kaasu mana murtii himatichi ykn ol'iyyatichi itti dhiyaatetti dhiyaatee murtii argata. Murtiin kunis gareelee falmii jidduutti isa dhumaa ta'a.

2. Garuu himatni kun yommuu mana murtii ol'iyyannoo, ykn ijibbaataatti dhiyaatu murtiin jalatti dhimma kana ilaalachisee kenname galii mootummaa kan miidhu ta'uu yoo hubatame manni murtii garee KAS kana kaffale waamuutiin hanga KAS sirrii kaffaluu qabu ture gahutti dabalee akka kaffalu taasisa. Kanaatiifis kwt. 7(2) raawwatinsa ni qabaata.

7.Faayidaan argame ykn gatiin gabaa shallgamee dhiyaate dogoggora ta'ee argamuu.

1. Bu'uura qorannoo taasiseen faayidaan argame ykn gatiin gabaa dhimmichaa dogoggoraan kan shallagame ta'uu manni murtii yoo hubate, KAS irra darbee kaffalame aangoo mataa isaatiin garee kaffaleef akka deebi'u taasisa.

2. Yoo shallaggiin dhiyaate kan hanqatu ta'e immoo osoo sirriitti shallagamee hanga KAS gareen kaffale kaffaluu qabu gahuutti itti dabalee akka kaffalu ajaja.

3. Dhimma kana keessatti hanga KAS dabalataa kaffalamutti dhimmichi ni tursiifama. Yeroo manni murtii murteesse keessatti KAS kun yoo hin kaffalamane manni murtii himaticha ni cufa.

8. Himata irra deebii

   KAS himata irra deebiin baname irratti kaffalamu hanga seerummaa irraa deebiin sirreessisuu barbaadame irratti herregameeti.

9. Himannoo mata duree garaagaraa; himannoon tokko mata duree lamaa fi isaa ol yommuu qabaatutti KAS himaticha ykn ol'iyyannoo irratti kaffalamu ida'ama gatii tokkoon tokkoo mata dureewwan himataa kana irratti hundaa'uuni dha.

10. Qorannoo himaannoo barreeffamaa:

Himannoon barreeffamaan nama seeraan ala hidhame ykn bakka tokkotti uggurame jechuun dhiyaatuu qorannaan jalqabaa akka ta'uuf gaafatu KAS qarshii sadii(qarshii 3) kaffaluu qaba. Garuu, manni murtii kaffalttii kana dhiisuufii ni danda'a.

11.Dhimmoota maallaqaan shallagaman

1.Himatni dhiyaatee galmeetti yoo galu KAS kaffalamu maallaqa himatni itti dhiyaate ykn tilmaama dhimmichaa irratti hundaa'uutiin yommuu ta'utti qarshii zeeroo irraa hanga qarshii dhibba tokkoo yoo ta'e qarshii 10tti yookan gar-tokkoo isaatti saantima 50tu kaffalama.

2.Maallaqnisaa ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii dhibba tokkoo oli garuu kumaa tokkoo gadi yoo ta'e qarshii dhibba tokkoo oli kan jiruuf qarshii 50 ykn gar-tokkoo isaatti qarshii 2 fi saantima 50tu herragamee kaffalama.

3.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma tokkoo oli garuu qarshii kuma kudhanii gadi yommuu ta'u qarshii kuma tokkoo oli isa jiruuf qarshii 100 tti ykn gar-tokkoo isaarratti qarshiin 4 herregamee kaffalama.

4.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma kudhanii oli garuu qarshii kuma shantamaa gadi yoo ta'e qarshii kuma kudhanii oli kan jiruuf qarshii 250 ykn gar-tokkoo isaa jiruuf qarshiin 9 herregamee kaffalama.

5.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma shantamaa oli garuu kuma dhibbaa gadi yoo ta'e qarshii kuma shantamaa oli kan jiruuf qarshii 500 ykn gar-tokkoo isaatti qarshiin 15 herregamee kaffalama.

6.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma dhibba tokkoo oli garuu kuma dhibba shanii gadi yoo ta'e kan kuma dhibba tokkoo ol jiruuf qarshii 10,000 ykn gar-tokkoo isaa jirutti qarshiin 30 herregamee kaffalama.

7.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma dhibba shanii oli garuu muliyoona tokkoo gadi yoo ta'e qarshii kuma dhibba shanii ol jiruuf qarshii 50,000 ykn gara-tokkoo isaatti qarshii 50tu kaffalama.

8.Shallaggiin kun hundi gabateetiin seeraa kanaan walqabatee dhiyaata (GABATEE B ilaala).

9.Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii miliyoona tokkoo ol yoo ta'e qarshii miiliyoona tokkoo ol jiruuf qarshii 100,000 ykn gar-tokkoo isaatti qarshii 100 tu herregamee kaffalama.

12.Kaffaltiiwwan Dhaabbataa

1. Himatni galmeetti qabamee ajajni waamichaa yommuu bahutti tokko tokkoo ajaja waamichaa kennametti KAS kaffalamerratti qarshiin Itiyoophiyaa shan dabaltaan ni kaffalama. (0.50 irraa gara qar. 5tti guddifame)

2. Galagalchi beeksisa murtii sirriin yommuu kennamutti murtichi bakka gareen falmii lamaan dhiyaatanitti kan murtaa'e ta'es ykn bakkee gareen tokko hin jirretti kan murtaa'e yoo ta'es akka armaan gadiitti kaffalama;

   a.Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma ykn isaa gadi kan ta'u yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

   b.Tilmaamni dhimmichaa qarshii kumaa oli yoo ta'e qarshii 15 (Qar. 3 irraa 15tti guddate)

3. Himatamaan deebii kan hin dhiyeeffanne ta'uu isaa ykn injifatamaan ol'iyyata fudhachuu dhiisuu isaa qulqulleeffachuuf barreeffamni mana murtii irraa yoo kennamu akka armaan gadiitti kaffalama.

   a.Tilmaamni dhimmichaa qarshii 1,000 (kuma) gadi yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

“	42250 በላይ	“	42500 በታች	1580	50
“	42500 በላይ	“	42750 በታች	1589	25

“	42750 በላይ	“	43000 በታች	1598	00
“	43000 በላይ	“	43250 በታች	1607	75
“	43250 በላይ	“	43500 በታች	1616	50
“	43500 በላይ	“	43750 በታች	1625	25
“	43750 በላይ	“	44000 በታች	1634	00
“	44000 በላይ	“	44250 በታች	1643	75
“	44250 በላይ	“	44500 በታች	1652	50
“	44500 በላይ	“	44750 በታች	1661	25
“	44750 በላይ	“	45000 በታች	1670	00
“	45000 በላይ	“	45250 በታች	1679	75
“	45250 በላይ	“	45500 በታች	1688	50
“	45500 በላይ	“	45750 በታች	1697	25
“	45750 በላይ	“	46000 በታች	1606	00
“	46000 በላይ	“	46250 በታች	1715	75
“	46250 በላይ	“	46500 በታች	1724	50
“	46500 በላይ	“	46750 በታች	1733	25
“	46750 በላይ	“	47000 በታች	1742	00
“	47000 በላይ	“	47250 በታች	1751	75
“	47250 በላይ	“	47500 በታች	1760	50
“	47500 በላይ	“	47750 በታች	1769	25
“	47750 በላይ	“	48000 በታች	1778	00
“	48000 በላይ	“	48250 በታች	1787	75
“	48250 በላይ	“	48500 በታች	1796	50
“	48500 በላይ	“	48750 በታች	1705	25
“	48750 በላይ	“	49000 በታች	1814	00
“	49000 በላይ	“	49250 በታች	1823	75
“	49250 በላይ	“	49500 በታች	1832	50
“	49500 በላይ	“	49750 በታች	1841	25
“	49750 በላይ	“	50000 በታች	1850	00
“	50000 በላይ	“	50500 በታች	1865	00
“	50500 በላይ	“	51000 በታች	1880	00
“	51000 በላይ	“	51500 በታች	1895	00
“	51500 በላይ	“	52000 በታች	1910	00
“	52000 በላይ	“	52500 በታች	1925	00
“	52500 በላይ	“	53000 በታች	1940	00
“	53000 በላይ	“	53500 በታች	1955	00
“	53500 በላይ	“	54000 በታች	1970	00
“	54000 በላይ	“	54500 በታች	1985	00
“	54500 በላይ	“	55000 በታች	2000	00
“	55000 በላይ	“	55500 በታች	2015	00

“	55500 በላይ	“	56000 በታች	2030	00
“	56000 በላይ	“	56500 በታች	2045	00
“	56500 በላይ	“	57000 በታች	2060	00
“	57000 በላይ	“	57500 በታች	2075	00
“	57500 በላይ	“	58000 በታች	2090	00
“	58000 በላይ	“	58500 በታች	2105	00
“	58500 በላይ	“	59000 በታች	2114	00
“	59000 በላይ	“	59500 በታች	2135	00
“	59500 በላይ	“	60000 በታች	2150	00
“	60000 በላይ	“	60500 በታች	2165	00
“	60500 በላይ	“	61000 በታች	2180	00
“	61000 በላይ	“	61500 በታች	2195	00
“	61500 በላይ	“	62000 በታች	2210	00
“	62000 በላይ	“	62500 በታች	2225	00
“	62500 በላይ	“	63000 በታች	2240	00
“	63000 በላይ	“	63500 በታች	2255	00
“	63500 በላይ	“	64000 በታች	2270	00
“	64000 በላይ	“	64500 በታች	2285	00
“	64500 በላይ	“	65000 በታች	2300	00
“	65000 በላይ	“	65500 በታች	2315	00
“	65500 በላይ	“	66000 በታች	2330	00
“	66000 በላይ	“	66500 በታች	2345	00
“	66500 በላይ	“	67000 በታች	2360	00
“	67000 በላይ	“	67500 በታች	2375	00
“	67500 በላይ	“	68000 በታች	2390	00
“	68000 በላይ	“	68500 በታች	2405	00
“	68500 በላይ	“	69000 በታች	2420	00
“	69000 በላይ	“	69500 በታች	2435	00
“	69500 በላይ	“	70000 በታች	2450	00
“	70000 በላይ	“	70500 በታች	2465	00
“	70500 በላይ	“	71000 በታች	2480	00
“	71000 በላይ	“	71500 በታች	2495	00
“	71500 በላይ	“	72000 በታች	2510	00
“	72000 በላይ	“	72500 በታች	2525	00
“	72500 በላይ	“	73000 በታች	2540	00
“	73000 በላይ	“	73500 በታች	2555	00
“	73500 በላይ	“	74000 በታች	2570	00
“	74000 በላይ	“	74500 በታች	2585	00
“	74500 በላይ	“	75000 በታች	2600	00
“	75000 በላይ	“	75500 በታች	2615	00

“	75500 በላይ	“	76000 በታች	2630	00
“	76000 በላይ	“	76500 በታች	2645	00
“	76500 በላይ	“	77000 በታች	2660	00
“	77000 በላይ	“	77500 በታች	2675	00
“	77500 በላይ	“	78000 በታች	2690	00
“	78000 በላይ	“	78500 በታች	2705	00
“	78500 በላይ	“	79000 በታች	2720	00
“	79000 በላይ	“	79500 በታች	2735	00
“	79500 በላይ	“	80000 በታች	2750	00
“	80000 በላይ	“	80500 በታች	2765	00
“	80500 በላይ	“	81000 በታች	2780	00
“	81000 በላይ	“	81500 በታች	2795	00
“	81500 በላይ	“	82000 በታች	2825	00
“	82000 በላይ	“	82500 በታች	2810	00
“	82500 በላይ	“	83000 በታች	2840	00
“	83000 በላይ	“	83500 በታች	2855	00
“	83500 በላይ	“	84000 በታች	2870	00
“	84000 በላይ	“	84500 በታች	2885	00
“	84500 በላይ	“	85000 በታች	2900	00
“	85000 በላይ	“	85500 በታች	2915	00
“	85500 በላይ	“	86000 በታች	2930	00
“	86000 በላይ	“	86500 በታች	2945	00
“	86500 በላይ	“	87000 በታች	2960	00
“	87000 በላይ	“	87500 በታች	2975	00
“	87500 በላይ	“	88000 በታች	2990	00
“	88000 በላይ	“	88500 በታች	3005	00
“	88500 በላይ	“	89000 በታች	3020	00
“	89000 በላይ	“	89500 በታች	3035	00
“	89500 በላይ	“	90000 በታች	3050	00
“	90000 በላይ	“	90500 በታች	3065	00
“	90500 በላይ	“	91000 በታች	3080	00
“	91000 በላይ	“	91500 በታች	3095	00
“	91500 በላይ	“	92000 በታች	3110	00
“	92000 በላይ	“	92500 በታች	3125	00
“	92500 በላይ	“	93000 በታች	3140	00
“	93000 በላይ	“	93500 በታች	3155	00
“	93500 በላይ	“	94000 በታች	3070	00
“	94000 በላይ	“	94500 በታች	3085	00
“	94500 በላይ	“	95000 በታች	3200	00
“	95000 በላይ	“	95500 በታች	3215	00

“	95500 በላይ	“	96000 በታች	3230	00
“	96000 በላይ	“	96500 በታች	3245	00
“	96500 በላይ	“	97000 በታች	3260	00
“	97000 በላይ	“	97500 በታች	3275	00
“	97500 በላይ	“	98000 በታች	3290	00
“	98000 በላይ	“	98500 በታች	3305	00
“	98500 በላይ	“	99000 በታች	3320	00
“	99000 በላይ	“	99500 በታች	3335	00
“	99500 በላይ	“	10000 በታች	3350	00

Maallaqa ykn Tilmaama isaa		KAS Kaffalamu	
Kanaa oli	**Kanaa gadi**	**Qarshii**	**Santima**
100,000 oli	110,000 gadi	3380	00
110,000 oli	120,000 gadi	3410	00
120,000 oli	140,000 gadi	3440	00
140,000 oli	150,000 gadi	3470	00
150,000 oli	160,000 gadi	3500	00
160,000 oli	170,000 gadi	3530	00
170,000 oli	180,000 gadi	3560	00
180,000 oli	190,000 gadi	3590	00
190,000 oli	200,000 gadi	3610	00
200,000 oli	210,000 gadi	3640	00
210,000 oli	220,000 gadi	3670	00
220,000 oli	230,000 gadi	3700	00
230,000 oli	240,000 gadi	3730	00
240,000 oli	250,000 gadi	3760	00
250,000 oli	260,000 gadi	3790	00
260,000 oli	270,000 gadi	3810	00
270,000 oli	280,000 gadi	3840	00
280,000 oli	290,000 gadi	3870	00
290,000 oli	300,000 gadi	3900	00
300,000 oli	310,000 gadi	3930	00
310,000 oli	320,000 gadi	3960	00
320,000 oli	330,000 gadi	3990	00
330,000 oli	340,000 gadi	4020	00
340,000 oli	350,000 gadi	4050	00
350,000 oli	360,000 gadi	4080	00
360,000 oli	370,000 gadi	4110	00
370,000 oli	380,000 gadi	4140	00
380,000 oli	390,000 gadi	4170	00
390,000 oli	400,000 gadi	4200	00
400,000 oli	410,000 gadi	4200	00
410,000 oli	420,000 gadi	4230	00
420,000 oli	430,000 gadi	4260	00
430,000 oli	440,000 gadi	4290	00
440,000 oli	450,000 gadi	4310	00
450,000 oli	460,000 gadi	4340	00
460,000 oli	470,000 gadi	4370	00
470,000 oli	480,000 gadi	4400	00
480,000 oli	490,000 gadi	4430	00
490,000 oli	500,000 gadi	4460	00
500,000 oli	550,000 gadi	4510	00
550,000 oli	600,000 gadi	4560	00
600,000 oli	650,000 gadi	4610	00
650,000 oli	700,000 gadi	4660	00
700,000 oli	750,000 gadi	4710	00

Maallaqa ykn Tilmaama isaa		KAS Kaffalamu	
Kanaa oli	**Kanaa gadi**	**Qarshii**	**Santima**
750,000 oli	800,000 gadi	4760	00
800,000 oli	850,000 gadi	4810	00
900,000 oli	950,000 gadi	4860	00
950,000 oli	1,000,000 gadi	4910	00
1,000,000 oli	1,100,000 gadi	5010	00
1,100,000 oli	1,200,000 gadi	5110	00
1,200,000 oli	1,300,000 gadi	5210	00
1,300,000 oli	1,400,000 gadi	5310	00
1,400,000 oli	1,500,000 gadi	5410	00
1,500,000 oli	1,600,000 gadi	5510	00
1,600,000 oli	1,700,000 gadi	5610	00
1,700,000 oli	1,800,000 gadi	5710	00
1,800,000 oli	1,900,000 gadi	5810	00
1,900,000 oli	2,000,000 gadi	5910	00
2,000,000 oli	2,100,000 gadi	6010	00

Boqonnaa IV

Yaadota Guduunfaa Fi Furmaataa Qorannichaa

17. Kaffaltiin Abbaa seerummaa kaffaltiiwwan tajaajilaaf kaffalaman keessaa kaffaltii tajaajila manii murtii kenneef kan kaffalamu dha. Manni murtii dhimmoota siiuilii fi maatii bu'uura SDFS kwt. 230 fi 231 tiin dhiyaatan irratti dhimmichi dambii hiyyummaan kan dhiyaate yoo ta'e malee duraan dursee KAS itti kaffalchiisa. Kaffaltiin kaffalamu kun immoo kaayyoo galii biyyaa argamsiisuu kan qabu dha. Yeroo KAS kaffalamu himata sobaa fi himata bu'aa gatii hin qabne daangeessuun akka kaayyoo KAS itti kaffalamuutti fudhatamaa tures ni jira. Haata'u malee biyya Indiyaatti seerri kaayyoo kana qabatee KAS itti kaffalame haqameera. Isaa boodas kaayyoon kun mirga warra KAS kaffalchuu hin dandeenye garuu haqa qabaniis ta'e warra himata sobaa ykn himata gatii hin qabne wal-qixa waan miidhuuf jedhamee balaaleffatameera. Haala kanaatiin KAS himata sobaa fi himata gatii hin qabneef fedhamee kan kaffalchiifamu yoo ta'es mirga haqa argachuu irratti dhiibbaa akka qabu hubatama. Kanaafuu, naannoo keenyatti kaayyoon KAS kaffalchiisuu galii biyyaa argamsiisuuf malee himata sobaa ykn gatii hin qabne daangessuuf ta'uu hin qabu.

18. Galii biyyaa argamsiisuuf jecha KAS kaffalchiifamus poolisii biyyootni hordofan irratti hundaa'ee biyya biyyatti garaagarummaa kan qabu dha. Biyya Ingilizzitti poolisiin KAS isaanii baasii guutuu haguuguu (full cost recovery) kan jedhu yoo ta'u KAS baasii guutuu hin haguugne yaada amansiisaan yoo jiraate qofa kan fudhatamu dha. Haaluma kanaatiin KAS dhaddacha maatii fi siivilii baasii isaa KAS tiin kan haguuaamu dha. KAS dhaddacha kanneen irraa funaanamus deebi'ee baasii isaaf oola (self-financing). Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii akkuma guddataa deemuun KAS kaffalmus baasii kan haguuguuf guddachuu qaba. Karaa biraatiin immoo mirga haqa argachuu maamiltootaa eeguuf sirni KAS irraa hambisuu fi KAS irraa bilisa taasisuu (fee concession and remroin on schemes) diriireera. Karaa kanaatiinis mirgi haga argachuu maamiltootaa akka eegamu amanamee itti hojjetama.

Biyya Hinditti ammoo seenaa isaa irraa akkuma hubatamu KAS bittaa Ingilizzii jala yommuu turtetti bifa gibira itti sassaaban ta'uun waan qabudha. Hangi galii KAS irraa argamuu isaanii ammoo akka biyya Ingilizzii baasii guutuu haguuguuf waan hin taaneef baasii guutuu mana murtii haguuguun hin eegamu. Walumaagalatti baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (kan gibiraa irraa) waan hoogganamuuf, kanattis waan amanamuuf manni murtii galii KAS irraa argatu deebisee baasii ofiif hin oolchu (not self financing). Haaluma kanaanis baasiin mana murtii waan guddateef jecha KAS hin dabalu karaa biraan yoo ibsamu baasiin mana murtii fi KAS walirratti hin hirkatu. Waan kana ta'eefis KAS guddaan baasii mana murtii haguuguu hin muramu.

KAS biyya keenya Itiyoophiyaa yoo ilaallu ammoo hanga har'aatti kan naannolee hunda Oromiyaa dabalatee itti hojjetamaa jiru dha. Kanaafuu KAS naannoo Oromiyaatti kaffalamu bara 1945tti kan bahe yoo ta'u dambiin KAS lakk. 177/45 kaayyoo KAS keenyi itti kaffalamu maal akka ta'e hin kaa'u. Haata'u malee KAS kun funaanamee galii biyyaa waan ta'uuf kaayyoo **galiif jedhu qabaachuun isaa hin mamsiisu**. Kaayyoo galii argamsiisuu kana keessattis poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne poolisiin kanar ratti bahe hin jirre ta'uu isaa fi uumama isaa irraa ilaaluun ni hubatama. Uumama isaa yoo ilaallu taarifa dambichi kaa'u baasii mana murtii waliin dorgomsiifnee yoo ilaallu durii kaasee hanga har'aatti baasiin daran kan caalu ta'uu isaa fi baasii mana murtii KAS funaanamu daran caalaa deeme haguuguuf ammoo fooyyeeffamni KAS kana ol dabalu hanga yoonaatti ta'uu dhabuu isaa poolisiin baasii haguuguu kan mutti agarsiisu keessaa isa biraati. Galiin KAS kana irraa argamus galii biyyaa akka naannoo Oromiyaatti immoo galii naannoo Oromiyaa kan ta'uun isaa fi galii kana immoo manni murtii deebisee baasii ofii haguuguuf kan itti fayyadamu miti (not self financing). Kanaafuu, baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (galiigibiraa fi biroo) irraa kan haguugamu dha. Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii KAS irratti kan hirkate akka hin taane taasiseera. Baasiin mana murtii hangam guddachaa dhufus KAS kan hin daballeef tokko kanaaf ta'a. KAS baasii mana murtii haguuguuf kan ol hin guddifamne yoo ta'e immoo poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne mul'isa.

KAS baasii mana murtii akka haguuguuf KAS tiibaasii ofii haguuguuf poolisii baafachuun baasiin mana murtii fi KAS akka walirratti hirkatu waan taasisuuf baasiin mana murtii

akkuma dabaluun KAS jijjiiruu barbaachisa. KAS yerootiin yoo walsimsiisu of hin jijjiiramu ta'e immoo hojiin guddaan haqa baasuu salphumatti kan gufatu ta'a. karaa biraa immoo hojiin haqa bulchuu hojii guddaa baajata mootummaatiin buluu qabu ta'ee osoo jiruu kaffaltii maamilli kaffalu irratti taasisuun maamiltootatti kaffaltii kan kan dabalaa deemu waan ta'uuf mana murtii dhaquun falmachuuf gatii mi'aayaa (ulfaataa) itti taasisuu ni danda'a. kun immoo mirga haqa argachuu kan miidhuu/daangessuu danda'u ta'a ni xiqqaata illee malee KAS kamuu mirga haqa argachuu ni dhiiba garuu dhiibbaan kun baay'ee guddaa ta'ee mirga kana kan daangeessu ta'uu hin qabu. Kanaafuu, hojiin hojjetamu hojii mana murtii dabalatee baasii kan gaafatu ta'ullee, baasii kanaafis galii barbaachisu illee galiin KAS irraa barbaadamu hanga baasii haguuguutti kan deemu yoo ta'e miidhaas waan qabuuf KAS naannoo keenya galii baay'ee gadi bu'aa argamsiisaa jiru haala ol-dabaluun garuu ammoo haala mirga haqa argachuu nanootaa hin miineen osoo bocamee gaarii ta'an jedha. Kana yoom jedhus mirgi haqa argachuu warra kaffalachuu hin dandeenyeef karaa dambii hiyyumman himachuu jiraachuun qoftis mirgi haqa argachuu akka hin daangeeffameef wabii gahaa hin ta'u. Sababni isaas namni kaffalachuu danda'us waanuma kaffalchuu danda'uuf kaffaltii guddaa kan kaffalchiifamu yoo ta'e waan qabu mana murtiitti kaffaluun qofa miidhamuu waan hin qabneef mana murtiitti haqa barbaaddachuu irraa ni isa daangessa. Haqni immoo dirqama waan qaban itti fixachuun kan barbaadamu (ykn waa'ee qabeenyaan jiraachuu fi dhiisuu) ta'uu hin qabu. Haqni hanga kana mi'aayee kan argamu osoo hin taane nama hundaaf kan argamu ta'uu akka qabu heerri FDRI kwt. 37 ni kaa'a. Haqni gatiin kan gurguramu ta'uu hin qabu.

19. Namni hundi KAS akka hin kaffalle muuxannoo biyyootaa irraa ni hubatama. Kunis kan ta'eef immoo namni hundi kan kaffalu qabu jechuun waan hin danda'amneef namootni KAS kaffalachuu hin dandeenye mirga gala dhiibadhana mana murtiitti himachuun kabajchiifachuu akka hin dhabneefi. Haaluma kanaan biyya Ingilizzitti sirni kun bal'inaan akka itti hojjetamu ilaalleerra. Ingilizzitti namootni kallattiin KAS irraa bilisa ta'anii fi namootni qabeenyi isaanii erga madaalamee bilisa /walkkaa/ gartokko kaffalan jedhamanii kan keessummeeffamani dha. Kanaaf namootin hangi qabeenya isaanii osoo hin ilaalamiin garee kallattiin KAS irraa bilisa ta'an keessa waan qalamiif qofa KAS irraa bilisaan banatan ni jiru. Biyya Hindittis qosa

dhimmootaa irratti hundaa'ee kallattiin KAS irraa bilisa kan ta'anii fi hangi qabeenya namootaa ilaalamee sirni bilisa itti ta'an akka jiru ilaalleerra. Biyyoota kana lamaan keessattuu Istaandardiin ka'umsa qabeenyaa hiyyeessa nama jechisiisu baheera. Namni bu'uura Istaandardii taa'een hiyyeesa hin jedhamne immoo KAS irraa barbaadamuu fi wantoota biroo seerri kaa'e irratti hundaa'uun KAS kaffaluu hin danda'u itti jedhamus ni jira. Haala kanaatiin hiyyummaaf Istaandardii baasuun akkasumas namootaa ykn dhimmoota KAS irra bilisa ta'an adda baasuun hiyyummaa qulqulleeffachuuf kan salphisa dha. Namootni hiyyeessa ta'anis sirritti adda bahanii fayyadamoo sirna kanaa akka ta'an kan taasisu dha. Mirga haqa argachuu sirna kanaan galmaan gahuu barbaadames dhugoomsuuf ni gargaara.

Biyya kenyattis sirni hiyyeessotni KAS osoo hin kaffaliin himata isaanii banachuu danda'an SDFS kwt. 467-479tti keessatti taa'eera. Sirna kana keessatti kan SDFS keenyi hin keenye namoota ykn dhimmoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'ani. Kanaafuu, namni kamiyyuu kallattiin bilisa kan ta'u waan hin jirreef qabeenyi isaa KAS seeraan taa'e kaffaluu danda'uu fi dhiisuun isaa madaalamee booda KAS osoo hin kaffaliin ykn gamisa kaffaluun akka himatu taasifama. SDFS keenyi kwt. 215 fi kwt. 467-479 dhimmoota ykn namoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'an baa'uu haa baatuyyuu malee qabatamaan garuu manneen murtii Oromiyaatti xalayaalee mootummaa irraa mana murtiitti barreeffamaniin waajjiraaleen mootummaa galii ofii isaanii hin qabne jedhamanii tarreeffaman KAS osoo hin kaffaliin bilisaan himata banachaa turaniiru. Xalayooni kunis aangoo seeraa SDFS gadi waan qabaniif akkasumas qaamni xalayoota kana barreesse (Biiroon Caffee) aangoo SDFS foyyeessuu osoo hin qabaatiin kan barreesse waan ta'eef seeraan ala ykn (kutaa dha). Kuni ija seeraan ilaallee kan jennu yoo ta'u biyya keenya keessatti dhimmootni ykn namootni KAS irraa kallattiin bilisa ta'uun barbaachisaa ta'u hin jiru jechuuf miti. kanuma wajjin wal-qabsiisnee yoo ilaallu SDFS keessa osoo hin taane seera biroo keessatti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu ni jira. Fkn. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa falmii hojii hojjechiisaa waliin qabuuf hojjetaan himata yoo dhiyeeffatu KAS irraa bilisa jedha. Seera kana kaayyoo isaa waliin yoo ilaallu seerichi hojjetaan qabeenya hojjechiisaa isaa gitu waan hin qabneef sababa rakkina isaatti hojjechiisaa

humna isaatii ol ta'een mirgi isaa akka hin miidhamneef bilisa akka himatu kan taasise ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kun immoo akka hiikkoo seeraattis karaa kanaa namootni hagummaas kan nama amansiisu bilisa yoo himatan malee wal-qixxummaan falmachuu (fair play) hin dandeenye biro yommuu jiraatanitti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu yoo jiraate gaarii ta'a.

20. Dhimma waajjiraalee mootummaa xalayaan tarreeffamanii KAS akka itti hin kaffalamne ilaalchisee waa'een seera qabeessummaa isaanii kan armaan olitti ilaalle yoo ta'u barbaachisumma isaanii ilaalchisee galii mataa isaanii waan hin qabneef kan jedhu taa'eera. Galii mataa isaanii yoo dhabanillee waajjiraaleen mootummaa kun baajeta ittiin hojii gaggeessan ni qabu. hojii isaanii keessatti immoo jaalatanis jibbanis himachuu ykn waan miidhaa dhqqabsaniif himatamuun isaanii dhufuu danda'a. bajatnii isaan qaban miindaa hojjettootaa fi hojii adeemsiftuu adda addaa waan ta'eef kun KAStiif hin kaffalamu jechuun karaa tokkoon himachuun isaanii hojii adeemsisan keessatti akka hin lakkaa'amnetti fudhachuu dha. Garuu, hojii dhaabbataa isaanii yoo ta'uu baate illee hojii tasa itti dhufu ta'uun isaa dagatamee baajeticharraa KAS hin kaffalamu jechuun osoo beekanii baqachuu dha. KAS kaffaluun isaanii mirga himatamaa eeguu akka ta'e dagatamuu hin qabu. waajjiraaleen kun kan isaan himatan hojjetaa isaanii ykn namoota dhuunfaa biro ta'uu danda'a. bilisaan himachuun isaaniif eegame jechuun immoo namoota himachuun carraa kanaan mirga namoota himatamanii himata sobaa ykn himata gatii hin qabne himachuu dararuun dhufuu danda'a. karaa karaa haqummaas ilaalamuu kan qabu dha. Galii mataa isaanii kan hin qabne ta'uun waajjirralee haa ibsamu malee mirgi gama isa biraa (himatamaa) immoo dagatameera. Kanaafuu waajjiraaleen mootummaa xalayaatiin bilisaan akka hirata banatan jedhaman KAs kaffaluun banachuu qabun jedha.

21. Akka rakkoo guddaatti dambii hiyyummaan wal-qabatee naannoo keenya keessatti ka'u hiikni hama dambii hiyyummaau himatuuf kanname ifa ta'uun dhabuu isaati. Kun immoo akka bal'inaan ka'utti yoo ta'e Istaandardiin nam-tokko hiyyeessa ykn miti jedhamu taa'uu dhabuu isaati. Istaandardiin ka'umsaa hangam akka ta'e seerri keenyi hin kaa'u. garuu, safartuu dhaabbataa hin taane (subjective) ta'e qofa kan

kaa'u dha. Hiyyummaan dhaabbataa (objective) ta'uu akka hin dandeenye beekamaa dha. Haa ta'au malee Istaandardii irraa ka'u kaahuun hojiirra oolmaa sirnichaa kan sir'aawu kan taasisuu fi namootni sirna kana irraa fayyadamuu qabanis osoo carraa kana hin argatiin akka hin darbine gochuu irratti gumaacha guddaa ni qabaata. Kanaafuu, SDFS keenya (kwt. 467) waa'ee hiyyummaa nam-tokkoo tumu fooyyaa'uun hiyyummaaf Istaandardiin bahuufii kan qabu dha.

22. Dhimmi biraa qorannoon kun ilaale rakkoo bu'ura taarifaan dhiyyeessuun wal qabatee jiru dha. Dhimmootni qarshiin kan shallagamanii fi qarshiin kan hin shallagamne haalli taarifni itti kaffalamu adda adda yoo ta'u kan qarshiin shallagaman tilmaama qabeenya himannaaf sababa ta'e irratti hundaa'uudhaan kaffaltii ol ka'uus gadi bu'uus danda'u kan kaffalan too ta'u kanneen qarshiin hin shallagamne ammoo taarifa dhaabataa xiqqaa ta'e kaffalu sababa dhimmootni qarshiin hin shallagamnee taarifa xiqqaa kaffalanif fi sababa biroo waliin walqabsiisuun namootni tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'uun taarifa guddaa kaffalauu qaban baqachuun dhimmi isaanii akka qarshiin hin shallagamnetti yeroo dhiyeeffatan/himatan hubatameera. Manneen murtiis dhimmootuma qarshiin shallagamuu danda'an akka qarshiin hin shallagamnetti fudhachuun taarifa dhaabataa xiqqaa kaffalachiisuun himata banaa kan jirani dha. Haala kanaan galmeen gosa adda addaa akka qarshiin hin shallagamnatti banamuun isaa immoo KAS baqachuuf akka ta'e mul'iseera. Ka'umsi rakkoo kanaa inni bu'uuraa immoo SDFS keenyis ta'e dambiin KAS keenyi hiikni dhimmoota qarshiin hin shallagamnee ykn tarreeffamni dhimmoota kana ibsuu danda'u waan hin keenyee fid ha. Dabalataan immoo dhimmootni qarshiin hin shallagamne takkaatan garuu qarshiin shallagamuu danda'an sirni itti shallagaman seeraan taa'uu dhabuu isaati. Fkn, falmii jeequmsa lafarratti ta'e ilaalachisee faayidaa namni jeeqame jedhee himatu sababa kanaan dhabe irratti hundaa'uu n shallaguu qabna yoo jenne sirni faayidaan kun ittiin shallagamu seeraan hin teeny. Fayidaa kana oomisha waggaa lafichaa irratti moo waan biraa irratti hundaa'uun tilmaamama? oomisha waggaa yoo ta'e immoo kan waggaa meeqaa? Kaneen kun hanga seeaan deebii hin argannetti dhimmoota akkasii irratti yaadni dhaabataan hin argamu. Kanaafuu, seerri

dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne hiika ifa ta'e itti kennuu danda'u seerota jiran SDFS kwt. 18 fi dambii lakk. 177/45, kwt.5 foyyeessuu bahuu qaba.

23. Himata irra deebiin bu'uura SDFS kwt. 76 tiin baname ilaalachisee tilmaama qabeenya KAS irraa kaffalamuu qabu ilaalchisee seerichi erga KAS seeraan taa'e kaffalamee booda jechuun alatti wanta seerri kaa'u hin jiru. Kanarra kan ka'e manneen murtii irra jireessaan KAS jalqaba himatni itti banamee ture irra deebiin kaffalchiisaa jiru. Haa ta'u malee himataan irra deebiin yoo himatu seerummaan inni barbaade kan dura itti himate irraa gadi ykn olis ta'uu ni danda'a. kanaafuu, KAS kan kaffalamu hanga seerummaa gaafatame irratti hundaa'uun ta'uu dambii KAS 177/45 kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 irraa waan dubbifamuuf kun akka qajeeltoottii fudhatamee hangaa seerummaa irra deebiin himataan gaafate irratti hundaa'amee KAS shallagamuu qaba. Barmaatni dogoggoraa jirus bifa kanaan sirraa'uu qaban jedha.

24. Himata foyyaa'ee fi himamoo murtii mormuun dhiyaatu ilaalchisee rakkoon jiru seericha yaada keessa gachuutiin hojjechuun alatti rakkoon hiikkoo seeraa illee kan mul'atu miti. himata foyyaa'e irratti dambiin KAS lakk. 177/45, kwt.3 furmaata qaba. Himatni yoo foyyaa'e tilmaamni qabeenyaa himaticha keessatti dura ibsamee ture jijjiiramee guddachuu ykn xiqqaachuu danda'a. guddina ykn hir'ina tilmaamichi agarsiise irratti hunda'uun KAS kaffalamuu osoo qabuu abbootiin seeraa daballi tilmaamaa jiraachuu fi dhiisuu osoo hin ilaaliin himatni itti fufee murtaa'aa ture. Kun immoo rakkoo adeemsaa SDFS kwt. 241 irraa jalqabee jiru dhagaha duraa ilaalachisee jiru irraa kan ka'e ta'uu hubatama. Rakkkoo adeemsaa himataa fi deebii gama lamaaniin dhiyaate maal akka gaafatame osoo hin qulqulleessiin falmii afaanii fi ragaa dhagahuutti darbuu ture yoo maqsine carraa himatni foyyaa'e tilmaama qabeenya foyyeessuu fi dhiisuu itti arginu bal'isuu danda'a. kanaafuu, jijjiirama tilmaamaa irratti hundaa'uun KAS shallagamuu akka qabu hubatama. Dambii keenya kwt. 3 irrattis yoo guddatu qofa jedhee kaa'uun isaa dogoggora. Yoo guddates yoo xiqqaates ta'uu waan qabuuf bifa kanaan osoo foyyaa'ee irra gaarii ta'a.

25. Himannoo murtii mormuun bu'uura SDFS kwt.358 fi 359 tiin rakkoon ture seerri taarifa dhimma kanaaf muree osoo jiruu kallattiin seericha hojiirra oolchuu dhiisuun mala biraa fayyadamuu dha. Dambiin lakk. 177/45. Kwt 7 kaffaltiin dhimma murtaa'etti kaffalamee ture akka kaffalamuu fi adabbiin dabalataan qarshii 10 akka kaffalamu ibsa. Haa ta'u malee kwt. Kana murtii "exparte" kenname waliin tokko akka ta'etti hiikamaa ture. Kwtichi garuu waa'ee murtii mormuu akkuma SDFS kwt. 358 jalatti ibsamee dabbata malee waa'ee murtii bakka hin jirretti kenname kaasisuu (setting aside) dubbata miti. kanaafuu, dambichi kwt. 7 SDFS kwt. 358 hojiirra oolchuuf kan tajaajila ta'uu qaba.

26. KAS himata dhiifame irratti kaffalamu ilaalchisee himatni eeyyama mana murtii fi eeyyama mana murtii malee bifa lamaan dhiifama. Eeyyama mana murtiin yoo dhiifama himata haaraa banachuun akka danda'amu seerrii taasisuun alatti KAS kaffalamu irratti adda addummaa hin qaban. KAS kan kaffalamu tajaajila adeemsa falmii jalqabaa hanga dhumaatti manni murtii kennuuf jedhamee yaadama. Namni himata yaada kanaan banatee jidduutti dhiise immoo KAS kaffale kana tasa dhabuu isaa mul'isa. Kana furuuf immoo SDFS kwt. 278 fi 279 furmaata hin kaa'u. dambiin KAS lakk. 177/45 kwt.11 qaruu himata dhiifama hunda osoo hin taane himata dhiyaatee dhaddachi osoo hin jalqabin dhiifame ilaalchisee KAS dura kaffalame irraa akka baasii manni murtii hanga dhiifametti baase irraa hir'ifamu ta'ee KAS duraan kaffalame waajjira galii irraa akka deebifamuuf ajajamuu akka qabu ibsa. Dambiin kun haala kanaan haa ibsu malee hojii maatni mannen murtii keenya keessa jiru akka mul'isutti garuu KAS dhimataaf deebi'u akka hin jirre dha. Kanaafuu, hojimaatni dogoggoraan nama KAS kaffalee erga himatee dhaddachi dhiyaachuun dura himata isaa dhiisee KAS bu'uura dambicha kwt.11 tiin hanga baasii mana murtii erga irra muramee akka deeb'iiuut taasisuu dhiisuu hafuu bu'uura kwt.11 kanaan KAS himataaf deebi'uu qaba.

27. KAS dhimma ijoo dubbii hin qabu jedhamee kufaa ta'e ilaalchisee garuu hangitaarifamuramuu qabuu seeraan kan taa'e miti. garuu, hojii /tajaajila manni murtii kenne tajaajila gabaabaa ta'uun isa ifaa ta'ullee hanga seerri biraa bahuutti KAS kaffalame keessaa kan deebi'u hin jiru. Tajaajilli kenname gabaabaa waan ta'eef

KAS deebisuunis amansiisaa ta'uu dhiisuu ni danda'a. dhimmichi yoo dubbii hin qabu jedhamee kufuun isaa matumti isaayyuu murtii waan ta'eef qorannoo guddaa yeroo barbaadu ni jira. Kanaafuu, ijoo dubbii hin qabu jedhamee himata cufame ilaalchisee KAS osoo kaffalamuu baatee garrii ta'an jedha.

28. Dambiin KAS keenyi KAS mana murtii walii galaatti kaffalamu akka hin ilaallanne kwt. 1 irraa hubachuun ni danda'ama. Dambichi kwt. 1 irratti KAS mana murtii ol'aanaa fi manneen murtii aangoo isaa gadii qabaniif akka bahe dubbata. Haa ta'u malee ol'iyyannoo ilaalchisee kwt. 8 irratti ol'iyyatichi ajaja irraa kan fudhatame yoo ta'e hanga taarifa KAS mana murtii waliigala Niguse Neggestitti kaffalamuu waan kaa'uuf dhimma ol'iyyannoon mana murtii waliigalaa gaherratti hangi KAS kaffalamuu qabuu seeraan taa'eera jechuu ni dandeenya. Manni murtii waliigalaa garuu dhimmoota ol'iyyannoo qofa kan keessummeessu osoo hin taane dhimmoota himata jalqabaa muraasa ta'an illee akka keessummeessuun ilaalu beekamaa dha. Dhimmoota kallattiin (bifa himata jalqabaan) mana murtii waliigalaatti (MMW Oromiyaa) dhiyaatan kana immoo dambichi hanga KAS kaffalamuu waan hin keenyeef bu'uura dambichaan kaffalchiisuun seeraan ala. Garuu, sadarkaa mana murtii yaada keessa osoo hin galchiin himannoo bu'uura SDFS kwt. 230 tiin dhiyaatu kamuu KAS osoo itti hin kaffalamiin fudhatama hin qabu jedha. Kanaafuu, taarifni KAS mana murtii waliigalaatti dhaddacha ijibbaataa dabalatee kaffalamu seeraan haguugamuu qaban jedha.

29. Ol'iyyannoorratti KAS kaffalmu ilaalchisees seerichi bifa haqummaa eegeetiin kan taa'e miti. sababni isaas namni ol'iyyatu hangi seerummaa gaafatee ilaalamee isarratti KAS kaffalchiifamuu osoo qabuu hanga inni itti ol'hin iyyanne ta'uu kan danda'u walakkaa KAS mana murtii jalaatti haa kaffalu jechuun tumamuun isaa qajeelto kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 irraa jalqabee hanga seerummaa gaafatame irratti KAS shallagame jedhuun kan walitti bu'u dha. Kanaafuu, KAS ol'iyyannoo rratti kaffalamu walakkaa KAS seerummaa ol'iyyannoorratti gaafatameef kaffalamuu qabu akka ta'utti dambiin lakk. 177/45, kwt. 8 foyyaa'uu qaban jedha.

30. Hangi taarifa KAS dambii lakk. 177/45 tiin kaffalchiifamu irrattis qorannoon kun gaafannoowwan adda addaa maamiiltoota, ofiseroota seeraa fi abbootii seeraa fi

pirezidantii manneen murtii waliin taasiseenrakkoowwan jiranii fi furmaata isaa kaa'uu yaaleera. Maamiltootni irra caalaan gaafatamanis KAS himata jalqabaa irrattis ta'e ol'iyyannoorratti kaffalan kan itti hin cimne ta'uu akka waliigalaatti kan ibsan ta'ee argameera. Baasiin KAS tis baay'ee akka isaan hin yaaddeessine kan nu yaaddeesse caalaa ida'ama himata jalqabaa fi ol'iyyataarratti kan ibsan ta'eera. Ofiserootni seeraas maamiltootni isaanii sababa KAS itti cimetti himata isaanii dhiisanii kan hin beekne ta'uu fi ofii isaaniis KAS bu'uura dambii jiruun maamiltootni kaffalan kan xiqqaa ta'e ta'uu caalamaan ibsaniiru. Mariin garee abbootii seeraa, pirezidaantotaa fi ofiseroota seeraa waliin taasifames KAS baay'ee kan xiqqaatee fi namootni mana murtii ooluu hojii isaanii yeroo maraa akka godhatan taasiseera jedhamiiru. Mariin garee kun irra caalaatti KAS taarifa dhaabbataan kaffalamu irratti akka xiqqaates eeramiiru. Walumaagalattis taarifni KAS dambii lakk. 177/45 jalatti tumamee itti hojjetamaa ture kan baay'ee xiqqaatu ta'uu irra caalaatti ibsaniiru. Kanaafuu, KAS jiru (lakk. 177/45) dabaluun jijjiiramuu qaban jedha.

31. Dandeettiin bittaa maallaqa Kenya qarshii (birrii) Itiyoophiyaas bara 1945 booda baay'ee gadi bu'aa akka dhufe gatii midhaan nyaataa bara 1960 dura ture akka kana bara 1945 bakka bu'uutti fudhachuun gatii midhaan amma (2003) wajjin dorgomsiifamee ilaalameera. Bu'uuruma kanaanis dandeettiin bituu maallaqa keenyaa qarshii (birrii) Itiyoophiyaa baay'ee kan gadi bu'e ta'uun isaa hubatameera. Marii garee fi af-gaaffii biiroo galiiwwanii waliin taasifame irraa akka hubatamettis dandettiin bituu maallaqa Itiyoophiyaa kan bara 1945 irraa amma bara 2003tti baay'ee gadi bu'aa kan dhufe ta'uu ibsameera. Gatiin maallaqaa yeroo taarifni KAS dambii lakk. 177/45 bahee tures gatiin maallaqa ammaa bakka bu'uu hin danda'u. gatiin bituu amma gadi bu'uun isaammoo maallaqani yeroos xiqqoon ibsame kan ammaa maallaqa baay'ee ta'e bakka bu'uu kan danda'u ta'a. kanaafuu, dandeettii bituu maallaqaa bara 1945 irraa jalaqabee hanga har'aatti gadi bu'aa dhufe waliin akka deemutti (bakka bu'uu hanga danda'utti) taarifni KAS dambii lakk. 177/45 keessatti ibsamee ture bara 2003 irraa jalqabee olguddachuu qaban jedha. Keessumaa immoo KAS taarifa dhaabbataa qaban dabaluu qabu sababni isaammoo

KAS taarifa dhaabbataa qaban kanneen taarifa tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an irraa kan adda isaan taasisu kanneen tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an dandeettiin bituu gadii bu'uu walumaan tilmaamni qabeenyichaas dhiibbaa kana jala waluma qixa kan kufu waan ta'eef jijjiiramni dandeetti bituu baay'ee miidhaa kan irraan hin geenye yoo ta'u kan taarifa dhaabbataa immoo amala kana waan hin qabneef dandeettiin bituu yoo gadi bu'e kana sirreessuuf taarificha ol guddisuu barbaachisa. Dandeettiin bittaa maallaqaa waan qadi bu'eef qofa taarifa dabaluun dinagdeen biyyaa fi namni dhuunfaa irra jiru illee kan heeyyamuu ta'uu qaba. Kanumaafis dinagdeen biyya keenyaa akka biyyattis ta'e akka nama dhuunfaatti kan bara 1945 fi 1960 duraa caalaa baroota 1990 booda kan jiru dabalaa kan deeme waan ta'eef taarifa KAS dabaluuf kan heeyyamu ta'uun isaa irra gahameera.

32. Tajaajillii fi gatiin tajaajila kaffaltii Abbaa seerummaas wal-gituu irrattis qorannoon kun qabxiilee tokko tokko ilaaleera. Akka ka'umsaattis baajetni hojii mana murtiif bahuu fi galiin KAS fi adabbii irraa manni murtii galchu kan bara 1960 duraa fi kan si'anaa akka biyyaattii fi akka naannoo Oromiyaatti dorgomsiifamee ilaalameera. Haaluma kanaanis biyya keenyatti durumaa kaasee illee madni baasiin mana murtii fi galiin inni karaa KAS fi adabbii argamsiisu walqixa akka ta'u waan hin gaggeeffamneef kan walcaalu ta'uun isaa hubatameera. Kuni ta'us garuu wal-caalmaan isaa yeroo ammaa yoo ilaalamu baasiin manni murtii tajaajila kennuuf baasu daran guddachaa kan dhufe yoo ta'u galiin karaa KAS fi adabbi gala jiru garuu baroota dheeraa bara 1945 irraa kaasee hanga har'a 2003 tti jijjiirama xiqqaa (jijjiirama yaada keessa hin galfamne) kan agarsiise ta'uu hubatama. Jijjiiramni xiqqaa KAS agarsiise kunis taarifni KAS erga bara 1945 bahee jijjiiramee waan hin beekneef sababa maamilli mana murtii dabaleef ta'uu danda'a. Kanaafuu, baasiin tajaajilli mana murtii fi galiin KAS irraa argamu wal haa qixxaatu jechuun gonkumaa kan hin taane ta'uu kan ilaalle yoo ta'u garuu, gatiin tajaajila Abbaa seerummaatiif kaffalamu daran kan gadii bu'u ta'uun waan qorannaa kanaan hubatameef KAS haala gatii tajaajila kana deegaruu danda'uun osoo ol dabalee yaada fedhu akka kaasnu taasisuun isaa waan hin oolleef dabaluu qaban jedha.

33. Seerri KAS tumu Itiyoophiiyaa SDFS bara 1965 bahee fi taarifa KAS kan tumu dambii KAS lakk. 177/45 dha. Seerri adeemsaa sirna hojii fi aangoo manni murtii itti qajeelfamu dha. Itiyoophiyaa keessatti immoo heerrii mootummaa manneen murtii akka nannootti fi akka biyyaatti akka bahu kaa'eera. Kanumaafuu naannoon Oromiyaa mana murtii ofii isaa hundeeffatee itti hojjechaa jira. Heerri mootummaa Federaalaas naannoo keenyi mama murtii hundeeffachuu waliin mirga aangoo manneen murtii kan aangoo isaa seeraa murteessuu fi sirna adeemsa isaas akka murteessu hin dhorgine. Kanaafuu, naannoon Oromiyaa aangoo seera adeemsaa mata ishee baafachuu ni qabdi. Dambii KAS naannoo Oromiyaa ilaalchisee immoo dambiin ofii akka mootummaa naannootti hanga har'aatti baafannee qabnu waan hin jirreef dambii lakk. 177/45 bara mootummaa waal ta'aa biyya guutuuf akka hojjetu bahetti fayyadamaa kan jirru dha. Kanas yoo ilaallu dambiin KAS itti kaffalamu seera galiin tajaajila mana murtii irraa argamu itti funaanamu ta'uu isaa hubanna. Galiin manneen murtii mootummaa naannoo Oromiyaa irraa funaanamu immoo galii naannoo Oromiyaa uuma. Kunis wanta sirni Federaalawaa biyyi keenyi hordoftu fide keessaa tokko akka ta'e hubatama. Bu'uuruma kanaanis heerri mootumaa naannoo Oromiyaa kwt. …….. Caffeen MNO galii naannichaa irratti seera baasuu akka danda'u kaa'a. kanaafu, seerota kana heera mootummaa wajjin walsimsiisuuf, caaseeffama mana murtii naannoo keenya ammaa wajjin walsimsiisuuf akkasumas rakkoowwan seerootnti kun hojiirra oolmaa irratti mul'atan qabanii fi rakkoo walitti hojjechuu qaban maqsuuf caffeen mootummaa naannoo Oromiyaa aangoo SDFS bara 1965 KAS ilaallatan fi dambii KAS lakk. 177/45 fooyyeessuu, jijjiiruu ni qaban jedha. Waanuma kana ta'eefis seerota kana keessatti rakkoolee hedduun waan mul'ateef jijjiiruun akn biraa bakka buusuu qaban jedha.

Daangaa Rawwatinsaa

Dambiin kun dhimmoota manneen murtii mooltummaa Naannoo Oromiyaa sadarkaa mana murtii waliigalaa, mana murtii ol'aanaa fi mana murtii aanaatti dhiyaatan irratti qofa kan hojjetu ta'a.

Garaagarummaa hangaa fi barbaachisummaa KAS muruu irratti uumamu

3. Garagarummaan serri KAS kaffalchiisu fi himataa ykn bakka bu'aa himataa jidduutti hangaa fi barbaachisummaa KAS irratti ka'e gaaffichi pirezidaantii ykn Abbaa seeraa dursaa ta'eef dhiyaatee bu'uura SDFS kwr. 250 fi dambii kanaa tiin furmaata argachuu qaba.

Sirna kaffaltiin himannoowwan tokkotokkorratti itti shallagamu

Himannoowwan dambii kana jalatti dhiyaataniif KAS dhimmoota armaan gaditti ibsamanii akka armaan gadiitti shallagama.

ix) Mallaqaaf himannoowwan maallaqaaf (kanneen akka beenyaa ykn alaabaa, idaa yeroo yerootti kaffalamu ykn ida'ama biraa yeroo yerootti kaffalamu)…. Hanga maallaqa gaafate irraa ta'a.

x) Qallabaaf ykn kaffaltii yeroo yerootti himannoowwan qallabaa fi idaa yeroo yerootti kaffalamu ykn ida'ama biroo yeroo yerootti kaffalamuu akkaataa hanga gatii dhimmhimannaaf sababa ta'ee. Hangi kun immoo 10xhanga dhimmichaa waggaatti kaffalamuu qabuu.

xi) Qabeenya socho'u gatii qabaa qaban himannoowwan qabeenya socho'anii maallaqa osoo hin dabalatiin, dhimmichi gatii qabaa kan qabu yoo ta'e, hanga gatii dhimmichaa gaafa himatni dhiyaatee,

xii) Himannoowwan,

m) Qabeenya socho'uu gatii qabaa hin qabnee qabeenyaa sochi'u atii qabaa hin qabne kan akka galmmelee Abbaa qabeenyummaa waliin wal-qabatan

n) Mirga hiree qabeenya waliinii maatii keessaa qabu argachuuf, mirga hiree qabeenya kamiyyuu keessaa qabu sababa qabeenyichi maatiin walitti qabameef jechuun

o) Ajaja tamsaasaa fi bu'aanisaa yoo gaafatame ajaja /ajafamurtii fi bu'aan isaa (declaratory order or decree and consequential relief) yoommuu gaafatamutti

p) Injaakshiniif (injunction) Giochi akka dhaabatu ykn akka ta'u ajaja mana murtii irraa kennamuu argachuuf,

q) Inzimentiif (easement)- dantaa lafa Abbaa qabeenyummaan isaa kan nama biraa ta'e kan akka mirga ittifayyadamaa ykn to'annaa lafaa, ykn bakka qilleensarraa ykn lafaa gadii waan murtaa'aaf barbaadamu (kun akka keessa darbuun karaa uummataatti darbuutaa)

r) Heerreegaaf – kan shallagaman bu'uura hanga seerummaa himannoo ykn ol'iyyannoo keessatti shalagamuun ibsameetti dha. Himannoowwan akkasii keessatti himataan /ol'iyyataan seerummaan gaafate hangamiin akka shallagu ibsuu qaba.

xiii) Abbaa qabiyyuummaa lafaa, manaa fi oddoo himannoowwan Abbaa qabiyyummaa lafaa, mana fi oddoo akka gatii seerummaa dhimmicha seerummaan gaaftametti shallagama. Gatiin kun immoo kan itti ibsamu, lafa yoo ta'e

c) Galii lafichi bara himannoon dhiyaate tokkoon dursu, waggaatti argamsiisuu ta'a.

d) Lafichi galii argamsiisee hin beeku yoo ta'e tilmaama manni murtii gafii lafa ollaasaarraa akka "a" jalatti ibsametti shallaguu irraa herregama.

Mana ykn oddoof immoo akka armaan gadiitti shalagama. Dhimmichi seerummaan itti gaafatame mana ykn oddoo yoo ta'e gatii qabaamana ykn oddoo sanarratti hundaa'a.

xiv) Mirage dursa bitachuu manaa fi oddoo kabajchiifachuuf mirga dursa bitachuu lafaa fi oddoo kabajchiifachuuf hanga gatii (akka qabxii volii jaltti shallagametti) manichaan ykn oddoo seerummaan itti gaafatamee ta'a.

xv) Himannoo raawwii waliigalteef KAS kaffalamu kan shallagamu;

i) Kan waliigaltee gurgurtaa hanga gatii gurguraaf waliigalamee

j) Kan waliigatee liqii qabeenya hiri sochoone qabsiisuun ta'e hanga gatii qabeenyichi ittiin qabamee.

k) Kan waliigaltee liqii qabeenyi socho'u itti qabamee hanga ida'ama adabbii (yoo jiraate) fi kiraa waggaa bara jalqabaa kaffaluuf waliigalamee

l) Badhaasa hanga gatii qabeenya dhimmichaaf sababa ta'ee.

16. Murtii gaaffii shallaggii irratti ta'u.

5. Gaaffiin shallaggii KAS kafalamuuf jecha dhmbii kana jalatti himataan ykn ol'iyyataan ka'u mana murtiitiin kan himatichi ykn ol'iyyatichi itti dhiyaatetti dhiyaatee murtii argata. Murtiin kunis gareelee falmii jidduutti isa dhumaa ta'a.

6. Garuu himatni kun yommuu mana murtii ol'iyyannoo, ykn ijibbaataatti yommuu dhiyaatu murtiin dhimma jalaatti kan ilaalachisee kenname galii mootummaa kan miidhu ta'uu yoo hubate garee KASkana kaffale waamuutiin hanga KAS sirrii kaffaluu qabu ture gahutti dabalee akka kaffalu taasisa. Raawwatinsa kanaatiifs kwt. 9 raawwatinsa ni qabaata.

17. Adeemsa fayidaan argame ykn gatiin gabaa shallgamee dhiyaate dogoggora ta'ee argamuu.

10. Bu'uura qorannoo taasiseen/taasisiiseen faayidaan argame ykn gatiin qabaa dhimmichaa dogoggoraan kan shallagame ta'uu manni murtii yoo hubate, KAS irra darbee kaffalame aangoo mataa isaatiin garee kaffaleef akka deebi'u taasisa. Yoo shallaggiin dhiyaate kan hangatu ta'e immoo osoo sirriitti shallagamee hanga KAS gareen kaffale kaffaluu qabu gahutti itti dabalee akka kaffalu ajaja.

11. Dhimma kana keessatti hanga KAS dabalataa kaffalamutti dhimmichi ni tarsiifama. Yeroo manni murtii murteesse keessatti KAS kun yoo hin kaffalamane manni murtii himatichaa ni haqa.

18. Himata irradeebii

    KAS himata irra deebiin baname irratti kaffalamu hanga seerummaa irraa deebiin sirreessisuu barbaade irratti herregameeti.

19. Himannoo mata duree garaagaraa himannoon tokko mata duree lamaa fi isaa ol yommuu qabaatutti KAS himaticha ykn ol'iyyannoo irratti kaffalamu ida'ama gatii tokkoon tokkoo mata dureewwan kana irratti hundaa'uuni dha.

20. Qorannoo hirmaannoo barreeffamaa.

    Himannoon barreeffamaan nama seeraan ala hidhame ykn bakka tokkotti uggurame jechuun dhiyaatuu qorannaan jalqabaa akka ta'uuf gaafatu KAS qarshiis kaffaluu qaba. Garuu, manni murtii kaffalttii kana dhiisuu fi ni danda'a.

SDFS kwt. 215-(akka kanaatti foyyaa'eera)

Yoo seeraan addatti tumame ykn bu'uura dambii hiyyummaan SDFS (SDFS 467-479)n tiin ta'e malee himannoon bu'uura SDFS kwt. 230tiin dhiyaatu kamiyyuu KAS seeraan taa'e osoo itti hin kaffalamiin banamuu hin qabu.

468 irratti kwt. Xiqqaa 3 akka armaan qadiitti dabalameera.

12. Aangoon hiyyummaa nama tokko qoratee murteessuu kan mana murtii jalqabaa (mana murtii aanaa) aangoo bakkaa qabu dha.

Bakka SDFS kwt. 467 hiyyuummaa

Ibsa

7. Namni hiyyeessa kan jedhamu qabeenya qarshii 1,000tti olitti tilmaamamu yoo hin qabaanne ykn qabeenya tilmaama qarshii 1,000 oli qabaatee garuu ammoo qabeenyi kun KAS himannaa isaaf seeraan tumame guutuu ykn gar-tokko kaffaluuf

gahaa miti yoo ta'e dha. Ibsa kanaaf jecha qabeenya namichi qabu qabeenya raawwiif akka hin qabamne seeraan taa'ee fi qabeenya himannaaf sababa ta'e akka dabalatutti fudhatamuu hin qabu.

Namoota bakka jiraatan irraa buqqa'an ilaalachisee bakka isaarraa buqqa'aa ta'uu bu'uura seera jiruun qaama aangoo qabuun ragaan kan kennamee fi yoo ta'e ragaa kana qabaachuun qofti hiyyeessa ta'uu isaa murteessuuf raga gahaa dha.

470 Irratti Kan Dabalame.

8. Qabeenyi gahaa namichi argate iyyannaa hiyyummaa heeyyamsiisuuf gaafate booda garuu osoo iyyannoon isaa murtii hin argatin dura yoo ta'e hiyyummaa isaa murteessuuf qabeenyi kun yaada keessa ni galfama.

9. Himataan gita bakkee bu'ummaan kan himatu yoo ta'e, hiyyummaan kan murtaa'u qabeenya gita kanaan qabu irratti hundaa'ameeti.

473 Adeemsa yommuu iyyannoon eeyyamame raawwatu

Iyyannoon hiyyummaa yoo hayyamame, lakkoofsi kennameefii galmaahuu qaba. Himatichi KAS dirqamuutuu tykn gar-tokko kaffaluu fi baasii adeemsaa fi kaffaltiilee biraa tiin alatti akkuma himata kamiyyuutti itti fufa. Heeyyamamuu iyyannoo kanaatii fis galagalchi murtii isaa ni kennamaafi.

474 Hangaturtii gatii heeyyamaa (474 haqamee kanaan bakka bu'eera)

Heeyyamni kwt. 473 jalatti kenname bu'uura kwt. 475tiin kan haqamuu danda'u ta'uun isaa akkuma eegametti ta'ee mana murtii kamttuu haga dhimmichi hin jijjiiramnetti tajaajilu dha.

475 Heeyyama Hiyyuummaa Haquu

6. Manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannoo himatamaatiin erga himataaf beeksisee booda heeyyama hiyyummaa himataaf akka kwt. 473tti kenne haquu ni danda'a. kanas kan taasisu.

g) Adeemsa falmii keessatti yoo gochaa akka fakkeessuun waliin dhaya. Ykn amala badaa biraa agarsiise ykn

h) Qabeenyi inni qabu hiyyummaan akka falmatu isaaf heeyyamsiisuu kan hin qabne ture yoo jedhame ykn heeyyama hiyyummaan kan isa itti hin fufsiifne yoo ta'e ykn

i) Dhimma himannaaf sababa ta'e ilaalchsiee waliigaltee nama biraa dantaa irraa argachiisu yoo waliigale

7. Hayyamni hiyyummaa himataa bu'uura kwt. Xiqqaa (1)(b) ykn (c) tiin yoo hqame, manni murtii himataan ykn namni biraa himataa ta'ee dabalame KAS akkan nama himata dhiyyummaan osoo hin taane himateetti KAS kaffaluu qabu kaffaluu qaba.

378 Hiyyeessaa kan ture qabeenya gahaa argachuu

7. Kwt duraa kwt. Xiqqaa 1 ta'eera.

8. Namni hiyyummaan erga himatee booda injifatame, himatni jalaa haqame KAS irraa barbaadamu akka kaffalchiifamuuf ajajmee galagalchi ajajichaa qaama mootummaa naannoo galii sassaabuuf aangeffametti ergamuu qaba.

9. Mootummaan naannoos karaa isaa bakka bu'uun himatuutiin mana murtiitti iyyachuun aangoo KAS kana kaffalchiisuu ni qaba.

Dhimmoota maallaqaan shallagaman

- Himatni dhiyaatee galmeetti yoo galu KAS kaffalamu maallaqa himatni itti dhiyaate ykn tilmaama dhimmichaa irratti hundaa'uutiin yommuu ta'utti qarshii zeeroo irraa hanga qarshii dhibba tokkoo yoo ta'e qarshii 10tti yoo kan gar-tokkoo isaatti saantima 50tii kaffalama.

- Maallaqnisaa ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii dhibba tokkoo oli kumaa tokkoo gadi yoo ta'e qarshii dhibba tokkoo oli kan jiruuf qarshii 50 ykn gar-tokkoo isaa tti qarshii 2 fi saantima 50t6ti herragama kaffalama.

- Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma tokkoo oligaruu qarshii kuma kudhanii gadi yommuu ta'uu qarshii kuma tokkoo oli isa jiruuf qarshii 100 tti ykn gar-tokkoo isaarratti qarshiin 4 herregamee kaffalama.

- Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma kudhanii oli garuu qarshii kuma shantamaa gadi yoo ta'e qarshii kuma kudhashanii oli kan jiruuf qarshii 250 ykn gar-tokkoo isaa jiruuf qarshiin 9 herregamee kaffalam.

- Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma shantamaa oli garuu kuma dhibbaa gadi yoo ta'e qarshii kuma shantamaa oli kan jiruuf qarshii 500 ykn gar-tokkoo isaatti qarshiin 15 herregamee kaffalama.

- Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma dhibba tokkoo oli garuu kuma dhibba shanii gadi yoo ta'e kan kuma dhibba tokkoo ol jiruuf 1000 ykn gar-tokkoo isaa 4 jirutti qarshiin 30 herregamee kaffalama.

- Maallaqichi ykn tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma dhibba shanii oli garuu muliyoona tokkoo gadii yoo ta'e qarshii kuma dhbba shanii ol jiruuf qarshii 50,000 ykn gara-tokkoo isaatti qarshii 50tu kaffalama.

- Shallaggiin kun hundi qabateetiin dambii kana keessatti dhiyaata.

- Maallaqichi ykn filmaamni dhimmichaa qarshii miliyoona tokkoo ol yoo ta'e qarshii miiliyoona tokkoo ol jiruuf qarshii 100,000 ykn gar-tokkoo isaatti qarshii 100 tu kaffalam.

Kaffaltiiwwan Dhaabbataa

20. Himatni galmeetti qabamee ajajni waamichaa yommuu bahutti tokko tokkoo ajaja waamichaa kennametti KAS kaffalamerratti qarshii Itiyoophiyaa shan dabaltaan ni kaffalama. (0.50 irraa gara qar. 5tti guddifame)

21. Galagalchi beeksisa murtii birriin yommuu kennamutti murtichi bakka gareen falmii lamaan dhiyaatanitti kan murtaa'e ta'es ykn bakkee gareen tokko hin jirretti kan murtaa'e yoo ta'es akka armaan gadiitti kaffalama;

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma ykn isaa gadi kan ta'u yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma oli yoo ta'e qarshii 15 (Qar. 3 irraa 15tti guddate)

22. Himatamaan deebii kan hin dhiyeeffanne ta'uu isaa ykn injifatamaan ol'iyyata fudhachuu dhiisuu isaa qulqulleeffachuuf yoo kennamu akka armaan gaditti kaffalama.

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii 1,000 (kuma) oli yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

- Tilmaamni dhimmichaa 1,000 (kuma oli yoo ta'e qarshii 15 (Qar. 3 irraa 15tti ol-guddate)

23. Galagalchi murtii ykn galagalchi sirriin kamuu yoo kennamu fuulli isaa guutummaanis ta'e gar-tokkeen kan barreeffame yoo ta'e fuula tokko tokkotti qarshii 1tu kaffalama (Qar. 0.50 irraa qar 1tti guddate)

24. Murtiin dirqamaan akka raawwatamuufiif qabeenya socho'us ta'e qabeenya hin sochoone irratti murtiin dirqamaan naaf haa raawwatamu jedhee namni gaaffii dhiyyeeffatu akka armaan gaditti ilaalametti kaffala.

- Tilmaamni dhimicha qarshii 1,000 (kuma) ykn kumaa gdii yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

- Tilmaamni dhimmicha qarshii kuma tokkoo oli qarshii kuma shanii gadi yoo ta'e qarshii 30 (Qar. 3 irra gara 30 tti guddate)

- Tilmaamni dhimmichaa kuma shamiif isaa oli garuu kum kudhanii gadi yoo ta'e qarshii 50 (Qar. 5 irraa 50tti gudata)

- Tilmaamni dhimkichaa qarshii kuma kudhanii fi isaa oli garuu kuma dhibba tokkoo gadi yoo ta'e qarshii dhiibba (100) tu kaffalama (Qar. 10 gara 100tti gudate)

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma dhibba tokkoo oli yoo ta'e qarshii 250 (Qar. 25 irraa gara 250tti gudate). Kanarratti murticha yeroo raawwachifatutti baasii fi kisaaraa gaha kaffalchiisuu barbaachisa.

25. Murtii raawwachiisuuf ajajni dirqisiisaan raawwatamee qabeenyichi raawwii murtii gar-tokko kaffaluuf waan hanqateef sababa hanqateef ragaan raawwiin guutummaan osoo hin raawwatamiin hafuu isaa ragaa ibsu yommuu kennamu akka armaan gadiitti kaffalama.

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii 1,000 (kuma) oli yoo ta'e qarshii 10 (Qar. 1 irraa 10tti guddate)

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma tokkoo oli yoo ta'e qarshii 30 (Qar. 3 irraa 30tti ol-guddate)

26. Murtii raawwachiisuuf ajaji dirqisiisaa erga raawwatamee booda qarshichi waan hin geenyeef murtiin guutummaan osoo hin raawwatamin yoo hafe, osoo hin raawwatamiin hafuu isaaf ragaan yoo kennamu akka armaan gadiitti kaffalama.

- Tilmaamni dhimmichaa qarshii kuma gadi yoo ta'e qarshii 10

- Tilmaamni dhimmichaa kuma oli yoo ta'e qarshii 30

27. Namni lubbuu ajjeese warra namni jalaa du'eef yoo gumaa kaffalee araarame kuni galmeetti yoo galmaahu qarshii 40tu kaffalama

28. Dhimmi 20 irraa gara dhaalaa ykn kennaa galmeetti yoo galmaahu qarshii 50 (10 irraa gara 50tti)

29. Dhimmi jaarsummaatiin dhume galmeetti yoo galmaahu gareen lamaanuu mata mataatti qarshii 20 kaffalu (qarshii 2 irraa ol guddate)

30. Hiikkaan dhirsaa fi niitii galmeetti yoo galmaahu gareen lamaanuu mata mataatti qarshii 50 kaffalu (10 irraa ol-guddate)

31. Ajani ragaan ittiin dhiyaatu yommuu barreeffamu qarshii 5

32. Kanaa olitti kan hin ibsamiin jechi barreeffamaan mana murtii irraa kenamu kamiifuu qarshii 3.

33. Ragaan dhaalaa bu'uura seera dhaalaan erga qulqullaa'ee kennamu tilmaama dhimmichaa hanga maallaqicha irraa persantii lama (2%)tu herregamee kaffalama.

Damibii Waliigalaa

14. Dhimmi kamiyyuu tilmaamni isaa dabaluunis ta'e hir'isuun yoo jijjiirame jijjiirraa ta'erratti bu'uura dambii kanaatiin KAS herregamee kaffalama.

15. Himatamaan himataa irratti himata himatamummaa kan dhiyeesse yoo ta'e bu'uura dambii kanaatiin shallagamee KAS itti kaffalama.

16. Dhimma maallaqaan shallagamuu hin danda'amne irratti KAS akka armaan gadiitti kaffalama.

Himatichi kan dhiyaate;

- Mana murtii waliigalaatti yoo ta'e qarshii 210
- Mana murtii ol'aanaatti yoo ta'e qarshii 150
- Mana murtii aanaatti yoo ta'e qarshii 10

  Haa ta'u malee gara fuula duraatti maallaqaan shallagamuun dhimmichaa yoo danda'ame KAS kaffalame kana hir'isuus guddisuun ni danda'a.

  Lakk. 3 (waa'ee dhimmoota qarshiin hin shallagamnee dursee gala).

- Iyyannoo himataatti makamuu heeyyamsiisuuf dhiyaatuuf qarshii 5tu kaffalama.
- Himannoo ykn ol'iyyannoo mirga qabachuu (mirga qabataa ta'uu) hundeessuuf ykn hundeeffamee ture diiguuf qarshii 5tu kaffalama.
- Murtii ajaja sirna gabaabaan kenname jijjiirsisuu ykn haqsiisuuf qarshii 30tu kaffalama.

- Ajaja tamsaasaa (declaration decree) yommuu bu'aan ajaja kanaa hin gaafatamne argachuuf iyyannoo dhiyaatu irratti qarshii 30tu kaffalama.
- Badhaasa (award) haqsiisuuf qarshii 20
- Guddifattummaa haqsiisuuf ykn mirkaneessuuf qarshii 20.
- Iyyannoo diiggaa gaa'ilaaf dhiyaatu qarshii 80
- Dhalattuummaa ykn abbummaa mirkaneessuuf qarshii 80ttu kaffalama
- KAS dhimma dhaddacha ijibbaataaf dhiyaatee qarshii 100 dha.

Dhimmoota KAS Irratti Hin Kaffalamne

- Dhimmoota mirga daa'immau gaa'ilaaf hin geenya kabajchiisuuf dhiyaatan
- Dhimmoota falmii hojii keessatti hojjetaan ykn gamtaan hojjettootaa seerummaa itti gaafate.
- Dhimmoota mirga namoota dhuunfaa akka kabajchiisuuf abbaan alangaa aangoo argate irratti
- Iyyannoo qallaba kaffalachiisuuf dhiyaatu
- Iyyannoo hidhamaa ykn sirreeffamaa seeraan mana hidhaa jiruu.
- Iyyannoo nama dhuunfaa qarshii mootummaa irraa qabu kaffalchiifachuuf dhiyaatu.

17. Murtiin kennamuun duratti garee falmii keessaa wanti tokko akka ta'u ykn akka hin taane ajaja argachuuf qarshii 100tu kaffalama.
18. Bakkee hin jirretti namni irratti murtaa'e murtii sana mormuun iyyannoo yoo dhiyyeeffate hanga seerummaa gaafatamee (jijjiirsisuuf barbaade) irratti hundaa'uun KAS tilmaamama. Dhbalataanis adabbii qarshii 20 kaffalu malee manni murtii iyyannoo osaa hin fudhatu.

19. KAS dhimma ol'iyyannootiin dhiyaate irratti kaffalamu walkkaa KAS tilmaama seerummaa gaaftamee oli'iyyannootiin jijjiirsisuun barbaadamee irratti bu'uura dambii kanaan kaffalamu ture here guutiin ta'a.

- Ol'iyyatichi kan dhiyaate ajaja irraa yoo ta'e garuu akka armaan gadiitti kaffalama.

Ol'iyyatichi kan Dhiyaate

- Mana murtii waliigalaatti yoo ta'e qarshii 150
- Mana murtii ol'aanaatti yoo ta'e qarshii 100
- Mana murtii aanaatti yoo ta'e qarshii 75

20. KAS hunda himataatu kaffala. Dhimmichi murtiin erga kennamee booda garuu injiftaan waa'ee murtichaa tarree qarshii kaffale hunda barreeffamaan karaa rejistiraaraa (ofisera seeraa) mana murtiitti dhiyeeffata. Manni murtiis baasii kana qoratee KAStiif qarshii duraan kaffale waliin walitti ida'uun injifatamaan akka kaffalu taasisa.

21. Himatamaan kan injifatame ta'ee qarshii itti murtaa'e kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e sababa kanaaf jecha himataan KAS tiif qarshiin kaffale naaf haa deebisu jedhee mana murtii gaafachuu hin danda'u.

22. Himatni tokko dhiyaatee dhaddachi osoo hin jalqabiin duraa himataan himatakoo dhiiseera jedhee yoo beeksise qarshii KAS tiif kaffalame irraa akka baasii mana murtiitti akka armaan gadiitti kan irraa hir'ifamu yoo ta'u hafteen isaa manni murtii barreeffamaan mallatteessee hanga beeksise waajjirri galii mootummaa himataaf deebisa. Qarshiin KAS tiif kaffalamee qashii 100 gadi yoo ta'e ¼ (kurmaana) isaatu irraa hiri'fama. Qarshii 100 oli 45 ofi isaa oli garuu qarshii 1,000 gadi yoo ta'e 1/6 isaatu hir'ifama. Qarshii 1,000 oliyoota'e 1/10 isaatu hir'ifama.

23. Manni murtii tokko hojii dambii kanaan hin ibsamne hojii biraa kan hojjete yoo ta'e hojii kanaaf KAS kaffalamuu qabu mana murtii sadarkaa tokkoom isaa ol ta'e heeyyamsiisee kaffalchiisuu ni danda'a.

Yaada Duguuggaa

6. Dambiin 177/45 dhimma manneen murtii Oromiyaatti dhiyaate ilaalchisee dambii kana wajjiin hanga walitti bu'utti dambii kanaan haqameera.

7. Dambiin kun waxabajjii ……., 2003 ALI irraa eegalee hojiirra oola.

ሠ ን ጠ ረ ዥ

ከ		ከ		0	50
“	10 በላይ	“	20 በታች	1	00
“	20 በላይ	“	30 በታች	1	50
“	30 በላይ	“	40 በታች	2	00
“	40 በላይ	“	50 በታች	2	50
“	50 በላይ	“	60 በታች	3	00
“	60 በላይ	“	70 በታች	3	50
“	70 በላይ	“	80 በታች	4	00
“	80 በላይ	“	90 በታች	4	50

“	90 በላይ	“	100 በታች	5	00
“	100 በላይ	“	150 በታች	7	50
“	150 በላይ	“	200 በታች	10	00
“	200 በላይ	“	250 በታች	12	50
“	250 በላይ	“	300 በታች	15	00
“	300 በላይ	“	350 በታች	17	50
“	350 በላይ	“	400 በታች	20	00
“	400 በላይ	“	450 በታች	22	50
“	450 በላይ	“	500 በታች	25	00
“	500 በላይ	“	550 በታች	27	50
“	550 በላይ	“	600 በታች	30	00
“	600 በላይ	“	650 በታች	32	50
“	650 በላይ	“	700 በታች	35	00
“	700 በላይ	“	750 በታች	37	50
“	750 በላይ	“	800 በታች	40	00
“	800 በላይ	“	850 በታች	42	50
“	850 በላይ	“	900 በታች	45	00
“	900 በላይ	“	950 በታች	47	50
“	950 በላይ	“	1000 በታች	50	00
“	1000 በላይ	“	1100 በታች	54	00
“	1100 በላይ	“	1200 በታች	58	00
“	1200 በላይ	“	1300 በታች	62	00
“	1300 በላይ	“	1400 በታች	66	00
“	1400 በላይ	“	1500 በታች	70	00
“	1500 በላይ	“	1600 በታች	74	00
“	1600 በላይ	“	1700 በታች	78	00
“	1700 በላይ	“	1800 በታች	82	00
“	1800 በላይ	“	1900 በታች	86	00
“	1900 በላይ	“	2000 በታች	90	00
“	2000 በላይ	“	2100 በታች	94	00
“	2100 በላይ	“	2200 በታች	98	00
“	2200 በላይ	“	2300 በታች	102	00
“	2300 በላይ	“	2400 በታች	106	00
“	2400 በላይ	“	2500 በታች	110	00
“	2500 በላይ	“	2600 በታች	114	00
“	2600 በላይ	“	2700 በታች	118	00
“	2700 በላይ	“	2800 በታች	122	00
“	2800 በላይ	“	2900 በታች	126	00
“	2900 በላይ	“	3000 በታች	130	00
“	3000 በላይ	“	3100 በታች	134	00

“	3100 በላይ	“	3200 በታች	138	00
“	3200 በላይ	“	3300 በታች	142	00
“	3300 በላይ	“	3400 በታች	146	00
“	3400 በላይ	“	3500 በታች	150	00
“	3500 በላይ	“	3600 በታች	154	00
“	3600 በላይ	“	3700 በታች	158	00
“	3700 በላይ	“	3800 በታች	162	00
“	3800 በላይ	“	3900 በታች	166	00
“	3900 በላይ	“	4000 በታች	170	00
“	4000 በላይ	“	4100 በታች	174	00
“	4100 በላይ	“	4200 በታች	178	00
“	4200 በላይ	“	4300 በታች	182	00
“	4300 በላይ	“	4400 በታች	186	00
“	4400 በላይ	“	4500 በታች	190	00
“	4500 በላይ	“	4600 በታች	194	00
“	4600 በላይ	“	4700 በታች	198	00
“	4700 በላይ	“	4800 በታች	202	00
“	4800 በላይ	“	4900 በታች	206	00
“	4900 በላይ	“	5000 በታች	210	00
“	5000 በላይ	“	5100 በታች	214	00
“	5100 በላይ	“	5200 በታች	218	00
“	5200 በላይ	“	5300 በታች	222	00
“	5300 በላይ	“	5400 በታች	226	00
“	5400 በላይ	“	5500 በታች	230	00
“	5500 በላይ	“	5600 በታች	234	00
“	5600 በላይ	“	5700 በታች	238	00
“	5700 በላይ	“	5800 በታች	242	00
“	5800 በላይ	“	5900 በታች	246	00
“	5900 በላይ	“	6000 በታች	250	00
“	6000 በላይ	“	6100 በታች	254	00
“	6100 በላይ	“	6200 በታች	258	00
“	6200 በላይ	“	6300 በታች	262	00
“	6300 በላይ	“	6400 በታች	266	00
“	6400 በላይ	“	6500 በታች	270	00
“	6500 በላይ	“	6600 በታች	274	00
“	6600 በላይ	“	6700 በታች	278	00
“	6700 በላይ	“	6800 በታች	282	00
“	6800 በላይ	“	6900 በታች	286	00
“	6900 በላይ	“	7000 በታች	290	00
“	7000 በላይ	“	7100 በታች	294	00

“	7100 በላይ	“	7200 በታች	298	00
“	7200 በላይ	“	7300 በታች	302	00
“	7300 በላይ	“	7400 በታች	306	00
“	7400 በላይ	“	7500 በታች	310	00
“	7500 በላይ	“	7600 በታች	314	00
“	7600 በላይ	“	7700 በታች	018	00
“	7700 በላይ	“	7800 በታች	322	00
“	7800 በላይ	“	7900 በታች	326	00
“	7900 በላይ	“	8000 በታች	330	00
“	8000 በላይ	“	8100 በታች	334	00
“	8100 በላይ	“	8200 በታች	338	00
“	8200 በላይ	“	8300 በታች	342	00
“	8300 በላይ	“	8400 በታች	346	00
“	8400 በላይ	“	8500 በታች	350	00
“	8500 በላይ	“	8600 በታች	354	00
“	8600 በላይ	“	8700 በታች	358	00
“	8700 በላይ	“	8800 በታች	362	00
“	8800 በላይ	“	8900 በታች	366	00
“	8900 በላይ	“	9000 በታች	370	00
“	9000 በላይ	“	9100 በታች	374	00
“	9100 በላይ	“	9200 በታች	378	00
“	9200 በላይ	“	9300 በታች	382	00
“	9300 በላይ	“	9400 በታች	386	00
“	9400 በላይ	“	9500 በታች	390	00
“	9500 በላይ	“	9600 በታች	394	00
“	9600 በላይ	“	9700 በታች	398	00
“	9700 በላይ	“	9800 በታች	402	00
“	9800 በላይ	“	9900 በታች	406	00
“	9900 በላይ	“	10000 በታች	410	00
“	10000 በላይ	“	10250 በታች	419	00
“	10250 በላይ	“	10500 በታች	428	00
“	10500 በላይ	“	10750 በታች	437	00
“	10750 በላይ	“	11000 በታች	446	00
“	11000 በላይ	“	11250 በታች	455	00
“	11250 በላይ	“	11500 በታች	464	00
“	11500 በላይ	“	11750 በታች	473	00
“	11750 በላይ	“	12000 በታች	482	00
“	12000 በላይ	“	12250 በታች	491	00
“	12250 በላይ	“	12500 በታች	500	00
“	12500 በላይ	“	12750 በታች	509	00

“	12750 በላይ	“	13000 በታች	518	00
“	13000 በላይ	“	13250 በታች	527	00
“	13250 በላይ	“	13500 በታች	536	00
“	13500 በላይ	“	13750 በታች	545	00
“	13750 በላይ	“	14000 በታች	554	00
“	14000 በላይ	“	14250 በታች	563	00
“	14250 በላይ	“	14500 በታች	572	00
“	14500 በላይ	“	14750 በታች	581	00
“	14750 በላይ	“	15000 በታች	590	00
“	15000 በላይ	“	15250 በታች	599	00
“	15250 በላይ	“	15500 በታች	608	00
“	15500 በላይ	“	15750 በታች	617	00
“	15750 በላይ	“	16000 በታች	626	00
“	16000 በላይ	“	16250 በታች	635	00
“	16250 በላይ	“	16500 በታች	644	00
“	16500 በላይ	“	16750 በታች	653	00
“	16750 በላይ	“	17000 በታች	662	00
“	17000 በላይ	“	17250 በታች	671	00
“	17250 በላይ	“	17500 በታች	680	00
“	17500 በላይ	“	17750 በታች	689	00
“	17750 በላይ	“	18000 በታች	698	00
“	18000 በላይ	“	18250 በታች	707	00
“	18250 በላይ	“	18500 በታች	716	00
“	18500 በላይ	“	18750 በታች	725	00
“	18750 በላይ	“	19000 በታች	734	00
“	19000 በላይ	“	19250 በታች	743	00
“	19250 በላይ	“	19500 በታች	752	00
“	19500 በላይ	“	19750 በታች	761	00
“	19750 በላይ	“	20000 በታች	770	00
“	20000 በላይ	“	20250 በታች	779	00
“	20250 በላይ	“	20500 በታች	788	00
“	20500 በላይ	“	20750 በታች	797	00
“	20750 በላይ	“	21000 በታች	806	00
“	21000 በላይ	“	21250 በታች	815	00
“	21250 በላይ	“	21500 በታች	824	00
“	21500 በላይ	“	21750 በታች	833	00
“	21750 በላይ	“	22000 በታች	842	00
“	22000 በላይ	“	22250 በታች	851	00
“	22250 በላይ	“	22500 በታች	860	00
“	22500 በላይ	“	22750 በታች	869	00

“	22750 በላይ	“	23000 በታች	878	00
“	23000 በላይ	“	23250 በታች	886	00
“	23250 በላይ	“	23500 በታች	896	00
“	23500 በላይ	“	23750 በታች	905	00
“	23750 በላይ	“	24000 በታች	914	00
“	24000 በላይ	“	24250 በታች	923	00
“	24250 በላይ	“	24500 በታች	932	00
“	24500 በላይ	“	24750 በታች	941	00
“	24750 በላይ	“	25000 በታች	950	00
“	25000 በላይ	“	25250 በታች	959	00
“	25250 በላይ	“	25500 በታች	968	00
“	25500 በላይ	“	25750 በታች	977	00
“	25750 በላይ	“	26000 በታች	986	00
“	26000 በላይ	“	26250 በታች	995	00
“	26250 በላይ	“	26500 በታች	1004	00
“	26500 በላይ	“	26750 በታች	1013	00
“	26750 በላይ	“	27000 በታች	1022	00
“	27000 በላይ	“	27250 በታች	1031	00
“	27250 በላይ	“	27500 በታች	1040	00
“	27500 በላይ	“	27750 በታች	1049	00
“	26750 በላይ	“	28000 በታች	1058	00
“	27250 በላይ	“	28250 በታች	1067	00
“	27500 በላይ	“	28500 በታች	1076	00
“	27750 በላይ	“	28750 በታች	1058	00
“	28000 በላይ	“	29000 በታች	1094	00
“	28250 በላይ	“	29250 በታች	1103	00
“	28500 በላይ	“	29500 በታች	1112	00
“	28750 በላይ	“	29750 በታች	1121	00
“	29000 በላይ	“	30000 በታች	1130	00
“	29250 በላይ	“	30250 በታች	1139	00
“	29500 በላይ	“	30500 በታች	1148	00
“	29750 በላይ	“	30750 በታች	1157	00
“	30000 በላይ	“	31000 በታች	1166	00
“	30250 በላይ	“	31250 በታች	1175	00
“	30500 በላይ	“	31500 በታች	1184	00
“	30750 በላይ	“	31750 በታች	1193	00
“	30000 በላይ	“	32000 በታች	1202	00
“	31000 በላይ	“	32250 በታች	1211	00
“	31250 በላይ	“	32500 በታች	1220	00
“	31500 በላይ	“	32750 በታች	1229	00

“	31750 በላይ	“	33000 በታች	1238	00
“	32000 በላይ	“	33250 በታች	1247	00
“	32250 በላይ	“	33500 በታች	1256	00
“	32500 በላይ	“	33750 በታች	1265	00
“	32750 በላይ	“	34000 በታች	1274	00
“	33000 በላይ	“	34250 በታች	1283	00
“	33250 በላይ	“	34500 በታች	1292	00
“	33500 በላይ	“	34750 በታች	1301	00
“	33750 በላይ	“	35000 በታች	1310	00
“	34000 በላይ	“	35250 በታች	1319	00
“	34250 በላይ	“	35500 በታች	1328	00
“	34500 በላይ	“	35750 በታች	1337	00
“	34750 በላይ	“	36000 በታች	1346	00
“	35000 በላይ	“	36250 በታች	1355	00
“	35250 በላይ	“	36500 በታች	1364	00
“	35500 በላይ	“	36750 በታች	1373	25
“	35750 በላይ	“	37000 በታች	1382	00
“	36000 በላይ	“	37250 በታች	1391	75
“	36250 በላይ	“	37500 በታች	1400	50
“	36500 በላይ	“	37750 በታች	1409	25
“	36750 በላይ	“	38000 በታች	1418	00
“	37000 በላይ	“	38250 በታች	1427	71
“	37250 በላይ	“	38500 በታች	1436	50
“	37500 በላይ	“	38750 በታች	1445	52
“	37750 በላይ	“	39000 በታች	1454	00
“	38000 በላይ	“	39250 በታች	1463	75
“	38250 በላይ	“	39500 በታች	1472	50
“	38500 በላይ	“	39750 በታች	1481	25
“	38750 በላይ	“	40000 በታች	1490	00
“	39000 በላይ	“	40250 በታች	1499	75
“	40250 በላይ	“	40500 በታች	1508	50
“	40500 በላይ	“	40750 በታች	1517	25
“	40750 በላይ	“	41000 በታች	171526	00
“	41000 በላይ	“	41250 በታች	1535	75
“	41250 በላይ	“	41500 በታች	1544	50
“	41500 በላይ	“	41750 በታች	1553	25
“	41750 በላይ	“	42000 በታች	1562	00
“	42000 በላይ	“	42250 በታች	1571	75
“	42250 በላይ	“	42500 በታች	1580	50
“	42500 በላይ	“	42750 በታች	1589	25

“	42750 በላይ	“	43000 በታች	1598	00
“	43000 በላይ	“	43250 በታች	1607	75
“	43250 በላይ	“	43500 በታች	1616	50
“	43500 በላይ	“	43750 በታች	1625	25
“	43750 በላይ	“	44000 በታች	1634	00
“	44000 በላይ	“	44250 በታች	1643	75
“	44250 በላይ	“	44500 በታች	1652	50
“	44500 በላይ	“	44750 በታች	1661	25
“	44750 በላይ	“	45000 በታች	1670	00
“	45000 በላይ	“	45250 በታች	1679	75
“	45250 በላይ	“	45500 በታች	1688	50
“	45500 በላይ	“	45750 በታች	1697	25
“	45750 በላይ	“	46000 በታች	1606	00
“	46000 በላይ	“	46250 በታች	1715	75
“	46250 በላይ	“	46500 በታች	1724	50
“	46500 በላይ	“	46750 በታች	1733	25
“	46750 በላይ	“	47000 በታች	1742	00
“	47000 በላይ	“	47250 በታች	1751	75
“	47250 በላይ	“	47500 በታች	1760	50
“	47500 በላይ	“	47750 በታች	1769	25
“	47750 በላይ	“	48000 በታች	1778	00
“	48000 በላይ	“	48250 በታች	1787	75
“	48250 በላይ	“	48500 በታች	1796	50
“	48500 በላይ	“	48750 በታች	1705	25
“	48750 በላይ	“	49000 በታች	1814	00
“	49000 በላይ	“	49250 በታች	1823	75
“	49250 በላይ	“	49500 በታች	1832	50
“	49500 በላይ	“	49750 በታች	1841	25
“	49750 በላይ	“	50000 በታች	1850	00
“	50000 በላይ	“	50500 በታች	1865	00
“	50500 በላይ	“	51000 በታች	1880	00
“	51000 በላይ	“	51500 በታች	1895	00
“	51500 በላይ	“	52000 በታች	1910	00
“	52000 በላይ	“	52500 በታች	1925	00
“	52500 በላይ	“	53000 በታች	1940	00
“	53000 በላይ	“	53500 በታች	1955	00
“	53500 በላይ	“	54000 በታች	1970	00
“	54000 በላይ	“	54500 በታች	1985	00
“	54500 በላይ	“	55000 በታች	2000	00
“	55000 በላይ	“	55500 በታች	2015	00

“	55500 በላይ	“	56000 በታች	2030	00
“	56000 በላይ	“	56500 በታች	2045	00
“	56500 በላይ	“	57000 በታች	2060	00
“	57000 በላይ	“	57500 በታች	2075	00
“	57500 በላይ	“	58000 በታች	2090	00
“	58000 በላይ	“	58500 በታች	2105	00
“	58500 በላይ	“	59000 በታች	2114	00
“	59000 በላይ	“	59500 በታች	2135	00
“	59500 በላይ	“	60000 በታች	2150	00
“	60000 በላይ	“	60500 በታች	2165	00
“	60500 በላይ	“	61000 በታች	2180	00
“	61000 በላይ	“	61500 በታች	2195	00
“	61500 በላይ	“	62000 በታች	2210	00
“	62000 በላይ	“	62500 በታች	2225	00
“	62500 በላይ	“	63000 በታች	2240	00
“	63000 በላይ	“	63500 በታች	2255	00
“	63500 በላይ	“	64000 በታች	2270	00
“	64000 በላይ	“	64500 በታች	2285	00
“	64500 በላይ	“	65000 በታች	2300	00
“	65000 በላይ	“	65500 በታች	2315	00
“	65500 በላይ	“	66000 በታች	2330	00
“	66000 በላይ	“	66500 በታች	2345	00
“	66500 በላይ	“	67000 በታች	2360	00
“	67000 በላይ	“	67500 በታች	2375	00
“	67500 በላይ	“	68000 በታች	2390	00
“	68000 በላይ	“	68500 በታች	2405	00
“	68500 በላይ	“	69000 በታች	2420	00
“	69000 በላይ	“	69500 በታች	2435	00
“	69500 በላይ	“	70000 በታች	2450	00
“	70000 በላይ	“	70500 በታች	2465	00
“	70500 በላይ	“	71000 በታች	2480	00
“	71000 በላይ	“	71500 በታች	2495	00
“	71500 በላይ	“	72000 በታች	2510	00
“	72000 በላይ	“	72500 በታች	2525	00
“	72500 በላይ	“	73000 በታች	2540	00
“	73000 በላይ	“	73500 በታች	2555	00
“	73500 በላይ	“	74000 በታች	2570	00
“	74000 በላይ	“	74500 በታች	2585	00
“	74500 በላይ	“	75000 በታች	2600	00
“	75000 በላይ	“	75500 በታች	2615	00

“	75500 በላይ	“	76000 በታች	2630	00
“	76000 በላይ	“	76500 በታች	2645	00
“	76500 በላይ	“	77000 በታች	2660	00
“	77000 በላይ	“	77500 በታች	2675	00
“	77500 በላይ	“	78000 በታች	2690	00
“	78000 በላይ	“	78500 በታች	2705	00
“	78500 በላይ	“	79000 በታች	2720	00
“	79000 በላይ	“	79500 በታች	2735	00
“	79500 በላይ	“	80000 በታች	2750	00
“	80000 በላይ	“	80500 በታች	2765	00
“	80500 በላይ	“	81000 በታች	2780	00
“	81000 በላይ	“	81500 በታች	2795	00
“	81500 በላይ	“	82000 በታች	2825	00
“	82000 በላይ	“	82500 በታች	2810	00
“	82500 በላይ	“	83000 በታች	2840	00
“	83000 በላይ	“	83500 በታች	2855	00
“	83500 በላይ	“	84000 በታች	2870	00
“	84000 በላይ	“	84500 በታች	2885	00
“	84500 በላይ	“	85000 በታች	2900	00
“	85000 በላይ	“	85500 በታች	2915	00
“	85500 በላይ	“	86000 በታች	2930	00
“	86000 በላይ	“	86500 በታች	2945	00
“	86500 በላይ	“	87000 በታች	2960	00
“	87000 በላይ	“	87500 በታች	2975	00
“	87500 በላይ	“	88000 በታች	2990	00
“	88000 በላይ	“	88500 በታች	3005	00
“	88500 በላይ	“	89000 በታች	3020	00
“	89000 በላይ	“	89500 በታች	3035	00
“	89500 በላይ	“	90000 በታች	3050	00
“	90000 በላይ	“	90500 በታች	3065	00
“	90500 በላይ	“	91000 በታች	3080	00
“	91000 በላይ	“	91500 በታች	3095	00
“	91500 በላይ	“	92000 በታች	3110	00
“	92000 በላይ	“	92500 በታች	3125	00
“	92500 በላይ	“	93000 በታች	3140	00
“	93000 በላይ	“	93500 በታች	3155	00
“	93500 በላይ	“	94000 በታች	3070	00
“	94000 በላይ	“	94500 በታች	3085	00
“	94500 በላይ	“	95000 በታች	3200	00
“	95000 በላይ	“	95500 በታች	3215	00

“	95500 በላይ	“	96000 በታች	3230	00
“	96000 በላይ	“	96500 በታች	3245	00
“	96500 በላይ	“	97000 በታች	3260	00
“	97000 በላይ	“	97500 በታች	3275	00
“	97500 በላይ	“	98000 በታች	3290	00
“	98000 በላይ	“	98500 በታች	3305	00
“	98500 በላይ	“	99000 በታች	3320	00
“	99000 በላይ	“	99500 በታች	3335	00
“	99500 በላይ	“	10000 በታች	3350	00

Maallaqa ykn Tilmaama isaa		KAS Kaffalamu	
Kanaa oli	**Kanaa gadi**	**Qarshii**	**Santima**
100,000 oli	110,000 gadi	3380	00
110,000 oli	120,000 gadi	3410	00
120,000 oli	140,000 gadi	3440	00
140,000 oli	150,000 gadi	3470	00
150,000 oli	160,000 gadi	3500	00
160,000 oli	170,000 gadi	3530	00
170,000 oli	180,000 gadi	3560	00
180,000 oli	190,000 gadi	3590	00
190,000 oli	200,000 gadi	3610	00
200,000 oli	210,000 gadi	3640	00
210,000 oli	220,000 gadi	3670	00
220,000 oli	230,000 gadi	3700	00
230,000 oli	240,000 gadi	3730	00
240,000 oli	250,000 gadi	3760	00
250,000 oli	260,000 gadi	3790	00
260,000 oli	270,000 gadi	3810	00
270,000 oli	280,000 gadi	3840	00
280,000 oli	290,000 gadi	3870	00
290,000 oli	300,000 gadi	3900	00
300,000 oli	310,000 gadi	3930	00
310,000 oli	320,000 gadi	3960	00
320,000 oli	330,000 gadi	3990	00
330,000 oli	340,000 gadi	4020	00
340,000 oli	350,000 gadi	4050	00
350,000 oli	360,000 gadi	4080	00
360,000 oli	370,000 gadi	4110	00
370,000 oli	380,000 gadi	4140	00
380,000 oli	390,000 gadi	4170	00
390,000 oli	400,000 gadi	4200	00
400,000 oli	410,000 gadi	4200	00
410,000 oli	420,000 gadi	4230	00
420,000 oli	430,000 gadi	4260	00
430,000 oli	440,000 gadi	4290	00
440,000 oli	450,000 gadi	4310	00
450,000 oli	460,000 gadi	4340	00
460,000 oli	470,000 gadi	4370	00
470,000 oli	480,000 gadi	4400	00
480,000 oli	490,000 gadi	4430	00
490,000 oli	500,000 gadi	4460	00
500,000 oli	550,000 gadi	4510	00
550,000 oli	600,000 gadi	4560	00
600,000 oli	650,000 gadi	4610	00
650,000 oli	700,000 gadi	4660	00
700,000 oli	750,000 gadi	4710	00

Maallaqa ykn Tilmaama isaa		KAS Kaffalamu	
Kanaa oli	**Kanaa gadi**	**Qarshii**	**Santima**
750,000 oli	800,000 gadi	4760	00
800,000 oli	850,000 gadi	4810	00
900,000 oli	950,000 gadi	4860	00
950,000 oli	1,000,000 gadi	4910	00
1,000,000 oli	1,100,000 gadi	5010	00
1,100,000 oli	1,200,000 gadi	5110	00
1,200,000 oli	1,300,000 gadi	5210	00
1,300,000 oli	1,400,000 gadi	5310	00
1,400,000 oli	1,500,000 gadi	5410	00
1,500,000 oli	1,600,000 gadi	5510	00
1,600,000 oli	1,700,000 gadi	5610	00
1,700,000 oli	1,800,000 gadi	5710	00
1,800,000 oli	1,900,000 gadi	5810	00
1,900,000 oli	2,000,000 gadi	5910	00
2,000,000 oli	2,100,000 gadi	6010	00

Boqonnaa IV

Yaadota Guduunfaa Fi Furmaataa Qorannichaa

34. Kaffaltiin Abbaa seerummaa kaffaltiiwwan tajaajilaaf kaffalaman keessaa kaffaltii tajaajila manii murtii kenneef kan kaffalamu dha. Manni murtii dhimmoota siiuilii fi maatii bu'uura SDFS kwt. 230 fi 231 tiin dhiyaatan irratti dhimmichi dambii hiyyummaan kan dhiyaate yoo ta'e malee duraan dursee KAS itti kaffalchiisa. Kaffaltiin kaffalamu kun immoo kaayyoo galii biyyaa argamsiisuu kan qabu dha. Yeroo KAS kaffalamu himata sobaa fi himata bu'aa gatii hin qabne daangeessuun akka kaayyoo KAS itti kaffalamuutti fudhatamaa tures ni jira. Haata'u malee biyya Indiyaatti seerri kaayyoo kana qabatee KAS itti kaffalame haqameera. Isaa boodas kaayyoon kun mirga warra KAS kaffalchuu hin dandeenye garuu haqa qabaniis ta'e warra himata sobaa ykn himata gatii hin qabne wal-qixa waan miidhuuf jedhamee balaaleffatameera. Haala kanaatiin KAS himata sobaa fi himata gatii hin qabneef fedhamee kan kaffalchiifamu yoo ta'es mirga haqa argachuu irratti dhiibbaa akka qabu hubatama. Kanaafuu, naannoo keenyatti kaayyoon KAS kaffalchiisuu galii biyyaa argamsiisuuf malee himata sobaa ykn gatii hin qabne daangessuuf ta'uu hin qabu.

35. Galii biyyaa argamsiisuuf jecha KAS kaffalchiifamus poolisii biyyootni hordofan irratti hundaa'ee biyya biyyatti garaagarummaa kan qabu dha. Biyya Ingilizzitti poolisiin KAS isaanii baasii guutuu haguuguu (full cost recovery) kan jedhu yoo ta'u KAS baasii guutuu hin haguugne yaada amansiisaan yoo jiraate qofa kan fudhatamu dha. Haaluma kanaatiin KAS dhaddacha maatii fi siivilii baasii isaa KAS tiin kan haguuaamu dha. KAS dhaddacha kanneen irraa funaanamus deebi'ee baasii isaaf oola (self-financing). Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii akkuma guddataa deemuun KAS kaffalmus baasii kan haguuguuf guddachuu qaba. Karaa biraatiin immoo mirga haqa argachuu maamiltootaa eeguuf sirni KAS irraa hambisuu fi KAS irraa bilisa taasisuu (fee concession and remroin on schemes) diriireera. Karaa kanaatiinis mirgi haga argachuu maamiltootaa akka eegamu amanamee itti hojjetama.

Biyya Hinditti ammoo seenaa isaa irraa akkuma hubatamu KAS bittaa Ingilizzii jala yommuu turtetti bifa gibira itti sassaaban ta'uun waan qabudha. Hangi galii KAS irraa argamuu isaanii ammoo akka biyya Ingilizzii baasii guutuu haguuguuf waan hin taaneef baasii guutuu mana murtii haguuguun hin eegamu. Walumaagalatti baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (kan gibiraa irraa) waan hoogganamuuf, kanattis waan amanamuuf manni murtii galii KAS irraa argatu deebisee baasii ofiif hin oolchu (not self financing). Haaluma kanaanis baasiin mana murtii waan guddateef jecha KAS hin dabalu karaa biraan yoo ibsamu baasiin mana murtii fi KAS walirratti hin hirkatu. Waan kana ta'eefis KAS guddaan baasii mana murtii haguuguu hin muramu.

KAS biyya keenya Itiyoophiyaa yoo ilaallu ammoo hanga har'aatti kan naannolee hunda Oromiyaa dabalatee itti hojjetamaa jiru dha. Kanaafuu KAS naannoo Oromiyaatti kaffalamu bara 1945tti kan bahe yoo ta'u dambiin KAS lakk. 177/45 kaayyoo KAS keenyi itti kaffalamu maal akka ta'e hin kaa'u. Haata'u malee KAS kun funaanamee galii biyyaa waan ta'uuf kaayyoo **galiif jedhu qabaachuun isaa hin mamsiisu**. Kaayyoo galii argamsiisuu kana keessattis poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne poolisiin kanar ratti bahe hin jirre ta'uu isaa fi uumama isaa irraa ilaaluun ni hubatama. Uumama isaa yoo ilaallu taarifa dambichi kaa'u baasii mana murtii waliin dorgomsiifnee yoo ilaallu durii kaasee hanga har'aatti baasiin daran kan caalu ta'uu isaa fi baasii mana murtii KAS funaanamu daran caalaa deeme haguuguuf ammoo fooyyeeffamni KAS kana ol dabalu hanga yoonaatti ta'uu dhabuu isaa poolisiin baasii haguuguu kan mutti agarsiisu keessaa isa biraati. Galiin KAS kana irraa argamus galii biyyaa akka naannoo Oromiyaatti immoo galii naannoo Oromiyaa kan ta'uun isaa fi galii kana immoo manni murtii deebisee baasii ofii haguuguuf kan itti fayyadamu miti (not self financing). Kanaafuu, baasiin mana murtii baajeta mootummaatiin (galiigibiraa fi biroo) irraa kan haguugamu dha. Kun ta'uun isaa immoo baasiin mana murtii KAS irratti kan hirkate akka hin taane taasiseera. Baasiin mana murtii hangam guddachaa dhufus KAS kan hin daballeef tokko kanaaf ta'a. KAS baasii mana murtii haguuguuf kan ol hin guddifamne yoo ta'e immoo poolisiin baasii guutuu haguuguu akka hin hordofamne mul'isa.

KAS baasii mana murtii akka haguuguuf KAS tiibaasii ofii haguuguuf poolisii baafachuun baasiin mana murtii fi KAS akka walirratti hirkatu waan taasisuuf baasiin mana murtii

akkuma dabaluun KAS jijjiiruu barbaachisa. KAS yerootiin yoo walsimsiisu of hin jijjiiramu ta'e immoo hojiin guddaan haqa baasuu salphumatti kan gufatu ta'a. karaa biraa immoo hojiin haqa bulchuu hojii guddaa baajata mootummaatiin buluu qabu ta'ee osoo jiruu kaffaltii maamilli kaffalu irratti taasisuun maamiltootatti kaffaltii kan kan dabalaa deemu waan ta'uuf mana murtii dhaquun falmachuuf gatii mi'aayaa (ulfaataa) itti taasisuu ni danda'a. kun immoo mirga haqa argachuu kan miidhuu/daangessuu danda'u ta'a ni xiqqaata illee malee KAS kamuu mirga haqa argachuu ni dhiiba garuu dhiibbaan kun baay'ee guddaa ta'ee mirga kana kan daangeessu ta'uu hin qabu. Kanaafuu, hojiin hojjetamu hojii mana murtii dabalatee baasii kan gaafatu ta'ullee, baasii kanaafis galii barbaachisu illee galiin KAS irraa barbaadamu hanga baasii haguuguutti kan deemu yoo ta'e miidhaas waan qabuuf KAS naannoo keenya galii baay'ee gadi bu'aa argamsiisaa jiru haala ol-dabaluun garuu ammoo haala mirga haqa argachuu nanootaa hin miineen osoo bocamee gaarii ta'an jedha. Kana yoom jedhus mirgi haqa argachuu warra kaffalachuu hin dandeenyeef karaa dambii hiyyumman himachuu jiraachuun qoftis mirgi haqa argachuu akka hin daangeeffameef wabii gahaa hin ta'u. Sababni isaas namni kaffalachuu danda'us waanuma kaffalchuu danda'uuf kaffaltii guddaa kan kaffalchiifamu yoo ta'e waan qabu mana murtiitti kaffaluun qofa miidhamuu waan hin qabneef mana murtiitti haqa barbaaddachuu irraa ni isa daangessa. Haqni immoo dirqama waan qaban itti fixachuun kan barbaadamu (ykn waa'ee qabeenyaan jiraachuu fi dhiisuu) ta'uu hin qabu. Haqni hanga kana mi'aayee kan argamu osoo hin taane nama hundaaf kan argamu ta'uu akka qabu heerri FDRI kwt. 37 ni kaa'a. Haqni gatiin kan gurguramu ta'uu hin qabu.

36. Namni hundi KAS akka hin kaffalle muuxannoo biyyootaa irraa ni hubatama. Kunis kan ta'eef immoo namni hundi kan kaffalu qabu jechuun waan hin danda'amneef namootni KAS kaffalachuu hin dandeenye mirga gala dhiibadhana mana murtiitti himachuun kabajchiifachuu akka hin dhabneefi. Haaluma kanaan biyya Ingilizzitti sirni kun bal'inaan akka itti hojjetamu ilaalleerra. Ingilizzitti namootni kallattiin KAS irraa bilisa ta'anii fi namootni qabeenyi isaanii erga madaalamee bilisa /walkkaa/ gartokko kaffalan jedhamanii kan keessummeeffamani dha. Kanaaf namootin hangi qabeenya isaanii osoo hin ilaalamiin garee kallattiin KAS irraa bilisa ta'an keessa waan qalamiif qofa KAS irraa bilisaan banatan ni jiru. Biyya Hindittis qosa

dhimmootaa irratti hundaa'ee kallattiin KAS irraa bilisa kan ta'anii fi hangi qabeenya namootaa ilaalamee sirni bilisa itti ta'an akka jiru ilaalleerra. Biyyoota kana lamaan keessattuu Istaandardiin ka'umsa qabeenyaa hiyyeessa nama jechisiisu baheera. Namni bu'uura Istaandardii taa'een hiyyeesa hin jedhamne immoo KAS irraa barbaadamuu fi wantoota biroo seerri kaa'e irratti hundaa'uun KAS kaffaluu hin danda'u itti jedhamus ni jira. Haala kanaatiin hiyyummaaf Istaandardii baasuun akkasumas namootaa ykn dhimmoota KAS irra bilisa ta'an adda baasuun hiyyummaa qulqulleeffachuuf kan salphisa dha. Namootni hiyyeessa ta'anis sirritti adda bahanii fayyadamoo sirna kanaa akka ta'an kan taasisu dha. Mirga haqa argachuu sirna kanaan galmaan gahuu barbaadames dhugoomsuuf ni gargaara.

Biyya kenyattis sirni hiyyeessotni KAS osoo hin kaffaliin himata isaanii banachuu danda'an SDFS kwt. 467-479tti keessatti taa'eera. Sirna kana keessatti kan SDFS keenyi hin keenye namoota ykn dhimmoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'ani. Kanaafuu, namni kamiyyuu kallattiin bilisa kan ta'u waan hin jirreef qabeenyi isaa KAS seeraan taa'e kaffaluu danda'uu fi dhiisuun isaa madaalamee booda KAS osoo hin kaffaliin ykn gamisa kaffaluun akka himatu taasifama. SDFS keenyi kwt. 215 fi kwt. 467-479 dhimmoota ykn namoota KAS irraa kallattiin bilisa ta'an baa'uu haa baatuyyuu malee qabatamaan garuu manneen murtii Oromiyaatti xalayaalee mootummaa irraa mana murtiitti barreeffamaniin waajjiraaleen mootummaa galii ofii isaanii hin qabne jedhamanii tarreeffaman KAS osoo hin kaffaliin bilisaan himata banachaa turaniiru. Xalayooni kunis aangoo seeraa SDFS gadi waan qabaniif akkasumas qaamni xalayoota kana barreesse (Biiroon Caffee) aangoo SDFS foyyeessuu osoo hin qabaatiin kan barreesse waan ta'eef seeraan ala ykn (kutaa dha). Kuni ija seeraan ilaallee kan jennu yoo ta'u biyya keenya keessatti dhimmootni ykn namootni KAS irraa kallattiin bilisa ta'uun barbaachisaa ta'u hin jiru jechuuf miti. kanuma wajjin wal-qabsiisnee yoo ilaallu SDFS keessa osoo hin taane seera biroo keessatti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu ni jira. Fkn. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa falmii hojii hojjechiisaa waliin qabuuf hojjetaan himata yoo dhiyeeffatu KAS irraa bilisa jedha. Seera kana kaayyoo isaa waliin yoo ilaallu seerichi hojjetaan qabeenya hojjechiisaa isaa gitu waan hin qabneef sababa rakkina isaatti hojjechiisaa

humna isaatii ol ta'een mirgi isaa akka hin miidhamneef bilisa akka himatu kan taasise ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kun immoo akka hiikkoo seeraattis karaa kanaa namootni hagummaas kan nama amansiisu bilisa yoo himatan malee wal-qixxummaan falmachuu (fair play) hin dandeenye biro yommuu jiraatanitti seerri KAS irraa kallattiin bilisa taasisu yoo jiraate gaarii ta'a.

37. Dhimma waajjiraalee mootummaa xalayaan tarreeffamanii KAS akka itti hin kaffalamne ilaalchisee waa'een seera qabeessummaa isaanii kan armaan olitti ilaalle yoo ta'u barbaachisumma isaanii ilaalchisee galii mataa isaanii waan hin qabneef kan jedhu taa'eera. Galii mataa isaanii yoo dhabanillee waajjiraaleen mootummaa kun baajeta ittiin hojii gaggeessan ni qabu. hojii isaanii keessatti immoo jaalatanis jibbanis himachuu ykn waan miidhaa dhqqabsaniif himatamuun isaanii dhufuu danda'a. bajatnii isaan qaban miindaa hojjettootaa fi hojii adeemsiftuu adda addaa waan ta'eef kun KAStiif hin kaffalamu jechuun karaa tokkoon himachuun isaanii hojii adeemsisan keessatti akka hin lakkaa'amnetti fudhachuu dha. Garuu, hojii dhaabbataa isaanii yoo ta'uu baate illee hojii tasa itti dhufu ta'uun isaa dagatamee baajeticharraa KAS hin kaffalamu jechuun osoo beekanii baqachuu dha. KAS kaffaluun isaanii mirga himatamaa eeguu akka ta'e dagatamuu hin qabu. waajjiraaleen kun kan isaan himatan hojjetaa isaanii ykn namoota dhuunfaa biro ta'uu danda'a. bilisaan himachuun isaaniif eegame jechuun immoo namoota himachuun carraa kanaan mirga namoota himatamanii himata sobaa ykn himata gatii hin qabne himachuu dararuun dhufuu danda'a. karaa karaa haqummaas ilaalamuu kan qabu dha. Galii mataa isaanii kan hin qabne ta'uun waajjirralee haa ibsamu malee mirgi gama isa biraa (himatamaa) immoo dagatameera. Kanaafuu waajjiraaleen mootummaa xalayaatiin bilisaan akka hirata banatan jedhaman KAs kaffaluun banachuu qabun jedha.

38. Akka rakkoo guddaatti dambii hiyyummaan wal-qabatee naannoo keenya keessatti ka'u hiikni hama dambii hiyyummaau himatuuf kanname ifa ta'uun dhabuu isaati. Kun immoo akka bal'inaan ka'utti yoo ta'e Istaandardiin nam-tokko hiyyeessa ykn miti jedhamu taa'uu dhabuu isaati. Istaandardiin ka'umsaa hangam akka ta'e seerri keenyi hin kaa'u. garuu, safartuu dhaabbataa hin taane (subjective) ta'e qofa kan

kaa'u dha. Hiyyummaan dhaabbataa (objective) ta'uu akka hin dandeenye beekamaa dha. Haa ta'au malee Istaandardii irraa ka'u kaahuun hojiirra oolmaa sirnichaa kan sir'aawu kan taasisuu fi namootni sirna kana irraa fayyadamuu qabanis osoo carraa kana hin argatiin akka hin darbine gochuu irratti gumaacha guddaa ni qabaata. Kanaafuu, SDFS keenya (kwt. 467) waa'ee hiyyummaa nam-tokkoo tumu fooyyaa'uun hiyyummaaf Istaandardiin bahuufii kan qabu dha.

39. Dhimmi biraa qorannoon kun ilaale rakkoo bu'ura taarifaan dhiyyeessuun wal qabatee jiru dha. Dhimmootni qarshiin kan shallagamanii fi qarshiin kan hin shallagamne haalli taarifni itti kaffalamu adda adda yoo ta'u kan qarshiin shallagaman tilmaama qabeenya himannaaf sababa ta'e irratti hundaa'uudhaan kaffaltii ol ka'uus gadi bu'uus danda'u kan kaffalan too ta'u kanneen qarshiin hin shallagamne ammoo taarifa dhaabataa xiqqaa ta'e kaffalu sababa dhimmootni qarshiin hin shallagamnee taarifa xiqqaa kaffalanif fi sababa biroo waliin walqabsiisuun namootni tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'uun taarifa guddaa kaffalauu qaban baqachuun dhimmi isaanii akka qarshiin hin shallagamnetti yeroo dhiyeeffatan/himatan hubatameera. Manneen murtiis dhimmootuma qarshiin shallagamuu danda'an akka qarshiin hin shallagamnetti fudhachuun taarifa dhaabataa xiqqaa kaffalachiisuun himata banaa kan jirani dha. Haala kanaan galmeen gosa adda addaa akka qarshiin hin shallagamnatti banamuun isaa immoo KAS baqachuuf akka ta'e mul'iseera. Ka'umsi rakkoo kanaa inni bu'uuraa immoo SDFS keenyis ta'e dambiin KAS keenyi hiikni dhimmoota qarshiin hin shallagamnee ykn tarreeffamni dhimmoota kana ibsuu danda'u waan hin keenyee fid ha. Dabalataan immoo dhimmootni qarshiin hin shallagamne takkaatan garuu qarshiin shallagamuu danda'an sirni itti shallagaman seeraan taa'uu dhabuu isaati. Fkn, falmii jeequmsa lafarratti ta'e ilaalachisee faayidaa namni jeeqame jedhee himatu sababa kanaan dhabe irratti hundaa'uu n shallaguu qabna yoo jenne sirni faayidaan kun ittiin shallagamu seeraan hin teeny. Fayidaa kana oomisha waggaa lafichaa irratti moo waan biraa irratti hundaa'uun tilmaamama? oomisha waggaa yoo ta'e immoo kan waggaa meeqaa? Kaneen kun hanga seeaan deebii hin argannetti dhimmoota akkasii irratti yaadni dhaabataan hin argamu. Kanaafuu, seerri

dhimmoota qarshiin shallagamanii fi qarshiin hin shallagamne hiika ifa ta'e itti kennuu danda'u seerota jiran SDFS kwt. 18 fi dambii lakk. 177/45, kwt.5 foyyeessuu bahuu qaba.

40. Himata irra deebiin bu'uura SDFS kwt. 76 tiin baname ilaalachisee tilmaama qabeenya KAS irraa kaffalamuu qabu ilaalchisee seerichi erga KAS seeraan taa'e kaffalamee booda jechuun alatti wanta seerri kaa'u hin jiru. Kanarra kan ka'e manneen murtii irra jireessaan KAS jalqaba himatni itti banamee ture irra deebiin kaffalchiisaa jiru. Haa ta'u malee himataan irra deebiin yoo himatu seerummaan inni barbaade kan dura itti himate irraa gadi ykn olis ta'uu ni danda'a. kanaafuu, KAS kan kaffalamu hanga seerummaa gaafatame irratti hundaa'uun ta'uu dambii KAS 177/45 kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 irraa waan dubbifamuuf kun akka qajeeltoottii fudhatamee hangaa seerummaa irra deebiin himataan gaafate irratti hundaa'amee KAS shallagamuu qaba. Barmaatni dogoggoraa jirus bifa kanaan sirraa'uu qaban jedha.

41. Himata foyyaa'ee fi himamoo murtii mormuun dhiyaatu ilaalchisee rakkoon jiru seericha yaada keessa gachuutiin hojjechuun alatti rakkoon hiikkoo seeraa illee kan mul'atu miti. himata foyyaa'e irratti dambiin KAS lakk. 177/45, kwt.3 furmaata qaba. Himatni yoo foyyaa'e tilmaamni qabeenyaa himaticha keessatti dura ibsamee ture jijjiiramee guddachuu ykn xiqqaachuu danda'a. guddina ykn hir'ina tilmaamichi agarsiise irratti hunda'uun KAS kaffalamuu osoo qabuu abbootiin seeraa daballi tilmaamaa jiraachuu fi dhiisuu osoo hin ilaaliin himatni itti fufee murtaa'aa ture. Kun immoo rakkoo adeemsaa SDFS kwt. 241 irraa jalqabee jiru dhagaha duraa ilaalachisee jiru irraa kan ka'e ta'uu hubatama. Rakkkoo adeemsaa himataa fi deebii gama lamaaniin dhiyaate maal akka gaafatame osoo hin qulqulleessiin falmii afaanii fi ragaa dhagahuutti darbuu ture yoo maqsine carraa himatni foyyaa'e tilmaama qabeenya foyyeessuu fi dhiisuu itti arginu bal'isuu danda'a. kanaafuu, jijjiirama tilmaamaa irratti hundaa'uun KAS shallagamuu akka qabu hubatama. Dambii keenya kwt. 3 irrattis yoo guddatu qofa jedhee kaa'uun isaa dogoggora. Yoo guddates yoo xiqqaates ta'uu waan qabuuf bifa kanaan osoo foyyaa'ee irra gaarii ta'a.

42. Himannoo murtii mormuun bu'uura SDFS kwt.358 fi 359 tiin rakkoon ture seerri taarifa dhimma kanaaf muree osoo jiruu kallattiin seericha hojiirra oolchuu dhiisuun mala biraa fayyadamuu dha. Dambiin lakk. 177/45. Kwt 7 kaffaltiin dhimma murtaa'etti kaffalamee ture akka kaffalamuu fi adabbiin dabalataan qarshii 10 akka kaffalamu ibsa. Haa ta'u malee kwt. Kana murtii "exparte" kenname waliin tokko akka ta'etti hiikamaa ture. Kwtichi garuu waa'ee murtii mormuu akkuma SDFS kwt. 358 jalatti ibsamee dabbata malee waa'ee murtii bakka hin jirretti kenname kaasisuu (setting aside) dubbata miti. kanaafuu, dambichi kwt. 7 SDFS kwt. 358 hojiirra oolchuuf kan tajaajila ta'uu qaba.

43. KAS himata dhiifame irratti kaffalamu ilaalchisee himatni eeyyama mana murtii fi eeyyama mana murtii malee bifa lamaan dhiifama. Eeyyama mana murtiin yoo dhiifama himata haaraa banachuun akka danda'amu seerrii taasisuun alatti KAS kaffalamu irratti adda addummaa hin qaban. KAS kan kaffalamu tajaajila adeemsa falmii jalqabaa hanga dhumaatti manni murtii kennuuf jedhamee yaadama. Namni himata yaada kanaan banatee jidduutti dhiise immoo KAS kaffale kana tasa dhabuu isaa mul'isa. Kana furuuf immoo SDFS kwt. 278 fi 279 furmaata hin kaa'u. dambiin KAS lakk. 177/45 kwt.11 qaruu himata dhiifama hunda osoo hin taane himata dhiyaatee dhaddachi osoo hin jalqabin dhiifame ilaalchisee KAS dura kaffalame irraa akka baasii manni murtii hanga dhiifametti baase irraa hir'ifamu ta'ee KAS duraan kaffalame waajjira galii irraa akka deebifamuuf ajajamuu akka qabu ibsa. Dambiin kun haala kanaan haa ibsu malee hojii maatni mannen murtii keenya keessa jiru akka mul'isutti garuu KAS dhimataaf deebi'u akka hin jirre dha. Kanaafuu, hojimaatni dogoggoraan nama KAS kaffalee erga himatee dhaddachi dhiyaachuun dura himata isaa dhiisee KAS bu'uura dambicha kwt.11 tiin hanga baasii mana murtii erga irra muramee akka deeb'iiuut taasisuu dhiisuu hafuu bu'uura kwt.11 kanaan KAS himataaf deebi'uu qaba.

44. KAS dhimma ijoo dubbii hin qabu jedhamee kufaa ta'e ilaalchisee garuu hangitaarifamuramuu qabuu seeraan kan taa'e miti. garuu, hojii /tajaajila manni murtii kenne tajaajila gabaabaa ta'uun isa ifaa ta'ullee hanga seerri biraa bahuutti KAS kaffalame keessaa kan deebi'u hin jiru. Tajaajilli kenname gabaabaa waan ta'eef

KAS deebisuunis amansiisaa ta'uu dhiisuu ni danda'a. dhimmichi yoo dubbii hin qabu jedhamee kufuun isaa matumti isaayyuu murtii waan ta'eef qorannoo guddaa yeroo barbaadu ni jira. Kanaafuu, ijoo dubbii hin qabu jedhamee himata cufame ilaalchisee KAS osoo kaffalamuu baatee garrii ta'an jedha.

45. Dambiin KAS keenyi KAS mana murtii walii galaatti kaffalamu akka hin ilaallanne kwt. 1 irraa hubachuun ni danda'ama. Dambichi kwt. 1 irratti KAS mana murtii ol'aanaa fi manneen murtii aangoo isaa gadii qabaniif akka bahe dubbata. Haa ta'u malee ol'iyyannoo ilaalchisee kwt. 8 irratti ol'iyyatichi ajaja irraa kan fudhatame yoo ta'e hanga taarifa KAS mana murtii waliigala Niguse Neggestitti kaffalamuu waan kaa'uuf dhimma ol'iyyannoon mana murtii waliigalaa gaherratti hangi KAS kaffalamuu qabuu seeraan taa'eera jechuu ni dandeenya. Manni murtii waliigalaa garuu dhimmoota ol'iyyannoo qofa kan keessummeessu osoo hin taane dhimmoota himata jalqabaa muraasa ta'an illee akka keessummeessuun ilaalu beekamaa dha. Dhimmoota kallattiin (bifa himata jalqabaan) mana murtii waliigalaatti (MMW Oromiyaa) dhiyaatan kana immoo dambichi hanga KAS kaffalamuu waan hin keenyeef bu'uura dambichaan kaffalchiisuun seeraan ala. Garuu, sadarkaa mana murtii yaada keessa osoo hin galchiin himannoo bu'uura SDFS kwt. 230 tiin dhiyaatu kamuu KAS osoo itti hin kaffalamiin fudhatama hin qabu jedha. Kanaafuu, taarifni KAS mana murtii waliigalaatti dhaddacha ijibbaataa dabalatee kaffalamu seeraan haguugamuu qaban jedha.

46. Ol'iyyannoorratti KAS kaffalmu ilaalchisees seerichi bifa haqummaa eegeetiin kan taa'e miti. sababni isaas namni ol'iyyatu hangi seerummaa gaafatee ilaalamee isarratti KAS kaffalchiifamuu osoo qabuu hanga inni itti ol'hin iyyanne ta'uu kan danda'u walakkaa KAS mana murtii jalaatti haa kaffalu jechuun tumamuun isaa qajeelto kwt. 2 fi SDFS kwt. 215 irraa jalqabee hanga seerummaa gaafatame irratti KAS shallagame jedhuun kan walitti bu'u dha. Kanaafuu, KAS ol'iyyannoo rratti kaffalamu walakkaa KAS seerummaa ol'iyyannoorratti gaafatameef kaffalamuu qabu akka ta'utti dambiin lakk. 177/45, kwt. 8 foyyaa'uu qaban jedha.

47. Hangi taarifa KAS dambii lakk. 177/45 tiin kaffalchiifamu irrattis qorannoon kun gaafannoowwan adda addaa maamiiltoota, ofiseroota seeraa fi abbootii seeraa fi

pirezidantii manneen murtii waliin taasiseenrakkoowwan jiranii fi furmaata isaa kaa'uu yaaleera. Maamiltootni irra caalaan gaafatamanis KAS himata jalqabaa irrattis ta'e ol'iyyannoorratti kaffalan kan itti hin cimne ta'uu akka waliigalaatti kan ibsan ta'ee argameera. Baasiin KAS tis baay'ee akka isaan hin yaaddeessine kan nu yaaddeesse caalaa ida'ama himata jalqabaa fi ol'iyyataarratti kan ibsan ta'eera. Ofiserootni seeraas maamiltootni isaanii sababa KAS itti cimetti himata isaanii dhiisanii kan hin beekne ta'uu fi ofii isaaniis KAS bu'uura dambii jiruun maamiltootni kaffalan kan xiqqaa ta'e ta'uu caalamaan ibsaniiru. Mariin garee abbootii seeraa, pirezidaantotaa fi ofiseroota seeraa waliin taasifames KAS baay'ee kan xiqqaatee fi namootni mana murtii ooluu hojii isaanii yeroo maraa akka godhatan taasiseera jedhamiiru. Mariin garee kun irra caalaatti KAS taarifa dhaabbataan kaffalamu irratti akka xiqqaates eeramiiru. Walumaagalattis taarifni KAS dambii lakk. 177/45 jalatti tumamee itti hojjetamaa ture kan baay'ee xiqqaatu ta'uu irra caalaatti ibsaniiru. Kanaafuu, KAS jiru (lakk. 177/45) dabaluun jijjiiramuu qaban jedha.

48. Dandeettiin bittaa maallaqa Kenya qarshii (birrii) Itiyoophiyaas bara 1945 booda baay'ee gadi bu'aa akka dhufe gatii midhaan nyaataa bara 1960 dura ture akka kana bara 1945 bakka bu'uutti fudhachuun gatii midhaan amma (2003) wajjin dorgomsiifamee ilaalameera. Bu'uuruma kanaanis dandeettiin bituu maallaqa keenyaa qarshii (birrii) Itiyoophiyaa baay'ee kan gadi bu'e ta'uun isaa hubatameera. Marii garee fi af-gaaffii biiroo galiiwwanii waliin taasifame irraa akka hubatamettis dandettiin bituu maallaqa Itiyoophiyaa kan bara 1945 irraa amma bara 2003tti baay'ee gadi bu'aa kan dhufe ta'uu ibsameera. Gatiin maallaqaa yeroo taarifni KAS dambii lakk. 177/45 bahee tures gatiin maallaqa ammaa bakka bu'uu hin danda'u. gatiin bituu amma gadi bu'uun isaammoo maallaqani yeroos xiqqoon ibsame kan ammaa maallaqa baay'ee ta'e bakka bu'uu kan danda'u ta'a. kanaafuu, dandeettii bituu maallaqaa bara 1945 irraa jalaqabee hanga har'aatti gadi bu'aa dhufe waliin akka deemutti (bakka bu'uu hanga danda'utti) taarifni KAS dambii lakk. 177/45 keessatti ibsamee ture bara 2003 irraa jalqabee olguddachuu qaban jedha. Keessumaa immoo KAS taarifa dhaabbataa qaban dabaluu qabu sababni isaammoo

KAS taarifa dhaabbataa qaban kanneen taarifa tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an irraa kan adda isaan taasisu kanneen tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'an dandeettiin bituu gadii bu'uu walumaan tilmaamni qabeenyichaas dhiibbaa kana jala waluma qixa kan kufu waan ta'eef jijjiiramni dandeetti bituu baay'ee miidhaa kan irraan hin geenye yoo ta'u kan taarifa dhaabbataa immoo amala kana waan hin qabneef dandeettiin bituu yoo gadi bu'e kana sirreessuuf taarificha ol guddisuu barbaachisa. Dandeettiin bittaa maallaqaa waan qadi bu'eef qofa taarifa dabaluun dinagdeen biyyaa fi namni dhuunfaa irra jiru illee kan heeyyamuu ta'uu qaba. Kanumaafis dinagdeen biyya keenyaa akka biyyattis ta'e akka nama dhuunfaatti kan bara 1945 fi 1960 duraa caalaa baroota 1990 booda kan jiru dabalaa kan deeme waan ta'eef taarifa KAS dabaluuf kan heeyyamu ta'uun isaa irra gahameera.

49. Tajaajillii fi gatiin tajaajila kaffaltii Abbaa seerummaas wal-gituu irrattis qorannoon kun qabxiilee tokko tokko ilaaleera. Akka ka'umsaattis baajetni hojii mana murtiif bahuu fi galiin KAS fi adabbii irraa manni murtii galchu kan bara 1960 duraa fi kan si'anaa akka biyyaattii fi akka naannoo Oromiyaatti dorgomsiifamee ilaalameera. Haaluma kanaanis biyya keenyatti durumaa kaasee illee madni baasiin mana murtii fi galiin inni karaa KAS fi adabbii argamsiisu walqixa akka ta'u waan hin gaggeeffamneef kan walcaalu ta'uun isaa hubatameera. Kuni ta'us garuu wal-caalmaan isaa yeroo ammaa yoo ilaalamu baasiin manni murtii tajaajila kennuuf baasu daran guddachaa kan dhufe yoo ta'u galiin karaa KAS fi adabbi gala jiru garuu baroota dheeraa bara 1945 irraa kaasee hanga har'a 2003 tti jijjiirama xiqqaa (jijjiirama yaada keessa hin galfamne) kan agarsiise ta'uu hubatama. Jijjiiramni xiqqaa KAS agarsiise kunis taarifni KAS erga bara 1945 bahee jijjiiramee waan hin beekneef sababa maamilli mana murtii dabaleef ta'uu danda'a. Kanaafuu, baasiin tajaajilli mana murtii fi galiin KAS irraa argamu wal haa qixxaatu jechuun gonkumaa kan hin taane ta'uu kan ilaalle yoo ta'u garuu, gatiin tajaajila Abbaa seerummaatiif kaffalamu daran kan gadii bu'u ta'uun waan qorannaa kanaan hubatameef KAS haala gatii tajaajila kana deegaruu danda'uun osoo ol dabalee yaada fedhu akka kaasnu taasisuun isaa waan hin oolleef dabaluu qaban jedha.

50. Seerri KAS tumu Itiyoophiiyaa SDFS bara 1965 bahee fi taarifa KAS kan tumu dambii KAS lakk. 177/45 dha. Seerri adeemsaa sirna hojii fi aangoo manni murtii itti qajeelfamu dha. Itiyoophiyaa keessatti immoo heerrii mootummaa manneen murtii akka nannootti fi akka biyyaatti akka bahu kaa'eera. Kanumaafuu naannoon Oromiyaa mana murtii ofii isaa hundeeffatee itti hojjechaa jira. Heerri mootummaa Federaalaas naannoo keenyi mama murtii hundeeffachuu waliin mirga aangoo manneen murtii kan aangoo isaa seeraa murteessuu fi sirna adeemsa isaas akka murteessu hin dhorgine. Kanaafuu, naannoon Oromiyaa aangoo seera adeemsaa mata ishee baafachuu ni qabdi. Dambii KAS naannoo Oromiyaa ilaalchisee immoo dambiin ofii akka mootummaa naannootti hanga har'aatti baafannee qabnu waan hin jirreef dambii lakk. 177/45 bara mootummaa waal ta'aa biyya guutuuf akka hojjetu bahetti fayyadamaa kan jirru dha. Kanas yoo ilaallu dambiin KAS itti kaffalamu seera galiin tajaajila mana murtii irraa argamu itti funaanamu ta'uu isaa hubanna. Galiin manneen murtii mootummaa naannoo Oromiyaa irraa funaanamu immoo galii naannoo Oromiyaa uuma. Kunis wanta sirni Federaalawaa biyyi keenyi hordoftu fide keessaa tokko akka ta'e hubatama. Bu'uuruma kanaanis heerri mootumaa naannoo Oromiyaa kwt. …….. Caffeen MNO galii naannichaa irratti seera baasuu akka danda'u kaa'a. kanaafu, seerota kana heera mootummaa wajjin walsimsiisuuf, caaseeffama mana murtii naannoo keenya ammaa wajjin wal-simsiisuuf akkasumas rakkoowwan seerootnti kun hojiirra oolmaa irratti mul'atan qabanii fi rakkoo walitti hojjechuu qaban maqsuuf caffeen mootummaa naannoo Oromiyaa aangoo SDFS bara 1965 KAS ilaallatan fi dambii KAS lakk. 177/45 fooyyeessuu, jijjiiruu ni qaban jedha. Waanuma kana ta'eefis seerota kana keessatti rakkoolee hedduun waan mul'ateef jijjiiruun akn biraa bakka buusuu qaban jedha.